Adabbii Dhimmoota Yakkaa: Rakkoolee Gurguddoo Hojiirra Oolmaa Qajeelfama Adabbii fi Adabbiiwwan Hidhaan Alaa Keessatti Mul'atan

Qorataan:

Milkii Makuriyaa

Gulaaltotni:

1. Habtee W/Sanbat
2. Habtaamuu Bultii
3. Xilaahun Mangistuu

GALATA

Qorannoon kun yeroo gaggeeffamu hooggantootaa fi ogeessota qaamolee haqaa deeggarsa taasisan akkasumas odeeffannoo kennuun kanneen hirmaatan maraaf galata guddaa qabna. Godinoota jahan qoranoo kanaan uwwifaman keessaa godinoota lamaa fi aanaalee afur godinoota kana keessatti argaman irraa daataa walitti-qabuun qorataa kana kan deeggaran Obbo Mul'isaa Ejjetaatiif galata addaa qabna.

GABAAJEEWWANII FI KOTTOONFACHIISTOTA

- MM Mana Murtii
- MMA Mana Murtii Aanaa
- MMO Mana Murtii Olaanaa
- MMWF Mana Murtii Waliigala Federaalaa
- MMWO Mana Murtii Waliigala Oromiyaa
- SY Seera Yakkaa
- SDFY Seera Deemsa Falmii Yakkaa
- RDFI Rippablika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa
- AHA Adabbiiwwan Hidhaan Alaa
- ALA Akka Lakkoofsa Awurooppaa
- ALI Akka Lakkoofsa Itoophiyaa
- W/ra Waajjira
- Kwt Keewwata
- AA Abbaa Alangaa
- AS Abbaa Seeraa
- Insp. Inspeektara
- Saaj. Saajinii
- Koom. Koomandar
- A/Ad/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke Abbaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisaa

Baafata

BOQONNAA TOKKO 1
SEENSA QORANNICHAA 1
1.1. Dugda-duuba Qorannoo 1
1.2. Hima Rakkoo 3
1.3. Gaaffiilee Qorannoo 4
1.4. Kaayyoolee Qorannichaa 4
1.5. Daangaa Qorannoo 5
1.6. Mala Qorannoo 6
1.7. Fayidaa fi Fayyadamtoota Qorannichaa 8
BOQONNAA LAMA 9
SIRNA KENNIINSA MURTII ADABBII: SAKATTA'A SEEROTA BIYYA KEENYAA 9
2.1. Seensa 9
2.2. Seerota Kenniinsa Murtii Adabbiitiin Walqabatan 13
2.3. Qabxiilee Kenniinsa Murtii Adabbii Keessatti Xiyyeeffannoo Barbaadan 15
2.3.1. Yaada Adabbii Fudhachuu 16
2.3.2. Gosoota Adabbii Jiran Keessaa Adabbii Himatamaa Barsiisu Filachuu 16
2.3.3. Adabbii Ka'uumsaa Murteessuu 17
2.3.4. Sababoota Adabbii Cimsanii fi Salphisan Fudhachuu 17
BOQONNAA SADI 22
ADABBIIWWAN HIDHAAN ALAA: SANADOOTA IDIL-ADDUNYAA FI MUUXANNOO BIYYOOTA MURAASAA 22
3.1. Barbaachisummaa Adabbiiwwan Hidhaan Alaa 22
3.2. Adabbiiwwan Hidhaan Alaa: sanadoota seeraa sadarkaa idil-addunyaa fi akka Afrikaatti jiran 24
3.2.1. Sanadoota sadarkaa idil-addunyaatti jiran 24
3.2.2. Sanadoota Gamtaa Awurooppaa 25
3.2.3. Sanadoota Akka Afrikaatti Jiran 27
3.3. Adabbiiwwan Hidhaan Alaa Beekamoo fi Muuxannoo Biyyootaa 28
3.3.1. Adabbiiwwan Qabeenya Ilaallatan 28
3.3.2. Tajaajila Hawaasaa (community service or work crews) 30
3.3.3. Adabbii Hidhaa Daangessuu 33
3.3.4. Furmaata Miidhamaa, Yakkamaa fi Miseensota Hawaasaan Kennamu (Restorative Justice) 35
3.4. Adabbiiwwan Hidhan Alaa: Seerota Keenya Keessatti 36

BOQONNAA AFUR 40
XIINXALA HAALA QABATAMAA HOJIIRRA OOLMAA QAJEELFAMA ADABBII FI ADABBIIWWAN HIDHAAN ALAA 40
4.1. Rakkoowwan Gurguddoo Kenna Murtii Adabbii Keessatti Mul'atan 40
4.1.1. Qajeelfama adabbiitti gargaaramuun murtii adabbii kennuuf rincicuu 40
4.1.2. Dhagaha yaada adabbii fi sirna manni murtii ittiin falmii yaada adabbii irratti ka'u qulqulleessu 41
4.1.3. Adabbiiwwan garagaraa keessaa filachuu 44
i. Hidhaa cimaa fi salphaa keessaa filachuu 44
ii. Adabbii Qarshii fi Hidhaa keessaa tokko filachuun walqabatee 45
4.1.4. Adabbii Ka'uumsaa Murteessuu 47
i. Adabbii ka'uumsaa yakkoota qeenxee murteessuu 47
ii. Adabbii ka'uumsaa yakkoota daddabalamaa murteessuuu 48
4.1.5. Sadarkaa fi Gulantaa Ka'uumsaa Baasuu 51
i. Yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheef ilaalchisee 51
ii. Yakkoota sadarkaa fi gulantaan hin baaneef ilaalchisee 52
4.1.6. Sababootni Adabbii Cimsanii fi Salphisan Yeroo Jiran Haala Itti Keessummaahan 56
i. Sababoota waliigalaa adabbii cimsan 56
ii.Sababoota addaa adabbii cimsan 60
iii. Sababoota waliigalaa adabbii salphisan 62
iv. Sababoota addaa adabbii salphisan 64
v. Bu'uura kwt 86 tiin adabbii cimsuu fi salphisuu 65
vi. Haala addaa adabbiin raawwattoota yakkaa dargaggoota waggaa 15 ol ta'anii waggaa 18 gadi ta'anii itti keessummaa'uu danda'u 66
4.1.7. Haala Qajeelfama Adabbii Keessaa Bahuun Adabbiin Ittiin Murtaa'u 67
4.1.8. Haala Tilmaama Qabeenyaa 70
4.2. Hojiirra Oolmaa Adabbiiwwan Hidhaan Alaa 72
4.2.1. Hojiirra Oolmaa Adabbiiwwan Hidhaan Alaa: Yaadota Waliigalaa 72
4.2.2. Hojiirra Oolmaa Adabbiiwwan Qabeenya Himatamaa Irratti Fudhataman (Pecuniary Penalities) 75
i. Adabbii qarshii /fine punishment/ 75
ii. Qabeenyi Himatamaa Mootummaadhaan Akka Dhaalamu Murteessuu 81
iii. Miidhamaa Dhuunfaatiif Himatamaa Beenyaa Kanfalchiisuu 84
iv. Hojiirra Oolmaa Adabbii Hojii Dirqiitiin Walqabatee Rakkoolee Mul'atan 85
v. Adabbii Daangessuu 89

BOQONNAA SHAN 96
YAADOTA GUDUUNFAA FI FURMAATAA 96
5.1. Yaadota Guduunfaa 96
5.2. Yaadota Furmaataa 101
MIILTOOLEE i

BOQONNAA TOKKO
SEENSA QORANNICHAA

1.1. Dugda-duuba Qorannoo

Adabbiin yakkamtoota irratti murtaa'u bulchiinsa sirna haqa yakkaa biyya tokkoo keessatti bakka ol'aanaa kan qabu akka ta'e ni beekama. Sababni isaas kenniinsi murtii adabbii gahuumsa hin qabu yoo ta'e; qorannoon yakkaa gaggeeffamu, himannaan yakkaa dhiyaatuu fi falmiin gaggeeffamu bu'aa hin argamsiisu. Kun immoo nageenya hawaasaa, tasgabbii siyaasaa fi guddina diinagdee biyya tokkoo keessatti miidhaa mataa isaa kan hordofsiisu dha. Kana malees, murtiin adabbii mirga lubbuun jiraachuu lammiilee, mirga bilisummaa dhuunfaa, mirga qabeenyaa fi kkf waliin kallattiin kan walqabatu waan ta'eef dhimma xiyyeeffannoo fi ofeeggannoo guddaa barbaadu dha.[1]

Seerri yakkaa hanga adabbii murtaa'u ilaalchisee abbootii seeraatiif aangoo adabbii murteessuu bal'aa kan dhiisu dha. Kunis yakka walfakkaataa ta'ee fi haalli raawwii isaa walfakkaatuuf adabbiin garagaraa akka murtaa'u kan taasisu dha. Rakkoo sirrummaa fi walfakkeenya dhabuu kenniinsa murtii adabbii bifa kanaan dhufu hambisuu fi xiqqeessuun akka danda'amu seerri yakkaa Itoophiyaa bara 1996 bahe keewwata 88/4/ jalatti Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa Qajeelfama Adabbii akka baasu aangesseera. Bu'uura kanaanis qajeelfamni adabbii lakk. 1/2002 bahee ture. Innis bara 2006 ALI'tti kan fooyya'e yoo ta'u, yeroo ammaa qajeelfamni adabbii lakk. 2/2006 bahee ittiin hojjetamaa jira. Seerri kunis haala bu'a-qabeessa ta'een hojiirra hin oolle yoo ta'e fayidaa argamsiisu irra miidhaan hordofsiisu caaluu waan danda'uuf, hojiirra oolmaa qajeelfama adabbii fi rakkoolee akka waliigalaatti kenniinsa murtii adabbiitiin walqabatanii jiran sakatta'uu akka qabxii fuulleffannaa isaa tokkootti qabatee jira.

Gama biraatiin murtiiwwan adabbii kennamaniin walqabatee adabbiiwwan hidhaan alaa murteessuu irratti raawwiin jiru maal akka fakkaatu sakatta'uun qabxii fuulleffannaa qorannoo kanaa isa lammataati. Baay'inni sirreeffamtoota seeraa akka addunyaattis ta'e[2] akka biyyaa fi naannoo keenyaatti daran dabalaa kan dhufee fi bajatni inni gaafatus daran olka'aa ta'eera. Rakkoo kanaafis adabbiiwwan hidhaa alaa[3] hojiirra oolchuun sadarkaa idil-addunyaatti akka

[1] Principles of Effective State Sentencing and Corrections Policy, A Report of the NCSL Sentencing and Corrections Work Group, 2011. http://www.ncsl.org/research/civil-and-criminal-justice/principles-of-sentencing-and-corrections-policy.aspx kan ilaalame 26/4/2017.

[2] Sadarkaa addunyaatti namootni miliyoona 10.35 ol ta'an adabbiin hidhaa itti murtaa'ee yookin murtii osoo hin argatiin mana sirreessaa keessa jiru. ALA'tti bara 2000 asitti akka addunyaatti baay'inni namoota mana sirreessaa keessa jiranii %20'n dabaleera. Kunis dhibbeentaa baay'inni uummata addunyaa ittiin dabale (18%) kan caalu dha.Roy Walmsley, World Prison Population List (eleventh edition): 2. http://www.prisonstudies.org/sites/default/files/resources/downloads/world_prison_population_list_11th_edition.pdf

[3] Gosootni adabbiiwwan hidhaan alaa sanadoota kanneen keessatti haammatamanis: akeekkachiisa, gorsaa fi ajiifannaa, haaldureen gadi dhiisuu (conditional discharge), mirgoota siivilii daangessuu (status penalties), adabbiiwwan maallaqaa (economic sanctions), dhaalamuu qabeenyaa, adabbii daangessuu (suspended or deferred sentence), hordoffii (judicial supervision), ajaja tajaajila hawaasaa, bakka ta'etti argamee akka gabaasu ajajuu (referral to an attendance centre), bakka jireenyaatti to'achuu (house arrest) fi kkf dha. The Tokyo Rules, Assembly

furmaataatti yaada fudhatama argate dha. Adabbiiwwan hidhaan alaa baasii salphaa kan gaafatan ta'uu qofa osoo hin taane yakkamaa haaromsuu irrattis irra caala bu'a-qabeeyyii ta'uu fi fayidaalee biroos kan qabani dha.[4]

Adabbiiwwan hidhaan alaa kanneen hojiirra oolchuuf sadarkaa addunyaa, sadarkaa aardiilee fi biyyoolessaatti sanadootaa fi seerota garagaraa qopheessuun tattaaffiin godhamaa tureera. Sanadoota sadarkaa idil addunyaatti qophaa'an keessaa: Qajeeltoon Tookiyoo (United Nations Standard Minimum Rules for Non-custodial Measures, the Tokyo Rules) bara 1990 ALA'tti bahee fi Qajeeltoon Beejingi (United Nations Standard Minimum Rules for the Administration of Juvenile Justice, the Beijing Rules) bara 1985 ALA'tti qophaa'e ni caqasamu. Sadarkaa Afrikaattis Dikilaareeshiniin Kaampaalaa haalota hidhaa ilaalchisee bara 1996 ALA'tti qophaa'e, Dikilaareeshiniin Ugaaduuguu fooyya'iinsa adabbii fi manneen sirreessaa ilaalchisee bara 2002 bahee fi Dikilaareeshiniin Kaadomaa isaan gurguddoo dha. Sanadootni akka idil-addunyaas ta'e akka aardii Afrikaatti qophaa'an kunneen adabbiin hidhaa filannoo isa dhumaa qofa akka ta'uu fi keessattuu yakka cimaa yoo ta'een alatti adabbiiwwan hidhaan alaa yeroo hunda hojiirra oolfamuu akka qaban teechisaniiru.[5]

Itoophiyaanis Adabbiiwwan hidhaan alaa sanadoota Idil-Addunyaa fi akka aardii Afrikaatti qophaa'an keessatti teechifaman hedduu isaanii Seera Yakkaa ishii keessatti haammachiisteerti. Adabbiiwwan hidhaan alaa seera kanaan uwwisa argatanis: adabbii maallaqaa, hojii dirqii, Akeekkachiisa, dheekkamsa, ceephoo balleessicha irratti taasifamu, dhiifama balleessichi gaafatu, mirga ofiirraa ittifamuu, adabbii daangessuu, daangaa murtaa'aadhaan amakkiroon gadi dhiisuu fi dhaabbilee eegumsa akka taasisan aangeffamaniin hordofamuu kanneen jedhani dha.[6] Wixineen Seera Adeemsa Falmii Yakkaa qophaa'es haala raawwii adabbiiwwan hidhaan alaa kanarratti uwwisa bal'aa qabateera.[7] Imaammatni haqa yakkaa Itoophiyaa bara 2003 ALI'tti bahes adabbiiwwan hidhaan alaa kanneen akka adabbii tajaajila hawaasaa fi beenyaa miidhamaa yakkaatiif kanfaluutiif beekamtii kenneera.[8] Kana malees, bulchiinsi manneen sirreessaa baay'ina sirreeffamtoota hir'isuun akka danda'amu adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra oolchuuf kan isaan dandeessisu qorannoo gaggeessuu fi bu'aa argamus hojiirra oolchuuf itti-gaafatamummaa akka qaban imaammatichi ni teechisa. Kanas qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin ta'uun raawwachuu akka qaban ni ibsa.[9] Haa ta'u malee, adabbiiwwan hidhaan alaa

---

Resolution 45/110 of December 4, 1990, Rule 1.1. The Kampala declaration on prison conditions in Africa, 1996. https://www.penalreform.org/wp-content/uploads/2013/06/rep-1996-kampala-declaration-en.pdf

[4] Dirk van Zyl Smit, Handbook of basic principles and promising practices on Alternatives to imprisonment, Criminal Justice Handbook Series, United Nations, 2007:4-7.

[5] Dirk van Zyl Smit, Handbook of basic principles and promising practices on Alternatives to imprisonment, Criminal Justice Handbook Series, United Nations, 2007:12.

[6] Seera Yakkaa bara 1996 bahe, kwt 90-128 fi 190-207.

[7] Wixinee Duraa Seera Adeemsa Falmii Yakkaa, Kutaa 2ffaa (□□□□ □□□ □□ □□□□ □□□ □□□□□), kwt 341-351, 2009.

[8] Imaammata Haqa Yakkaa, Mootummaa RDFI, 2003, kutaa shanaffaa, kutaa xiqqaaa 5.1 (e).

[9] Imaammata Haqa Yakkaa, Mootummaa RDFI, 2003, kutaa shanaffaa, kutaa xiqqaaa 5.3 (b).

kunneen hojiitti hiikamaa hin jirani.[10] Kanarraa kan ka'e lakkoofsi sirreeffamtoota seeraa daran olka'aa dhufuun rakkoo diinagdee, hawaasaa fi siyaasaa bal'aa ta'e hordofsiisaa jira. Qorannoon kunis rakkoon kun sadarkaa inni irra jiruu fi maal irraa akka maddu akkasumas akkamitti rakkoo kana keessaa bahuun akka danda'amu agarsiisuuf yaadamee kan gaggeeffamu dha.

1.2. Hima Rakkoo

Kenniinsi murtii adabbii sirrii fi walfakkaataa ta'e akka jiraatu dandeessisuuf tarkaanfiiwwan fudhatamaa jiran keessaa tokko qajeelfama adabbii baasuun hojiirra oolchuuf itti adeemamuu isaati. Ta'us yakkoota maraaf sadarkaa fi gulantaa kan hin baanee fi qajeelfamichi qaawwawwan biroo kan qabu ta'uu irraa kan ka'e hojimaata walfakkaataa gama kanaan uumuun barbaadame argamsiisuun hin danda'amne. Qaawwi gama seeraatiin jiru kun akkuma jirutti ta'ee, hanqinni hubannoo ogeessota qaamolee haqaa bira jiruu fi qajeelfamichatti haala sirriidhaan gargaaramuu ilaalchisee rincicni jiru murtii adabbii sirrii fi walfakkaataa kennuu keessatti gufuu ta'aa akka jiru ni beekama. Kana irraa kan ka'e osoo sadarkaa fi gulantaa yakkaa hin baasiin murtii adabbii kennuu, sadarkaa fi gulantaa dogongoraa baasuu, adabbii sirrii fi barsiisaa hin taane filachuu, sababa fudhatama hin qabne bu'uureffachuun adabbii cimsuu yookiin salphisuu, kkf bal'inaan mul'achaa jira. Kun immoo murtiin adabbii haala sirrii fi walfakkaataa ta'een akka hin kennamne kan taasisu dha.

Gama biraatiin, seerri yakkaa Itoophiyaa bara 1996 bahe adabbiiwwan hidhaan alaa garagaraa manneen murtii hojiirra oolchuu qaban kan haammate yoo ta'ellee manneen murtii keenya adabbii maallaqaa murteessuuu fi adabbii hidhaa daangessuun alatti adabbiiwwan hidhaan alaa jiran biroo hedduu hojiitti hiikaa hin jirani. Kunis rakkoolee hedduu kan hordofsiisu dha. Akka manneen sirreessaa naannoo keenyaatti, seera irratti kan teechifame ta'ullee, namootni yakka salphaadhaan balleessaa taasifaman sirreeffamaa amaleeffataa (hardcore criminals) irraa fo'amanii kophaatti haalli itti qabaman hin jiru.[11] Kunis namootni yakka salphaadhaan balleessaa taasifaman manneen sirreessaa keessatti amala badaa yakkamaa biraa baratanii bahuuf carraa akka argatan ni taasisa. Adabbiiwwan hidhaan alaa garuu namootni yakka salphaa fi yeroo jalqabaaf yakka raawwatan yakkamaa amaleeffataa waliin akka wal quunnaman carraa hin uumani. Kanaaf, adabbiiwwan hidhaan alaa yakkamaan deebi'ee yakka akka hin raawwanne gumaachi qaban olaanaa dha.[12] Kanaaf, yakkamaa irra deddeebii hir'isuuf adabbiin hidhaa akka adabbiiwwan hidhaan alaa filatamaa miti.[13] Sababni inni biraa, adabbiin hidhaa hariiroo sirreeffamaan maatii isaa waliin qabu akka adda citu kan godhu waan ta'eef, sirreeffamaan adabbii isaa xumuree yeroo bahu jireenya isaa bifa haaraadhaan eegaluuf itti ulfaata.

[10] Komishinar Tsahaay, Komishinara Komishinii Manneen Sirreessaa Oromiyaa, Afgaaffii, 29/02/2009.
[11] Komishinar Tsahaay, Komishinara Komishinii Manneen Sirreessaa Oromiyaa, Afgaaffii, 29/02/2009.
[12] Global Prison Trends, 2015: 34. Available at: https://www.penalreform.org/wp-content/uploads/2015/04/PRI-Prisons-global-trends-report-LR.pdf accessed 07/10/2016.
[13] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 46; Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 198. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016.

Adabbiiwwan hidhaan alaa garuu hariiroon yakkamaan maatii isaa waliin qabu akka adda citu waan hin taasisneef yakkamtootni jireenya tasgabbaa'aa akka qabaatan gochuun fulduratti yakka keessatti akka hin hirmaanne ni gargaara.

Gama biraatiin seerri yakkaa keenya yakkamaan adabbiin daanga'uuf haaldureewwan murtii keessatti teechifaman eeguu fi dhabuu qaamni to'atuu fi Komishinii Eegumsa Haaromsa Amalaa jedhamu seeraan akka hundeeffamu ni kaa'a.[14] Ta'us, hanga ammaatti seerri (dambiin yookin qajeelfamni) qaama kanas ta'e qaamolee biroo adabbiiwwan hidhaan alaa garagaraa hojiirra oolchuuf deeggarsa godhan adda baasuuf akka federaalaas ta'e akka naannoo keenyaatti bahe hin jiru. Hanqinaaleen kunneenis tumaalee seera yakkaa adabbiiwwan hidhaan alaa ilaallatan sirnaan hojiirra oolchuun rakkisaa akka ta'u godhaniiru.

Gama biraatiin, adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra ooluu dhabuun heddumminni sirreeffamtoota seeraa akka dabaluu fi baasiin mootummaas daran akka dabalu taasisa. Kana malees, humni oomishaa ta'ee fi hojjechuu danda'u manneen sirreessaa akka seenan taasisuun guddina diinagdee, hawaasummaa fi tasgabbii biyyaa irrattillee dhiibbaa mataa isaa kan hordofsiisu dha. Kana waan ta'eef, hojiirra oolmaa adabbiiwwan hidhaan alaatiin walqabatee rakkoolee jiran sakatta'uun qorannoon adda baasuu fi kallattii furmaataa akeekuun baay'ee barbaachisaa dha. Armaan dura adabbiiwwan hidhaan alaa ilaalchisee qorannoowwan akka biyyaa fi naannoo keenyaatti gaggeeffaman hin jirani. Kanaaf, qorannoon kun rakkoolee kenniinsa murtii adabbii keessa jiran agarsiisuun akkuma jirutti ta'ee, haala addaatiin immoo rakkoolee hojiirra oolmaa adabbiiwwan hidhaan alaa danqan adda baasuun furmaata akeekuuf ni yaala.

1.3. Gaaffiilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadii kan deebisu ta'a.

1. Kenniinsa murtii adabbii sirrii fi walfakkaataa taasisuun walqabatee rakkooleen jiran maal fa'i? Qajeelfama adabbii fi tumaalee seera yakkaa murtii adabbii ilaallatan hojiitti hiikuu irratti hanqinaaleen mul'atan maal fa'i?
2. Adabbiiwwan hidhaan alaa hammam hojiirra oolaa jiru? Adabbiiwwan kanneen hojiirra oolchuu keessatti rakkooleen gama uwwisa seeraatiin, akkasumas qaamolee adabbiiwwan kanneen hojiitti hiikaniin walqabatanii jiran maali?
3. Kenniinsa murtii adabbii sirrii fi madaalawaa taasisuuf akkasumas hojiirra oolmaa adabbiiwwan hidhaan alaa mirkaneessuuf tarkaanfiileen fudhamuu qaban maal fa'i?

1.4. Kaayyoolee Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoolee gooroo fi gooree armaan gadii qaba.

a. Kaayoo gooroo

[14] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 197,198 fi 199.

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa kenniinsa murtii adabbii sirrii fi walfakkaataa taasisuu fi adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra oolchuun walqabatee rakkoolee jiran adda baasuun kallattii furmaataa teechisuu dha.

b. Kaayyoolee gooree

Qorannoon kun kaayyoolee gooree armaan gadii ni qabaata.

1. Murtiin adabbii kennamaa jiru hangam haala kaayyoowwan adabbii galmaan gahuu danda'uun kennamaa akka jiru adda baasuu
2. Sirrummaa fi walfakkaachuun murtii adabbii sadarkaa maaliirra akka jiru sakatta'uu
3. Adabbiiwwan hidhaan alaa hangam akka hojiirra oolaa jiran adda baasuu
4. Adabbiiwwan hidhaan alaa hojiira oolchuuf rakkoo seeraa, caaseffamaa, humna namaa, teeknoloojii, qabeenyaa fi kkf ilaalchisee jiru adda baasuu
5. Haala qabatamaa jiru keessatti akkaataa adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra itti oolchuun danda'amu akeekuu
6. Kenniinsi murtii adabbii kaayyoo fi qajeeltoowwan adabbii kan ilaalcha keessa galche akka ta'u tarkaanfii fudhatamuu qabu adda baasuu
7. Hudhaalee garagaraa hojiirra oolmaa adabbiiwwan hidhaan alaa gufachiisan akkamitti maqsuun akka danda'amu sakatta'uu

1.5. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun kennniinsa murtii adabbii fi adabbiiwwan hidhaan alaa ilaalchisee haala qabatamaa naannoo Oromiyaa sakatta'uu irratti daanga'a. Kenniinsa murtii adabbiitiin walqabatee qorannichi rakkoolee gurguddoo qabatamaan mul'atan agarsiisuu irratti daanga'a. Adabbiiwwan hidhaan alaa qorannoo kana keessatti ilaallamanis adabbiiwwan ijoo (principal punishments) mataa isaanii danda'anii mana murtiitiin murtaa'uu danda'an kanneen akka: adabbiiwwan qabeenya irratti raawwatan kanneen akka adabbii qarshii, beenyaa kanfaluu, qabeenyi qabamee akka turu gochuu fi hojii dirqii kanneen jedhani dha. Tarkaanfiiwwan adabbiin hidhaa akka hojiirra hin oolle fudhataman keessaa immoo qorannichi adabbii daangessuu kan uwwisu ta'a. Kana jechuun adabbiiwwan hidhaan alaa akka adabbii dabalataatti murtaa'an (secondary punishments) fi tarkaanfiiwwan ofeeggannoo (protective and prevention measures) qaama qorannichaa hin ta'ani. Qorannichi gosoota adabbii hidhaan alaa bu'a-qabeessa ta'an, caasaalee hundeeffamuu qabanii fi kkf kan sakatta'u muuxannoo hogbarruuwwaniin agarsiifaman bu'uureffachuun ta'a. Qorannoon kun balleessitoota amala addaa qaban (specific categories of offenders) kanneen akka daa'imman waggaa 9 hanga 15 fi miseensota raayyaa waraanaa ilaalchisee murtiiwwan adabbii kennaman hin ilaallatu. Akkasumas badii yakkaa dhaabbilee qaama seerummaa qabaniin raawwatamu ilaalchisee adabbii murtaa'u irratti hin xiyyeeffatu. Kana malees, qorannoon kun tarkaanfiiwwan yeroo hidhaa gabaabsuuf fudhataman kanneen akka amakkiroon yookin dhiifamaan gadi dhiisuu hin dabalatu.

1.6. Mala Qorannoo

Qorannichi gaaffilee qabatee ka'e deebisuuf adda dureen mala qorannoo akkamtaa (qualitative) fayyadamuun kan gaggeeffame dha. Malli qorannoo kunis kan hojiirra oole galmeewwan mana murtii murtii argatan sakatta'uun, marii garee fi afgaaffii gaggeessuu dha. Kana malees, bargaaffiin fi ragaaleen istaatiksii akka madda daataa qorannichaatti hojiirra oolaniiru. Hogbarruulee fi waliigalteewwan sadarkaa idil addunyaatti jiranii fi seerotni rogummaa qabanis xiinxalamaniiru.

Afgaaffiin (indepth interviews) rakkoolee kenniinsa murtii adabbiitiin walqabatan adda baasuuf gaggeeffameera. Akkasumas adabbiiwwan hidhaan alaa hammam akka hojiirra oolaa jiranii fi hanqinaalee hojiirra oolmaa keessatti mul'atan ilaalchisee hirmaattotni qorannichaa muuxannoo fi miirri isaan qaban maal akka fakkaatu gadi fageenyaan sakatta'uuf hojiirra ooleera. Hirmaattotni afgaaffii deebisan hooggantoota qaamolee haqaa fi dursitoota garee, fakkeenyaaf mana murtii irraa dursaa garee dhaddacha yakkaa waan ta'aniif mala eddattoo kayyeffataadhaan (purposive sampling) kan filatamani dha. Malli inni biraa hojiirra oole **marii garee (focus group discussion)** sirreeffamtoota seeraa waliin gaggeessuu dha. Mala kanaan barbaachisummaa adabbiiwwan hidhaan alaa fi haala hojiitti ittiin hiikaman ilaalchisee yaada argachuuf yaalameera. Hirmaattotni marii garee kun sirreeffamtoota yakka salphaadhaan balleessaa jedhaman qofa keessaa eddattoo akka feeteedhaan (random sampling) filatamaniiru.

Galmeewwan mana murtii sakatta'amanis rakkoolee kenniinsa murtii adabbiitiin walqabatanii mul'atan adda baasuuf gaggeeffameera. Akkasumas adabbiiwwan hidhaan alaa haala kamiin murtaa'aa akka jiraniifi bifa isaan qabaatan agarsiisuuf hojiirra oolaniiru. **Ragaaleen istaatiksii** manneen sirreessaa irraa fudhataman gosoota adabbii hidhaa garagaraa hojiirra oolfamaa jiranii fi ulfaatina rakkoo adabbii hidhaa raawwachiisuu keessatti mul'atan agarsiisuuf hojiirra oolaniiru. **Bargaaffiin** ogeessota qaamolee haqaatiin guutames gosoota adabbii hidhaa garagaraa isaan kum hammam hojiirra oolaa akka jiran agarsiisuuf gargaareera. **Hogbarruulee fi waliigalteewwan sadarkaa idil addunyaa** fi **seerotni keenya** adabbiiwwan hidhaan alaa ilaallatan xiinxalamaniiru. Xiinxalli hogbarruuwwan irraa argamus gosootni adabbii hidhaan alaa ciminaa fi laafina qaban adda baasuuf kan dandeessisu dha. Seerotni keenyaa fi hogbarruuwwan biyya keessaa kenniinsa murtii adabbiitiin walqabatanis ilaalamaniiru.

Qaamoleen daataan irraa funaanamus akka naannootti Manneen murtii, Waajjiraalee Haqaa, Waajjiraalee Poolisii fi Manneen sirreessaa kan dabalatu ta'a. Kanaaf, caasaaleen qaamolee kanneenii sadarkaa naannoo irraa hanga aanaatti jiran ni deemamu. Funaansa daataatiif godinootni fi aanotni armaan gadii filatamaniiru. Isaan kunis:

1. Harargee Bahaa (Qarsaa, Meettaa)
2. Shawaa Kaabaa (Fiichee, Garba gurraachaa)
3. Wallagga Lixaa (Laaloo Assaabii, Gimbii)
4. Arsii Lixaa (Shaallaa, Shaashamannee)

5. Shawaa Bahaa (Adaamaa, Dugdaa)
6. Wallagga Bahaa (Guutoo Giddaa fi Diggaa)

Godinaalee fi aanaaleen kunneen kan filataman kallattiiwwan mara (giddu-galeessa, baha, lixa, kaabaa fi kibba) irraa haala naannicha bakka bu'uu danda'aniin kan filatamani dha. Gabateen armaan gadii qorannoo kana gaggeessuuf baay'inaa fi qaama daataan irraa funaanamee fi mala hojiirra oole waliin kan agarsiisu dha.
Gabatee 1

Gosa daataa	Karoora	Raawwii	Qaama daataan irraa funaaname
Afgaaffii	100	102	• Mana murtii irraa: Pirezdaantii yookin gaggeessaa dhaddacha yakkaa fi A/seeraa dh/yakkaa • Waajjira haqaa irraa: Hoogganaa ykn Abbaa Adeemsa Mu/Ha/Ke ykn A/A • Waajjira poolisii irraa: Abbaa Adeemsa Mu/Ha/Ke ykn qorataa poolisii • Mana sirreessa irraa: Hoogganaa ykn A/Adeemsa haaromsa sirrreffamtootaa seeraa • Qaama biraa: Godinarratti abukaatoo dhuunfaa 1 fi kan mootummaa 1
Bargaaffii	--	140	• Abbootii seeraa fi abbootii alangaa, abbootii adeemsaa, gaggeessitoota dhaddachaa, hooggantoota
Ragaa Sanadaa ykn Galmee	65	100	• Galmeewwan 3-10 gahan tokkoon tokkoo mana murtii godinaa fi aanaa qorannoo kanaan dhaqqabamanii irraa funaanameera.
Marii garee	6	6	• Godinaalee 6 keessatti mariin garee tokko tokko sirreefamtoota seeraa waliin gaggeeffameera. Marii garee 1 irratti namootni 6-17 hirmaataniiru. Waliigalatti sirreeffamtootni 60 irratti hirmaataniiru

Qaamolee sadarkaa naannootti daataan irraa funaaname kanneeniin dabalatattis qaamolee sadarkaa Federaalaatti argaman muraasa irraa odeeffannoon qorannoo kanaaf galtee ta'e argameera. Qaamolee kanneen keessaa: Waajjira Abbaa Alangaa Muummee, Komishinii Manneen Sirreessaa Federaalaa, *''Justice for All: Prison Fellowship''* fa'i dha.

Kanaaf waliigalatti, qorannoon kun akka madda odeeffannoo sadarkaa duraatti (afgaaffii , bargaaffii fi marii gareetiin) hirmaattota **302** (102+140+60) hirmaachiseera. **Gaalmeewwan 100** sakatta'amaniiru. Muuxannoo fi sanadootni seeraa biyyoota Addunyaa fi Afrikaa rogummaa qaban filatamanii xiinxalamaniiru.

1.7. Fayidaa fi Fayyadamtoota Qorannichaa

Qorannoon kun fayidaawwan hedduu ni qabaata. Qoarannoon kun kenniinsa murtii adabbiitiin walqabatee rakkoo hunbannoo ogeessota qaamolee haqaa keenya bira jiru adda kan baase dha. Keessattuu qajeelfamni adabbii lakk. 2/2006 hammam hojiirra akka oolaa jiru agarsiiseera. Murtiiwwan adabbii kennamaa jiranis kallattii sirrummaa fi walfakkaachuutiin rakkoo akkamii akka qaban agarsiiseera. Kana malees, qorannichi haala adabbiiwwan hidhaan alaa ittiin hojiirra olanii fi rakkoolee jiran adda baaseera. Kanaafuu furmaata rakkoolee qorannichaan adda bahan kanneenii akeekuu keessatti qaamolee qooda fudhattoota ta'aniif galtee ta'uun ni gargaara. Caasaalee adabbiiwwan hidhaan alaa raawwachiisuu keessatti barbaachisoo ta'anii fi gahee taphachuu qaban ni agarsiisa. Kanaaf mootummaan caasaalee kanneen akka gurmeessu, imaammataa fi seerota baasu keessatti argannoon qorannichaa gargaarsa ni qabaata. Manneen murtiis haala adabbiiwwan hidhaan alaa ittiin raawwachiisuu danda'an keessatti bu'aan qorannichaa gahee olaanaa ni taphata. Manneen sirreessaa baay'ina sirreeffamtootaatiin akka hin danqamne gochuun hojii sirreeffamaa yakka cimaa raawwatan sirreessuu haala bu'a-qabeessa ta'een akka raawwatan isaan dandeessisa. Kun mirga namoomaa sirreeffamtootaa mirkaneessuu fi baasii mootummaa qusachuu irratti fayidaa ni qabaata.

Qaamoleen mootummaa fi miti-mootummaa hojiirra oolmaa adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra oolchuu keessatti deeggarsa taasisan, leenjii kennan, qorannoo gaggeessan, argannoo qorannoo kanaa akka galteetti fayyadamuu danda'u.

BOQONNAA LAMA
SIRNA KENNIINSA MURTII ADABBII: SAKATTA'A SEEROTA BIYYA KEENYAA

2.1. Seensa

Boqonnaa kana keessatti murtii adabbii kennuu keessatti seerotnii fi tumaaleen seeraa murteessoo ta'an ni ilaalamu. Sana dura garuu akka seensa boqonnichaatti maalummaa adabbii, kaayyoo fi qajeeltoowwan adabbii maala akka ta'an ilaaluun barbaachisaa dha.

a. Hiikkoo adabbii

Adabbii jecha jedhuuf hiikkoon garagaraa yeroo kennamu ni mul'ata. Hiikkoowwan kunis garaa garummaa kan horatan tiiworiiwwan adabbii garagaraa jiran bu'uureffachuun kan kenname waan ta'eefi dha. Hiikkoowwan jiran keessaa tokko *'punishment is the imposition of hardship in response to misconduct'* kan jedhu dha.[15] Bu'uura hiikkoo kanaatiin namni tokko waan balleessaa hojjeteef gochaan waan isaaf barbaachisu dhoowwachuu akka adabbiitti akka lakkaa'amu agarsiisa. Hiikkoon adabbiif kuusaa jechootaa 'Blacks' Law'n kenname kan itti aanu fakkaata.

> *Any pain, penalty, suffering, or confinement inflicted upon a person by the authority of the law and the judgment and sentence of a court, for some crime or offense committed by him, or for his omission of a duty enjoined by law.*[16]

Akka hiikkoo kanaatti adabbiin gochaa qabiinsaa mijataa hin taane namni yakka raawwate tokko akka keessa darbu qaama aangoo qabuun fudhatamu dha. Innis bilisummaa isaa daangessuun yookin kara biraatiin ta'uu akka danda'u kan hubatamu dha.

b. Kaayyoowwan adabbii yakkaa

Kaayyoowwan adabbii gurguddoon afuri dha. Isaan kunis: haaloo bahuu (retribution), haaromsa yakkamaa (rehabilitation), jiilchuu fi irraa akka baratamu gochuu (deterrence), fi to'achuu (incapacitation) jedhamu. Kaayyoon adabbii inni duraa haaloo bahuu (retribution) kan jennuun kun namootni seera cabsan adabamuun isaaniif mala yaada jedhu kan qabu dha. Kaayyooleen adabbii hafan sadan garuu hawaasa yakka irraa tiksuu galma jedhu kan qabani dha. Ta'us haala nageenyi hawaasaa ittiin eegamuu danda'a jedhan irratti garaagarummaa qabu. Haaromsi sirreeffamaa (rehabilitation) kan xiyyeeffatu amala yakkamtootaa fooyyessuudhaan fulduratti yakka akka hin raawwatne gargaaruu irratti dha. Jiilchuu fi namni akka irraa baratu gochuu kan jedhus (deterrence) namni kamiyyuu yakka raawwachuun dura adabbii isarra gahu

[15] http://legal-dictionary.thefreedictionary.com/punishment
[16] Blacks' Law dictionary, 9th Edition.

herreeguudhaan akka ofqusatu akka galmaatti kan qabate dha. Kayyoon adabbii yakkamaa to'achuu (incapacitation) jedhus yakkamaan hidhamee akka turu gochuudhaan yakka biraa akka hin raawwanne carraa dhoowwachuu kan ilaallatu dha.[17]

Imaammatni yakkaa kamiyyuu kaayyoowwan adabbii kanneen bakka tokkotti kan qabatu yoo ta'ellee, yeroo irraa yerootti yookin biyya irraa biyyatti kaayyoolee adabbii isa tokkoof xiyyeeffannaa olaanaa kennuu fi isa kan biraa xiyyeeffannaa xiqqaa kennuun kan barame dha. Fakkeenyaaf, akka addunyaattillee yeroo ilaalamu bara 1900 dura kaayyooleen adabbii nageenya hawaasaa eeguu irratti xiyyeeffatan (utilitarian) olaantummaa qabu ture. Bara 1900-1970'tti immoo kaayyoon adabbii 'haaloo bahuu' jennuun xiyyeeffannoo olaanaa kan qabu ture. Bara 1970'ootaa as immoo adabbiin hidhaa yakka to'achuuf olaantummaa argateera.[18]

Barbaachisummaa adabbii ilaalchisee tiiworiiwwan gurguddoo lamatu jira. Tiiworiin adabbii '*utilitarian and Consequentialist'* jedhamu adabbiin mataa isaatiin gaarii yoo ta'uu baatellee, bu'aan adabbii irraa argamu (utility or effects) barbaachisaa isa taasisa yaada jedhu qaba. Gama biraatiin adabbiin mataa isaatiin bu'aa osoo hin taane karaa bu'aan ittiin argamu dha. Kanaaf akka tiiworii kanaatti haaloo bahuun kaayyoo adabbii ta'uu hin danda'u. [19]

Akka tiworiin adabbiii *''deontological or just deserts''* jedhutti immoo kaayyoon adabbii bu'aa gara fulduraatti argamu osoo hin taane gochaa dursee raawwatameen kan walqabatu dha. Kanaaf adabbiin kennamus ilaalcha keessa kan galchu: hanga miidhaa, yaada sammuu yakkaamaan qabuu fi haalota biroo yeroo badiin raawwatamu turan malee adabbii isa kamtu shakkamaa sirreessuuf gargaara kan jedhu miti. [20]

Hayyootni tokko tokko immoo adabbiin yakkaa kaayyoo kamiyyuu yoo qabaate, haqa lammiilee mirkaneessuu hin danda'u yaada jedhu qabu. Kanaaf, yaadni akka filannootti dhiyeessan furmaata hawaasni, miidhamaa fi yakkamaan bakka tokkotti dhufuun nama yakki irratti raawwatameef kennan (restorative justice) ta'uu qaba kan jedhu dha. [21]

---

[17] Doris Layton Mackenzie, Sentencing and Corrections in the 21st Century: Setting the Stage for the Future, 2001: 1

[18] Doris Layton Mackenzie, Sentencing and Corrections in the 21st Century: Setting the Stage for the Future, 2001: 1

[19] Punishment may be justified because of its effects. The extrinsic or instrumental benefits of punishment may outweigh its intrinsic badness. The good consequences of punishment are usually said to be the promotion of utility through the reduction in crime because punishment has ability to limit future transgressions. (*Professor Hubin, The Utilitarian Theory of Punishment, P1. Available at http://www.studymode.com/essays/The-Utilitarian-Theory-Of-Punishment-904991.html)*

[20] When someone harms society by violating its rules, punishment can be justified by the simple claim that wrongdoing merits punishment, and the perpetrator should suffer in proportion to his or her wrongdoing. The punishment is an end in itself and morally justifiable regardless of its subsequent consequence for either the offender or society. (*Kevin M. Carlsmith, the roles of retribution and utility in determining punishment, Department of Psychology, Colgate University, journal of experimental Psychology, 2005, p 437).*

[21] Mike C. Materni, Criminal Punishment and the Pursuit of Justice, 2 Br. J. Am. Leg. Studies (2013): 263.

c. Qajeeltoowwan Adabbii

Kenniinsi murtii adabbii qajeeltoowwan garagaraa ittiin gaggeeffamu qaba. Isaan keessaa seera-qabeessummaa (Legality); walqixxummaa (Equality); kabaja mirga namoomaa (Respect for human dignity); walfakkaachuu (Consistency); madaalawaa ta'uu (Proportionality), iftoomina (transparency) fi imaammata baasii mootummaatiin walsimuu (Policy of public expenditure) kanneen jedhan fa'a dha.[22]

Qajeeltoon seera-qabeessummaa murtiin adabbii kennamu kamiyyuu seera jiru kan bu'uureffate ta'uu akka qabu kan teechisu dha. Kanaaf namni tokko yakkaan kan adabamu seera badii yakkaa hordofsiisuuf tumame keessatti dhorkaa taa'e kan darbe yoo ta'e qofa ta'a. Gostii fi hangi adabbii yakkamaa irratti darbus tumaa yakka inni darbeef adabbii teechifame qofa ta'a. Kana yeroo jennu garuu qajeeltoon kun manneen murtii tumaa seeraa hiikkoo barbaadutti hiikoo hin kennan jechuu miti. Akka biyya keenyaatti qajeeltoon kun tumaa SY kwt 2 keessatti haammatameera.[23]

Qajeeltoon walqixxummaa immoo adabbiin murtaa'u namoota gidduutti sabaan, sablammiidhaan, sadarkaa jireenya hawaasummaatiin, sanyiidhaan, bifaan, saalaan, afaaniin, amantiidhaan, ilaalcha siyaasaa fi sababoota kkf'iin garaagarummaa malee raawwatamuu akka qabu kan teechisu dha.[24] Qajeeltoon kun tumaalee heera mootummaa kwt 25 fi SY kwt 4 beekamtii kan argate dha.

Qajeeltoon inni biraa kabaja mirga namoomaa kan jedhu yoo ta'u, innis adabbiin kamiyyuu kabajaa namoomaa yakkamaa kan mulqu ta'uu akka hin qabne kan kaa'u dha. Bu'uura kanaanis adabbiiwwan akka reebichaa fi adabbii du'aa fa'aan fudhatama kan qaban miti.[25]

Qajeeltoon walfakkaachuus adabbii (Consistency) yakkoota wal-fakkaata ta'aniif, namoota haala walfakkaatu (umurii, seenaa yakka fi kkf) qabanii fi haala walfakkaataa keessatti yakka raawwataniif adabbii walitti dhiyaatu murteessuu yaada jedhu kan qabu dha. Qajeeltoon kun irra caala raawwatiinsa kan argatu yakkamtoota waliin ta'uun yakka raawwataniifi dha.[26]

Madaalawaa ta'uu adabbii qajeeltoon jedhu immoo adabbiin murtaa'u yakka himatamaan balleessaa ittiin jedhame, hanga balaafamummaa amala dhuunfaa isaa, seenaa jireenyasaa duraanii, sababoota yakka akka raawwatu isa kakaasanii fi kaayyoo yaada isaa, haala jireenya dhunfaa isaa, sadarkaa baruumsa isaa, akkasumas, haalawwan raawwii yakkiichaa ilaalcha

[22] Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:13.
[23] Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:14.
[24] SY Itoophiyaa, kwt 4 fi Heera mootummaa Itoophiyaa kwt 25.
[25] Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:17.
[26] Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:19.

keessaa kan galche ta'uu akka qabu kan teechisu dha. Kunis adabbiin kennamu sababa malee olka'aa akka hin taane kan daangessu dha.[27] Qajeeltoon kun adabbiin yakkamtoota deddeebi'aa fi amalateeffataa irratti darbus daran olka'aa ta'uu akka hin qabaanne kan akeeku dha.[28]

Qajeeltoon iftoomina fi itti gaafatamummaa gama biraatiin abbootiin seeraa murtee adabbii yeroo kennan murtii kennamee fi kaayyoo isaa haala ifa ta'een akka dhiyeessan kan jedhu dha. Kunis tilmaamamummaa adabbii fi itti gaafatamummaa mirkanneessuuf kan gargaaru dha. Kunis heera mootummaa kwt 12/1/ jalatti yaada taa'e keessatti kan haammatamu dha.

Imaammata baasii mootummaatiin walsimuu (Policy of public expenditure) qajeeltoon jedhu immoo adabbiin hidhaa baasii-qusataa waan hin taaneef akka filannoo dhumaatti ilaallamuu qaba yaada jedhu waliin kan deemu dha.[29]

d. Gosoota Adabbii

Seerota keenya keessatti adabbiiwwan idilee gaheessota irratti fudhataman (ordinary punishments) bakka lamatti qooduun ilaaluun ni danda'ama. Isaanis adabbiiwwan ijoo (principal punishments) fi adabbiiwwan dabalataa (secondary punishments) jedhamu. Adabbiiwwan gosa lamaan kanaan alattis tarkaanfiiwwan biroo akka filannoo hidhaatti hojiirra oolan ni jiru. Isaan kunis haaldureedhaan adabbii daangessuu fa'a yoo ta'an, tarkaanfiiwwan kunneen adabbiin hidhaa erga murtaa'ee booda kan fudhatamani dha.

Adabbiiwwan ijoo gaheessota irratti fudhatamuu danda'an gosa lama of keessaa qabu. Inni tokko adabbiiwwan maallaqaa (pecuniary penalities) yoo ta'u; inni lammataa immoo adabbiiwwan bilisummaa yakkamaa daangessani dha. Adabbiiwwan maallaqaa; adabbii qarshii (fine penality), qabeenya dhaaluu, qabeenya ofii akka hin sochoofanne gochuu, beenyaa kanfalchiisuu fa'a kan dabalatu dha.[30] Gosti adabbii ijoo inni biraa seera keenya keessatti beekamtii argate adabbiiwwan bilisummaa daangessan (loss of liberty) dha. Adabbiiwan bifa kanaa immoo adabbii hojii dirqii, hidhaa salphaa guyyaa 10 hanga waggaa 3 (sababni addaa adabbii cimsu yeroo jiraatu hanga waggaa 5) gahu, murtii hidhaa cimaa fi adabbii du'aa kan dabalatu dha.[31]

Adabbiiwwan dabalataa (secondary punishments) adabbii ijoo waliin akka dabalataatti akka raawwataman murtii keessatti ifatti kan ibsamanii fi raawwataman yoo ta'an, gosootni isaaniis:

[27] Moojulii ILOQHQSO, Tolasaa Damee fi Mul'isaa Ejjetaa, Qajeelfama Adabbii Itoophiyaa Fooya'ee Bahee Lakk-2/2006 Irratti Hundaa'uun Adabbii Murteessuu: 24.
[28] Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:20.
[29] Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:20.
[30] SY RDFI kwt 90-102
[31] SY RDFI kwt 103-120

akeekkachiisa, ajiifannaa, gorsaa fi dhiifama; mirga ofii mulqamuu (deprivation of rights) kanneen jedhan fa'a dha.[32]

Tarkaanfiiwwan Adabbiin hidhaa hojiirra akka hin oolle yookin akka gabaabbatu fudhataman jedhamuun seera keenya keessatti kanneen teechifaman kanneen akka, murtii balleessummaa kennuun adabbii daangessuu (suspension of pronouncement of penality, Murtii Adabbii kennuun akka hin raawwatamne ajajuu (suspension of enforcement of penality) fi daangaa murtaa'aadhaan amakkiroon gadi dhiisuu, dhaabbilee deeggarsa akka taasisan aangeffamaniin hordofamuu[33] kanneen jedhanis seerota biyyoota biro keessatti akka gosa adabbiitti kanneen lakkaa'amani dha

2.2. Seerota Kenniinsa Murtii Adabbiitiin Walqabatan

Heera Mootummaa: Adabbiin yakkamaa tokko irratti murtaa'u qajeetoowwan heera mootummaa keessatti haammataman haala faallessuun murtaa'uu hin qabu. Fakkeenyaaf, murtiin adabbii kennamu iftoomina qabaachuu qaba. Sababni isaas heerichi hojiin mootummaa kamiyyuu iftoominaan akka raawwatamuu qabu Heerri Mootummaa RDFI keewwata 12 jalatti ni teechisa. Qajeeltoon kun manni murtii murtii adabbii yeroo kennu gosaa fi hanga adabbii yakkamaa irratti murta'u yeroo filatu, sababa adabbii cimsu yookin salphisu yeroo fudhatu yookin yeroo kufaa taasisu, kkf sababa gahaa ibsuuf dirqama qaba kan jedhu of keessatti kan qabatu dha. Kana malees, heerichi qajeeltoowwan biroo kanneen akka: itti gaafatamummaa, wal-qixummaa, gochaa tokkon yeroo tokko qofa gaafatamuu, kabaja ilma namaa eeguu kanneen jedhan of keessatti haammateera.[34] Kanaaf adabbiin murtaa'u namoota gidduutti sadarkaa jireenya hawaasummaatiin, gosaan, sabaan, sablammmiidhaan, bifan, saalaan, afaaniin, amantiidhaan, ilaalcha siyaasaa yookiin kan birootiin, qabeenyaan, dhalootaan yookiin ejjennoo kan biraatiin garaagarummaa uumuu yookin looguu hin qabu. Kanamalees adabbiin mana murtiin murtaa'u kamiyyuu qabiinsa yookiin adaba hammeenyummaan guutame kan ulfina namumma isaa salphisu ta'uu hin qabu.

Imaammata Bulchiinsa Sirna Haqa Yakkaa MRDFI: Imaammatni kun murtii adabbii ilaalchisee qabxiiwwan haammate keessaa tokko barbaachisummaa qajeelfama adabbii fi qabiyyeewwan qajeelfaamni bahu haammachuu qabu dha. Imaammatichi qabiyyeen qajeelfamichaa qajeeltoowwan fi ulaagaalee adabbii irratti hundaa'uu akka qabu, haqummaa, iftoominaa fi tilmaamamummaa adabbii mirkanneessuf kan gargaaruu danda'u ta'uu akka qabu kaa'era.

Seera Yakkaa: seera yakkaa kutaa waliigalaa fi addaa keessatti tumaaleen kenninsa murtii adabbii bitan hedduun haammatamaniiru. Kutaalee addaa keessatti tokkoon tokkoon yakkaatiif

[32] SY RDFI kwt 121-128
[33] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 190-210.
[34] Heera Mootummaa RDFI, kwt 18, 22, 23, 25

murtiin adabbii kennamu gosa akkamii fi hanga ta'uu qabu agarsiisuuf yaalameera. Kutaa waliigalaa seerichaa keessatti immoo kutaaleen sirna kenniinsaa fi haala shallaggii murtii adabbii agarsiisan haammatamaniiru. Isaan kana keessaa kutaaleen sadarkaa raawwii yakka yakkamtootaa (kwt 26-41), sadarkaa itti-gaafatamummaa yakkaa (kwt 48-56, 68-81), sababoota adabbii cimsanii fi salphisan (kwt 82-86, 60-67, 179-188), gosoota adabbii fi haala raawwii isaanii (kwt 87-156) caqasuun ni danda'ama. Kanamalees, seeerri yakka keewwata 88(4) jalatti sirrummaa murtii adabbii fi walfakkaatummaa isaa mirkaneeessuufis ta'e to'achuuf kan dandeessisu qajeelfamni adabbii akka bahu ni teechisa. Qajeelfamicha akka baasus Mana Murtii Waliigala Federaalaa aangesseera.

Seera Deemsa Falmii Yakkaa: tumaalee SDFY kenniinsa murtii adabbii keessatti rogummaa qaban keessaa inni ijoon gareen falmiitootaa yaada adabbii dhiyeessuudhaaf mirga qaban kutaa teechisu dha. Murtiin adabbii kan kennamu gareen bitaa fi mirgaa sababoota adabbii cimsanii fi salphisan erga dhiyeessan booda akka ta'e SDFY keewwata 149 (5) teechiseera.

Qajeelfama adabbii: Qajeelfamni adabbii lakk. 2/2006 hanqinaalee qajeelfamni adabbii lakk.1/2002 qabu fooyyessuun bara 2006 kan hojiirra oole dha. Qajeelfamichi kutaa 6'tti kan qoqqoodame dha. Qajeelfamichi yakkoota muraasaaf sadarkaa fi gulantaa baaseera. Isaanis: yakkoota mootummaa irratti raawwataman /kwt 241, 257, 407/, sanadoota qarshii bakka bu'an irratti raawwataman /kwt 356-362/, yakkoota lubbuu fi qaama namaa irratti raawwataman /kwt 539-543, 555-560/, yakkoota bilisummaa namaa irratti raawwataman /kwt 598/, yakkoota amala gaarii irratti raawwataman /620628/, yakkoota qabeenya irratti raawwataman /kwt 665 fi 669, 670-671, 692-693/ kanneen jedhani dha. Isaan kana keessaas yakkootni kaan isaanii seera biraatiin kan fooyya'an waan ta'aniif sadarkaan baheef kun haqameera jechuu dha. Fakeenyaaf yakka aangoo ofiitti seeraan ala fayyadamuu /kwt 407/, yakki Itoophiyaanota seeraan ala godaansisuu /kwt 598/ labsiilee 881/2007 fi labsii 909/2007'n haqamaniiru. Kana malees, qajeelfamichi yakkoota sadarkaa fi gulantaan hin baaneef ilaalchisee manni murtii haala ittiin sadarkaa fi gulantaa ittiin baasuuf keewwata 19 jalatti teechiseera. Akkasumas sababootni adabbii cimsanii fi salphisan yeroo jiraatan haala adabbiin ittiin shallagamu (kwt 21-25), duraa duubaa adabbiin ittiin murtaa'u, haala qajeelfamicha keessaa bahuun adabbiin ittiin murtaa'uu danda'u, haala tilmaama qabeenyaa fi yaadni adabbii ittiin dhiyaatu of keessatti haammateera.

Kana malees, qajeelfamni kun miiltoowwan lama: gabateewwan gulantaa adabbii hidhaa fi qarshii of keessatti qabateera. Miiltoon 1ffaan gabatee adabbii hidhaa ilaallatu gulantaalee 39'tti qoqqoodameera. Miiltoon 2ffaan immoo adabbii kan qarshii ilaallatu yoo ta'u gulantaa 23 kan of keessaa qabu dha. Qajeelfamni adabbii kun sirrummaa fi walfakkeenya murtii adabbiitiin walqabatee rakkoo jiru furuu keessatti gahee olaanaa taphachaa kan jiru yoo ta'ellee, hanqinaalee tokko tokko of keessaa ni qaba. Isaan kana keessaa gurguddoon kanneen armaan gadiiti:

- Tumaaleen qajeelfamichaa seera yakkaa waliin bakki itti wal hin simne ni jiru. Fakkeenyaaf, sadarkaa fi gulantaan miidhaa qaamaa cimaadhaaf (SY kwt 555) qajeelfamichaan teechifame sadarkaa 1ffaadhaaf gulantaa 16ffaa dha. Kun miiltoo 1ffaa jalatti adabbii hidhaa ka'uumsi

isaa waggaa 3 qaba. Seerri yakkaa keewwatni 555 garuu hidhaa cimaa waggaa 15 hin caalle, yookin hidhaa salphaa waggaa 1 gadi hin taane kaa'eera. Kana jechuun qajeelfamni adabbii yakka kanaaf gulantaa 16 ffaa irraa jalqabuu hin danda'u.

- Qajeelfama adabbii keewwata 13 jalatti namni qaama yookiin kutaa qaamaa yookiin qaama miiraa barbaachisoo ta'an nama biroo keessaa tokkoo ol kan hir'ise yookin akka hin tajaajille kan taasise yoo ta'e sadarkaa 2ffaa gulantaa 19ffaa jalatti adabama. Kun immoo namni ilkaan lama cabsee fi kan ilkaan 10 yookin sanaa ol cabse gulantaa walfakkaataa jalatti akka adabaman kan taasisu dha. Akkasumas qajeelfamichi qaama miiraa fi kutaa qaamaatiif gatii walfakkaa kan kenne fakkaata. Fakkeenyaaf, namni miilla himatamaa tokko naafessee yookin ija jaamsee fi kan ilkaan tokko cabse haala walfakkaataan sadarkaa 1ffaa gulantaa 16ffaa jalatti kan ilaallamu dha. Kun immoo kallattii qajeeltoo madaalawaa ta'uu adabbiitiin kan ilaallame hin fakkaatu.
- Miidhaa qaamaa bu'uura SY keewwata 559/1/'tiin raawwatamuufis sadarkaa 1ffaa jalatti adabbii qarshiitiif gulantaa 4ffaan kan qabame yoo ta'u, adabbiin inni hordofsiisus hanga qa. 5000'tti dha. Tumaan seera yakkaa kun garuu adabbii qarshii 1000 hin caalle kaa'a. Kanaaf gulantaa 4ffaa qabachuun dogongora dha.
- Qajeelfamni adabbii hojiirra jiru tumaalee seera yakkaa erga qajeelfamichi bahe booda seera biraatiin (labsii farra malaammaltummaatii) haqaman kan akka aangoo seeraan ala fayyadamuu (SY keewwata 407) of keessaa qaba. Kana jechuun tumaan qajeelfama adabbii keewwatni 11 kun kan haqame dha jechuu dha. Kanaaf, qajeelfamichi tumaalee yakkaa kanneen ilaalchisee haala labsii farra malaammaltummaa keessatti teechifame bu'uura godhadhee fooyya'uu kan barbaadu dha.
- Gama biraatiin immoo qajeelfamni adabbii yeroo ammaa hojiirra jiru adabbiiwwan gosa muraasa (hojii dirqii, adabbii maallaqaa fi hidhaa) qofa kan ofkeessatti qabate dha. Kunis gosootni adabbii kanneen biroo akka dagataman gahee mataa isaa taphataa jira. Sababni isaas adabbiiwwan biroo hafan, fakkeenyaaf akeekkachiisa kennuu yookin mirga siivilii mulquun, yeroo kam haala kamiin akka filatamanii fi hojiirra oolfaman qajeelfamichaan uwwisni kennameef hin jiru.
- Imaammatni Bulchiinsa Sirna Haqa Yakkaa MRDFI gahuumsa qajeelfamni adabbii bahu qabaachuu akka qabu teechise keessaa qajeelfamni adabbii yeroo ammaa hojiirra jiru hanqinaalee armaan gadii of keessaa qaba:
    - qaamolee adabbiiwwan dabarsuuf aangoo qaban, yeroo adabbiin itti kennamu, ragaalee adabbii murteessuuf gargaaranii fi qajeelfamoota yeroo adabbiin kennamu kabajamuu qaban ilaalchise kalattii kaa'uu qabu hin keenye,
    - namoota gocha yakkaatiin miidhaan irra ga'eef beenyaan akka kaffalamu haala itti godhamuu fi furmaata miidhamaa, yakkamaa fi miseensota hawaasaan kennamu (restorative justice) haammachuu dhabuu
    - hirmaanaan qaamolee haqaa maal ta'uu akka qabu agarsiisuu dhabuu

2.3. Qabxiilee Kenniinsa Murtii Adabbii Keessatti Xiyyeeffannoo Barbaadan

Itti aansuun tumaalee qajeelfama adabbii fi seera yakkaa kenniinsa murtii adabbii keessatti gahee murteessaa qaban filachuun qabiyyeen isaanii maal akka ta'e ilaalla.

2.3.1. Yaada Adabbii Fudhachuu

Murtiin balleessummaa erga kennamee booda manni murtii sababoota adabbii salphisanii fi cimsan dhagaha moo adabbii ka'uumsaa (deserved punishment) murteessuu qaba? yaadni jedhu falmisiisaa dha. Hayyootni seeraa beekamoon kanneen akka Tsahaay Wadaa fi Masfin G/Hiwoot manni murtii sababoota adabbii cimsanii fi salphisan osoo hin dhagahiin dura adabbii yakkamaa sanaaf malu murteessuu akka qabu falmu.[35] Bu'uura yaada kanaatiin itti aansuun yaadota adabbii cimsanii fi salphisan ni dhagaha. Sana booda sababoota fudhatama qaban bu'ureffachuun adabbii cimsuu fi/yookin salphisuun adabbii yakkamaa sana irratti raawwatamu ni murteessa. Akka ogeessota yaada kana qabaniitti adabbii ka'uumsaa kana murteessuudhaaf haalota SY kwt 88(2) jala jiran bu'ureffachuu danda'a. Yaadni faallaa kanaa ta'e immoo sababoota adabbii cimsanii fi salphisan osoo hin dhagahiin adabbii ka'uumsaa adda baasuun bu'uura hin qabu kan jedhu dha.[36] Seera deemsa falmii yakkaa keewwata 149/3/ jalatti manni murtii murtii balleessummaa erga kenne booda abbaan alangaa sababa adabbii cimsu yookin salphisu akka dhiyeessu gaafata jechuun teechiseera. Qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 keewwata 26/1/d/ hima lammaffaa jalatti yaada taa'es yeroo ilaallu murtii balleessummaa kennuutti aansuun gochaan manni murtii raawwatu sababni adabbii cimsu yookin salphisu yoo jiraate dhagahuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Akkasuamas sababa adabbii ni cimsa yookin ni salphisa jedhamee garee tokko irraa dhiyaatu gareen biraa yoo morme manneen murtii yeroo gahaa kennuun qulqulleessuu akka qaban qajeelfamni adabbii kwt 26(1)(g) jalatti ni dirqisiisa.

2.3.2. Gosoota Adabbii Jiran Keessaa Adabbii Himatamaa Barsiisu Filachuu

Tumaan kutaa addaa seera yakkaa adabbii hidhaa cimaa fi salphaa akka filannootti mana murtiif yeroo teechisu, manni murtii gosoota adabbii lamaan keessaa isa tokko filachuuf ulaagaa maal bu'ureffata? gaaffiin jedhu qabxii ilaallamuu qabu dha. Gaaffii kana deebisuuf SY keenya keewwata 106 fi 108 jalatti hiikkoo hidhaa salphaa fi cimaaf teechifame hubachuun murteessaa dha. Hidhaa salphaan nama yakka ciminni isaa giddu-galeessa ta'e raawwateefi balleessichis hawaasichaaf baay'ee balaafamaa fakkaatee yeroo hin mul'annetti adabbii bilisummaa dhabsiisuuf murtaa'uu dha. Gama biraatiin adabbiin hidhaa cimaa kan murtaa'u, kanneen yakka cimaa raawwataniifi keessumattuu yakkamtoota hawaasichaaf balaafamoo ta'an irratti dha. Kanaaf manni murtii haalli raawwii yakkichaa hiikkoowwan kanneen keessaa irra caala isa kam waliin akka walsimu ilaaluun adabbbii hidhaa salphaa yookin cimaa filachuu danda'a. Hidhaa fi maallaqa keessaa yeroo filatu immoo bu'uura SY keewwata 88/3/'tiin haalli raawwii yakkichaa

[35] Tsahaay Waadaa, Joornaalii Seera Itoophiyaa Jildii-25, Lakk-2, Fulbaana 2012 A.L.A
[36] Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:72.

salphaa fi himatamaan adabbii maallaqaarraa ni barata jedhamee kan yaadamu yoo ta'e manni murtichaa adabbii isa salphaa (maallaqa) murteessuu akka qabu kan hubatamu dha.

2.3.3. Adabbii Ka'uumsaa Murteessuu

Qajeelfama adabbii lakk.2/2006 keewwata 2(5) jalatti hiikkoon adabbii ka'uumsaatiif kenname kan itti aanu dha. Adabbii ka'uumsaa jechuun sababoota adabbii cimsanii fi salphisan kan waliigalaa fi addaa osoo yaada keessa hin galchiin gulantaa adabbii bu'uura godhachuun adabbii murtaa'u dha' kan jedhu dha. Qajeelfamicha keewwata 4(1) jalatti yaada teechifame irraa akka hubatamuttis adabbii ka'uumsaa kana qabachuudhaaf manni murtii kan bu'uura gochachuu qabu amala yakkichaa ti. Kun immoo qabxiilee tumaa SY kwt 88/2/ jalatti teechifaman waliin kan walqabatu dha. Kana yeroo jennu manni murtii adabbii ka'uumsaa yeroo qabatu qabxiilee xiinxaluu qabu keessaa gurguddoon 'hanga balaafamummaa amala dhuunfaa raawwataa yakkichaa, seenaa jireenyasaa darbee, sababoota yakka akka raawwatu isa kakaasaniifi kaayyoo yaada isaa, haala jireenya dhunfaa isaa, sadarkaa barumsa isaa, akkasumas, cimina yakkichaafi haalawwan raawwii isaa madaaluun ta'a. Kanaaf, akka qajeeltootti manni murtichaa ka'uumsa adabbii kan qabatu kutaa addaa seera yakkaa keessatti yakkichaaf adabbii isa xiqqaa teechifame yoo ta'u, haala dhimma dhiyaateefi ilaaluun garuu adabbiin ka'uumsaa tumaa sana irra taa'e madaalawaa miti yookin yakkamaa hin barsiisu jedhee manni murtichaa yoo yaade daangaa keewwatichi teechisu keessatti adabbii ka'uumsaa ol-siqee qabachuu danda'a.[37]

2.3.4. Sababoota Adabbii Cimsanii fi Salphisan Fudhachuu

i. Sababoota adabbii cimsan

Hangi adabbii ka'uumsaa (deserved punishment) erga murtaa'ee booda manni murtii haalotni adabbii kana cimsan yoo jiraatan dursee ni xiinxala. Haalotni adabbii cimsan kun gosa lama qabu. Sababoota waliigalaa adabbii cimsanii fi sababoota addaa adabbii cimsani dha. Isaan kunis qajeelfama adabbii keewwata 21 fi 22 jalatti ibsamaniiru.

a. Sababoota waliigalaa adabbii cimsan

Sababootni waliigalaa adabbii cimsan sababoota haalli yakkamaa balaafamaa ta'uu agarsiisan ta'anii; kaayyoo yakkicha raawwatee fi kutaa yaada sammuu yakkamaa akkasumas haala addaa miidhamaan dhuunfaa qabu irraa kan maddu dha. Qajeelfamni adabbii keewwata 21 jalatti manni murtii sababootni adabbii cimsan waliigalaa shan hin caalle fudhachuu akka danda'uu fi tokkoon tokkoon sababa adabbii cimsu waliigalaatiif gulantaa tokko dabaluu akka qabu teechiseera. Keewwatni kun sababootni adabbii cimsan shan hanga hin caalletti qubee tokko jalatti (fakkeenyaaf, SY kwt 84/1/a/) sababoota tokkoo ol fudhachuun akka danda'amu ni kaa'a Sababootni adabbii cimsani SY kwt 84(1) /a-e/ jalatti tarreeffamanii jiru. Isaan kunis: yakkichi

[37] Qaj. Adabbii kwt 4/2/ fi Seera yakkaa keewwata 88(2),(3).

ofittummaan, gantummaan yookin nama miidhuuf fedhii guutuu qabaachuun yookin gara jabina addaatiin yoo raawwatame; yakkamtichi aangoo isaa yookin ittigaafatamummaa argatettii gargaaramuun yakka kan raawwate yoo ta'e; yakkamtichi balleessummaa isaa duraatiin, yakka raawwachuu ogummaa godhatee qabachuun isaa yookin haalli raawwii isaa balaafamaa addaa ta'uu isaa kan agarsiise yoo ta'e; yakka raawwachuuf waliigaltee uumuun yookin kanneen biroo waliin ta'uun yakka yoo raawwate; yookin yakkicha kan raawwate nama eegumsa addaa isa barbaachisu irratti yoo ta'e dha. Keewwata kana jalatti qabxiileen ofeeggannoon ilaalamuu qaban keessaa inni tokko yakkamtichi balleessummaa isaa duraatiin, yakka raawwachuu ogummaa godhatee qabachuu kan jedhu dha. Sababni kun akka haala adabbii cimsuutti fudhatamuudhaaf yakki armaan dura yookin haaraa raawwatame himatamaa sana akka yakkamaa irra deddeebiitti ittigaafatamummaa isaa cimsuuf ulaagaan barbaachisu kan hin guuttamne yoo ta'e dha. Ogummaa isaa godhachuudhaan yakki armaan dura raawwate akkaataa seeraatiiin yakkamaa irra deddeebii kan isa taasisu yoo ta'e sababa kana bu'uura kwt 84 tiin adabbii cimsuuf itti fayyadamuun ni hafa jechuu dha.[38] Qabxiin inni biraa ilaallamuu qabu 'kanneen biroo' waliin ta'uun yakka yoo raawwate sababa jedhu dha. sababa adabbii cimsu Kanaan walqabatee falmiif saaxilamaa kan ta'e gaalee 'kanneen biroo' jedhu yoo ta'u, gaaleen kun himatamaa namoota biro 2 fi isaa ol ta'an waliin yakka raawwateef malee nama biraa tokko waliin waliigalatti nama 2 ta'uun yakka raawwatameef raawwatiinsa hin qabu yaadni jedhu bal'inaan ni ka'a.[39]

Sababoota adabbii cimsan ilaalchisee qabxiin biraa ilaalamuu qabu sababootni adabbii cimsan lamaa fi isaa ol ta'anii fi uumama walfakkaataa qaban akka yaada adabbii cimsu tokkootti qofa kan fudhataman ta'uu isaati. Fakkeenyaaf daa'ima umuriin hin geenye irratti yakki kan raawwatame abbaa isaatiin osoo ta'ee, yakkamaan nama daa'ima kana bulchuuf ittigaafatamummaa qabu ta'uun isaa fi daa'imni sun sababa umurii isaatiin eegumsa addaa kan barbaadu ta'uu fi kkf yoo jiraatanillee akka sababa adabbii cimsu tokkootti qofa fudhatamu.[40]

b. Sababoota addaa adabbii cimsan

Qajeelfama adabbii keewwata 22 jalatti sababootni addaa adabbii cimsan gosa lama akka qaban teechifameera. Isaanis: yakkamaan yakka daddabalamaadhaan balleessaa taasifamuu fi yakkamaa irra deddeebii ta'uu kanneen jedhani dha. **S**ababootni addaa adabbii cimsan kun tumaa SY kwt 85 jalatti akkasumas haalli adabbiin isaanii ittiin kennamu immoo SY kwt 184-188 jalattis tumamameera. SY kwt 60 jalatti yakkoota daddabalamaadhaaf hiikkoon itti aanu kennameera. Namni kamiyyuu:

[38] Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:76
[39] Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:76
[40] Dejene Girma & Mekonnen Feleke, Sentencing and Execution , Teaching Material, Prepared under the sponsorship of the Justice and Legal System Research Institute, 2009:78

a. Yakkoota qabatamoo akaakuu tokko yookiin adda addaa lama yookiin lama kan caalan kamiyyuu walitti aansuun kan raawwate yoo ta'e; yookiin
b. Gocha tokkoon yeroo tokkotti tuumaalee seeraa lama yookiin lamaa ol ta'an darbuun yookiin gocha tokkoon yakkoota bu'aa qabatamaa addaddaa hordofsiisan raawwachuun yakkoota dachaa kan raawwate yoo ta'e; yookiin
c. Yaada yakka tokko raawwachuun yookiin dagannoon yakki inni raawwate tumaa seeraa tokko kan darbu ta'ee mirga yookiin faayidaa namoota lakkoofsi isaanii lamaa ol ta'erratti miidhaa akaakuu tokko qabu kan hordofsiise yoo ta'e yakka daddabalamaa raawwate jedhama.

Bu'uura kwt 60(a)'tiin yakkoonni qabatamoon lama yookiin isaa ol ta'an (goch-lamee ykn isaa oliin) yeroo raawwataman adabbiin haala itti aanee dhiyaateen murtaa'a. Dursa, tokkoon tokkoon yakkoota daddabalamaa raawwatamaniif adabbiin ka'umsaa ni murta'a. Itti aansuun hundumtuu ida'amee gulantaan irratti kufu addaan baha. Adabbichi guulantaa lamaa fi sanaa ol irratti kan kufu yeroo ta'u, gulantaa isa xiqqaatu qabama. Itti aansuun, sababootni waliigalaa adabbii cimsan yoo jiraatan, sababoota kanaan fayyadame akaakuu adabbichaaf kutaa waliigalaa seerichaan adabbii olaanaa tumame otoo hin caaliin adabbii ni murteessa.[41]

Yakkootni qabatamoon raawwataman inni tokko isa biroof haala mijataa uumuuf yookin dahoo akka ta'u yaadamee yoo ta'e akkaataan murteessa adabbii isaa adeemsa armaan olii irraa adda akka ta'e SY kwt 185 jalatti taa'eera. Yeroo kana manni murtii bu'uura keewwata 184'tiin adabbicha hanga gulantaa ol'aanaatti cimsee murteessuu qaba.

Gama biraatiin, yakkamaan tokko yakka daddabalamaa kan raawwate yoo ta'ee fi yakka isa tokkoof adabbii itti murtaa'e raawwachaa osoo jiruu ykn erga xumuree booda yakka isa biraaf himatamee murtiin kennamuun dura kunis kan beekame yoo ta'e, manni murtichaa yakka boodarra himatameef murtii yeroo kennu yakkoota dachaa namni sun raawwateen yeroo tokkotti osoo itti murta'ee jiraatee adabbii olaanaa silaa itti murtaa'uu danda'u osoo hin darbiin murtii kennuu qaba.[42]

Bu'uura kwt 60(b)'tiin gocha tokkoon tumaalee seeraa tokkoo ol yommuu cabse immoo adabbiin kan murtaa'u bu'uura SY kwt 187'tiin akka ta'e kwt 65 irraa ni hubatama. Yeroo adabbicha adda baasus gulantaa ka'uumsaa irraa ka'uun tokkoon tokkoon yakka daddabalamaaf gulantaa lama lama dabala. Itti aansuun sababoota waliigalaa adabbii cimsanii fi salphisan gargaaramuun adabbii ni cimsa; ni salphisa. Ta'us, adabbiin murtaa'u adabbii yakkoota daddabalamanii raawwataman keessaa isa cimaadhaaf taa'e hin caalu.[43] Yakkamaan badii sana kan raawwate beekaa itti yaadee yoo ta'e yookin amala badaa qabaachuu manni murtii yoo hubate bu'uura SY kwt 184 tiin itti cimsee adabuu danda'a. Kana booda yoo jiraatan, sababoota

[41] SY RDFI Keewwata 184(1B) fi Qajeelfama Adabbii Itoophiyaa Keewwata 22(1A)
[42] SY RDFI kew-186
[43] Qajeelfama Adabbii, kwt 22(1) (B)

kanaan fayyadamee adabbii olaanaa kutaa addaa seerichaa keessatti yakka cimaaf tumame otoo hin darbiin adabbicha cimsee ni murteessa.[44]

Sababni addaa adabbii cimsu inni kan biraa yakkamaa irra deddeebii ta'uu dha. Namni tokko yakkamaa irra deddeebii jedhamee adabbiin itti cimee kan murtaa'u adabbii hidhaa itti murtaa'e guutummaan yookiin gartokkeen guyyaa xumure yookiin adabbiin kun dhiifamaan guyyaa hafeef irraa eegalee yeroo waggaa shanii keessatti yakka haaraa ka'uumsi adabbii isaa hidhaa salphaa ji'a jaha ta'een adabsiisuu danda'u itti yaadee kan raawwate yoo ta'edha.[45]

Yakkamaan tokko yakka irra deddeebii raawwachuun isaa yoo mirkanaa'e, adabbiin kan itti cimu bu'uura SY keewwata 188 jalatti kaa'ameen ka'uumsa adabbii adda bahe irraa ka'uun gulantaa tokko kaasee olguddachuu danda'a.[46] Hangi adabbii kunis yakka haaraaf yookiin yakkoota dachaa haaraa keessaa yakka cimaa ta'eef kutaa addaa seerichaa keessatti adabbii fiixee tumame hamma dachaa ta'uutti (daangaa baaxii adabbii gosa yakkichaaf kutaa waliigalaa SY keessatti taa'e osoo hin darbiin) olka'uu danda'a. Yakkamtichi irra deddeebi'aa amaleeffataa yoo ta'e manni murtii yakka haaraaf adabbii fiixee kutaa addaa seerichaa keessatti tumame dachaa darbuun (akaakuu adabbichaaf adabbii fiixee kutaa waliigalaa seerichaa keessatti tumame hanga hin caalletti) adabbicha olkaasuun murteessu qaba.[47]

ii. Sababoota Adabbii Salphisan

Sababootni adabbii salphisanis bakka lamatti qoodamuun ilaalamuu danda'u. Isaanis: sababoota adabbii salphisan waliigalaa fi sababoota adabbii salphisan addaati. Sababootni kunneen yeroo jiraatan adabbiin haala kamiin akka salphatu qajeelfama adabbii keewwata 23 fi 24 jalatti teechifameera.

a. Sababoota Waligalaa adabbii salphisan

Manni murtii sababoota adabbii salphisan shan hin caalle fudhachuu akka danda'uu fi tokkoon tokkoon sababoota adabbii salphisan fudhatamaniif gulantaa adabbii ka'uumsaa qabame irraa gulantaa tokko hir'isuu akka danda'u qajeelfamni adabbii keewwatni 23 ni ibsa. Keewwatni kun sababootni adabbii salphisan shan hanga hin caalletti qubee tokko jalatti (fakkeenyaaf, SY kwt 82/1/e/) sababoota tokkoo ol fudhachuun akka danda'amu ni kaa'a. Sababootni Waliigalaa adabbii salphisan SY keewwata-82(1(A-E)) jalatti tarreeffamaniiru. Isaanis mataa mataan akka sababa adabbii salphisu tokkooti fudhatamu. Keewwata xiqqaa tokko jalatti sababootni adabbii salphisan daddabalamani kan argaman yoo ta'e, Manni Murtii sababa isaa barreeffamaan ibsuun adabbicha akkuma barbaachiisummaa isaatti salphisuu ni danda'a.[48] Manni murtii tokkoon tokkoon sababoota adabbii salphiisaniif gulantaa adabbii ka'umsaa argamurraa gulantaa tokko gadi bu'uun ni murteessa. Ta'us sababootni kunneen hedduu yoo ta'anillee manni murtii

[44] Qajeelfama Aabbii Lakk 2/2006, kwt 22(1B)
[45] SY RDFI Keewwata-67
[46] Qajeelfama Aabbii Lakk 2/2006, kwt 22(2)
[47] SY kwt 188
[48] Qajeelfama Adabbii Lakk 2, kwt 23(1)

sababoota shan caalaa fudhatee adabbii salphisuu hin danda'u. Kana malees, adabbiin bu'uura kanaan yeroo salphatu adabbii seeraan tumame irraa osoo gadi hin bu'iin ta'a /keewwata 179/. Kutaa addaa seera yakkaa keessatti haalawwan yookiin sababootni waliigalaa adabbii salphisan kunneen haammatamanii yeroo argaman manni murtichaa sababootuma kana adabbii salphisuuf irra deebi'uun itti fayyadamuu hin danda'u.[49]

b. Sababoota addaa adabbii salpiisan

Sababootni adabbii salphisan addaa yeroo jiraatan manni murtii bu'uura qajeelfama adabbii keessa taa'aniin osoo hin daangofne adabbii salphisuu danda'a.[50] Sababootni addaa adabbii salphiisan garagaraa kutaa addaa fi waliigalaa seera yakka keessatti teechifamaniiru. Isaan kunis: mataa isaa, fira dhiyoo dhiigaa ykn gaa'ila ykn nama biraa walitti dhufeenya cimaa waliin qabu adabbii jalaa miliqsuuf jedhee yakka raawwate (kwt 83, 443, 806,446(b), 453,561), dhiisuu fi gaabbuu (kew-28-2), yakka raawwatamuu hin dandeenye yaaluu (kew-29), fi kkf[51] ilaaluun ni danda'ama.

Sababootni addaa adabbii salphisan kunneen yeroo jiran manni murtii akka itti fakkaatetti adabbii salphisuu ykn akaakuu adabbii ykn daanga adabbii gadi aanaa kutaa addaa seerichaa keessatti yakkiichaaf kaa'ameen otoo hin daanga'iin adabbii salphisuu yookin hanga yakkamaa adabbii irraa bilisaan gaggeessuutti gahuu (kew- 83(2)) ni danda'a. Ta'us, adabbii gadi aanaa kutaa waliigalaa seerichaa keessatti kaa'amee gadi ta'uu hin danda'u. Sababoota adabbii salphisan yookiin cimsan seera yakkaa keessatti tumamaniin alatti manni murtii sababa biraa gahaadha jedhee yaade fudhachuun adabbii salphisuu yookin cimsuu ni danda'a. Yeroo kana taasisu sababa sana maaliif akka fudhate ibsuun murtii isaa keessatti barreessuu qaba.[52]

[49] SY RDFI keewwata-84(2)
[50] Qajeelfama Adabbii Lakk 2, kwt 24
[51] SY kew-49;72;74(2);75;76;77;79;81, 371, 372; 550; 454; 544; 652(2)
[52] SY RDFI kwt 86

BOQONNAA SADI
ADABBIIWWAN HIDHAAN ALAA: SANADOOTA IDIL-ADDUNYAA FI MUUXANNOO BIYYOOTA MURAASAA

3.1. Barbaachisummaa Adabbiiwwan Hidhaan Alaa

Adabbiiwwan hidhaan alaa biyyoota adda addaa keessatti moggaasa garagaraatiin waamamu. Isaan keessaas *'alternatives-to-incarceration', 'alternatives to imprisonment', 'non-custodial measures'* kanneen jedhan caqasuun ni danda'ama. Barreessaan tokko adabbiiwwan hidhaan alaa yeroo hiiku *'Alternatives-to-incarceration are programs or procedures that move away from the notion of imprisonment as a response to lawbreaking'*[53] jechuun ibseera. Akka hiikkoo kanaatti yakkamaan balleessaa taasifame tokko mana sirreessaa akka turu osoo hin dirqamiin tarkaanfiin sababa balleessaa isaatiif isa quunnamu adabbii hidhaan alaa jedhamuu danda'a.

Sababni adabbiiwwan hidhaan alaa barbaachisaniif miidhaawwan adabbii hidhaatiin kan walqabatani dha. Adabbiiwwan bifa kanaa adabbii hidhaa caalaa yakkamtoota tokko tokkoof filannoo gaarii ta'uu, haaromsaaf, walitti-heddummachuu (overcrowding) sirreeffamaa hambisuu, mirga namoomaa sirreeffamtootaa kabachiisuu fi baasii xiqqeessuuf filatamoo ta'uu kanneen jedhan of keessatti haammata.[54] Kutaan itti aanu qabxiiwwan kanneen tokko tokkoon ilaala.

a. Fedhii fi haala yakkamaa ilaalcha keessa kan galche ta'uu

Adabbiiwwan hidhaan alaa adabbii hidhaa caala filatamoo kan isaan taasisu tokko fedhii fi haala yakkamaa ilaalcha keessa galchuu danda'uu isaaniiti.[55] Yakkoota sasalphoo namoota raawwataniif adabbii hidhaa murteessuun barbaachisaa miti. Kanaaf yakkoota bifa kanaatiif adabbii hidhaa murteessuun yakkamaan akka haaromu gochuu caala mana sirreessaa keessatti namoota quunnamu irraa amala badaa akka horatu kan taasisu akka ta'e qorannoowwan ni agarsiisu. Keessattuu immoo yakkamtootni kunneen dargaggoota yeroo ta'an, rakkoon kun caalaatti yaadchisaa ta'a. Kanaaf, adabbiiwwan hidhaan alaa namoota yakka salphaa raawwatanii fi dargaggootaaf daran barbaachisoo dha.[56]

b. Yakkamaa irra deddeebii hir'isuu (integration)

Duubatti deebi'amee seenaan yeroo ilaalamu hidhaan mataa isaa danda'ee adabbii yakkaa hin turre. Murtiin du'aa yookin adabbiin reebicha qaama namaarratti murtaa'u hanga raawwatamutti

[53] Marsha Weissman, Aspiring To The Impracticable: Alternatives To Incarceration In The Era Of Mass Incarceration, N.Y.U. Review Of Law & Social Change, Vol. 33:235.
[54] Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 178. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016.
[55] Human Rights in the Administration of Justice: A Manual on Human Rights for Judges, Prosecutors and Lawyers, the Use of Non-Custodial Measures in the Administration of Justice, Chapter 9: 377.
[56] Lukas Muntingh, Alternative Sentencing In South Africa: An Update, Chapter 9: 105. https://www.issafrica.org/uploads/111CHAP9.PDF

tursiisuuf qofa dha namni tokko hidhamee kan turu.[57] Ta'us, namoota yakka raawwatan manneen sirreessaa keessaa tursiisuun mataa isaatiin baramaa dhufuun bara 1970'ootaa as adabbiin biro caala mala bal'inaan hojiirra oolu ta'eera.[58] Bu'a-qabeessummaan adabbii hidhaa garuu yeroo ammaa gaaffii keessaa galeera. Qorannoowwan akka agarsiisanitti adabbiiwwan hidhaan alaa yakkamaan deebi'ee hojii yakkaa akka hin raawwanne gargaaruu irratti hidhaa caala bu'a-qabeessa dha.[59] Yakkamtootni hidhaan adabaman kanneen filannoo biraatiin adabaman caalaa yakkamaa irra deddeebii ta'uuf carraa akka qaban ragaaleen ni agarsiisu.[60] Adabbiileen maallaqaa, adabbii hidhaa daangessuu fi adabbiin tajaajila hawaasaa duraa duubaan sadarkaa itti-aanu qabatu.[61] Kunis kan ta'e adabbiiwwan kunneen yakkamaan hawaasa irraa osoo hin fo'amiin akka sirreeffamu waan dandeessaniifi dha.[62]

Akka qorannoowwan agarsiisanitti baay'ina namoota adabbii hidhaa argatanii %10'niin dabaluun, yakki %2-4 qofaan akka hir'atu gargaara.[63] Kana malees, adabbiin hidhaa hariiroo maatii fi hawaasa jidduu jiru kan diigu, ga'eessota guddina hawaasaa fi diinagdee keessatti gahee olaanaa qaban kan dhabamsiisu dha. Kunis hawaasni nagaa isaa ofii akka hin tikfanne waan taasisuuf yakki akka olka'u taasisa.[64]

c. Baay'ina sirreeffamtotaa hir'isuu

Adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra oolchuun lakkoofsa sirreeffamtootaa ni xiqqeessa. Malootni kunneen kan hojiirra oolan yoo ta'e, yakkamtootni mana sirreessaa galan kanneen yakka cimaa raawwatan yookin kanneen haala addaatiin galan qofa ta'u jechuu dha.[65] Kunis hidhamtootni badii cimaa raawwatan qabiinsaa fi hordoffii fooyya'aa akka argatan ni dandeessisa.[66] Kanaaf, haaromsaa fi kabaja namoomaa sirreeffamaa mirkaneessuuf filatamoo fi dha.[67]

---

[57] Don Stemen, Reconsidering Incarceration: New Directions for Reducing Crime, 2007: i.
[58] Doris Layton Mackenzie, Sentencing and Corrections in the 21st Century: Setting the Stage for the Future, 2001: 1
[59]Global Prison Trends, 2015: 34. Available at: https://www.penalreform.org/wp-content/uploads/2015/04/PRI-Prisons-global-trends-report-LR.pdf accessed 07/10/2016.
[60] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 46; Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 198. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016
[61] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 46.
[62] Lukas Muntingh, Alternative Sentencing In South Africa: An Update, Chapter 9: 108. https://www.issafrica.org/uploads/111CHAP9.PDF
[63] Don Stemen, Reconsidering Incarceration: New Directions for Reducing Crime, 2007: i.
[64] Don Stemen, Reconsidering Incarceration: New Directions for Reducing Crime, 2007: 5.
[65] Lukas Muntingh, Alternative Sentencing In South Africa: An Update, Chapter 9: 109. https://www.issafrica.org/uploads/111CHAP9.PDF
[66] Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 178. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016.
[67] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 46.

d. Baasii qusachuu

Adabbii hidhaa raawwachiisuuf akka addunyaatti waggaa waggaan maallaqni $62.5 akka bahu ni tilmaamama.[68] Baasiiwwan kallattii adabbii hidhaa raawwachiisuuf bahanis manneen sirreessaa ijaaruu fi bulchuu, qallabaa fi kunuunsa sirreeffamaa yoo ta'an, baasiiwwan alkallattii immoo manneen sirreessaa dhukkuboota akka dhukkuma sombaa, Eedsii fi kkf akka babal'atan kan taasisu dha. Adabbiiwwan hidhaan alaa adabbii hidhaa caala baasii qusachuu irratti bu'a-qabeessa akka ta'an qorannoowwan ni agarsiisu.[69] Fakkeenyaaf, muuxannoo Afrikaa Kibbaa yoo ilaalle baasiin tajaajila hawaasaa raawwachiisuuf nama tokkotti guyyaan barbaachisu R9.54 yoo ta'u, kan adabbii hidhaa raawwachiisuuf barbaachisu immoo R80.82 dha. Kunis kan ta'e tokko baay'ina hojjetaa /staff/ isaan barbaadaniitiini. Tajaajila hawaasaa raawwachiisuuf baay'inni hojjetaa barbaachisuu reeshoon yeroo ibsamu 1:33 yoo ta'u kan adabbii hidhaa immoo 1:5 dha.[70]

Akka muuxannoon biyyoota Awurooppaa kanneen akka Ingilaand, Weelsi fi Faransaayi agarsiisutti adabbiiwwan hidhaan alaa keessaa baasii olaanaa kan gaafatu elektirooniksiin to'achuu (electronic monitoring) dha. Ta'us, baasiin yakkamaa tokkoof avereejiin guyyaa tokkoof elektirooniksiin hordofuuf barbaachisu baasii adabbii hidhaa raawwachiisuuf barbaachisu irraa gar tokkeen (%50) kan hir'atu dha.[71]

3.2. Adabbiiwwan Hidhaan Alaa: sanadoota seeraa sadarkaa idil-addunyaa fi akka Afrikaatti jiran

3.2.1. Sanadoota sadarkaa idil-addunyaatti jiran

Qajeeltoowwan Tookiyoo (the Tokyo Rules): Qajeeltoowwan Mootummoota gamtoomanii ulaagaa isa xiqqaa adabbiiwwan hidhaan alaa teechisuuf bahe Qajeeltoowwan Tookiyoo jedhamee beekama. Kaayooleen bu'uuraa qajeeltoowwan Tookiyoo, (1) qajeeltoowwan bu'uuraa tarkaanfiiwwan hidhaan alaa jajjabeessan teechisuu fi (2) eegumsa isa xiqqaa (minimum safeguards) namoota adabbiin hidhaan alaa itti murtaa'eef barbaachisu tumuu dha. Qajeeltoo ulaagaa isa xiqqaa teechisu kana keessatti adabbiiwwan hidhaan alaa armaan gadii murtaa'uu akka danda'an ibsamaniiru.[72] Isaanis: Adabbiiwwan maallaqaa (economic sanctions); dhaalamuu qabeenyaa; adabbii daangessuu (suspended or deferred sentence); ajaja tajaajila hawaasaa; akeekkachiisa, gorsaa fi ajiifannaa; haaldureen gadi dhiisuu (conditional discharge); m irgoota siivilii daangessuu (status penalties), hordoffii (judicial supervision); bakka itti

[68] Dirk van Zyl Smit, Handbook of basic principles and promising practices on Alternatives to imprisonment, Criminal Justice Handbook Series, United Nations, 2007:4.
[69]Global Prison Trends, 2015: 34. Available at: https://www.penalreform.org/wp-content/uploads/2015/04/PRI-Prisons-global-trends-report-LR.pdf accessed 07/10/2016.
[70] Lukas Muntingh, Alternative Sentencing In South Africa: An Update, Chapter 9: 108. https://www.issafrica.org/uploads/111CHAP9.PDF
[71] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 45
[72] The United Nations Standards of Minimum Rules for Non-Custodial Measures popularly known as the Tokyo Rules, Assembly Resolution 45/110 of December 4, 1990, Rule 1.1.

argamee gabaasu ajajuu (referral to an attendance centre); bakka jireenyaatti to'achuu (house arrest) fa'i dha. Kana malees, yeroo barbaachisaa ta'e adabbiiwwan kunneen walirratti murtaa'uu danda'u.

Qajeeltoowwan Beejing (The Beijing Rules): Sanadni qajeeltoowwan *Beejing* jedhamee beekamu Yaa'ii Waliigalaa Mootummoota Gamtootmaniitiin bara 1985 sanada raggaasifame dha. Sanadichi bulchiinsa haqa daa'imman balleessitootaa ilaalchisee qajeelfama kan teechise dha. Qajeeltoowwan Beejiing daa'imman balleessaa yakkaa raawwatan ajaja tajaajila hawaasaa (community service) akka raawwatan cimsee kan akeeke dha.[73]

Sanadoota idil addunyaa biroo: Sanadooota idil-addunyaa olitti caqasamaniin alattis qajeelfamootni fi konveenshinootni garagaraa adabbiiwwan hidhaan alaa waliin tumaalee walqabatan qaban ni jiru. Isaan keessaa: Gaaydilaynii furmaata miidhamaa fi yakkamaan bakka tokkotti dhufuun nama badiin yakkaa irratti raawwatameef kennan[74], Qajeeltoowwan bu'uuraa fi Gaaydilayinii Mirga furmaataa fi beenyaa argachuu miidhamtoota yakkaa[75], Wixinee Konveenshinii Mirga haqa argachuu miidhamtoota yakkaa fi aangoo seeraan ala fayyadamuu[76] fa'a caqasuun ni danda'ama. Sanadootni kun adabbiiwwan hidhaan alaa keessaa yakkamaa beenyaa kanfalchiisuu irratti kan xiyyeeffatani dha.[77]

3.2.2. Sanadoota Gamtaa Awurooppaa

Awurooppaa keessatti adabbiiwwan hidhaan alaa, adabbii hidhaa bakka bu'aa jiru. Milkaa'inni kunis tattaaffii adabbiiwwan kanneen hojiirra oolchuuf taasifame irraa kan maddani dha. Sababni milkaa'ina kanaa inni kan biraa adabbiiwwan gosa garagaraa kanneen waliin haala yeroo hin fudhannee fi baasii-qusataa ta'een hojiirra oolchuu danda'uu dha. Ta'us, adabbiiwwan filannoo kanneen hojiirra oolchuun walqabatee rakkoon jiru tokkoon tokkoon adabbii filannoo yeroo kam dursi kennameefi hojiirra oolfamuu akka qaban qajeelfama adabbii (sentencing statutes) agarsiiisu dhabuu dha. Kana malees, adabbiiwwan kunneen yeroodhaa gara yerootti fooyya'iinsa

[73] The guidelines for the administration of juvenile justice, also known as the Beijing Rules, adopted by the General Assembly of United Nations on the 29th/November, 1985.
[74] ECOSOC Guidelines on Restorative Justice 2002.
[75] Basic Principles and Guidelines on the Rights to a Remedy and Reparation for Victims of Gross Violations of International Human Rights Law and Serious Violations of International Humanitarian Law, issued by the General Assembly, 2005.
[76] The United Nations Draft Convention on Justice and Support for Victims of Crime and Abuse of Power (14 November 2006).
[77] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 37.

adda addaa keessa akka darbu ta'eera. Kunis baasii kan qusatan, balaa kan hir'isanii fi yakkamtoota kan haaromsan akka ta'an hojjetamaa tureera.[78]

Hojiirra oolmaa adabbiiwwan hidhaan alaa jabeessuuffis Gamtaan Awurooppaa yaadota gorsaa fi furmaataa armaan gaditti agarsiifaman baasaa tureera.[79]

- Yaada furmaataa adabbii daanga'ee fi adabbiiwwan hidhaan alaa biroo (bara 1965 bahe)
- Yaada furmaataa adabbiiwwan hidhaan alaa murtaa'an ilaallatu (bara 1976 bahe)
- Yaada gorsaa tarkaanfiiwwan sirreessaa hawaasaan hordofaman (R (92)
- Yaada gorsaa addaa yakkamaa haaldureen gadidhiisuun walqabatu(R (2003)
- Yaada gorsaa hordoffii hojiirra oolmaa yaada gorsaa (R (92)) tarkaanfiiwwan sirreessaa hawaasaan hordofaman ilaalchisee bahe (R(2000))
- Yaada gorsaa waldhiphisuu bakka hidhaa fi heddummina sirreeffamaa ilaallatu (R (99)) kanneen jedhani dha.

Akka waliigalaatti, yaada Gamtaan Awurooppaa adabbiiwwan hidhaan alaatiif qabu akka itti aanutti gabaabsanii ibsuun ni danda'ama.

- Adabbiin hidhaa kan murtaa'u filannoon biraa kan dhabame yoo ta'e qofa ta'uu akka qabu;
- Tarkaanfiiwwan sirreessaa hawaasaan hordofaman haala mirga namoomaa kabajaniin raawwachuu akka qabaatan;
- Tarkaanfiiwwan sirreessaa hawaasaan hordofaman sirreeffamaa kan haaromsanii fi fedhii miidhamaa yakkaas kan jiddu-galeessa godhatan akka ta'an;
- Adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra oolchuuf caasaaleen barbaachisan dammaqinaan hojiitti galuun murteessaa akka ta'e kanneen jedhani dha.[80]

Adabbiiwwan hidhaan alaa Awurooppaa keessatti hojiirra oolan gareewwan gurguddoo 2tti qoodamuun ilaalamuu danda'u. Isaan kunis: adabbiiwwan guutummaan adabbii hidhaa bakka bu'anii (intermediate sanctions) fi adabbiiwwan haala hidhaa fooyyessani dha. Adabbiiwwan guutummaan adabbii hidhaa bakka bu'anis adabbii maallaqaa, adabbii hidhaa gariin yookin guutummaan dangessuu, tajaajila hawaasaa (community service), beenyaa fi qabeenya fudhatame deebisuu, bakka jireenyaatti to'achuu (house arrest), meeshaalee elektoniksiin hordofuu (electronic monitoring), wal'aansa qorichoota sammuu hadoochanii, dhorka bifa garagaraa (interdiction orders such as driving ban, exclusion zone), fa'i. Adabbiiwwan haala

[78] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 50
[79] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 29.
[80] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 29.

hidhaa fooyyessan jedhamanis haaldureedhaan hidhamaa gadi dhiisuu (parole) fi sa'aatii yakkamaan mana sirreessaa keessatti argamuu qabu daangessuun hayyama yeroo hojii kennuu fa'a kan jedhani dha.[81]

3.2.3. Sanadoota Akka Afrikaatti Jiran

a. Dikilaareeshinii Kaampaalaa

Dikilaareeshiniin Kaampaalaa dikilaareeshinii haalota hidhaa murteessuuf bara 1946 bakka-bu'ootni biyyoota Afrikaa 40 gahan bakka argamanitti tumame dha. Kutaa dikilaareeshinichaa gurguddoo 4 keessaa kutaan tokko adabbiiwwan hidhaan alaa kan ilaallatu dha. Gosootni adabbiiwwan hidhaan alaa 2 adda bahanii kan caqasaman yoo ta'an, isaanis: tajaajila hawaasaa fi kanfaltii beenyaati.[82] Dikilaareeshiniin kun dabalataan tarsiimoowwan adabbiiwwan hidhaan alaa kunneen itti hojiirra oolfamaniinis teechisuuf yaaleera. Isaan keessaas biyyoota Afrikaa adabbiiwwan hidhaan alaa irratti milkaa'an fudhachuun qorannoowwan (feasibility study) bu'uureffachuun muuxannoowwan babal'isuu, hawaasni bal'aan barbaachisummaa adabbiiwwan kanneenii ilaalchisee hubannoo gahaa akka horatu hojjechuu kanneen jedhani dha.[83]

Dikilaareeshiniin Kaampaalaa kun fudhatama argachuun yeroo gabaabaa keessatti sanada Mootummoota Gamtoomanii ta'uu danda'eera.[84]

b. Dikilaareeshinii Kaadomaa

Dikilaareeshiniin Tajaajila Hawaasaa Kaadomaa, bara 1947 bakka bu'oota biyyoota Afrikaa 15'niin kan'qophaa'e yoo ta'u, innis karoora haala raawwii (action plan) kan of waliin qabu dha.[85] Dikilaareshiniin kun hojiirra oolmaa dikilaareshinii Kaampaalaa hordofuuf kan qophaa'e dha.[86] Ijoowwan gurguddoon dikilaareeshinichaas: adabbiin tajaajila hawaasaa (community service) duudhaawwan afrikaa (African traditions) waliin kan wasimu ta'uu, muuxannoowan walirraa fudhachuu fi hawaasa barsiisuun barbaachisaa ta'uu, odeeffannoon hojiirra oolmaa tajaajila hawaasaa daataa beeziidhaan hoogganamuu akka qabuu fi kkf dha. Karoorri raawwii dikilaareshinichaas karaawwan tajaajila hawaasaa ittiin hojiirra oolchuun danda'amu (areas of intervention) afur gurguddoo kaa'eera. Isaanis: qaamolee abbaa hirtaa ta'an jidduutti qindoomina

[81] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 30.
[82]The Kampala declaration on prison conditions in Africa, 1996. https://www.penalreform.org/wp-content/uploads/2013/06/rep-1996-kampala-declaration-en.pdf
[83] The Kampala declaration on prison conditions in Africa, 1996.
[84] Charles Birungi, Community Service in Uganda as an Alternative to Imprisonment, A Case Study of Masaka and Mukono Districts, 2005:21.
[85] Kadoma Declaration, available at http://www.penalreform.org/english/cs_kadomaec.htm, accessed on
[86] Charles Birungi, Community Service in Uganda as an Alternative to Imprisonment, A Case Study of Masaka and Mukono Districts, 2005:22.

uumuu, daayrektorii (directory) adabbii tajaajila hawaasaa qopheessuu, sarkulaariiwwan (newsletter) maxxansuun beeksiisuu fi qorannoowwan irratti gaggeessuu kanneen jedhani dha.[87]

c. Dikilaareeshinii Ogaaduuguu

Dikilaareeshiniin adabbii fi fooyya'iinsa hidhaa Ogaaduuguu bara 2002 bakka bu'oota biyyoota Afrikaa garagaraa irraa walitti dhufaniin kan qophaa'e dha.[88] Dikilareeshiniin kun adabbiiwwan hidhaan alaa ilaalchisee rakkoolee hojiirra oolmaa sakatta'uun muuxannoo babal'isuu irratti kan xiyyeeffate dha.[89] Innis muuxannoowwan furmaata miidhamaa, yakkamaa, fi miseensota hawaasaan kennamu (Restorative Justice) fi yakkoota tokko tokko ittigaafatamummaa akka hin hordofsiisne gochuu (decriminalization) fa'a of keessatti haammateera. Karoorri raawwii dikilaareeishinii kanaas adabbiin hidhaa yakkoota baay'ee cimoo ta'aniif akka filannoo dhumaatti qofa hanga danda'ame yeroo gabaabaaf akka murtaa'uu qabu kan teechisu dha. Kana malees, karoorichi adabbiii hidhaa murteessuun dura abbootiin seeraa haala adabbii hidhaa fi bakka gahaa qabaachuu manneen hidhaa hubachuu akka qaban ni kaa'a.[90]

3.3. Adabbiiwwan Hidhaan Alaa Beekamoo fi Muuxannoo Biyyootaa

Itti aansuun gosoota adabbiiwwan hidhaan alaa fi haala ittiin hojiitti hiikamaa jiran ilaalchisee muuxannoowwan garagaraa ilaalla.

3.3.1. Adabbiiwwan Qabeenya Ilaallatan

Adabbii Maallaqaa (Fines)

Adabbiin maallaqaa badiiwwan yakkaa xixiqqaa ta'aniif kan murtaa'u yoo ta'u, badiiwwan salphaa ta'an birootiif adabbiin maallaqaa adabbiiwwan biroo kanneen akka hidhaa, adabbii daangessuu, fi kkf waliin kan murtaa'u dha. Adabbiin maallaqaa yeroo murtaa'u ulfaatinni badii yakkamaa, maddi galii isaa, gahuumsi yakkamaan adabbii maallaqaa murtaa'u fuula-duratti kaffaluuf qabu, adabbiin maallaqaa murtaa'u yakkamaan miidhamaadhaaf beenyaa fi kanfaltii barbaachisaa akka hin kanfalle gochuu fi dhiisuun isaa ilaalcha keessaa galuu qaba. Halli kanfaltii adabbii maallaqaas yeroo tokko yookin jala jalaan raawwatamuu danda'a.[91]

---

[87] Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 182. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016.

[88] Ouagadougou Declaration on Accelerating Penal and Prison Reform, 2002. Available at:http://www.prisonwatch.org/assets/ouagadougou-declaration-and-plan-of-action-on-accelerating-prisons-and-penal-reforms-in-africa.pdf , accessed on 11/10/2016.

[89] Charles Birungi, Community Service in Uganda as an Alternative to Imprisonment, A Case Study of Masaka and Mukono Districts, 2005:23.

[90] Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 183. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016.

[91] Gino L. Divito,Crimes And Punishment:12.

Adabbiin maallaqaa hojiirra oolchuufis salphaa kan ta'e dha. Kun akka ta'uuf garuu manneen murtii adabbii maallaqaa murteessuun dura yakkamaan sun kanfaluu akka danda'u hubachuu qabu. Gama biraatiin adabbiin maallaqaa barsiisaa kan ta'u haala diinagdee yakkamaa ilaalcha keessa kan galche yoo ta'e qofa. **Muuxannoon biyyoota Awurooppaa** akka agarsiisutti adabbiin maallaqaa humna yakkamaa waliin akka walgitu gosa shallaggii adabbii 'day fines' jedhamu hojiirra oolchuun barbaachisaa dha. Adabbii maallaqaa bifa kanaa herreeguuf jalqaba cimina yakkichaa irratti hundaa'uun yakkamaan galii isaa kan guyyaa meeqaa adabamuu akka qabu murteessina. Itti aansuun galiin guyyaa isaa avereejiin meeqa akka ta'e adda baasna. Sana booda adabbii murteessuuf avereejii galii guyyaa isaa baay'ina guyyaatiin baay'isna. Rakkoon qabatamaan mala kana hojiirra oolchuuf rakkisaa taasisu galii yakkamaan guyyaan argatu isa sirrii irra gahuudhaaf manneen murtii ni rakkatu.[92] Gosti adabbii maallaqaa inni lammataa '*summary fines'* isa jedhamu dha. Mala kanaan adabbiin himatamaaf malu haala qabatamaa inni yeroo adabbiin murtaa'u keessa jiru ilaalamee yeromu tokko kan murtaa'u dha.[93] Malli murtii adabbii maallaqaa inni duraa jijjiirama haala diinagdee jiddu-galeessa kan godhatu waan ta'eef filatamaa dha. Biyyootni Awurooppaa akka Jarmanii fi Awustriyaa imaammata yakkaa isaanii keessatti malli shallaggii adabbii maallaqaa 'day fines' jedhamu kun adabbii hidhaa salphaa akka bakka bu'u tumatanii itti adeemaa jiru.[94]Yakkamtootni adabbii kana kanfaluu waan dadhaban yookin didan qofaaf hidhamuu hin qabani. Adabbiin maallaqaa kun gara tajaajila hawaasaatti jijjiiramuufi danda'a.[95]

Ajaja qabeenya dhaaluu (A confiscation order of the proceeds of crime): Gosti adabbii kun seerota biyyoota hedduu keessatti kan hin teechifamne ta'ullee, qajeeltoowwan Tookyootiin ibsameera. Qabeenya yakkamaa dhaaluun biyyoota kaan keessati immoo adabbii osoo hin taane bu'aa yakka raawwatamu tokko hordofee dhufu dha. Qabeenyi dhaalamu kunis mootummaaf kan galu yoo ta'u, manneen murtii qabeenyi dhaalamu bu'aa yakkaa ta'uu yookin gochaa seeraan alaa raawwatameen kan horataman ta'uu ragaa qabatamaadhaan mirkaneessuu qabu.[96]

Beenyaa (Compensation or a Restitution order): adabbiiwwan kunneen kaayyoo sirna haqa yakkaa galmaan gahuu keessatti fayidaa olaanaa qabu. Adabbiin bifa kanaa qabeenya miidhamaa yakkaa deebisuu yookin baasii miidhamaan sababa yakka isaratti raawwatameen baase kanfaluu akkasumas mirga dhabe akka deebisee argatu taasisuu (restoration of rights) kan dabalatu dha.[97]

---

[92] Dirk van Zyl Smit, Handbook of basic principles and promising practices on Alternatives to imprisonment, Criminal Justice Handbook Series, United Nations, 2007: 29-30.
[93] Investigating Alternatives to Imprisonment Within Council of Europe Member States, The Quaker Council for European Affairs, 2010: 8.
[94] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 34.
[95] Dirk van Zyl Smit, Handbook of basic principles and promising practices on Alternatives to imprisonment, Criminal Justice Handbook Series, United Nations, 2007: 30.
[96] Dirk van Zyl Smit, Handbook of basic principles and promising practices on Alternatives to imprisonment, Criminal Justice Handbook Series, United Nations, 2007:31.
[97] Dirk van Zyl Smit, Handbook of basic principles and promising practices on Alternatives to imprisonment, Criminal Justice Handbook Series, United Nations, 2007:32.

Adabbiin beenyaa yakkoota sasalphaadhaaf kophaa isaa kan murtaa'uu danda'u yoo ta'u, yakka cimaadhaaf garuu adabbii biraa waliin akka dabalataatti kan murtaa'u dha. Manni murtii adabbii bifa kanaa kan murteessu badiiwwan murtaaniif qofa yoo ta'u, innis yakka qaama namaa fi qabeenya irratti raawwatamuun kan walqabatu dha. Hangi beenyaa murtaa'uus hanga miidhaa miidhaamaa waliin kan walgitu (actual loss to the victim) ta'uu qaba. Ta'us hangi beenyaa kun baasii yakka sana qulqulleessuuf yookin nageenya miidhamaa mirkaneessuuf baasii bahe hin dabalatu.[98] **Akka imammata yakkaa Gamtaa Awurooppaatti** miidhamaa yakkaatiif beenyaan kanfalamuu fi murtiin miidhamaa bakka turetti deebisuuf murtaa'u (restitution) gosoota adabbii yakkamaa irra kaa'aman keessaa isa tokko dha. Gosti adabbii kun yeroo hedduu kan murtaa'u yakkamaan akka hin himatamne akka haaldureetti teechisuuni (in exchange for non-prosecution) fi hidhamaan to'annaan irratti gaggeeffamaa hidhaadhaa akka gadidhiifamu yeroo murtaa'u (probation) dha. Gosti adabbii kun falmiin dura akka qaama falmii dhagaha yakkaa idileetti yookin akka adabbiitti raawwatamuu danda'a. Kunis itti-gaafatmummaa yakkamaa guutuu taasisuu keessatti gahee olaanaa ni taphata.[99]

3.3.2. Tajaajila Hawaasaa (community service or work crews)

Adabbii tajaajila hawaasaatiif hiikkoon garagaraa yeroo kennamu ni mul'ata. Hiikkoowwan kennaman keessaa tokko akka itti aanutti kan teechifame dha.

> *Community service refers to the substitution of a prison term with the performance by the offender of the service to the benefit of the community, without payment or compensation, in the offender's leisure time, and for a fixed number of hours to be spread over a specified period of time.*[100]

Akka hiikkoo kanarraa hubatamutti yakkamaan balleessaa raawwateef akka adabbiitti yeroo murtaa'eef kanfaltii malee hojjechuuf dirqama jechuu dha. Tajaajilli inni kennuuf dirqamu sunis fayidaa uummataaf hojii hojjetamu keessatti ta'a. Akkasumas yeroon yakkamaan kun tajaajila kana kennu yeroo hojii dhuunfaa yookin idilee isaatii ala akka ta'u godhama.

Hayyuun *Magezi* jedhamu hiikkaan adabbii tajaajila hawaasaatiif kenne immoo adabbiin bifa kanaa ulaagaa dabalataa tokko guutuu akka qabu agarsiisa. Innis adabbiin tajaajaila hawaasaa fedhii yakkamaa irraa kan madde ta'uu qaba.[101] Hayyuun *Zedriga* jedhamus hiikkoo adabbii kanaaf kenne keessatti yakkamtootni adabbii bifa kanaa argachuu qaban ofeeggannoon filatamuu

[98] Gino L. Divito,Crimes And Punishment:12.
[99] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 37.
[100] Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 180. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016.
[101] Magezi, 2003: 199; Cited in Charles Birungi, Community Service in Uganda as an Alternative to Imprisonment, A Case Study of Masaka and Mukono Districts, 2005:18.

kan qabanii fi yakkoota qabeenya irratti raawwataman ta'anii hubaatii xiqqaa geessisaniif qofa gosa adabbii murtaa'uu akka ta'e ibseera.[102]

Adabbiin tajaajila hawaasaa, dhoorkamuu hojii dirqii waliin walqabatee yeroon ka'u ni mul'ata. Konveenshiniin idil-addunyaa mirgoota sivilii fi siyaasaa keewwatni 8 hojiin dirqii mana sirreessaatii ala raawwatamuu akka hin qabne kan agarsiisu dha. Ta'us, adabbiin tajaajila hawaasaa fedhii yakkamaatiin kan raawwatamu waan ta'eef akka cabiinsa mirgaatti kan lakkaa'amu miti.[103]

Barreessitootni tokko tokko immoo yakkamaan adabbiin tajaajila hawaasaa yeroo raawwatu maallaqa argachuu akka qabu ni kaa'u. Yakkamaan maallaqa tajaajila kennu irraa argatu beenyaa yookin adabbii maallaqaa kanfaluuf itti gargaarama. Adabbiin tajaajila hawaasaa kophaa isaa yeroon murtaa'u muraasa yoo ta'u, adabbiiwwan akka hidhaa daangessuu fi kanneen biroo waliin murtaa'uu danda'a. Adabbiin bifa kanaa yakkamaa irra deddeebii hir'isuu keessatti gahee olaanaa akka qabu qorannoowwan ni mirkaneessu.[104] Keessattuu tajaajilli hawaasaa yakkamaan kennu dhimma balleessaa isaan walqabatu yeroo ta'u daran bu'a-qabeessa ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf biyya Taayilaand keessatti namootni dhugaatii dhuganii osoo konkolaachisanii qabaman hospitaala keessatti namoota miidhaan qaamaa irra gahe akka gargaaran ramadamu.[105]

Muuxannoo Gamtaa Awurooppaa

Akka Gamtaa Awurooppaatti adabbiin tajaajaila hawaasaa adabbii bilisummaa yakkamaa daangessu ta'ee, yakkamaan hawaasa keessaa osoo hin bahiin adabbii isaa akka raawwatu kan godhamu dha. Innis yakkamaan badii salphaa raawwate hojii kanfaltii hin qabnee fi haaromsa isaatiif gargaaru akka hojjetu taasisuun kan raawwatamu dha.[106] Akka istaandardii Gamtaa Awurooppaatti adabbiin tajaajila hawaasaa manneen murtiitiin murtaa'u sa'aatii 240-360 ta'uu qaba.[107] Biyyoota Awurooppaa hedduu keessatti adabbiin hidhaa salphaan adabbiiwwan hidhaan alaa kan akka adabbii tajaajila hawaasaatiin bakka buufamaa jira. Fakkeenyaaf, Jarman keessatti abbaan seeraa adabbii hidhaa baatii jahaa gadii kan murteesse yoo ta'e, sababa isaa dhiyeessuuf ni dirqama.[108]

---

[102] Zedriga, 2008:8; Cited in Charles Birungi, Community Service in Uganda as an Alternative to Imprisonment, A Case Study of Masaka and Mukono Districts, 2005:18.
[103] Investigating Alternatives to Imprisonment Within Council of Europe Member States, The Quaker Council for European Affairs, 2010: 10.
[104] Justin W. Patchin (Ph.D), alternatives to incarceration, an alternatives to incarceration: an evidence-based research review, 2004: 5.
[105] Dirk van Zyl Smit, Handbook of basic principles and promising practices on Alternatives to imprisonment, Criminal Justice Handbook Series, United Nations, 2007:36
[106] Investigating Alternatives to Imprisonment Within Council of Europe Member States, The Quaker Council for European Affairs, 2010: 10.
[107] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 36.
[108] Dirk van Zyl Smit, Handbook of basic principles and promising practices on Alternatives to imprisonment, Criminal Justice Handbook Series, United Nations, 2007:43..

Muuxannoo Keeniyaa

Murtiin tajaajila hawaasaa Keeniyaa keessatti kan eegalame bara 1999 dha. Seerri Keeniyaa tajaajila hawaasaa ilaallatu bara 1998 kan bahe yoo ta'u, innis badiiwwan yakkaa hanga waggaa 3'tti adabasiisaniif adabbiin tajaajila hawaasaa kun murtaa'uu akka danda'u ni kaa'a. Bu'uura kanaan hanga Amajjii 2003'tti murtiiwwan tajaajila hawaasaa 120,000 gahan kennamaniiru. Hojii kanas kan to'atu garee *'Probation and After-Care Department'* jedhamuu fi 'Ministry of Home Affairs' jalatti qaama gurmaa'e dha. Diippartimentichi adabbiiwwan hidhaan alaa hordofee raawwachiisuuf qaama hundaa'e dha.[109] Qaamni kunis ofiseroota tajaajilicha hordofanii raawwachiisan qaba. Qaamoleen abbootii hirtaa ta'an kanneen akka Mana Sirreessaa, Poolisii fi Manneen murtiis deeggarsa barbaachisaa taasisuu keessatti qooda olaanaa qabu. Ta'us, murtii tajaajila hawaasaa Keeniyaa rakkooleen quunnaman ni jiru. Isaan keessaa: karoora yeroo dheeraa fi galma ifa ta'e qabaachuu dhabuu, sirna qabiinsa odeeffannoo fi ragaa karoora tarsiimowaa baafachuuf dandeessisu dhabuu, kenniinsa tajaajilaa fi hooggansa isaa jidduu karoora qindaa'aa (integrated plan) dhabuu fa'a caqasuun ni danda'ama. Kanamalees, rakkoon hojiirra oolmaa murtii tajaajila hawaasaatiin walqabatee mudates, adabbiin kun namoota silaa torban muraasaaf hidhamanii fi kanneen waggaa 3 hidhamuu danda'aniif haala walfakkaataa ta'een hojiirra ooluu isaati.[110]

Akka waliigalaatti garuu sirni adabbii kun Keeniyaa keessatti bu'a-qabeesa akka ta'e ragaaleen ni agarsiisu. Yakkamtootni ajaja tajaajila hawaasaa akka raawwatan itti murtaa'u, muraasa isaaniitiin alatti, milkaa'inaan xumuraniiru. Fakkeenyaaf, bara 2005-2010'tti yakkamtoota 314,013 ajajni kun itti irratti darbe keessaa 304,421 (97%) adabbii kana milkaa'inaan xumuraniiru. Yakkamtootni 6,668 (2%) garuu tajajilicha keennuu dhiisanii dhokachuu isaaniitiin galmeen isaanii deebi'ee socho'eera. Yakkamtootni 2,924 (1%) ajaja isaanii gartokkeen qofa raawwataniiru.[111] Milkaa'inni kunis akka olitti caqasame qaamni murtii adabbii hojii dirqii raawwachiisu ofiseroota tajaajilicha hordofanii raawwachiisan of jalaa qabaachuu fi qaamolee abbootii hirtaa ta'an hirmaachisuu danda'uu irraa kan madde dha.[112]

Muuxannoo Ugaandaa

Biyya Ugaandaatti qaamni adabbii tajaajila hawaasaa raawwachiisu 'the Community Service Department' kan jedhamu yoo ta'u, qaamni kunis ogeessota deeggarsa teeknikaa kennan (technical staff) 17 qaba. Ogeessotni kunis aanota 112 jiran keessatti hojiirra oolmaa ajaja tajaajila hawaasaa kan hordofanii raawwachiisani dha. Gareen kun hojjettoota deeggarsa 10's ni

[109] Qaamni kun yeroo ammaa qaama 'Probation and After-Care Department' jedhamuu fi 'Ministry of Home Affairs' jalatti gurmaa'een bakka bu'eera (Alternatives to imprisonment in East Africa, Trends and challenges, 2012:9-12).
[110] Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 196. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016
[111] Alternatives to imprisonment in East Africa, Trends and challenges, Penal Reform International 2012:12.
[112] Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 196. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016

qaba. Diippartmentichi bajata waggaa (bara 2010-11'tti) Shilingii Ugaandaa Biliyoota 1.1 (£225,000) qaba.[113]

Biyya Ugaandaatti waggootii sadi keessatti (2008–11) yakkamtootni 26,000 gahan tajaajila hawaasaa akka raawwatan adabbiin itti murtaa'eera. Isaan kana keessaa 5,755 kan ta'an yakka hannaatiin; 3,940 kashalabbummaan ('being a rogue and vagabond'); 3,551 kan ta'an immoo reebichaan; kanneen hafan immoo hawaasa jeequudhaan, yakka tiraafikaa, qorichoota sammuu hadoochan fayyadamuu, qabeenya balleessuu, fa'a kanneen jedhaniin namoota himatamani dha. Yakkamtootni adabbiin tajaajila hawaasaa itti murtaa'e raawwatanii xumuruu irrattis milkaa'eera. Fakkeenyaaf, yakkamtoota bara 2008-9 keessaa tajaajila hawaasaa akka raawwatan itti murtaa'e 6,350 keessaa yakkamtoota 254 (4%) qofatu tajaajilichi raawwachuu diduun miliqe.[114]

Muuxannoo Ziimbaabwee

Zimbaabween adabbii tajaajila hawaasaa hojiirra oolchuun biyyoota Afrikaa birootiif fakkeenyummaa qabdi. Hojii kana kan to'atu Koreen biyyoolessaa 'National Committee on Community Service' jedhamu bara 1992 ALA'tti kan hundaa'e yoo ta'u, miseensotni korichaas poolisii, mana sirreessaa fi biiroo haqaa (attorney general's office) irraa kan walitti babbahe dha. Akka biyyoolessaatti qindeessaa tokkoo fi naannolee irraas qindeessitootni deeggarsa kennan ni jiraatu. Hanga bara 1997' tti caasaaleen kunneen dhaabbilee akka 'Penal Reform International' fi Gamtaa Awurooppaatiin deeggaramu. Sana booda garuu mootummaan istaafii dabalataa uumuun qaama mana murtiitiif (magistrates) itti-waamamaa ta'e 'provincial community service officers' jedhu hundeesse. Ofiserootni kunis adabbiin tajaajila hawaasaa kun haala sirriin akka adeemu gargaaru. Kanas kan raawwatan yakkamaa daawwachuu, yoo barbaachisaa ta'e immoo maatii isaa fi miidhamaa dhuunfaa mariisisuudhaan haala tajaajilli hawaasaa kun hojiirra itti ooluu danda'u mana murtiif gabaasa dhiyeessu. Bu'uura kanaan tajaajilli hawaasaa bu'a-qabeessa ta'uun bara 1992-1997'tti yakkamtoota 16,000 adabbii hidhaarraa oolcheera. Seerri haala hojiirra oolmaa adabbii tajaajila hawaasaa bitus baheera. Bu'uura Kanaan odeeffannoon seenaa yakkamaa agarsiisu mana murtiif erga dhiyaatee booda, manni murtii ajaja tajaajila hawaasaa kennuu danda'a.[115]

3.3.3. Adabbii Hidhaa Daangessuu

Adabbii daangessuu (suspended and deferred sentences): Gosti adabbii kun murtiin hidhaa erga murtaa'ee booda haaldureewwan teechisuudhaan, yakkamaan gochaa yakkaa irraa akka ofqusatu mala ittiin godhamu dha. Innis gosa adabbii hojiirra oolmaan isaa salphaa ta'e dha. Qaamni bulchiinsaa yakkamaan haaldureewwan teechifaman kabajuu fi dhiisuu mirkaneessuun kan irra jiraatu yoo ta'u, caasaan kun haaldureen taa'e hin eeggamne jedhee immichi

[113] Alternatives to imprisonment in East Africa, Trends and challenges, Penal Reform International 2012:15.
[114] Alternatives to imprisonment in East Africa, Trends and challenges, Penal Reform International 2012:16-17
[115] Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 181. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016.

dhaddachatti dhiyaatee akka qulqullaa'uu fi murtiin duraa akka deebi'u ni taasisa. Haaldureen sun yoo cabellee, manni murtii adabbiin daanga'e akka hojiirra oolu kallattiin ajajuu dhiisuu danda'a.[116]

Adabbiin hidhaa daangessuun yakkamaa horodofuu haalduree teechisuun yakkamaa gadi dhiisuu yoo ta'u, yeroo murtaa'e kana keessatti yakkamaan kun namoota kanaaf ramadamaniin (probation officer) akka hordofamaa turu kan ajajamu dha. Yeroo kana keessatti yakkamaan ofisera hordoffii ramadameef waliin yeroo yeroon walquunnamuuf, araada alkoolii yookin qorichootaa irraa wal'aanamuuf, bakka tokkotti daanga'ee turuuf yookin bakka yakka itti raawwate akka hin geenyeef ajajamuu danda'a.[117]

Muuxannoo biyyoota Gamtaa Awurooppaa

Adabbiin hidhaa daangessuun shakkamaa irratti hordoffii gaggeessuu filannoowwan hidhaa bara 1970'oota booda Awurooppaa keessatti bu'a-qabeessa ta'an keessaa isa tokko dha. Adabbiin bifa kanaa yakkamaa haaromsuu irratti kan xiyyeeffatu ta'ee hojjettoota yakkamaa hordofaniin deeggaramee kan raawwatamu dha. Adabbiin kun bu'a-qabeessa akka ta'u waantota gargaaran keessaa inni kan biraa adabbiiwwan hidhaan alaa biroo kanneen akka adabbii maallaqaa, tajaajila hawaasaa, fi kkf waliin murtaa'uu kan danda'u ta'uu isaati.[118]

Adabbii daangessuun yeroo murtaa'u yakkamaa haalduree barbaachisaa hin guunneef hidhaan hojiirra oolus murtii keessatti haammatamuun dhaddacharratti ni dubbifama.[119] Yakkamtootni haaldureewwan murtii keessatti teechifaman osoo hin guutiin yoo hafan tarkaanfiin naamusaa irratti fudhatamuu danda'a yookin adabbiin hidhaa irratti akka raawwatamu ajajamuu danda'a.[120]

Muuxannoo keeniyaa

Biyya Keeniyaatti adabbii hidhaa daangessuun shakkamaa irratti hordoffii gaggeessuun maloota adabbii hidhaan alaa bal'inaan hojiirra oolan keessaa isa tokko dha. Hojii kanas kan to'atu garee *'Probation and After-Care Department'* jedhamuu fi 'Ministry of Home Affairs' jalatti qaama gurmaa'e dha. Diippartimentichi adabbiiwwan hidhaan alaa hordofee raawwachiisuuf qaama hundaa'e dha. Adabbii hidhaa daangessuun shakkamaa irratti hordoffii gaggeessuun Keeniyaa keessatti kan jalqabe yeroo sirna gita bittaa keessa bara 1946'tti. Keeniyaa keessaa bakki namoota adabbii kana raawwatan itti to'achuuf gargaaran (probation hostels) 5 dha. Sagantaan

[116] Dirk van Zyl Smit, Handbook of basic principles and promising practices on Alternatives to imprisonment, Criminal Justice Handbook Series, United Nations, 2007: 34.
[117] Gino L. Divito,Crimes And Punishment:4.
[118] Hans-Jörg Albrecht, Sanction Policies and Alternative Measures to Incarceration: European Experiences with Intermediate and Alternative Criminal Penalties, 142nd International Training Course Visiting Experts' Papers: 35.
[119] Investigating Alternatives to Imprisonment Within Council of Europe Member States, The Quaker Council for European Affairs, 2010: 9.
[120] Investigating Alternatives to Imprisonment Within Council of Europe Member States, The Quaker Council for European Affairs, 2010:7

kun bara 2005 kan jalqabe yoo ta'u, hanga bara 2012'tti aanota 22 (ASAL districts) keessatti babal'achuu danda'eera. Adabbiin bifa kanaa yaada gorsaa ofiseroota (probation officers) irraa akka gabaasaatti dhiyaatu bu'uureffachuun kan kennamu yoo ta'u, namni kamiyyuu yakka cimaa (capital offence) hin raawwatne murtii kana argachuu danda'a. Keessattuu immoo namoota yeroo jalqabaaf yakka raawwatan, daa'imman balleessitoota, dubartoota daa'ima qaban, maanguddoo, namoota rakkoo fayyaa keessattuu rakkoo fayyaa sammuu qabaniif kan gorfamu dha. Hordofficha kan gaggeessan ofiserootni (probation officers) kan ramadaman yoo ta'u, ofiseroota kana kan gargaaranis tajaajila tolaa kan kennan namootni amala isaaniitiin fakkeenyummaa qaban hawaasa keessaa ni filatamu (volunteer probation officers). Ofiserootni kunis yakkamaan akka haaromu ogummaa isaaniitiin bifa garagaraatiin kan deeggaran yoo ta'u, deeggarsi kunis fedhii fi haala yakkamaa ilaalcha keessa kan galche ta'a. Gorsa kennuu (counseling), amalli isaa fooyya'uu hordofuu, akkasumas leenjii ogummaa, meeshaalee (industrial tools) fi kaappitaala ittiin hojii jalqabu mijeessuu fi baruumsa idilee akka hordofu gochuun amala yakkamaa fooyyesuuf ni hojjetama. Keeniyaa keessatti bara 2011 (Caamsaa) yakkamtootni 14,798 ajaja bifa kanaa irra turan. Akka ragaaleen agarsiisanitti bara 2010 namootni ajaja kana milkaa'inaan raawwatanii xumuran 86% dha.[121]

Muuxannoo Taanzaaniyaa

Biyya Taanzaaniyaattis adabbii hidhaa daangessuun shakkamaa irratti hordoffii gaggeessuun (probation order) hojiirra oolaa jira. Ajajni bifa kanaa murtii balleessummaa dura yookin booda yeroo waggaa 1 hanga 3 turuuf kennamuu danda'a. Ajajni adabbii hidhaa daangessuun yakkamaa hordofuu kun mana murtii sadarkaa kamiitiiniyyuu kennamuu kan danda'u yoo ta'ellee, yakkoota cimoo akka saamichaa hin ilaallatu. Ajajni bifa kanaa namoota rakkoo fayyaa qabanii fi daa'imman balleessitoota waggaa 18 hin guunneef qofa kan hojiirra oolu dha. Yakkamtoota ajajni bifa kanaa irratti kennamu keessaa %90 kan gahan milkaa'inaan kan xumurani dha.[122]

3.3.4. Furmaata Miidhamaa, Yakkamaa fi Miseensota Hawaasaan Kennamu (Restorative Justice)

Furmaatni hirmaannaa qaamolee ilaallatuun kennamu kun adabbii hidhaa kan bakka bu'u dha. Tarkaanfiin bifa kanaan fudhatamu yakkamaa, miidhamaa dhuunfaa fi kutaa hawaasa miidhamaa yakkaa ta'e kan hirmaachisu waan ta'eef gama lachuutiin itti-quufiinsa kan uumu dha. Kanaaf gochaa kana babal'isuun hawaasa bal'aa biratti akka hojiirra ooluu danda'u taasisuun murteessaa dha.[123] **Akka muuxannoo biyyoota Gamtaa Awurooppaatti** malli kun yakkamaa, miidhamaa

[121] Alternatives to imprisonment in East Africa, Trends and challenges, 2012:9-12.
[122] Alternatives to imprisonment in East Africa, Trends and challenges, 2012:9-13-14.
[123] Justin W. Patchin (Ph.D), alternatives to incarceration, an alternatives to incarceration: an evidence-based research review, 2004: 4-5.

fi kutaan hawaasaa miidhamaa ta'e dammaqinaan hirmaannaa taasisuun gochaa yakkaa uumamee fi miidhaa dhaqqabeef furmaata akka kennan kan hayyamu dha. Miidhamaan yakkaa murtii kennamu keessatti kan hirmaatu waan ta'eef tarkaanfiin fudhatamu waldhabbii fuula duratti uumamu kan hambisuu fi furmaata fulla'aa kan kennu dha. Malli kun marii bifa kanaa kan mijeessan qindeessitootni (mediators or facilitators) kan deeggaramu dha. Akka muuxannoowwan biyyoota gamtaa Awurooppaa akka Noorweyii fi Ostiriyaa agarsiisutti malli kun itti-quufinsa miidhamaa olaanaa kan argamsiisee fi yakkamaa irra (recidivism) kan daran xiqqeesse dha.[124]

3.4. Adabbiiwwan Hidhan Alaa: Seerota Keenya Keessatti

Adabbiiwwan hidhaan alaa seerota keenya keessa teechifaman gosa garagaraa qabu. Isaanis: adabbiiwwan ijoo (principal punishment), adabbiiwwan dabalataa (secondary punishment) fi tarkaanfii adabbii hidhaa hambisu (adabbii daangessuu) fa'a kan dabalatu dha.

3.4.1. Adabbiiwwan Ijoo

Adabbiiwwan ijoo gaheessota irratti fudhatamuu danda'an seera yakkaa keenya keewwata 90-120 jalatti tarreeffamaniiru. Isaan keessaa adabbiiwwan hidhaan alaa kan ta'an akka itti aanutti ilaalla.

a. Adabbiiwwan Maallaqaa (pecuniary penalities)

Adabbiiwwan maallaqaa gosa garagaraa qaban SY keewwata 90-102 jalatti teechifamaniiru. Isaanis: adabbii qarshii (fine penality), qabeenya dhaaluu, qabeenya ofii akka hin sochoofanne gochuu, beenyaa kanfalchiisuu fa'a dha.

Yakki yeroo raawwatamu manneen murtii adabbii qarshii qofaa isaa yookin hidhaa waliin akka dabalataatti murteessuu danda'u. Yakkamaan adabbii maallaqaa itti murtaa'e kanfaluu kan hin dandeenye yoo ta'e manni murtii adabbii maallaqaa kana gara hojii dirqiitti jijjiiruun yeroo waggaa 2 hin caalleef mootummaaf yookin dhaabbata uummataatiif akka tajaajilu ajajuu danda'a.[125] Kana malees, seeraan ifatti yoo ibsame qabeenyi yakkamaa guutummaan yookin gariin akka dhaalamu murtaa'uu danda'a. Yakka himatamaan badii itti taasifameen walqabatee qabeenyi kallattiinis ta'e alkallattiin horatame kan dhaalamu akka ta'e seera yakkaa keenya keewwata 98 jalatti teechifameera. Akkasumas himatamaa sababa yakkaatiin miidhaan irra gahe bakka turetti deebisuuf yookin beenyaa kanfaluuf himatamaan akka dirqamu manni murtii galmee yakkaa keessatti murtii kennuu akka danda'u SY keewwatni 101 ni teechisa.

[124] Investigating Alternatives to Imprisonment Within Council of Europe Member States, The Quaker Council for European Affairs, 2010: 11.
[125] Seera Yakkaa RDFI, kwt 90, 91 fi 95.

b. Hojii dirqii

Yakkamaa badii salphaa raawwatee argame manni murtii bilisummaa isaa dangessuu dhiisuudhaan hojii dirqii guyyaa tokkoo hanga baatii jahaa gahuun akka adabamu murteessuu danda'a. Manni murtii murtii bifa kanaa kennuuf haaldureewwan 2 guutamuu qaban ni jiru. Qabxiin inni duraa yakki raawwatame salphaa fi hidhaa baatii 6 hin caalleen kan adabsiiisu ta'uu qaba. Akkasumas yakkamaan hojjechuu kan danda'uu fi hawaasaafis balaafamaa kan hin taane yoo ta'e dha. Manni murtii murtii bifa kanaa yeroo murteessu yakkamaa kanarratti gosa hordoffii taasifamu, hanga maallaqa galii inni argamsiisu irraa citu, bakka adabbiin itti raawwatamuu fi yeroo inni turu ni murteessa. Galii mindaa yookin bu'aa hojii hojjetamu irraa argamu keessaas 1/3^{ffaa} isaa kan hin caalle hir'ifamee mootummaaf galii ta'a.[126] Adabbiin hojii dirqii kun bilisummaa yakkamaa hanga ta'e daangessuu waliinis murtaa'uu danda'a. Kunis kan ta'u yakkamaan sun adabbii hojii dirqii raawwachuu kan dide yoo ta'e, yookin yakkamaa sana bakka isaaf balaafamaa ta'e yookin namoota amala badaa qaban irraa eeguuf yoo barbaachisaa ta'e dha. Kanaaf, manni murtii yakkamaan kun bakka hojii yookin hojjechiisaa murtaa'e tokko jalatti yookin bakka jireenyaa isaatii yookin bakka aangawoota mootummaatiin bulu tokko keessaa osoo hin bahiin hojii dirqii isaa akka raawwatu ajajuu kan dabalatu dha.[127]

3.4.2. Adabbiiwwan dabalataa (secondary punishments)

Adabbiiwwan dabalataa adabbii ijoo waliin akka dabalataatti akka raawwataman murtii keessatti ifatti kan ibsamanii fi raawwatamani dha.

a. Akeekkachiisa, ajiifannaa, gorsaa fi dhiifama

Adabbiiwwan dabalataa manni murtii ajajuu danda'u keessaa nama badii raawwate afaaniin yookin murtii barreeffamaa keessatti akeekkachiisuu, ajiifachuu, gorsuu fi balleessaa isaa amanee miidhamaa dhiifama akka gaafatu gochuu dha. Manni murtii adabbiiwwan bifa kanaa akka adabbii ijootti kophaa isaanii yakkamaa irratti akka raawwatan ajajuu kan danda'u yakkichi baay'ee salphaa (minor crime) yoo ta'e, haala addaatiin adabbii hir'isuun yeroo danda'amuu fi adabbiin daanga'ee akka turu yeroo ajajame dha.[128]

b. Mirga ofii mulqamuu (deprivation of rights)

Adaabbiiwwan dabalataa mana murtiitiin yakkama irratti dabarfamuu danda'an keessaa tokko mirgoota siivilii, maatii, ogummaa fi daldalaa irraa ittifamuu dha. Mirgootni siivilii ittifaman mirga filachuu yookin filatamuu, ragaa yookin wabii ta'anii dhiyaachuu, tajaajila uummataa fi

[126] Seera Yakkaa RDFI, kwt 103
[127] Seera Yakkaa RDFI, kwt 104
[128] Seera yakkaa RDFI, kwt 121 fi 122

aangoo irratti muudamuu fa'a kan dabalatu dha. Adabbiin bifa kanaas yeroo murtaa'eef yookin umurii guutuuf murtaa'uu danda'a. Mirgootni maatii daanga'anis daa'imaa ofii irratti guddiftuu ta'uu yookin bulchuu irraa ittifamuu kan dabalatu dha. Adabbiiwwan umurii guutuu fi du'aa yeroo mara adabbii bifa kanaa hordofsiisuu qabu.[129]

3.4.3. Tarkaanfiiwwan Adabbiin hidhaa hojiirra akka hin oolle yookin akka gabaabbatu fudhatamu

Tarkaanfiiwwan bifa kanaan fudhataman amakkiroon hidhamaa gadi dhiisuu fi adabbii hidhaa daangessuu dabalatu. Ta'us amakkiroon yakkamaa gadi dhiisuun daangaa qorannoo kanaatiin ala waan ta'eef tarkaanfii adabbii daangessuu qofa akka itti aanutti ilaalla.

Adabbii Daangessuu (Suspension of penality)

Haaldureedhaan adabbii daangessuun bifa lamaan raawwatamuu danda'a.

Murtii ballleessummaa kennuun adabbii daangessuu (suspension of pronouncement of penality): tarkaanfiin bifa kanaa murtiin balleessummaa erga kennamee booda murtii adabbii kennuu irraa ofqusachuu kan ilaallatu dha. Adabbii bifa kanaan daangessuuf ulaagaaleen guutuu qabanis: (1) rikardii yakkaa kan hin qabne ta'uu, (2) yakki raawwatame maallaqaan, hojii dirqiitiin yookin hidhaa salphaa waggaa 3 hin caalleen kan adabsiisu ta'uu, (3) yakkamaan badii irraa akka deebi'u yoo manni murtii amane dha. Yakkamaan haaldureewwan teechifaman kan cabse yoo ta'e yookin gochaa haaromuu isaa gaaffii keessa galchu yoo raawwate daangaan teechifame ni ka'a.Yeroo qormaataa kana keessatti yakkamaan bu'aa gaarii yoo argamsiise murtichi akka hin jirretti lakkaawwama.[130]

Murtii Adabbii kennuun akka hin raawwatamne ajajuu (suspension of enforcement of penality): tarkaanfii gosa kanaa irratti immoo manni murtii akeekkachiisa cimaa itti kennuun adabbiin yakkamaatti murtaa'e osoo hin raawwatamiin yeroo murtaa'eef akka turu ajaja.Yeroo qormaataa keessatti bu'aa gaarii yoo argamsiise yakkamaan adabbii itti murtaa'e hin raawwatu.Ta'us murtiin kun galmee yakkamtootaa irratti galmaa'ee ni tura; bu'aa hordofsiisus ni qabaata.[131]

Murtii adabbii kennamu akka hin raawwatamne dhoorkamuu kan hin dandeenye: (1) yakkamaan sanaan dura adabbii cimaadhaan yookin adabbiin salphaa waggaa 3 caalu kan itti murtaa'ee beeku yoo ta'ee fi balleessaan lammata ittiin himatames adabbiiwwan kana keessaa tokko kan itti murteessisu yoo ta'e, yookin (2) rikordii yoo hin qabne ta'e badiin haaraa itti himatameen adabbiin cimaa waggaa 5 caaluu kan itti murtaa'u yoo ta'e dha. Ulaagaa kanaan walqabatee qabxiin falmiif saaxilamaa ta'e 'waggaan shan kun kan kutaa addaa seera yakkaa keessatti

[129] Seera yakkaa RDFI, kwt 123.
[130] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 191.
[131] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 192

teechifame moo kan manni murtii haalota gara garaa ilaalcha keessaa erga galche booda dhumarratti murteessedha?' kan jedhu dha. Akkuma seerichi ifatti teechisu murtiin adabbii kan daanga'u murtiin adabbii inni dhumaa erga kennamee booda dha. Kanaaf, murtiin adabbii manni murtii kenne waggaa 5 kan hin caalle yoo ta'e qofa akka daanga'u hubachuun barbaachisaa dha.

Yakkamaan yeroo qormaataaf yeroo gadi dhiifametti yakka tokko ta'e jedhee yoo raawwate yookin bu'aa haaromsaa yoo agarsiisuu dadhabe adabbiin daanga'eef ni ka'a.[132] Adabbiiwwan bifa kanaa murteessuun dura manni murtii seenaa duraanii, amala dhuunfaa, haala jireenyaa fi hojii yakkamaa gaaffii dhiyeessee qoratamee akka dhiyaatuuf qaama itti amane ajajuu danda'a.[133] Akka kwt 196 jalatti teechifame yeroon qormaataa kennamus waggaa 2-5 kan gahu ta'a. Adabbiin yakkamaa irratti kenname akka hin raawwatamne ajajni kennamus yakkamaan amala gaariidhaan gaggeeffamuuf, dirqama ajajame rawwachuuf, badii dhaqqabsiiseef beenyaa kanfaluu fi baasii mana murtii uwwisuuf wabii namaa, maallaqaa, yookin qabeenyaa yoo dhiyeesse qofaa dha. Amala isaa ilaalchisees murtii keessatti haala yakkamaan jireenya isaa ittiin gaggeessuu qabu ni murtaa'a. Fakkeenyaaf, bakka hojjechuu, jiraachuu fi deemuu hin qabne yookin gochaawwan biroo dhugaatii, wal'aansaa fi kkf'niin walqabatan irratti haaldureewwan teechisuu danda'a. Haaldureewwan kunneen eegamuu fi dhabuus qaama to'atu (Itti-gaafatamtoota Eegumsa Haaromsa Amalaa) manni murtii ni ajaja. Qaamni kunis yakkamaan badii isaa irraa akka of haaromsu deeggarsa gochuu fi dhoksaan yookin fuulleedhaan hordofuu danda'a. Kanas yoo xiqqaate baatii sadi sadiin Komishinii Eegumsa Haaromsa Amalaa jedhamuun fulduratti seeraan hundeeffamuuf akka gabaasu ni kaa'a.[134] Kana malees, manni murtii yoo barbaachisaadha jedhee amane himatamaan dhaabbilee deeggarsa akka taasisan aangeffamaniin (charitable organization) akka hordofamu ajajuu danda'a. Dhaabbileen bifa kanaa yakkamaan amalli isaa akka haaromu jireenya hawaasummaa akka baru, yakkamaa irra deddeebii akka hin taane yakkamaa adabbiin isaa daanga'ee yookin amakkiroodhaan baheef deeggarsa qabatamaa kan taasisani dha. Dhaabbileen kunneen yakkamaadhaaf hojii, bakka jireenyaa fi deeggarsa biroo akka argatan akkasumas galii argatan dhimma sirriif akka baasan ni gargaara. Haaromsi amala yakkamaa argamus qaama mootummaatiin kan hordofamu ta'a.[135]

[132] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 194
[133] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 195
[134] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 197,198.
[135] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 199, 208 fi 209

BOQONNAA AFUR
XIINXALA HAALA QABATAMAA HOJIIRRA OOLMAA QAJEELFAMA ADABBII FI ADABBIIWWAN HIDHAAN ALAA

4.1. Rakkoowwan Gurguddoo Kenna Murtii Adabbii Keessatti Mul'atan

4.1.1. Qajeelfama adabbiitti gargaaramuun murtii adabbii kennuuf rincicuu

Seenaa sirna haqa yakkaa biyya keenyaa keessatti qajeelfamni adabbii bahuun hojiirra erga oolee waggootii 7 lakkoofsiseera. Qajeelfamni adabbii lakk. 2/2006 waggootii sadi dura qaj. lakk.1/2002 fooyyessuun kan hojiirra oole yoo ta'ellee, hanga ammaattillee kenniinsa murtii adabbii keessatti qajeelfamicha gargaaramuun sadarkaa fi gulantaa yakkichaa osoo hin baasiin murtii adabbii kennuun darbee darbee yeroon mul'atu ni jira.[136] Abbootiin seeraa tokko tokko yakkoota sasalphoo ta'an keessattuu danbii darbuu (petty offences) irratti qajeelfama adabbii fayyadamuun adabbii murteessuun barbaachisaa miti yaada jedhu calaqqisiisu. Abbaan murtii tokko himatamtoota SY kwt 808(A) jalatti balleessaa qabu jechuun murtii kenne keessatti ''yakki himatamtootni raawwatanii balleessaa jedhaman qajeelfama adabbiitiin kan qajeelfamu osoo hin ta'iin dambii darbuudhaan kan adabsiisu dha'' jechuudhaan sadarkaa fi gulantaa osoo hin baasiin tokkoon tokkoon isaaniirratti adabbii maallaqaa qarshii 300 murteesseera.[137] Yaada abbaa seeraa kanas yoo ilaalle deeggarsa seeraa kan hin qabne dha. Sababni isaas tumaaleen SY kutaa waliigalaa jala jiran seera danbii darbuutiifis raawwatiinsa kan qaban akka ta'e tumaa SY kwt 734 irraa hubachuun ni danda'ama. Kutaa waliigalaa SY keessatti waantota teechifaman keessaa inni tokko immoo qajeelfama adabbii manni murtii waligalaa baasu bu'uureffachuu akka ta'e SY keewwata 88/4/ irraa kan hubatamu dha.

Qajeelfama adabbii gargaaramuun murtii adabbii kennuuf rincicni jiru inni biraa galmeewwan oliyyannootiin kan walqabatu dha. Abbootiin seeraa tokko tokko galmee oliyyannoo keessatti qajeelfama adabbii hin gargaaramnu jedhanii ifatti yeroon ibsanis ni mul'ata.[138] Kunis bu'uura seera tokkollee kan hin qabne dha. Galmeeewwan oliyyannoo hedduu keessatti immoo abbootiin seeraa komiin ifatti kan irratti dhiyaate yoo hin taane adabbii ka'uumsaa, hidhaa salphaa fi cimaa keessaa filachuu fi sababoota adabbii cimsanii fi salphisan kan mana murtii jalaatiin qabaman akkuma jirutti fudhachuun ala jijjiiruu akka hin dandeenyeetti hubatu. Dhimma oliyyannoon ilaallame tokko keessatti himatamtuun komii lama kan dhiyeeffatte yoo ta'u; isaan kunis: ragaan kiyya narraa ittisee osoo jiruu balleessaa jedhamuu hin qabu kan jedhuu fi haalli adabbiin ittiin shallagames dogongora waan qabuuf murtiin jalaa akka naaf diigamu kan jedhani dha. Manni murtii oliyyata dhagahe garuu adabbii ka'uumsaa fi sababa adabbii cimsuu fi laaffisu ilaalchisee

[136] Waaqumaa Xuurii, Abbaa seeraa MMO/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/09 taasifame; Hundarraa Fiqaaduu, Abbaa alangaa Wa/Ha/Go/Wa/Bahaa, waliin taasifame, 24/5/09; Afgaaffii Saamu'eel Zarihun, Abbaa alangaa Wa/Ha/Aa/Guutoo Giddaa, 23/05/2009

[137] AA vs Shawaayyee Abbaabbuu fa'a N-2, MMA Giraar Jaarsoo, Lakk G 27194.

[138] Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirez. MMO Go/Ha/Bahaa, Afgaaffii gaafa 06/06/09 gaggeeffame; Olaanii, abbaa seeraa MMO Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 06/06/2009 gaggeeffame;

kan manni murtii jalaa fudhate irratti mormiin himatamtuun kaaste waan hin jirreef isuma fudhanne jedheera.[139] Haa ta'u malee, haalli adabbiin itti shallagame dogongora qaba komiin jedhu hanga dhiyaatetti mannni murtii oliyyata ilaale kun ka'uumsi adabbii qabamee fi sababootni adabbii cimsan yookin salphisan kan mana murtii jalaatiin fudhataman yookin fudhatama dhaban bu'uura qajeelfama adabbiitiin ta'uu fi dhabuu xiinxaluun murtii kennuu qaba ture.

Dhimma tokko keessatti himatamaa sanada sobaa fayyadamuun tumaa SY kwt 378 jalatti balleessaa qaba erga jedhame booda, manni murtii adabbii hidhaa salphaa filachuun sababa adabbii salphisu tokko jiraachuu caqasuun sadarkaa fi gulantaa yakkichaa osoo hin baasiin hidhaa baatii sadiitiin adabneerra jedheera.[140] Yakki kun kan qajeelfama adabbii lakk. 2/2006'n sadarkaa fi gulantaan hin baaneef waan ta'eef, manni murtii kun bu'uura qajeelfamicha keewwata 19'tiin adabii murteessuun dura yakkichaaf sadarkaa fi gulantaa baasuu qaba ture. Sadarkaa fi gulantaa yakkootaa osoo hin baasne manneen murtii hanga adabbii qofa yeroon murteessan dhimmoota hedduu biroo keessattis ni mul'ata.[141]

Akka waliigalaatti yeroo ilaallamu manneen murtii keenya murtii adabbii kennan bu'uura qajeelfama adabbiitiin sadarkaa fi gulantaa yakkootaa baasuun kan hojjetaa jiran ta'ullee, darbee darbee keessattuu yakkoota sasalphoo, yakkoota dabii darbuu fi galmee oliyyannoo keessatti qajeelfamicha bu'ureffachuu dhabuun akka jiru qorannoon kun ni hubachiisa.

4.1.2. Dhagaha yaada adabbii fi sirna manni murtii ittiin falmii yaada adabbii irratti ka'u qulqulleessu

a. Sababni adabbii cimsu yookin salphisu yoom dhiyaata?

Seera deemsa falmii yakkaa keewwata 149/3/ jalatti manni murtii murtii balleessummaa erga kenne booda abbaan alangaa sababa adabbii cimsu yookin salphisu akka dhiyeessu gaafata jechuun teechiseera. Qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 keewwata 26/1/d/ fi kwt 4/1/ jalatti yaada taa'es yeroo ilaallu murtii balleessummaa kennuutti aansuun gochaan manni murtii raawwatu sababni adabbii cimsu yookin salphisu yoo jiraate dhagahuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Qabatama jiru yeroo ilaallu bu'uruma seera jiruu kanaatiin, dhimmoota hedduu keessatti adabbii ka'uumsaa osoo hin qabatiin yaada adabbii fudhachuun murtii adabbii kennuun ni mul'ata.[142] Dhimmootni qabatamaanis yeroo hedduu yaada adabbii fudhachuun sana booda adabbii ka'uumsaa qabachuun akka jiru kan agarsiisani dha.[143]

---

[139] AA vs Asteer Kaffalaa, MMWO, Lakk G 245629.
[140] AA vs Misgaanuu Habtee, MMO Go/Wa/Lixaa, Lakk G 33090
[141] AA vs Naggaa Baqqalaa, MMA Adaamaa, Lakk G 95381
[142] Gammachiis Dhugumaa, Pirez MMA Guutoo Giddaa waliin afgaaffii gaggeeffame, 23/5/2009; Wubituu Beeggii, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009; Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009;
[143] AA Vs Toomaas Toyyooraa fa'a N-4, MMA Shaallaa, Lakk G 13114; AA vs Baalchaa Baassaa, MMA Shaallaa, Lakk G, 12989; AA vs Zallaqaa Ittisooo, MMA Shaallaa, Lakk G 12966

Haa ta'uyyuu malee garuu manneen murtii keenya tokko tokko keessatti sababa adabbii cimsu yookin salphisu fudhachuun dura adabbiin ka'uumsaa yeroo qabamu ni mul'ata.[144] Adeemsi kun bu'uura seera kan hin qabne ta'uu bira darbee rakkoo mataa isaa kan hordofsiisu dha. Yaadni adabbii cimsu yookin salphisu adabbii ka'uumsaa booda kan dhagahamu yoo ta'e, adabbii ka'uumsaa qabachuuf manni murtii bu'uura SY kwt 88/2/'tiin qabxiilee ilaalcha keessa galchuu qabu hubachuuf odeeffannoo fi ragaa gahaa argachuu dhabuu danda'a.

b. Sababa adabbii cimsu yookin salphisu eenyutu dhiyeessa?

Bu'uura seera deemsa falmii yakkaa keewwata 149/3/'tiin manni murtii murtii balleessummaa erga kenne booda abbaan alangaa sababa adabbii cimsu yookin salphisu akka dhiyeessu abbaa alangaa gaafata jechuun teechiseera. Tumaa kana irraa akka hubatamutti abbootiin alangaa yaada adabbii cimsus ta'e salphisu mara kaasuuf itti gaafatamummaa kan qaban ta'ullee, qabatama jiru yeroo ilaallu abbootiin alangaa yeroo hedduu yaada adabbii cimsu kaasu. Haa ta'uyyuu malee, darbee darbee abbootiin alangaa yaada adabbii salphisu haalli itti kaasan ni mul'ata. Fakkeenyaaf, dhimmoota garagaraa keessatti abbaan alangaa himatamaan kuusaa yakkaa hin qabu[145] yakkicha kan amane waan ta'eef[146] gulantaan tokko haa hir'atu jechuun yeroon kaasan ni jira.

Abbootiin alangaa tokko tokko yaadni adabbii cimsu osoo jiruu mana murtiif ibsuu irraa yeroon of qusatan ni mul'ata. Fakkeenyaaf, himatamaan rikardii qabaachuu osoo beekamuu yaadni adabbii cimsu hin jiru jechuun yeroo yaada kennan ni jira. Dhimma tokko keessatti himatamaa mana sirreessaa keessatti daa'ima waggaa 16 saala walfakkaataa qabu gudeeduuf yaalee namni hanqisuu itti mirkanaa'e tokko himatamee balleessaadha erga jedhame booda yaadni adabbii cimsu waliigalaa akka hin jirreetti fudhatameera.[147] Dhimma tokko keessatti himatamaan SY kwt 572/1/ darbuun konkolaataa oofaa ture ariitii hayyamamuu ol oofuun konkolaattota garagaraa 3 qabeenya dhaabbilee (miidhamtoota dhuunfaa) garagaraa ta'anitti bu'uun waliigalatti qabeenya qa.210,000'tti tilmaamame irratti miidhaa dhaqqabsiisuun balleessaa jedhameera. Abbaan alangaa himannaa yeroo dhiyeessus yakkichi daddabalamaa ta'uu haala agarsiisuu fi sababni addaa adabbii cimsu jiraachuu haala hubachiisuun ta'uu osoo qabuu akka yakka qeenxeetti dhiyeesseera. Yaada adabbii cimsu yeroo gaafatamus sababa adabbii cimsu hin dhiyeessine.[148]

Qabxiin inni biraa bakka kanatti ilaallamuu qabu gareen falmitootaa sababa adabbii salphisu osoo hin kaasiin manni murtii ofii kaasuun adabbii salphisuu ni danda'aa? kan jedhu dha.

[144]AA vs Bayyaa Ibraahim, MMA Meettaa, Lakk G 09789; AA vs Aaddisuu Haabtaamuu, MMO Go/Wa/Bahaa,, Lakk G 00479; AA Vs Tikkuu Mootii, MMA Kuyyuu, Lakk G 38694; AA Vs Daggafaa Dhufeeraa, MMA Gimbii, Lakk G18392; AA Vs Daaqxuu Tamtimee, MMA Gimbii, Lakk G 18320

[145] AA Vs Tikkuu Mootii, MMA Kuyyuu, Lakk G 38694; AA Vs Daggafaa Dhufeeraa, MMA Gimbii, Lakk G18392

[146] AA Vs Daggafaa Dhufeeraa, MMA Gimbii, Lakk G18392

[147] AA vs Abdataa Tarfaasaa, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27142

[148] AA vs Maammoo Olkaamoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13218

Dhimmoota tokko tokko keessatti manni murtii ofii isaatii kaasuun adabbii yeroon salphisan kan mul'atu yoo ta'u,[149] yeroo kaan immoo yaadni adabbii cimsu yookin salphisu hin dhiyaatne jechuun adabbii ka'uumsaa qabataniin adabuun ni jira.[150] Sababni adabbii salphisu jiraachuu fakkeenyaaf himannaa irratti dhiyaate gutummaan amanuun yakkamaa galmee keessaa kan hubatamu yoo ta'eefi ragaanis kan mirkanaa'e yoo ta'e manni murtii himatamaan yaada adabbii salphisu kana hubannoo dhabuu isaatiin waan hin kaasneef tilmaama kana irraa fayyadamuu akka hin dandeenyeetti hubachuun sirrii hin fakkaatu.

c. Sababa adabbii cimsuuf yookin salphisuuf dhiyaatee qulqulleessuu

Sababa adabbii ni cimsa yookin ni salphisa jedhamee garee tokko irraa dhiyaatu gareen biraa yoo morme manneen murtii yeroo gahaa kennuun qulqulleessuu akka qaban qajeelfamni adabbii kwt 26(1)(g) jalatti ni dirqisiisa. Dhimma tokko keessatti abbaan alangaa himatamaan kuusaa yakkaa akka qabu ibsuun adabbiin akka itti cimu kan gaafate yoo ta'u, abukaattoon himatamaa garuu ragaan (yaadannoon) abbaan alangaa dhiyeesse chaappaa kan qabu waan hin taaneef kufaa nuuf haa ta'u jedheera. Abbootiin seeraas dhaddachumarratti mari'achuun yaada abbaan alangaa dhiyeesse kufaa gochuu galmicha irraa ni hubatama.[151] Dhimma kana irraa kan hubatamu sababa adabbii cimsa jedhame irratti falmii ka'e qulqulleessuuf manni murtichaa yeroo gahaa kennuun itti adeemuu dhabuu isaati. Manni murtii kun kuusaa yakkaa qabaachuu fi dhabuu himatamaa kanaa ilaalchisee abbaan alangaa ragaa fudhatama qabu akka dhiyeessu yeroo gahaa kenneefi ajajuu qaba ture.

d. Qabiyyee yaada adabbiii

Qajeelfamni adabbii lakk 2/2006 keewwatni 29 abbootiin alangaa fi yakkamtootni bu'uura qajeelfamichaatiin yaada adabbii akka dhiyeeffachuu qaban ni teechisa. Qabatama jiru yeroo ilaallu garuu yeroo hedduu yaadni adabbii akkaataa qajeelfama adabbiitiin hin dhiyaatu. Manni murtiis yaadni adabbii dhiyaatu bu'uura qajeelfamichaatiin kan dhiyaate ta'uu hin mirkaneeffatu.[152] Abbootiin alangaa hedduun yaada adabbii yeroo kaasan sadarkaa fi gulantaa yakkichi jalatti kufuu qaba jedhan waliin hin kaasani. Yeroo hedduu abbootiin alangaa akka yaada adabbiitti kan kaasan sababa adabbii cimsu hanga kana waan qabnuuf adabbiin gulantaa hanga kanaan cimee itti nuuf haa kennamu kan jedhu dha.[153] Yeroo kaan immoo abbaan alangaa yaadni adabbii dhiyeessu 'adabbiin himatamaa kana barsiisu itti nuuf haa kennamu' yookin

[149] AA vs Bayyaa Ibraahim, MMA Meettaa, Lakk G 09789; AA Vs Gammachuu Girmaa, MMA Diggaa, Lakk G 10563

[150] AA vs Cammaraa Dirribaa, MMA Kuyyuu, Lakk G 35914; AA vs Fiqaaduu Girmaa, MMA G/Jaarsooo, Lakk G 27176; AA vs Gosee Tafilee, MMA Shaashamannee, Lakk G 57713

[151] AA vs Kaasahun Tarrafaa, MMO Go/Arsii, Lakk G 28276.

[152] Daggafaa Wayyeessaa, Shaambal Qajeelaa, Asaamminawu Raggaasaa fi Mulu'aalam Aragaawii, akka abukaattoo ittisaatti tajaajilaa kan jiran, MMO, Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame; Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame

[153] Komishiinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa vs Salaamon Tasfaayee fa'a N-3, Lakk. G MMWO Dh.Lixaa 176973; AA vs Baalchaa Baassaa, MMA Shaallaa, Lakk G, 12989; AA Vs Dassitaa Naminoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13005

immoo ‘sababa adabbii cimsu hin qabnu’ kan jedhan fa’a dha.[154] Kanaaf yaadotni adabbii dhiyaatan hedduun akkaataa qajeelfama adabbii keessatti teechifameen gosa adabbii filatamuu qabu (hidhaa, maallaqa, hojii dirqii, kkf) filachuun kan agarsiisan, sadarkaa fi gulantaa yakkichaa sirrii ibsuun kan dhiyaatan miti. Himatamtootni abukaattotaan hin deegaramnes yaada adabbii isaan gargaaru akka dhiyeeffatan carraan kan kennamuuf ta’ullee rakkoo hubannoo waan qabaniif yaada adabbii isaanii salphisuu danda’u yoo qabaatanillee kaafachuu hin danda’ani.[155] Kunis manneen murtii keenya bu’uura qajeelfama adabbii kwt 29’tiin yaadni adabbii akkaataa qajeelfamichaatiin dhiyaachuu qabu akka hin hafne akka mirkaneessaniif itti gaafatamummaa irratti gatame bahachuu irratti hanqina qaban kan agarsiisu dha.

4.1.3. Adabbiiwwan garagaraa keessaa filachuu

i. Hidhaa cimaa fi salphaa keessaa filachuu

Tumaan kutaa addaa seera yakkaa adabbii hidhaa cimaa fi salphaa akka filannootti mana murtiif yeroo teechisu, manni murtii gosoota adabbii lamaan keessaa isa tokko filachuuf ulaagaa maal bu’uureffata? gaaffiin jedhu qabxii ilaallamuu qabu dha. Gaaffii kana deebisuuf SY keenya keewwata 106 fi 108 jalatti hiikkoo hidhaa salphaa fi cimaaf teechifame hubachuun murteessaa dha. Hidhaa salphaan nama yakka ciminni isaa giddu-galeessa ta’e raawwateefi balleessichis hawaasichaaf baay’ee balaafamaa fakkaatee yeroo hin mul’annetti adabbii bilisummaa dhabsiisuuf murtaa’uu dha. Gama biraatiin adabbiin hidhaa cimaa kan murtaa’u, kanneen yakka cimaa raawwataniifi keessumattuu yakkamtoota hawaasichaaf balaafamoo ta’an irratti dha. Kanaaf manni murtii haalli raawwii yakkichaa hiikkoowwan kanneen keessaa irra caala isa kam waliin akka walsimu ilaaluun adabbbii hidhaa salphaa yookin cimaa filachuu danda’a.

Qabatama jiru yeroo ilaallu yakka adabbii hidhaa salphaan ykn hidhaa cimaan adabsiisa jedhamee taa’e ifatti filachuu dhabuun ni mul’ata. Kun immoo caaalaatti kan mul’atu yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheef irratti dha.[156] Dhimmoota hedduu keessatti manneen murtii yakka adabbii hidhaa salphaa yookin cimaa akka filannootti teechisu sababa osoo hin caqasiin yeroo kaan akka salphaatti[157] yeroo kaan immoo akka cimaatti[158] ramaduun ni jira. Haata’u malee, manneen murtii sababa gahaa ibsuun adabbii hidhaa salphaa fi cimaa keessaa yeroo filatanis ni jiru.[159]

---

[154] AA vs Baalchaa Baassaa, MMA Shaallaa, Lakk G, 12989; AA vs Marihun Naggaa, MMA Shaallaa, Lakk G 12990

[155] Marii Garee sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Wa/Lixaa (N-10) waliin gaafa 24/5/2009 taasifame; Marii Garee Sirreeffamtoota (N-7) Mana Sirreessaa Godina Shawaa Bahaa waliin taasifame, 09/05/2009

[156] FKN kwt 669 jalatti hanna cimaadhaan balleessaa nama jedhameef; AA Vs Toomaas Toyyooraa fa’a N-4, MMA Shaallaa, Lakk G 13114; AA Vs Dassitaa Naminoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13005

[157] AA vs Leencoo Raagoo, MMA Dugdaa, Lakk G 18958;

[158] AA vs Maammush Isaatuu fa’a N-2, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 26326

[159] AA vs Adeemaa Galatoo fa’a N-16, MMA Shaallaa, Lakk G 13039;

Akka fakkeenyaatti kaasuudhaaf dhimma tokko keessatti himatamaan goromsa qa.5500 baastu dhoksuun tumaa SY kwt 682/1/ cabsuun yakka dhoksaa raawwachuun balleessaadha jedhameera. Keewwatni kun adabbii hidhaa salphaa yookin dubbiin isaa cimaa yoo ta'e adabbii hidhaa cimaa waggaa 5 hin caalleen akka adabsiisu teechisa. Manni murtii adabbii hidhaa cimaa filateera. Sababni teechises yakkichi haala mijaawaa eeggachuudhaan kan raawwatame ta'uu isaa caqaseera.[160] Haala mijaawaa eeggachuudhaan raawwatamuun isaa yaada tumaa SY kwt 88(2), 106 fi 108 akkasumas tumaa qajeelfama adabbii kwt 19/2/ fi /5/ waliin yeroo ilaallamu haalotuma gochaa yakkichaa hundeessan keessatti kan ilaalamu malee yakkichi cimaa ta'uu yookin yakkamaan kun hawaasichaaf balaafamaa ta'uu kan agarsiisu miti.

ii. Adabbii Qarshii fi Hidhaa keessaa tokko filachuun walqabatee

Tumaan kutaa addaa seeraa yakkaa adabbii hidhaa fi maallaqa akka filannootti yeroo teechisu, manneen murtii adabbiiwwan kanneen keessaa filachuuf maal bu'uureffachuu qabu kan jedhu qabxii murteessaa dha. Bu'uura SY keewwata 88/3/'tiin haalli raawwii yakkichaa salphaa fi himatamaan adabbii maallaqaarraa ni barata jedhamee kan yaadamu yoo ta'e manni murtichaa adabbii isa salphaa (maallaqa) murteessuu akka qabu kan hubatamu dha. Kana jechuun haalli raawwii yakkichaa cimaa ta'uu irraa kan ka'e manni murtii himatamaan adabbii hidhaatiin yoo adabame malee hin baratu jedhee kan mane yoo ta'e malee, adabbiin murtaa'uu qabu adabbii maallaqaati jechuu dha. Kanaaf, manni murtii adabbii maallaqaa dhiisee adabbii hidhaa kan filatu yoo ta'e sababa gahaan deeggaruu akka qabus kan hubatamu dha.

Rakkoolee qabatamoo gama kanaan jiran haa ilaallu. Dhimma tokko keessatti himatamaan muka mokkonniisaa 7 fi rukkeessa 5 qabeenya nama dhuunfaa ta'ee fi tilmaamni isaa qa. 6000 ta'e mancaasee tumaa SY kwt 689 jalatti balleessaadha jedhameera. Tumaan seeraa kun hidhaa salphaa fi maallaqa filannoon kan teechise yoo ta'u, manni murtii hidhaa filateera. Sababni caqases himatamaan qabeenya baay'ee balleesseera kan jedhu dha.[161] Akka dhimma kanarraa hubatamu tilmaamni qabeenya mancaa'ee qa. 6000'tti kan tilmaamamu yoo ta'u, hangi tilmaamaa kun adabbii maallaqaarra adabbii hidhaa filachuuf akka miidhaa olaanaatti kan fudhatamuu danda'u miti. Kanaaf sababni biraa hanga hin caqasamnetti adabbii hidhaa filachuun mana murtichaa sababa gahaa kan bu'uureffate miti jechuun ni danda'ama. Dhimmoota garagaraa biroo keessattis himatamtootni yakkoota sasalphaa ta'an kanneen akka yakka doorsisuu (SY kwt 580) jalatti himatamaniif sababa fudhatama qabu tokko osoo hin kaa'iin adabbii hidhaa yeroon filatan ni mul'ata.[162] Fakkeenyaaf dhimma tokko keessatti himatamtuun amaatii ishiitiin iddoo lamatti si baasee si ajjeesee mana hidhaa gala jechuun doorsiste kwt 580 jalatti kan himatamte yoo ta'u, yakkichi kan raawwatame firoota gidduutti waan ta'eef kunis safuu biyya keenyaa gadi dhiisuu waan ta'eef sababa jedhuun manni murtii adabbii hidhaa

[160] AA vs Jamulee Adiloo, MMA Shaallaa, Lakk G 13217
[161] AA vs Isaaq Shee Hasan, MMA Shaallaa, LAkk G 12953
[162] AA vs Abdi Pheexiroos fa'a N-4, MMA Magaalaa Naqamtee, Lakk G 00168

filateera.[163] Dhimma kana keessattis yakki doorsisaa kan raawwatame amaatii ofiirratti ta'uun qofti adabbii hidhaa filachuuf akka sababaatti kan ilaalamuu hin dandeenye akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Sababni isaas amaatii ofii doorsisuun qofti haala raawwii yakkichaa cimaa kan jechisiisu yookin hammeenyummaa addaa himatamaa agarsiisuu kan hin dandeenye dha.

Manneen murtii adabbii hidhaa dhiisuun adabbii maallaqaa filachuun yeroon himatamtoota adabanis ni jira. Dhimma tokko keessatti himatamaan SY kwt 572/1/ darbuun konkolaataa oofaa ture ariitii hayyamamuu ol oofuun konkolaattota garagaraa 3 qabeenya dhaabbilee (miidhamtoota dhuunfaa) garagaraa ta'an itti bu'uun waliigalatti qabeenya qa.210,000'tti tilmaamame dhaqqabsiisuun balleessaadha jedhameera. Manni murtichaas himatamaan itti yaadee osoo hin taane dagannoodhaan yakkicha kan raawwate waan ta'eef adabbii maallaqaatiin yoo adabame ni barata jechuun qarshiin adabeera.[164] Dhimma tokko keessatti immoo himatamaan SY kwt 572/1/ jalatti balleessaa qaba kan jedhame yoo ta'u, manni murtii adabbii qarshiin adabuuf sababni teechise himatamaan maatii isaa kan bulchu ta'uu kan jedhu dha.[165] Dhimma biraa keessatti himatamaan SY kwt 580 jalatti balleessaa taasifame barataa sababa ta'eef adabbii maallaqaa filanne jechuun murtiin kennameera.[166] Dhimmoota armaan olii kanneen keessatti immoo manneen murtii adabbii isa salphaa dursanii filachuun isaanii bu'uura seeraa kan qabu ta'ullee, sababni adabbii hidhaarra adabbii maallaqaa filachuuf gargaaraman, keessattuu barataa ta'uu fi abbaa maatii ta'uu kanneen jedhan dhama-qabeessa kan ta'an miti.

Rakkoon inni biraa gama kanaan mul'atu seerri keenya adabbii hidhaa yookin maallaqa jechuun filannoon yeroo teechisu manneen murtii tokko tokko adabbiiwwan lameen keessaa tokko osoo hin filatiin filannoo isaa himatamaaf dhiisanii yeroon murteessan ni jira.[167] Dhimma tokko keessatti hojjetaan eegumsaa SY kwt 420/1/ jalatti balleessaa kan jedhame yoo ta'u, manni murtichaa hidhaa baatii sadii yookin qarshii 500 tiin adabeera. Ajaja kennerrattis himatamaan adabbii filannoon taa'eef keessaa yoo maallaqa kanfale hidhaa irraa akka gadi dhiifamu, yoo ta'uu baate manni sirreessaa hidhaa kana akka raawwachiisu haa barreeffamuuf jedheera.[168] Adabbii bifa kanaan filannoodhaan murteessuun bu'uura seera kan hin qabne waan ta'eef, manni murtii adabbii himatamaa barsiisuuf filannoo sirrii ta'e adda baasuun murteessuu qaba.

Hanqinni inni biraa qabatamaan mul'atu adabbii qarshii fi hidhaa keessaa tokko dursanii filachuu dhabuudhaan dhumumurratti qarshii hanga kanaatiin adabne jechuun murteessuu dha.[169]

[163] AA vs Buziyyee Marshaalo. MMA Adaamaa, Lakk G 95348
[164] AA vs Maammoo Olkaamoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13218
[165] AA vs Adafris Qannaawu, MMA Adaamaa, Lakk G78998
[166] AA vs Gadaa Daadhii, MMA Adaamaa, 84153
[167] Kabbaboo Tashoomaa, Abbaa seeraa MMA Dugdaa waliin taasifame, 02/06/2009;Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirez. MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/2009 gaggeeffame; Kabbadaa Gidduma, Pirez. MMA Dugdaa fi
[168] AA vs Damee Addunyaa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 61175
[169] AA vs Zallaqaa Ittisooo, MMA Shaallaa, Lakk G 12966; AA Vs Daaqxuu Tamtimee, MMA Gimbii, Lakk G 18320

Abbootiin alangaa tokko tokkos sababa gahaa osoo hin caqasiin manni murtii himatamaa adabbii hidhaa qofaan akka adabu yaada adabbii yeroo dhiyeessan ni mul'ata.[170]

4.1.4. Adabbii Ka'uumsaa Murteessuu

i. Adabbii ka'uumsaa yakkoota qeenxee murteessuu

Qajeelfama adabbii lakk.2/2006 keewwata 2(5) jalatti adabbii ka'uumsaa jechuun sababoota adabbii cimsanii fi salphisan kan waliigalaa fi addaa osoo yaada keessa hin galchiin gulantaa adabbii bu'uura godhachuun adabbii murtaa'u akka ta'e ibsameera. Qajeelfamicha keewwata 4(1) jalatti yaada teechifame irraa akka hubatamuttis adabbii ka'uumsaa kana qabachuudhaaf manni murtii kan bu'uura godhachuu qabu amala yakkichaa ti. Kun immoo qabxiilee tumaa SY kwt 88/2/ jalatti teechifaman waliin kan walqabatu dha. Kana yeroo jennu manni murtii adabbii ka'uumsaa yeroo qabatu qabxiilee xiinxaluu qabu keessaa gurguddoon 'hanga balaafamummaa amala dhuunfaa raawwataa yakkichaa, seenaa jireenyasaa darbee, sababoota yakka akka raawwatu isa kakaasaniifi kaayyoo yaada isaa, haala jireenya dhunfaa isaa, sadarkaa barumsa isaa, akkasumas, cimina yakkichaafi haalawwan raawwii isaa madaaluun ta'a. Kanaaf, akka qajeeltootti manni murtichaa ka'uumsa adabbii kan qabatu kutaa addaa seera yakkaa keessatti yakkichaaf adabbii isa xiqqaa teechifame yoo ta'u, haala dhimma dhiyaateefi ilaaluun garuu adabbiin ka'uumsaa tumaa sana irra taa'e madaalawaa miti yookin yakkamaa hin barsiisu jedhee manni murtichaa yoo yaade daangaa keewwatichi teechisu keessatti adabbii ka'uumsaa ol-siqee qabachuu danda'a.[171]

Rakkoon qabatamaan gama kanaan jiru inni guddaan dhimmoota hedduu keessatti mul'atu sababa gahaa tumaalee olitti caqasaman keessatti teechifaman osoo hin caqasiin adabbii ka'uumsaa murteessuu dha. Fakkeenyaf adabbiin ka'uumsaa yeroo murtaa'u sadarkaan baruumsaa, haalli galii himatamaa, haalli dhuunfaa fi jireenya yakkamaa manneen murtiitiin ilaalcha keessa yeroon galu hin mul'atu.[172] Rakkoo kanaaf akka sababaatti kan caqasan immoo dhimmoota kana qulqulleessuun rakkisaa dha kan jedhu dha.[173]

Kanarraa kan ka'e manneen murtii sababa gahaa malee adabbii ka'uumsaa baaxii xiqqaa fi olaanaa gidduu (avereejii) filatanii yeroon qabatan bal'inaan kan mul'atu dha.[174] Dhimma tokko keessatti manni murtii himatamaa SY kwt 420/1/ jalatti balleessaa erga taasisee booda gulantaa 2ffaa jalatti adabbii hidhaa baatii sadii yookin qarshii 500 qabateera.[175] Miiltoo 1ffaa qajeelfama

[170] AA vs Maartaa Salamoon fa'a N-4, MMA Baabbilee, Lakk G 09378
[171] Qaj. Adabbii kwt 4/2/ fi Seera yakkaa keewwata 88(2),(3).
[172] Marii Garee Sirreeffamtoota (N-7) Mana Sirreessaa Godina Shawaa Bahaa waliin taasifame, 09/05/2009;Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirez. MMO Go/Ha/Bahaa, Afgaaffii gaafa 06/06/09 gaggeeffame
[173] Gammachiis Geetahun, BB Hoogg.Wa/Ha/Aa/Gimbii, afgaaffii gaafa 25/4/2009 gaggeeffame; Admaasuu Burraaqaa, Abbaa seeraa, MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009; Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirez. MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/2009 gaggeeffame.
[174] AA vs Giday G/Igzaabiher, MMA Dugdaa, LAkk G 19164
[175] AA vs Damee Addunyaa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 61175

adabbii irraa akka hubatamutti gulantaa 2ffaan hidhaa salphaa guyyaa 10 hanga baatii 6'tiin kan adabsiisu dha. Dhimma kana keessatti manni murtichaa sababa hanga adabbii kana filateef osoo hin caqasne gulanticha jalatti adabbii akka baaxii gadaanaatti taa'ee fi baaxii olaanaa gidduutti (avereejii irratti) adabbii argamu filateera.

Yeroo tokko tokko immoo manneen murtii adabbii ka'uumsaa baaxii olaanaa yookin baaxii olaanaatti siqu yeroo qabatan ni mul'ata.[176] Dhimma tokko keessatti manni murtii himatamaa balleessaa erga taasise booda gulantaa 5ffaa qabateera. Itti aansuunis gulantaa kana jalatti adabbii hidhaa waggaa tokkootiin adabeera.[177] Gulantaan kun baaxii xiqqaa hidhaa baatii 6 fi baaxii olaanaa hidhaa waggaa tokkootiin kan adabsiisu dha. Manni murtii kun gulantaa kana jalatti adabbii baaxii olaanaa waggaa tokkoo filatee himatamaa adabeera. Hanga adabbii kana qabachuuf haala dhuunfaa yakkamaa, haala raawwii yakkichaa fi kaayyoo yakkichi raawwatameef kkf'iin walqabatee sababa amansiisaa tokkollee hin caqasne.

Akka waliigalaatti manneen murtii keenya hanga adabbii ka'uumsa (adabbii) baaxii isa xiqqaa irraa olsiqanii yeroo qabatan bu'uura SY keewwata 88/2/ fi 90/2/'tiin sababa gahaa bu'ureffachaa hin jirani. Manneen murtii kun dhimmoota armaan olii keessatti baaxii isa xiqqaa irraa olsiqanii adabbii yookin adabbii ka'uumsaa qabachuudhaaf sababa gahaa hin qaban yoo ta'e adabbii ka'uumsaa isa xiqqaa qabachuu qabu. Dhimmootni haala kanaan seera bu'ureffatanii murtaa'anis hedduun ni jiru.[178]

ii. Adabbii ka'uumsaa yakkoota daddabalamaa murteessuu

Yakkootni daddabalamaan bifa sadi kan qaban yoo ta'u, isaanis daddabalama qabatamaa (SY kwt 60/A/), daddabalama goch-tokkee (60/B/), fi daddabalamaa gochaa tokkoon keewwata tokko cabsuu fi nama 2 fi isaa ol miidhuu (60 /C/ kanneen jedhamani dha. Daddabalamaa qabatamaa (kwt 60/A/) fi daddabalamaa gochaa tokkoon keewwata tokko cabsuu fi nama 2 fi isaa ol miidhuu (60 /C/) kanneen jennu raawwatamanii yeroo argaman haalli adabbiin ka'uumsaa isaanii ittiin qabatamu SY kwt 184 fi qaj. adabbii kwt 22(1,A) jalatti teechifameera. Kunis tokkoon tokkoon yakka daddabalamaa raawwatameef adabbii ka'uumsaa baasuudhaan walitti ida'uudhaan kan raawwatamu dha. Ida'amni argame adabbii ka'uumsaa ta'ee fudhatamuun hangi argame sun gabatee miiltoo 1ffaa qajeelfama adabbii keessaa gulantaa isa kam jalatti akka kufu

[176] AA Vs Dassitaa Naminoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13005; AA vs Maartaa Salamoon fa'a N-4, MMA Baabbilee, Lakk G 9378; AA vs Mahaammad Adam, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G 37422; AA vs Masfin Ammahaa, MMA Kuyyuu, Lakk G 38804; AA vs Boonaa Kadir, MMA Shaashamannee, Lakk G 60755;
[177] Baacaa Lammeessaa fi Takkaaliny Baqqalaa vs A/Alangaa Naannoo, Lakk.Gal MMWO Dh.Lixaa, Lakk G 205926.
[178] AA vs Cammaraa Dirribaa, MMA Kuyyuu, Lakk G 35914; AA vs Eebbisaa Waannaa, MMO Go/Wa/Lixaa, Lakk G 33324; AA (Oliyyataa) vs Diboo Cawwichaa, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 27594; AA Vs Gammachuu Girmaa, MMA Diggaa, Lakk G 10563; AA vs Meymunaa Abraahim, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G 36141; AA vs Yeteraa Naraamoo, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 28396

adda baasuun sadarkaa fi gulantaa yakkichaa kan ka'uumsa arganna jechuu dha. Itti aansuun immoo yaada adabbii cimsuu fi salphisu duraa duubaan ilaalcha keessaa galchuun gulantaa adabbiin inni dhumaa jalatti kufu adda baafanna jechuu dha. Daangaan adabbii inni olaanaan bu'uura kanaan manni murtii murteessuu danda'u baaxii olaanaa tumaa SY kwt 106,108 fi 90(1) jala taa'e ta'a.

Adabbiin yakka daddabalamaa goch-tokkee immoo bifa lamaan ilaalamuu kan danda'u dha. Yakkoota daddabalamaa raawwataman keessaa yakkamaan itti yaadee karoorfatee yakka yoo raawwate ykn amala badaa kan agarsiise yoo ta'e adabbiin ka'uumsa yakkoota daddabalamaa kanneennii kan qabamu bu'uura SY kwt 184 fi qaj. Adabbii kwt 22(1)(A)'tiin adabbii ka'uumsaa tokkoon tokkoo yakkoota kanneenii walitti ida'uudhaan ta'a. Yakkamaan amala badaadhaan yakkicha kan hin raawwanne yoo ta'e yookin yakkootni daddabalamaa kunneen marti dagannoon kan raawwataman yoo ta'e garuu adabbiin ka'uumsaa kan qabamu bu'uura tumaa SY kwt 187 fi qaj. adabbii kwt 22(1)(A)'tiin yakka irra cimaadhaaf adabbii ka'uumsaa fi gulantaa inni jalatti kufu qabachuun yakkoota daddabalamaa hafaniif mata mataan gulantaa lama lama dabaluudhaan kan shallagamu dha. Kunis adabbii olaanaa kutaa addaa seerichaa keessatti yakka cimaaf tumame osoo hin darbiin ta'a.

Adabbii ka'uumsaa yakkoota daddabalamaa murteessuun walqabatee qabatamaan rakkoon hojiirratti mul'ataa jiru bal'aa dha. Dhimma tokko keessatti himatamaan SY kwt 626/1/ fi 652/1/ darbuun himannaa lama jalatti balleessaa jedhameera. Manni murtii sadarkaa fi gulantaa adabbii yeroo adda baasu himannaa isa duraatiif gulantaa 17ffaa yoo qabatan, himannaa isa lammataa ilaalchisee bu'uura SY kwt 187/1/ fi qaj. adabbii kwt 22/1/B'tiin gulantaa lama kan dabalu waan ta'eef gulantaa 19 jalatti kuffisuun yaada adabbii fudhachuutti ce'eera.[179] Akka dhimma kana irraa hubatamutti yakkootni daddabalaamaan kunneen bu'uura 60(B) fi 187(1)'tiin kan ilaallamuu qabani dha. Bu'uura kanaan dhimmicha yeroo ilaallu himatamaan yakka kana yeroo raawwatu ta'e jedhee seerri akka isa gaafachiisu osoo beekuu cinaatti dhiisuun gochaa raawwate waan ta'eef adabbiin isaa bifa murtii kana irratti shallagameen osoo hin taane ka'uumsi adabbii yakkoota lamaanii bahee walitti ida'amee kan argamu ta'uu qaba ture.

Dhimma tokko keessatti himatamaan konkolaataa garagalchuun himannaa shaniin himatamee balleessaa jedhameera. Himannaa 1ffaan kwt 543/3/ jalatti namootni 8 akka du'an waan godheef, himannaa 2ffaa, 3ffaa fi 4ffaa jalattimmoo kwt 559/2/ darbun miidhamtootni garagaraa sadi miidhaan qaama hir'isuu waan irra gaheef, himannaa 5ffaa jalatti kwt 572/1/ darbuun konkolaataa qa. 500,000 baasu fayidaan ala godhe kanneen jedhani dha. Manni murtichaa himannaa 1ffaan sadarkaa 1ffaa jalatti adabbii hidhaatiif gulantaa 21ffaa, adabbii maallaqaatiif gulantaa 6ffaa qajelfama adabbii jalatti kuffisuun himannaa 2-5ffa jiraniif gulanataan lama itti dabalama jedhee adabbii hidhaatiif gulantaa ka'uumsaa 23ffaa, adabbii maallaqaatiif gulantaa

[179] AA vs Ibraahim Manzaa, MMA Adaamaa, Lakk G 84150

8ffaa qabateera.[180] Yakkootni daddabalamaan adabbiin isaanii bu'uura qajeelfama adabbii kwt 22/1/b fi SY kwt 187'tiin shallagamu yeroo quunnaman tokkoon tokkoon yakka daddabalamaaf gulantaa lama lama akka dabalamu waan teechisuuf manni murtii kun yakkoota daddabalamaa himannaa 2ffaa hanga 5ffaatti jiraniif waliiigalatti gulantaa lama dabaluun sirrii miti.

Dhimma biraa tokko keessatti himatamaan SY kwt 572/1/ darbuun konkolaataa oofaa ture ariitii hayyamamuu ol oofuun konkolaattota garagaraa 3 qabeenya dhaabbilee (miidhamtoota dhuunfaa) garagaraa ta'an itti bu'uun tokko irra miidhaa qa. 70,000, kan lammataa irra miidhaa qa.60,000, kan 3ffaa irra miidhaa qa. 80,000 waliigalatti qabeenya qa.210,000'tti tilmaamame dhaqqabsiisuun balleessaa jedhameera. Manni murtii adabbii maallaqaa filachuun himannaan sadi kan dhiyaate ta'ullee akka himannaa baaqqeetti yakkichaaf sadarkaa gadaanaa fi gulantaa 2ffaa baasee fi himatamaa kana qa.700'n adabeera.[181] Manni murtichaa akka adabbii ka'uumsaatti kan qabate adabbii ka'uumsaa yakkoota daddabalamaa sadeenii keessaa kan isa tokkoo qofa. Yakkoota daddabalamaa hafan lamaan ilaalcha keessaa osoo hin galchiin akkuma himatamaan yakka baaqqee tokko qofa raawwateetti murtii adabbii kenneera. Kan godhuu qabu garuu yakkootni kunneen yakka daddabalamaa gochtokkee (60/B) fi dagannoon kan raawwataman waan ta'eef bu'uura qajeelfama adabbii kwt 22/1/B fi SY kwt 187/1/'tiin adabbii ka'uumsaa yakka irra caala cimaa qabachuun gulantaa inni irratti kufu irratti kan yakkoota daddabalamaa lamaan hafanii gulantaa lama lama waliigalatti gulantaa 4 dabaluu qaba ture.

Rakkoon inni biraa adabbii ka'uumsaa yakkoota daddabalamaa baasuu waliin walqabatee mul'atu adabbii ka'uumsaa osoo hin taane gulantaa ka'uumsaa yakkoota daddabalamaa walitti ida'uun yeroon ittiin hojjetamu jiraachuu isaati.[182] Dhimma tokko irratti himatamaan SY kwt 27/1/ fi 665 fi 560 jalatti yakka yaalii hannaa yeroo raawwatu qabamee nama isa qabe morma isaa moccore jedhamuun balleessaa taasifameera. Yakkootni lameenuu sadarkaa fi gulantaan kan baheef waan ta'eef, manni murtii himata isa duraatiif (yaalii hannaaf) sadarkaa 1ffaa gulantaa 6ffaa jalatti, himata lammataa (harka darbiinsa) sadarkaa 1ffaa gulantaa 2ffaa jalatti akka kufu ibseera. Itti aansuun adabbii ka'uumsaa argachuuf gulantaawwan yakkootni lamaan jalatti kufan walitti ida'uun gulantaa 8ffaa qabateera. Yaada adabbii cimsu 1 fi yaada adabbii salphisu 2 fudhachuun gulantaa 7ffaa miiltoo 1ffaa jalatti himatamaa hidhaa waggaa 1 fi baatii 6'tiin adabeera.[183] Manni murtichaa yakkoota lamaaniifu adabbii hidhaa yookin maallaqaa keessaa kamiin akka adabu erga adda baasee booda lamaaniifuu adabbii gosa walfakkaataa (fakkeenyaaf hidhaa salphaa) yoo qabate yakkoota kanneeniif adabbii ka'uumsaa murteessuun, bu'uura qajeelfama adabbii kwt 22/1/'tiin walitti ida'ee, gulantaa gadaanaa ida'amni adabbichaa keessatti kufu qabachuu qaba ture.

[180] AA vs Antenee Taaddalaa, MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 42221
[181] AA vs Maammoo Olkaamoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13218
[182] Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009; Waaqumaa Xuurii, Abbaa seeraa MMO/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/09 taasifame.
[183] AA vs Mulee Faqqadaa, MMA Dugdaa, Lakk G 19229

Rakkoon inni biraa adabbiiwwan daddabalamaan yeroo jiraatan abbootiin seeraa tokko tokko sababa adabbii cimsu waliigalaa fudhatanii erga ilaalcha keessa galchan booda sababa adabbii cimsu addaa gargaaramuun adabbii cimsuun ni jira. Dhimma tokko keessatti himatamaan balleessaa kan taasifame ta'e jedhee namoota garagaraa 5 irratti ulee fi sibiila qawweetiin miidhaa qaamaa geessiseera jedhameeti. Itti aansuun manni murtichaa sababa waliigalaa adabbii cimsu lamaa fi salphisu lama fudhachuudhaan waldandeessisee yakkicha gulantaa 5ffaa jalatti adabbii ka'uumsaa baatii 6 qabateera. Itti aansuun yakka daddabalamaa shan raawwateef adabbii ka'uumsaa baatii 6 qabame walitti ida'uun himatamaa kana hidhaa waggaa lamaa fi baatii jahaan adabeera.[184] Akka tumaa qajeelfama adabbii kwt 22/1/a/ irraa hubatamutti manni murtii kun gochuu kan qabu sababa adabbii cimsu addaa ilaalcha keessa galchuun gara sababa adabbii cimsu waliigalaatti dhufuu qaba ture. Kanaaf ka'uumsa adabbii yakkoota daddabalamaa fakkeenyaaf, baatii 6 yoo qabate bu'uura SY kwt 184/1B/'tiin walitti ida'uun waggaa lamaa fi baatii 6 ta'a. Kun immoo gulantaa 12ffaa jalatti kan kufu dha. Itti aansuun yaadni adabbii cimsuu fi salphisu kan walmadaalu yoo ta'e, gulantaa 12ffaa jalatti adabbii waggaa 2 hanga waggaa 2 fi baatii 6 jidduu adabuu danda'a jechuu dha.

4.1.5. Sadarkaa fi Gulantaa Ka'uumsaa Baasuu

i. Yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheef ilaalchisee

Yakkoota sadarkaan baheef ilaalchisee rakkoon bifa kanaa yeroo itti quunnamu keessaa tokko SY kwt 543/1 fi 2/'n walqabateeti. Innis yaadrimee 'dagannoo beekkamaa fi dagannoo hin beekamne jedhaniif hiikkoo kennamu irraa kan maddu dha. Dhimma tokko keessatti himatamaan konkolaataa oofaa tureen daguu ajjeechaa raawwachuun SY kwt 543/2/ jalatti balleessaa taasisuun adabbii ka'uumsaa isaas sadarkaa 2ffaa gulantaa 8ffaa jalatti qabateera. Gulantaan kunis dagannoo hin beekamneen yakka raawwatamuuf kan taa'e dha. Manni murtii akka mirkaneessetti himatamaan kun konkolaataa kana ariitiidhaan konkolaachisaa osoo jiruu konkolaataan biraa fuldura isaa ture karaa cufee waan dhaabbateef karaa irraa bahuun karaa lafo-deemtotaa irratti miidhamaa ajjeeseera. Himatamaan konkolaataa kana metira 40 irratti argee kan turee fi kilaaksii gochuufiis ragaan mirkaneessaniiru.[185] Dhimma kana keessatti manni murtii dagannoo hin beekamne dha jechuun yakkicha sad.2ffaa, gul.8ffaa jalatti kuffisullee, dhimmichi kan ilaalamuu qabu akka dagannoo beekamaatti sad.4ffaa, gul. 16ffaa jalatti ta'uu qaba ture. Sababni isaas himatamaan kun konkolaataan fuldura isaa jiraachuu osoo beekuu ariitiin ittiin oofaa ture miidhaan kun gahuu kan danda'u ta'uu akka quba qabu kan agarsiisu dha. Himatamaan miidhaan gahuu akka danda'u hubannoo osoo qabuu ofeeggannoo gochuu dhabuudhaan miidhaan yeroo gahu immoo dagannoon jiru dagannoo beekamaa dha.[186]

[184] AA vs Abdii Hasan fa'a N-5, MMA Qarsaa, Lakk G 15293
[185] AA vs Geetuu Tashoomaa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 44958
[186] Blacks law dictionary, 8th ed., P3283-3285.

Rakkoon biraa gama kanaan mul'atu gulantaa ka'uumsaa adabbii hidhaatiif teechifame fudhachuun sana bu'uureffachuun adabbii maallaqaa shallaguu dha. Dhimma tokko keessatti himatamaan SY kwt 556/1/ cabsuun kan balleessaa jedhame yoo ta'u, manni murtichaas adabbii hidhaa yookin maallaqaa osoo hin filatiin gulantaa ka'uumsaa 2ffaa qabatee, sababa adabbii cimsuu fi salphisu tokko tokko fudhachuun erga waldandeessise booda gulantaa 2ffaa jalatti adabbii qarshii 800'tiin adabeera.[187] Qajeelfama adabbii kwt 13 jalatti sadarkaan keewwata kanaaf (556/1) teechifame tokko qofa yoo ta'u, innis adabbii hidhaaf gul.2ffaa, adabbii maallaqaaf gul.6ffaa dha. Kanaaf manni murtichaa adabbii maallaqaa filatee osoo jiruu gulantaan ka'uumsaa 2ffaan inni qabate kan adabbii hidhaaf teechifame waan ta'eef dogongora akka ta'e kan hubatamu dha.

ii. Yakkoota sadarkaa fi gulantaan hin baaneef ilaalchisee

Yakkoota sadarkaa fi gulantaan isaanii qajeelfama adabbiitiin hin baane ilaalchisee manni murtii hojii lama raawwachuutu irraa eegama. Inni duraa bu'uura qajeelfama adabbii keewwata 19/5/'tiin yakkicha haala raawwii isaa, miidhaa gahee fi kkf ilaalcha keessa galchuun salphaa, giddu-galeessa yookin cimaa jechuun sadarkeessuu dha. Inni lammataa immoo reenjii adabbii ka'uumsaa fi baaxii jidduu jiru bakka afuritti qooduun adabbii ka'uumsaa adda baafachuu dha. Itti aansuun adeemsa lamaan kana keessatti hanqinaalee gurguddoo mul'atan kan sakattaanu ta'a.

a. Sadarkaa yakkaa salphaa, giddu-galeessa yookin cimaa jechuun baasuun walqabatee rakkoo jiru

Yakkoota sadarkaan hin baaneefiin walqabatee rakkoon jiru tokko yakka raawwatame sadarkaa gadaanaa, giddu-galeessa yookin olaanaa jechuun sadarkeessuun kan walqabatu dha. Innis abbootii seeraa gidduutti yakka haala walfakkaataa keessatti raawwatame kaan olaanaa kaan immoo gadaanaa yookin giddu galeessa jechuun sadarkeessuutu mul'ata. Murtiiwwan hedduu keessatti haala raawwii gochichaa, miidhaa qaqqabee fi faayidaa argame kkf tilmaamaa keessa galchuudhaan adabbiin hidhaa salphaan fudhatameera jechuun alatti sababni adda bahee hin caqasamu.[188]

Dhimma tokko keessatti himatamaan SY kwt 572/1/ konkolaattota garagaraa 3 irraan miidhaa qa.210,000'tti tilmaamame dhaqqabsiisuun balleessaa jedhameera. Manni murtii miidhaa dhaqqabe ilaalcha keessaa galchinee sadarkaa yakkichaa gadaanaa qabanne jedheera.[189] Dhimma kana keessatti yaadni namaa hin liqimfamne miidhaan qa. 210,0000 konkolaattota 3 irra gahe sadarkaa gadaanaa jedhamee qabamuu akkamitti akka danda'e dha. Murtii kana sababa yakka

[187] AA vs Tasfaayee Asaffaa, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27196
[188] Kabbadaa Gidduma, Pirez. MMA Dugdaa fi Kabbaboo Tashoomaa, Abbaa seeraa MMA Dugdaa waliin taasifame, 02/06/2009; Waaqumaa Xuurii, Abbaa seeraa MMO/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/09 taasifame; Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009;
[189] AA vs Maammoo Olkaamoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13218

raawwatameen miidhaan hanga kana dhaqqabee osoo jiruu manni murtii sadarkaa gadaanaa akkamitti akka qabate ifa miti. Dhimma biraa manuma murtii kanatti ilaalame biraa keessatti himatamaan goromsa qa.5500 baastu dhoksuun kwt 682/1/ jalatti balleessaadha kan jedhame yoo ta'u, manni murtichaa yakkicha sadarkaa giddu-galeessaatti ramadeera. Sababani inni ibses goromsi kun maatii miidhamaa dhuunfaatiif fayidaa olaanaa kan kennitu waan ta'eef jedheera.[190] Dhimmootni kun abbaa seeraa tokkoon kan ilaallaman yoo ta'u, yakka tokko sadarkeessuu irratti akka feeteedhaan kan hojjetamaa jiru ta'uu kan agarsiisani dha.

Dhimma tokko keessatti himatamaan dagannoodhaan konkolaataa oofu kuffisuun miidhaa qa. 18,000 gahu waan irraan geessiseef SY kwt 572/1/ jalatti balleessaa taasifameera. Manni murtii kun adabbii qarshii filachuun sadarkaa yakkichaa gadaanaa qabateera. Sababni sadarkaa kana qabateefis yakkichi daguun raawwatamuu kan jedhu dha.[191] Dhimma walfakkaataa biraa tokko keessatti immoo hojjetaan eegumsaa hojii isaa dagachuun foddaan mana barnootaa cabee kompiitarri Dell qa. 20,000 baasu waan fudhatameef SY kwt 420/1/ jalatti balleessaa jedhameera. Manni murtii sadarkaa olaanaa jalatti kuffiseera. Sababni caqases 'himatamaan dirqama hojii isaa bahuuf ofeeggannoo gochuu qabu dagachuu isaa' ta'uu ibseera.[192] Dhimmoota olii kanneen yeroo ilaallu lameenuu dagannoon kan raawwatamanii fi hangi miidhaa dhaqqabees walitti kan dhiyaatu ta'ee osoo jiru dhimma isa tokkoof sadarkaan gadaanaan yoo qabamu isa lammataaf immoo sadarkaan giddu-galeessaa qabameera. Kana malees, manneen murtii kun daguun raawwatamuu yakkichaa qofa bu'uureffachuu hin qaban ture. Dagannoon himatamtoota kanaa dagannoo beekamaa moo dagannoo beekamaa hin taane dha kan jedhus adda baasuun yakkicha sadarkeessuuf itti gargaaramuu qabu ture. Kana malees hanga miidhaa dhaqqabee xiinxaluun ilaalcha keessa galchuun barbaaachisaa dha.

Manneen murtii sababoota adabbii cimsan yookin salphisan waliigalaa bu'uureffachuun sadarkaa yakkichaa gadi aanaa, giddu-galeessaa fi olaanaa jechuun sadarkeessuuf yeroon gargaaramanis ni jira.[193] Qajeelfamni adabbii lakk.2/2006 keewwatni 19/5/ garuu sababoota adabbii cimsan yookin salphisan waliigalaa bu'uureffachuun sadarkaa yakkichaa baasuun akka hin danda'amne ifatti teechiseera. Dhimma tokko keessatti abbaan seeraa himatamaa dhaddacha jeequun SY kwt 441/2/ jalatti erga balleessaadha jedhee booda sadarkaa yakkichaa 'olaanaa' jedheee qabateera. Sababa isaa yeroo ibsus 'himatamaan kun kanaan dura yakka biraatiin adabamee kan irraa hin baranne waan ta'eef' kan jedhu dha.[194] Akka dhimma kanarraa hubatamutti manni murtichaa yakkicha sadarkeessuuf sababa yakkichaan walqabatu hin bu'uureffatne. Manni murtichaa cimina yookin salphina yakkichaa (haala raawwii, miidhaa gahee fi kkf) cinaatti dhiisuun himatamaan yakka biraatiin balleessaa jedhamee kan jiru ta'uu sadarkaa yakkichaa baasuuf

[190] AA vs Jamulee Adiloo, MMA Shaallaa, Lakk G 13217
[191] AA vs Abbabaa Isheetuu, MMA Shaashamannee, Lakk G 59097
[192] AA vs Damee Addunyaa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 61175
[193] Wubituu Beeggii, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009; Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009; Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame
[194] AA vs Aschaaloo Tsaggaayee, MMO Go/Booranaa, Lakk G 11635

fayyadameera. Kun immoo yaada tumaa qajeelfama adabbii kwt 19/5/ jalatti haammatame waliin kan walsimu akka hin taane ifa dha.

Dhimma walfakkaataa biraa tokko keessattis himatamaan mana sirreessaa keessatti adabbii itti murtaa'ee ture osoo raawwachaa jiruu tumaa SY kwt 27 fi 631(1,A) cabsuun yakka haaraa raawwatee balleessaa jedhamee ture. Manni murtii sadarkaa yakka haaraa raawwatamee yeroo baasu jiddu galeessa jalatti ramadeera. Sababa isaa yeroo ibsus 'himatamaan adabbii yakka duraanii irraa osoo barachuu fi of-fooyyessaa deemuu qabuu yakka biraa waan raawwateef' kan jedhu dha.[195] Mannumti murtii kun himatamaa biraa adabbii hidhaa osoo raawwachaa jiru yakka biraatiin himatamee dhufeef yakka haaraa raawwatame salphaa jedhee sadarkeesseera. Sababni salphaa jedhee sadarkeesseef yakka haaraa kana raawwachuu mana murtiitti waan amaneef kan jedhu dha.[196] Dhimmoota kana irraa kan hubatamu tokko manneeen murtii keenya sababa haala raawwii yakkichaatiin, hanga miidhaa gahee fi kkf'n walhin qabatne bu'uureffachuun sadarkaa yakkaa akka qabatani dha. Kana malees dhimma lammataa irratti manni murtii sababa waliigalaa adabbii salphisuuf itti gargaarame /himannaa irratti dhiyaate amanuu/ sadarkaa yakkichaa baasuufis itti fayyadamuun kan jiru ta'uu dha.

Takka takka immoo manneen murtii sadarkaa yakkaa baasuuf sababa gonkuma yakkicha waliin hariiroo hin qabne yeroon dhiyeessan ni mul'ata. Fakkeenyaaf dhimma tokko keessatti himatamaan yakka kana kan raawwate wallaala qabu irraa ka'ee waan ta'eef sadarkaa yakkichaa gadaanaa qabanneerra jedhameera.[197]

b. Gulantaa yakkaa baasuun walqabatee

Yakkoota gulantaa fi sadarkaan hin baaneef ilaalchisee akkaataa qajeelfamni adabbii teechiseen sadarkaa fi gulantaa baasuu irratti qabatamaan rakkoo bal'aatu jira. Fakkeenyaaf dhimma tokko keessatti himatamtootni balleessaa kan jedhaman SY kwt 816 jalatti yoo ta'u innis adabbii maallaqaa yookin hidhaa baatii 1 hin caalleen adabsiisa. Manni murtii hidhaa erga filatee booda sadarkaa olaanaa qabateera. Kanaanis hidhaa baatii 1 itti murteesseera. Dhimma kanarratti sadarkaa olaanaadhaaf adabbiin hidhaa murtaa'uu qabu guyyaa 20 hanga 25 ti. Sababni isaas: adabbii hidhaa baatii 1 hin caalle kanaaf yeroon guyyaa 10 hanga baatii 1 jidduu jiru guyyoota digdama dha. Isa kana bakka afuritti yeroo qoodnu guyyaa 5 ta'a. Kanaaf sadarkaa gadaanaaf hidhaan murtaa'u guyyaa 10-15, jiddu galeessaaf hidhaa guyyaa 16-20, olaanaaf guyyaa 21-25 ta'a. Manni murtichaa garuu sadarkaa olaanaa qabate jalatti hidhaa baatii 1'tiin adabeera.[198] Manni murtii olaanaa oliyyannoo kana ilaales cimseera.[199] Manni murtii kun adabbii baaxii kutaa

[195] AA vs Abdataa Tarfaasaa, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27142
[196] AA vs Shokee Jiruu, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27177
[197] AA vs Daadhichoo Addunyaa, MMA Kuyyuu, Lakk G 35912
[198] AA vs Maartaa Salamoon fa'a N-4, MMA Baabbilee, Lakk G 09378
[199] AA vs Maartaa Salamoon fa'a N-4, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G 37661

addaa seera yakkaa jalatti yakkichaaf teechifame murteessuuf sadarkaa yakkichaa olaanaa osoo hin taane daran olaanaa jedhee sadarkeessuu danda'a ture.

Dhimma tokko keessatti immoo himatamaan yakka tumaa SY kwt 686/2/ jalatti tumame darbuun qabiyyee nama biraa mirga irraa hin qabne qabate jedhamee balleessaa taasifameera. Manni murtichaas sadarkaa yakkichaa gadaanaa jedhee qabatee, innis waggaa 1 hanga waggaa 1 fi baatii 6 adabsiisa jedheera. Kunis miiltoo 1ffaa gulantaa 7ffaa jalatti kufa jechuun, yaada adabbii salphisu tokko erga fudhateefi booda gulantaa 6ffaa jalatti hidhaa cimaa waggaa 1 fi baatii 8'n adabeera.[200] Tumaan kun hidhaa cimaa waggaa 5 hin caalleen kan adabsiisu dha. Kanaaf sadarkaa gadaanaa qabame jalatti waggaa 1-2 kan adabsiisu dha malee akka manni murtii jedhe waggaa 1 hanga waggaa 1 fi baatii jahaa miti. Kunis miiltoo 1ffaa gulantaa 7ffaa osoo hin taane gulantaa 5ffaa jalatti kan kufu dha. Yaadni adabbii hir'isu 1 erga fudhatameef booda immoo gulantaa 4ffaa jalatti adabbii baatii 4-10 kan adabsiisu ture. Kunis dogongora shallaggii mana murtichaatiin himatamaan kun adabbiin hidhaa cimaa waggaa 1 caalu akka itti dabalame kan agarsiisu dha.

Dhimma kan biraa tokko keessatti immoo himatamaan balleessaa kan jedhame tumaa SY kwt 682/3/ cabsuun dagannoodhaan yakka dhoksaa raawwachuuni dha. Manni murtiis keewwatni kun adabbii hidhaa waggaa 1 hin caalleen akka adabsiisu kan teechisu waan ta'eef, kun immoo miiltoo 1ffaa qajeelfama adabbii keessaa gulantaa 6ffaa jalatti kan kufu waan ta'eef gulantaa 6ffaa akka ka'uumsaatti qabateera.[201] Keewwatni murtiin balleessaa jalatti kenname adabbii hidhaa waggaa 1 hin caalleen kan adabsiisuu fi sadarkaa fi gulantaan kan hin baaneefi dha. Kana waan ta'eef manni murtichaa dursee yakkicha salphaa, giddu galeessa yookin olaanaa jedhee sadarkeessuu qaba ture. Kana hin taasisne. Itti aansuun reenjii hidhaa guyyaa 10 fi waggaa 1 jidduu jiru bakka afuritti qooduun adabbii ka'uumsaa adda baafachuu qaba ture. Bu'uura kanaan osoo itti hin adeemne manni murtii sababa malee yakkichi gulantaa 6ffaa jalatti kufa jedheera.

Dhimma biraa tokko keessatti immoo himatamaan doorsisaan /kwt 580/ kan himatamee balleessaa jedhamu yoo ta'u, adabbii hidhaa filatee sadarkaa giddu galeessa qabateera. Adabbii ka'uumsaa yeroo baasus hidhaa salphaa ji'a 2 hanga 4 ta'a jechuun qabateera. Adabbii ka'uumsaas baatii 3 qabateera.[202] Murtii kana keessatti haalli adabbiin ka'uumsaa itti herreegame rakkoo akka qabu ni hubatama. SY kwt 580 jalatti doorsisaaf adabbiin hidhaa salphaa baatii 6 hin caalle taa'eera. Isa kana bakka afuritti qooduun yeroo ilaallu sadarkaa yakkaa giddu galeessaaf hidhaan murtaa'uu danda'u baatii 1 fi walakkaa hanga baatii 3 ta'a malee akka manni murtii jedhe baatii 2 hanga 4 miti.

[200] AA vs Daadhichoo Addunyaa, MMA Kuyyuu, Lakk G 35912
[201] AA vs Jifaaraa Baacaa fa'a N-2, MMA Amboo, Lakk G 51408
[202] AA vs Cammaraa Dirribaa, MMA Kuyyuu, Lakk G 35914

Rakkoon inni biraa bakka kanatti mul'atu akkaataa qajeelfama adabbii lakk 2/2006 kwt 19 jalatti teechifameen sadarkaa fi gulantaa yakka tokkoo osoo hin baasiin callisanii gulantaa kana qabanne jechuu dha. Dhimma tokko keessattis himatamaa tumaa SY kwt 580 jalatti balleessaa taasifameef MMA yakkicha sadarkaa gadaanaa jalatti ramadneerra jechuun adabbii ka'uumsaa qa. 700 qabateera. Itti aansuunis yaadni adabbii cimsu tokkoo fi yaada adabbii salphisu tokko fudhanne jechuun gulantaa 1ffaa miiltoo 2ffaa qajeelfama adabbii jalatti adabbii maallaqaa qa. 500 adabeera.[203] Keewwatni kun adabbii maallaqaa qa. 500 hin caalleen akka adabsiisu teechiseera. Kanaaf, bu'uura qajeelfama adabbbii kwt 19(12)'tiin sadarkaa gadi aanaa waan qabateef baaxii seerri kaa'e qa. 500 irraa 2/3ffaa (166) hir'isuun baaxii olaanaa adabuu danda'u adda baafachuu qaba ture. Innis qa. 334 ta'a. Kanaaf manni murtichaa hanga qa. 334'tti adabuu danda'a malee qa.700 akka adabbii ka'uumsaatti qabachuuf yookin qa. 500 adabuun isaa bu'uura seeraa kan qabu miti.

Rakkoon inni biraa sadarkaa fi gulantaa yakkootaa baasuun walqabatee mul'atu immoo yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheef akka yakkoota sadarkaa fi gulantaan hin baaneefiitti hubachuu dha. Dhimma tokko keessatti manni murtii himatamtuu tumaa SY kwt 560 jalatti balleessaa erga jedheen booda yakka kana akka yakka sadarkaa fi gulantaan hin bahiiniifiitti lakkaa'uudhaan bu'uura qajeelfama adabbii kwt 19 (12)'tiin kan murtaa'u dha jedheera. Bu'uura kanaanis sadarkaa yakkichaa giddu-galeessa jedhee ramaduun adabbii qa. 200'tiin adabeera.[204] Dhimmi kun abbootiin seeraa tokko tokko qajeelfama adabbii ilaalchisee hubannoo bu'uuraallee osoo hin qabaatne yookin qajeelfamicha osoo hin dubbisne ittiin hojjechuuf akka yaalan kan agarsiisu dha.

4.1.6. Sababootni Adabbii Cimsanii fi Salphisan Yeroo Jiran Haala Itti Keessummaahan

i. Sababoota waliigalaa adabbii cimsan

Sababootni waliigalaa adabbii cimsan SY keewwata 84 jalatti tarreeffamanii argamu. Kutaa kana jalatti bu'uura SY keewwata 84'tiin sababoota tarreeffaman keessaa kanneen hojii irratti hiikkoof saaxilamoo ta'an ilaalla.

a. Ofittummaa, saragummaa, nama miidhuuf fedhii guutuu qabaachuu fi hammeenyummaa addaa qabaachuu (84/1/A)

Manneen murtiii yaadrimeewwan kanneen sirnaan hubachuu yeroon dhaban ni mul'ata. Dhimma tokko keessatti himatamaan goromsa qa.5500 baastu dhoksuun kwt 682/1/ jalatti balleessaa jedhamee ture. Sababoota adabbii cimsan abbaa alangaatiin ka'an keessaa tokko himatamaan ofittummaadhaan /greedy/ yakka raawwachuu kan jedhu dha. Manni murtiis sababa kana akka sababa adabbii cimsuutti fudhateera.[205] Akka dhimma kana irraa hubatamutti himatamaan

[203] AA vs , MMA Diggaa, Lakk G 09402
[204] AA Vs Tikkuu Mootii, MMA Kuyyuu, Lakk G 38694
[205] AA vs Jamulee Adiloo, MMA Shaallaa, Lakk G 13217

ofittummaadhaan yakka kana raawwachuu waanti agarsiisu hin jiru. Qabeenya nama biraa fudhachuun, hatuun yookin dhoksuun qofti mataa isaatiin ofittummaan raawwatame kan jechisiisu osoo hin taane, himatamaan gochaa yakkaa sana kan raawwate rakkatee osoo hin taane kan qabutti quufuu dhabuun dabalachuuf kan raawwates ta'uu qaba.

Dhimma tokko keessatti himatamaan hoogganaa Wa/DhDUO ta'e aangoo isaatti fayyadamuun miidhamaa dhuunfaatiif bilbilee warri 'daheninnatii' qabanii akka gara mana sirreessaa 'maa'ikalaawwii' isa geessuuf qophaa'an itti himuun warqee waqeeta tokko yoo qopheesse garuu dubbicha akka irraa hanbisu itti himee sodaachisuun warqii kana dhufee irraa fuudhee harkaaf harkatti waan qabameef tumaa lab. 881/2007 kwt 32/2/ jalatti balleessaa taasifameera. Abbaan alangaa sababoota adabbii cimsan 4 kaaseera. Isaanis: yakkichi saragummaan, ofjaallachuun, amala badaa qabaachuuni fi nama miidhuuf fedhii guutuun raawwatamuu kanneen jedhani dha. Manni murtichaa sababoota lama ofittummaa kan jedhuu fi nama miidhuuf fedhii guutuun raawwatamuu kanneen jedhan fudhateera.[206] Manni murtii kun yakkichi saragummaan raawwatamuu fi amala badaa qabaachuun raawwatamuu jedhamuun sababoota ka'an hin fudhanne. Saragummaa (perfidy) jecha jedhuuf hiikaa kuusaa jechoota seeraa tokkoon kenname yeroo ilaallu 'amantaa miidhamaa argachuuf gochaa sobaa uumuun amantaa sobaan argame dawoo godhachuun yakka raawwachuu' akka ta'e ni hubatama.[207] Kanaaf dhimma kanarratti himatamaan kun gahee hojii isaa fayyadamee amantaa miidhamaa akka argate ni hubatama. Dabalataan manni murtii kan qulqulleessuun irra ture garuu himatamaan kun sobaan amantaa kana kan argatedha moo miidhamaa kana yaaddoo dhuguma itti dhufe jalaa miliqsuuf yaalaa ture kan jedhu dha. Kanaaf miidhamaa kanatti yaaddoon dhugumaan dhufaa ture hin jiru yoo ta'e himatamaan kun gochaan raawwate saragummaan akka raawwatameetti fudhachuun adabbii itti cimsuu kan danda'u dha. Himatamaan dursee karoorsee yakkicha kan raawwate waan ta'eef nama miidhuuf fedhii guutuu qabaachuudhaan yakkicha raawwachuus hubachuun ni danda'ama. Himatamaan abbaa aangoo fi mindeeffamaa ta'ee osoo jiruu fayida dabalataa isaaf hin malle gaafachuun isaas ofittummaadhaan yakka kana raawwachuu isaa kan agarsiisu dha.

Dhimma tokko keessatti himatamaan harka miidhamaa cabsee tumaa SY kwt 555/B jalatti balleessaa jedhameera. Abbaan alangaa sababa adabbii cimsu yeroo kaasu himatamaan hammeenyummaan gochaa kan raawwate waan ta'eef adabbiin itti haa cimu jedheera. Manni murtiis himatamaan nama miidhuuf yaadee gochaa raawwate waan ta'eef akka sababa adabbii cimsu tokkootti fudhanneerra jedheera.[208] Tumaan SY keewwatni 84(1)(A)'n haala raawwii yakka tokkoo keessatti hammeenyummaan addaa yoo mul'ate akka sababa adabbii salphisuu danda'u tokkootti ni teechisa. Akka dhimma kanarraa hubatamutti haalli raawwii yookin miidhaan himatamaan dhaqqabsiise hammeenyummaa addaa kan agarsiisuu danda'u miti. Firiin

[206] AA vs Tamasgeen Gudduu, MMO go/Wa/Lixaa, Lakk G 30709.
[207] www.duhaime.org/LegalDictionary/P/Perfidy.aspx
[208] AA vs Qabbanaa Nagarii, MMA Laaloo Assaabii, Lakk G 6798

dubbii galmicha keessaa kana agarsiisuu osoo hin jiraatiin manni murtichaa sababa abbaa alangaatiin dhiyaate fudhachuun isaa deeggarsa seeraa kan qabu miti.

b. Halkan raawwatamuu yakkichaa (84/1/c)

Yakki tokko halkan waan raawwatameef akka sababni adabbii cimsu jiruutti fudhanna moo raawwatamuun yakka sanaa halkan dawoo godhachuun kan raawwatame ta'uu mirkanaa'uu qaba kan jedhu qabxii garaagarummaan ogeessota jidduutti irratti calaqqisu dha.[209]

Dhimma tokko keessatti himatamaan yakka dhoksaatiin tumaa SY kwt 682(1) darbuun kan balleessaa jedhame yoo ta'u, fardi badee ture himatamaa harkatti kan argame halkan waan ta'eef manni murtii akka sababa adabbii cimsu tokkootti fudhatee gulantaa tokko itti dabaleera.[210] Dhimma biraa keessatti garuu yakki SY kwt 555/c/ jalatti balleessaa jedhame halkan sa'a 2:00' tti raawwatamuu malee dukkana dawoo godhachuu waanti agarsiisu hin jiru jechuun manni murtii yaada dhiyaate sababa adabbii cimsuu dandeessisu miti jechuun kufaa godheera.[211] Dhimma walfakkaataa biraa keessattis himatamaan tumaa SY kwt 556/2/ jalatti balleessaa kan jedhame yoo ta'u, manni murtii gochaan yakkaa kun raawwatme halkan yoo ta'ellee walitti bu'iinsa tasa uumameen malee itti yaadamee halkan eeggachuun kan raawwatame waan hin taaneef akka yaada adabbii cimsuutti hin fudhatamu jedheera.[212]

Akka dhimma isa duraa irraa hubatamutti ejjennoon mana murtichaa halkan dawoo godhachuun osoo hin barbaachisne gochaan yakkaa sun halkan raawwatamuun isaa qofti akka sababa adabbii cimsuutti fudhatamuu qaba kan jedhu dha. Ejjennoon manneen murtii dhimmoota itti aanuun dhiyaatan lamaan keessatti calaqqise garuu akka sababa adabbii cimsuutti fudhatamuuf himatamaan halkan ta'uu isaa ilaalcha keessaa galchee yakkicha raawwachuu kan barbaade ta'uu waanti agarsiisu jiaachuu akka qabu dha. Tumaa SY keewwata 84(1)/c/ yeroo ilaallu ejjennoo isa lammataa kana kan deegaru dha. Akka tumaa kana irraa hubatamutti halkan akka sababa adabbii cimsuutti kan ilaalamu, himatamaan halkan yookin gochaa shororkaa yookin jeequmsa uumame akka carraa gaariitti fayyadamuun gochaa yakkaa kan raawwate yoo ta'e dha.

Rakkoon inni kan biraa qabxii kanaan walqabatee ka'uu qabu halkan raawwatamuun yakka tokkoo akka sababa adabbii salphisuutti kan fudhatamu yakkoota uumama isaanitiin cimaa hin taaneefidha kan jedhu dha. Yakka gudeeddii daa'ima irratti raawwatame tokko keessatti himatamaan kwt 627/1/ jalatti yeroo balleessaa jedhamu, manni murtii yakkichi uumama isaatiin cimaa waan ta'eef halkan ta'uun isaa sababa adabbii cimsu hin ta'u jechuun yaada adabbii ka'e kufaa godheera.[213] Bu'uura SY keewwata 84/2/'tiin halkan raawwatamuun yakka tokkoo kutaa

[209] Addunyaa Alamuu, Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi Mu/HA/Ke/Wa/Ha/Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 6/6/2009 gaggeeffame; Kabbaboo Tashoomaa, Abbaa seeraa MMA Dugdaa waliin Afgaaffii taasifame, 02/06/2009.
[210] AA vs Leencoo Raagoo, MMA Dugdaa, Lakk G 18958
[211] AA Vs Milkeessoo Waadoo, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 28187
[212] AA vs Getaachoo Bantii, MMO Go/Wa/Lixaa, Lakk G 33229
[213] AA vs Eebbisaa Waannaa, MMO Go/Wa/Lixaa, Lakk G 33324

addaa seera yakkaa keessatti yakkicha akka hundeessu yeroo ifatti teechifameen alatti yakkichi cimaa ta'uu fi dhabuun isaa sababa adabbii cimsu kana akka hin fudhanne kan taasisu ta'uu hin danda'u.

c. Kanneen biroo waliin ta'uun yakka raawwachuu (84/1/d)

Sababoota waliigalaa adabbii cimsan keessaa inni tokko kanneen biroo waliin ta'uun yakka raawwachuu dha. Yaadrimee kanaaf qabatamaan hiikkoo garagaraatu itti kennamaa jira. Yeroo hedduu himatamtoonni lama qofti gochicha waliin ta'uun kan raawwatan yoo ta'e bu'uura SY. Kwt. 84(1) (d) tiin sadarkaa tokkoon adabbiin akka cimu murtaa'a.[214] Yeroo tokko tokko immoo yakki nama lama qofaan waan raawwatameef akka gareen raawwatameetti fudhatamee adabbii kan cimsu miti jechuun hubachuun ni jira.[215] Gaaleen 'waliin ta'uun' jedhu nama lamaa fi sanaa oliin raawwatamuu kan danda'u akka ta'e ifa waan ta'eef, sababa kanaan adabbii cimsuuf baay'inni namoota waliin ta'uun yakka raawwatanii lamaa ol yookin hedduu ta'uun irraa hin eeggamu.

Dhimma biraa tokko keessatti immoo himatamtootni nama 6 ta'anii kan himataman yoo ta'u isaan keessaa namootni 3 miidhamtoota garagaraa reebuun him.1ffaa fi 4ffaan kwt 556/2/ jalatti, hima.2ffaan immoo kwt 556/1/ jalatti balleessaa jedhamaniiru. Abbaan alangaa himatamtootni kun gareen ta'uun miidhamtoota kana eeggatanii kan reeban waan ta'eef adabbiin itti nuuf haa cimu jedheera. Manni murtii garuu himatamtootni kun waliin ta'anii kan raawwatan yoo ta'ellee namni isaan rukutanii fi tumaan isaan cabsan garagara waan ta'aniif gareen ta'anii raawwatan hin jechisiisu jedheera.[216] Akka dhimma kana irraa hubatamutti immoo manni murtii gaalee 'kanneen biroo waliin ta'uun' jedhu miidhamaa dhuunfaa tokko /walfakkaataa/ waliin miidhuu akka ta'eetti hiikeera. Kan ilaallamuu qabu garuu yaada sammuun walta'uun yookin yakkicha raawwachuuf waliigaluun waliin yakka keessatti hirmaachuu dha malee miidhamaa tokko waliin miidhuu qofa akka ta'eetti hubatamuu hin qabu.

d. Nama eegumsa addaa barbaadu irratti yakki raawwatamuu (84/1/e)

Himatamaan tokko yakka kan raawwate nama eegumsi addaa taasifamuufi qabu irratti yoo ta'e, akka sababa waliigalaa adabbii cimsu tokkootti kan fudhatamu ta'a. Dhimma tokko keessatti Himatamaan obboleettii isaa uleen burukse jedhamuun tumaa SY kwt 556/2/ jalatti balleessaa jedhameera. Abbaan alangaa himatamaan kun kan miidhe obboleettii isaa waan taateef adabbiin itti cimuu qaba jedheera. Manni murtichaa garuu miidhamtuun yeroo yakka kana irratti raawwatutti miidhamtuun haala fayyaa yookin jireenya ishiitiin eegumsi addaa kan ishii

[214] Komishiinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa vs Salaamon Tasfaayee fa'a N-3, Lakk. G MMWO Dh.Lixaa 176973

[215] Addunyaa Alamuu, Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi Mu/HA/Ke/Wa/Ha/Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 6/6/2009 gaggeeffame; Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame

[216] AA vs Miliyoon Ittafaa fa'a N-6, MMA Laaloo Assaabii, Lakk G 6806

barbaachisu ta'uu waanti agarsiisu osoo hin jiraanne obboleettii himatamaa ta'uun ishii qofti sababa adabbii cimsu hin ta'u jedheera.[217] Dhimma biraa walfakkaataa ta'e keessatti immoo abbaan alangaa yaada adabbii cimsu yeroo kaasu miidhamtuun dubartii waan taateef adabbiin itti nuuf haa cimu jedheera. Manni murtiis fudhatee adabbii himatamaa gulantaa tokkoon cimseera.[218] Dhimma tokko keessattis himatamaan kan ajjeese obboleessa isaa waan ta'eef akka sababa adabbii cimsu tokkootti fudhatannee gulantaa tokko itti daballeerra murtiin jedhu kennameera.[219]

Akka dhimmoota olii kanneen irraa hubatamutti 'nama eegumsi addaa taasifamuufi qabu' jechuun yaadrimeen seerichi teechise bifa walfakkaataan hiikkamaa hin jiru. Akka hafuura tumaa SY kwt 84/1/e irraa hubachuun danda'amutti sababa kanaan adabbiin cimuudhaaf miidhamaan/miidhamtuun dhuunfaa sun dubartii yookin fira ta'uu qofa osoo hin taane sababa umurii, fayyaa, jireenya yookin hojii isaatiin/ishiitiin eegumsi addaa nama godhamuufi qabu ta'uu ragaan agarsiisu jiraachuu qaba.

ii.Sababoota addaa adabbii cimsan

Sababootni addaa adabbii cimsan gosa lama qabu. Isaanis yakka daddabalamaa fi yakka irra deddeebii dha.

a. Yakka daddabalamaa

Sababoota addaa adabbii cimsan keessaa tokko yakkoota daddabalamaa raawwachuu dha. Rakkoon gama kanaan mul'atu inni tokko maalummaa yakka daddabalamaa hubachuu dha. Kanaan walqabatee rakkoon mul'atu tokko bu'uura SY kwt 60(c)'tiin yeroo himatamaan gochaa tokkoon keewwata seeraa walfakkaataa cabsuun miidhamtoota 2 fi isaa ol irraan miidhaa dhaqqabsiisu abbootiin seeraa tokko tokko akka yakka daddabalamaatti kan hin fudhanne ta'uu dha.[220] Kanarraa kan ka'e nama yakka daddabalamaa raawwate akkuma nama yakka qeenxee tokko raawwateetti adabuunis ni jira. Dhimma tokko keessatti himatamaan namoota garagaraa 2 waliin wal lolee miidhaa qaamaa walfakkaataa irraan gahuun tokkoon tokkoon isaanii irraan miidhaa gaheef SY kwt 556/2/ jalatti balleessaa jedhameera. Adabbii irratti garuu manni murtii kun akkuma nama tokko miidheetti hidhaa baatii 7'tiin adabeera.[221] Daddabalamaa ta'uun yakkichaa akka sababa adabbii cimsu addaatti fudhatamee adabbii himatamaa kanatti cimsuu osoo qabuu manni murtichaa ilaalcha keessa galchee hin jiru.

Kana malees, manneen murtii tokko tokko himatamaa yakkoota daddabalamaa jalatti balleessaa erga taasisan booda keewwata adabbii irra caala cimaa hordofsiisu jalatti qofa adabbi yeroon

[217] AA vs Dajanee Badhaanee, MMA Kuyyuu, Lakk G 38802
[218] AA vs Zallaqaa Ittisooo, MMA Shaallaa, Lakk G 12966
[219] AA vs Yeteraa Naraamoo, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 28396
[220] Olaanii, abbaa seeraa MMO Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 06/06/2009 gaggeeffame; Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirez. MMO Go/Ha/Bahaa, Afgaaffii gaafa 06/06/09 gaggeeffame
[221] AA vs Miliyoon Ittafaa fa'a N-6, MMA Laaloo Assaabii, Lakk G 6806

murteessan ni jira. Dhimma tokko keessatti himatamaan yakka hanna cimaa (SY kwt 669/3/B) fi miidhaa qaama raawwachuun (kwt 556/2/) keewwattoota lameenuu jalatti balleessaa jedhameera. Itti aansuun adabbii ilaalchisee immoo yakka daddabalamaa waan ta'eef keewwatni adabbii xiqqaa hordofsiisu kan adabbii guddaa hordofsiisu jalatti haammatama jechuun sadarkaa fi gulantaa yakka hanna cimaaf taa'e bu'uureffachuun himatamaa adabeera.[222] Akka dhimma kana irraa hubatamutti himatamaan balleessaa kan jedhame bu'uura SY kwt 60(A)'tiin gochaa garagaraatiin yakka qabatamaa lama dhaqqabsiisuun kan isa gaafachiisu dha. Kanaafuu, adabbiin himatamaa kanaa bu'uura SY kwt 184(1B)'tiin kan itti cimuu qabu dha. Himatamaan yakka isa tokko raawwachuuf jedhee yakka lammataa kan raawwate yoo ta'uun yoo kan mirkanaa'e ta'e immoo adabbiin bu'uura SY kwt 185'tiin kan itti cimu ta'a malee yakka bu'aa qabatamaa garagaraa hordofsiisee fi gochaa walitti aansuun raawwatameen dhaqqabe irratti adabbiin yakka isa cimaaf taa'e haalli itti fudhatamu hin jiraatu.

b. Yakka irra-deddeebii

Seera yakkaa keenya keewwata 67 jalatti akka teechifame namni tokko yakkamaa irra deddeebii jedhamuudhaan adabbiin itti cimee kan murtaa'u haaldureewwan armaan gadii yoo guutan qofaa dha. Isaanis: adabbiin hidhaa nama itti murtaa'e ta'ee, adabbicha guyyaa xumure yookiin adabbiin kun dhiifamaan guyyaa hafeef irraa eegalee yeroo waggaa shanii keessatti yakka haaraa ka'uumsi adabbii isaa hidhaa salphaa ji'a jahaa ta'een adabsiisuu danda'u itti yaadee kan raawwate yoo ta'e dha. Yakkamaan tokko yakka irra deddeebii raawwachuun isaa yoo mirkanaa'e, adabbiin kan itti cimu bu'uura SY keewwata 188 jalatti taa'eeni dha. Kunis ka'uumsa adabbii adda bahe irraa ka'uun gulantaa tokkoo kaasee olguddachuu danda'a. Bu'uura SY kwt 188'tiin hangi adabbii kunis yakka haaraaf yookin yakkootni haaraan daddabalamaa ta'anii yeroo dhiyaatan isaan keessaa yakka cimaa ta'eef kutaa addaa seerichaa keessatti adabbii fiixee tumame hamma dachaa ta'utti olka'uu danda'a. Akka tumaa olii kanarraa hubatamutti, haalotni yakkamaan amaleeffataa ta'uu agarsiisan yoo jiraatan immoo hanga adabbii olitti teechifamellee darbuu danda'a. Garuu, daangaa baaxii adabbii gosa yakkichaaf kutaa waliigalaa SY keessatti taa'e osoo hin darbiin.

Qabatama jiru yeroo ilaalli, yakki irra deddeebiin raawwatame jechuun akka sababa addaa adabbii cimsuutti abbaa alangaatiin yaadni dhiyaatu hedduu hin mul'atu. Dhimmootni bifa kanaan dhiyaachuu danda'an garuu hedduun akka jiran waantotnin agarsiisan ni jiru. Fakkeenyaaf dhimma tokko keessatti abbaan alangaa yaada adabbii yeroo dhiyeessu himatamaan gaafa 26/3/2004 adabbii hidhaa baatii 4'tiin, gaafa 22/1/2006 adabbii hidhaa baatii 4'tiin adabamuu adabbii cimaan isa barsiisu itti nuuf haa kennamu jedheera.[223] Yakki haaraan himatamaan jalatti balleessaa jedhame SY kwt 669(3)/B/ dha. Innis hidhaa salphaa waggaa 1 gadi hin taane ykn hidhaa cimaa waggaa 1 hanga 15 adabsiisa. Manni murtii yaada abbaan alangaa dhiyeessa kana rikardii lamaan gulantaa adabbii afur itti cimsa jechuun yakkamaa

[222] AA (Oliyyataa) vs Diboo Cawwichaa, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 27594.
[223] AA vs Juulaa Kadiroo, MMA Shaallaa, Lakk G 12969, 07/11,2008

waggaa jahaan adabeera. Kana irraa kan hubatamu seenaan yakkaa himatamaa kanaa akka sababa addaa adabbii cimsuutti osoo fudhatamuu danda'uu akka sababa waliigalaa adabbii cimsuutti fudhatamee jira.

Dhimma biraa tokko keessatti immoo himatamaan tokko yakka ajjeechaa lubbuu raawwateen murtiin adabbii hidhaa waggaa 22 itti murtaa'eera. Murtiin akka dubbisameefiin himatamaan kun dhaddacha jeeqeera. Manni murtiis himatamaan dhaddacha jeequu isaatif SY kwt 441/2/ jalatti balleessaa erga ittiin jedhee booda itti aansuun gulantaa fi sadarkaa yakkichaa baaseera. Bu'uura kanaan sadarkaa olaanaa qabachuun adabbii hidhaa cimaa waggaa 3 hanga 4 akka adabsiisu teechiseera. Itti aansuunis adabbii ka'uumsaa waggaa 3 qabachuun gulantaa 14ffaa jalatti kuffiseera. Manni murtichaa sababni addaa adabbii cimsu yakkamaa irra deddeebi'aa ta'uu isaa ibsuudhaan sababa kana gargaaramuun bu'uura SY kwt 188'tiin adabbiin kan cimu yoo ta'e baaxii gosa adabbichaaf kaa'ameen ol waan ta'uuf adabbii hidhaa waggaa sadiin adabneerra jedheera.[224]

Manni murtii kun himatamaan akka yakkamaa irra deddeebi'aatti kan ilaale murtii dursee dubbiseef bu'uureffateeti dha. SY kwt 67 jalatti garuu namni tokko yakkamaa irra deddeebi'aa jedhamee adabbiin itti cimuuf adabbii hidhaa dursee itti murtaa'e xumuree yookin dhiifamaan erga bahe booda yakka haaraa kan raawwate yoo ta'e dha. Himatamaan yakkamaa irra deddeebi'aa kan jedhamu osoo ta'ee immoo manni murtii bu'uura qajeelfama adabbii keewwata 22/2/ fi SY kwt 188/1/'tiin gulantaa tokko irraa jalqabee hanga itti amane adabbii cimsuu danda'a ture. Akka hubannoo abbaa murtichaatti garuu himatamaan yakkamaa irra deddeebi'aa taanaan adabbiin murtaa'uu qabu dirqama dachaa adabbii ka'uumsaa ta'uu akka qabutti kan yaadame fakkaata. Akka waliigalaatti yakka irra deddeebiin walqabatee hanqinni hubannoo ogeessota qaamolee haqaa keenya tokko tokko bira jiraachuu ni hubatama.

iii. Sababoota waliigalaa adabbii salphisan

Sababootni waliigalaa adabii salphisan SY keewwata 82 jalatti tarreeffamanii jiru. Kutaa kana jalatti sababoota SY keewwata 82 jalatti teechifaman keessaa kanneen hiikkoof saaxilamoo ta'anii fi hojimaatni garagaraa akka uumamu taasisan ilaalla.

a. Kuusaa yakkaa dhabuu(82/1/a)

Sababoota waliigalaa bu'uura SY kwt 82'tiin adabbii salphisan keessaa inni tokko himatamaan kuusaa yakkaa kan hin qabne ta'uu isaatiin amalli isaa hanga guyyaa yakka kana raawwateetti amala gaarii akka qabuutti kan fudhatameef yoo ta'e dha. Rakkoon qabxii kanaan walqabatee ka'u inni tokko himatamaan kuusaan yakkaa irratti hin dhiyaatne tokko yakka sana raawwachuun dura amala gaarii akka qabu mirkaneessuun irraa eeggama moo manni murtii tilmaama fudhachuu qaba kan jedhu dha. Dhimma tokko keessatti manni murtii tokko himatamootni kuusaan yakkaa irratti dhiyaate yoo jiraachuu baatellee armaan dura amala gaarii qabaachuu

[224] AA vs Aschaaloo Tsaggaayee, MMO Go/Booranaa, Lakk G 11635

isaanii ragaa qabatamaan hin mirkanoofne jechuun sababa adabbii salphisuuf dhiyaate kana kufaa taasiseera.[225] Dhimmoota biroo keessattis himatamaan kuusaa yakkaa akka hin qabnee fi sababa kanaan adabbiin akka hir'atuuf osoo gaafatuu manni murtii sababni adabbii salphisu fudhatame hin jiru jechuun yeroo darbu ni jira.[226] Manneen murtii hedduun garuu kuusaan yakkaa himatamaa irratti dhiyaate hin jiru yoo ta'e, himatamaan akka sababa adabbii salphisuuf qabuutti fudhatu.[227] Hafuura tumaa seeraa kana (SY kwt 82/1/a/) yeroo ilaallu kuusaan yakkaa himatamaa irratti dhiyaachuu dhabuun isaa himatamaan hanga yakka sana raawwatutti amala gaarii qabaachuu isaa tilmaama kan fudhachiisuu danda'u dha. Ta'us firiin dubbii dhimmichaa dabalataan himatamaan yakka kana hanqina beekumsaatiin yookin garraamummaan yookin mudannoo tasaatiin kan raawwate ta'uu kan agarsiisu ta'uu qaba.

b. Yakkamtichi sodaan qabatamummaa qabu irra gahee yookin dhabiinsa olaanaan yakkicha kan raawwate yoo ta'e (82/1/c)

Sababoota adabbii salphisan waliigalaa SY kwt 82 jala teechifaman keessaa inni tokko himatamaan yakkicha kan raawwate waanti balaa cimaa isarraan gahu kan itti dhufe fakkaatee yookin sodaa bu'uura qabu bu'uureffachuun yakka yoo raawwate dha. Dhimma tokko keessatti himatamtuun obboleessa ishii ajjeesuuf ajjeesuuf jettee yeroo inni mana hin jirreti dhugaatii summaa'e kaa'uun daa'imni waggaa 6 dhugee waan du'eef manni murtii kwt 539 (1)(A) jalatti balleessaa taasiseera. Manni murtii kun bu'uura SY kwt 82(1)(C)'tiin sababoota adabbii salphisu sadi fudhateera. Isaanis: 'himatamtuun dhugaatii summaa'e kana kan keesse obboleessi ishii rakkoo sammuu qabu akka isa waliin quunnamtii saalaa raawwattu waan ishii cinqaa tureef ta'uu, dararaa hamilee keessa galtee, sodaattee waan raawwatteef' kanneen jedhani dha.[228] Himatamtuun kun osoo nama karoorfatte ajjeefte ta'ee sababni adabbii salphisu ishiin qabdu, nama biraa hin yaadamne kan ajjeeste yoo ta'e akka sababa adabbii salphisuutti ishii gargaaraa gaaffiin jedhu akkuma jirutti ta'ee, qabxiin bakka kanatti ilaallamuu qabu tokko himatamtuun sodaa bu'uura qabu ni qabdii kan jedhu dha. Akka firii dubbii dhimma kanaa irraa hubatamutti himatamtuun kun nama ajjeesuuf yaadde sana osoo hin ajjeesiin yaaddoo ishiitti dhagahame sana mala biraatiin dhabamsiisuuf yeroo fi carraa akka qabdu hubachuun ni danda'ama. Tumaa olitti caqasame jalatti akka sababa adabbii salphisuutti fudhatamuuf garuu balaa fi sodaan ishiin narra gaha jettee yaadde battalatti kan dhaqqabaa jiruu (imminent) fi naasuu sana jala taatee of-baraarsuuf yakka raawwatte ta'uu qaba.

Dhimma tokko keessatti immoo himatamaan laaptooppii (laptop) hatuun SY kwt 665/1/ jalatti balleessaa jedhameera. Himatamaan yaada adabbii yeroo dhiyeeffatu qabeenya jedhame kan hate beela'ee ta'uu ibseera. Manni murtii kunis sababa himatamaan dhiyeeffate akka sababa adabbii

[225] AA vs Maartaa Salamoon fa'a N-4, MMA Baabbilee, Lakk G 09378
[226] AA vs Birhaanuu Tafarraa, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27195
[227] Mahaammad Nuuree, Pirez. MMO Go/Shawaa Bahaa, 10/6/2009; Makliit Dirribaa, Abbootii alangaa Wa/Ha/A/ Adaamaa waliin taasifame, 10/05/2009.
[228] AA vs Meymunaa Abraahim, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G 36141

salphisu waliigalaatti fudhachuun adabbii salphiseefi jira.[229] Akkuma tumaan seerichaa (SY kwt 82/1/c) ifatti kaa'u manni murtii sabaaba himatamaan dhiyeeffate kana bu'uureffachuun adabbii salphisuuf himatamaan gochaa hannaa kan raawwate dhabiinsa olaanaa isa quunname irraa ka'ee ta'uu itti amanuu qaba. Sababni kun mana murtii amansiisuu danda'uudhaaf gosti hannaa raawwatamee fi filannoon biraa himatamaan kun dhabiinsa kana jalaa bahuuf qabu ilaalcha keessa galuu qaba. Fakkeenyaaf, namni waanta nyaatu dhabe tokko qabeenya gatii olaanaa baasu kan akka konkolaataa fa'a ni fudhata jedhanii amanuun ija nama dhama-qabeessaatiin sirrii hin ta'u. Kanaaf, dhimma olii kana keessatti manni murtichaa sababa dhiyaate bifa kanaan xiinxaluu qaba ture.

iv. Sababoota addaa adabbii salphisan

Sababootni addaa adabbii salphisan yeroo jiraatan manni murtii qajeelfama adabbiitiin osoo hin daanga'iin adabbii hir'isuu akka danda'u qajeelfama adabbii kwt 24 jalatti taa'eera. Kunis haalotni tuma 28/2/, 29, 49; 72; 74(2); 75; 76; 77; 79; 81, 371, 372, 443, 446(b), 453,561, 550; 454; 544; 652(2), 806 jalatti teechifaman yeroo guuttamanii argamani dha.[230] Dhimmoota manneen murtii keenyaan ilaalaman hedduu keessatti sababootni addaa adabbii salphisan yeroo hedduu hin dhiyaatani. Dhimmootni akka sababa addaa adabbii salphisaniitti dhiyaatan muraasni jiranis itti gaafatamummaa murtaa'aa dhibee sammuu waliin walqabatanii kan ka'ani dha.

Dhimma tokko keessatti himatamaan abbaa isaa ajjeese jedhamee SY kwt 49/1/ fi 540 jalatti balleessaa taasifameera. Ragaan Hospitaala Amaanu'eel irraa argame akka agarsiisutti ''himatamaan guyyaa gochaa kana raawwatetti dhibee sammuu cimaa jala jira jechuun hin danda'amu'' kan jedhu dha. Manni murtiis gulantaa ka'uumsaa 31ffaa qabachuun, itti aansuun ragaan mana yaalaa dhiyaate himatamaan itti-gaafatamummaa gartokkee qabaachuu ni hubachiisa jechuun adabbii himatamaa bu'uura SY kwt 180'tiin salphisuun hidhaa waggaa shaniitiin adabeera.[231] Murtii kana keessatti manni murtichaa bu'uura SY kwt 180'tiin hir'isneerra jechuun alatti sababa itti-gaafatamummaa gartokkee jedhame kanaaf adabbii ka'uumsaa qabame irraa gulantaa meeqa akka hir'ise hin ibsine. Haata'u malee, manneen murtii bu'uura SY kwt 180'tiin yeroo adabbii hir'isan gulantaa adabbiin ka'uumsaa qabate jalatti kufu erga adda baafatee booda haala dhimmichaa ilaaluun sababa addaa adabbii salphisu bu'uureffatee gulantaa meeqa hir'isuu akka qabu murteessuun erga hir'isee booda gulantaa haaraa argate irra dhaabatee sababoota waliigalaa adabbii cimsanii fi salphisan ilaalcha keessa galchuun adabbii dhumaa murteessuu qaba.

Dhimma tokko irratti himatamaan nama 8 seeraan ala biyya alaatti erguuf yaale jedhamuun tumaa labsii 909/2007 kwt 3/1/C jalatti balleessaa kan jedhame yoo ta'u, manni murtii adabbii ka'uumsaa tokkoon tokkoo yakkoota saddeettanii hidhaa waggaa 15 qabachuudhaan yeroo

[229] AA vs Yamaanee Hayilee, MMA Giraar Jaarsoo, Lakk G 27182
[230] Simeenee Kiroosi fi Charnnat Hordofaa, Qorannaa Yakkaa, gaggeessa falmii fi kenna murtii adabbii, 2008, 227.
[231] AA vs Tacaanaa Nuguseee, MMO Go/Shawaa Kaabaa, Lakk G 43308.

bu'uura SY kwt 184/1/B'tiin walitti ida'amu waggaa 25 ol ta'a jechuun adabbii ka'uumsaa waggaa 25 qabateera. Innis gul.37ffaa jalatti kan kufu ta'uu ibsuun yaadni adabbii salphisu waliigalaa 2 fudhatamee gulantaa 35ffaa jalatti kufeera. Itti aansuunis manni murtichaa yakkichi sadarkaa yaaliirratti waan hafeef jechuudhaan gulantaa 10 hir'iseefi gulantaa 25ffaa jalatti hidhaa waggaa 8 fi adabbii maallaqaa qa.1,000'tiin adabeera.[232] Kunis kan agarsiisu manni murtichaa yakkichi bu'uura SY kwt 27'tiin yaaliirratti hafuu isaa akka sababa addaa adabbii salphisuutti fudhachuun daangaa malee adabbii salphisuutti /free mitigation/ adeemeera. Kanaaf, rakkoon bu'uuraa dhimma kana keessatti mul'atu firii dubbii akka sababa adabbii salphisu addaatti ija seeraatiin fudhatamuu hin dandeenye (yakki tokko sadarkaa yaalii irratti hafuu) bu'ureffachuu dha.

Akka waliigalaatti, haalota akka sababa addaa adabbii salphisuutti fudhatamuu hin dandeenye dogongoraan akka sababni addaa adabbii salphisu jiruutti fudhachuun ni mul'ata. Kana malees, sababni addaa adabbii salphisu yeroo jiraatu adabbiin gulantaa hammamiin akka hir'ate teechisuu dhabuun ni mul'ata.

v. Bu'uura kwt 86 tiin adabbii cimsuu fi salphisuu

Sababni waliigalaa adabbii cimsu yookin salphisu biraa kan SY keewwata 82 fi 84 jalatti hin ibsamne yeroo argamuu fi manni murtiis sababa kana yeroo itti amanu bu'uura SY keewwata 86'tiin akka sababa adabbii cimsu yookin salphisuutti fudhachuu danda'a. Qajeelfamni adabbii keewwata 25 jalatti manni murtii sababoota kanneen yeroo fayyadamu sababootni waliigalaa adabbii cimsan yookin salphisan yeroo jiraatan adeemsa hordofamuun kan walfakkaatu hordofuu akka qabu ni teechisa.

Qabatama jiruun garuu adeemsa kana hordofuu dhabuun ni mul'ata. Dhimma tokko keessatti himatamaan konkolaataa forkliiftii ittiin dalagaa jiruun daguun nama ajjeesse jedhamuun SY kwt 543/2/ jalatti balleessaa taasifameera. Manni murtichaa adabbii hidhaatiif gulantaa 5ffaa, adabbii qarshiitiif gulantaa 3ffaa akka gulantaa ka'uumsaatti qabateera. Itti aansuunis bu'uura kwt 86'tiin sababoota adabbii salphisu jedhan kan akka: bakkeen ajjeechaan daguu itti gahe karaa irra osoo hin taane bakka hojiitti waan ta'eef, himatamaan maatii hedduu waan qabuuf kanneen jedhan caqasuun adabbii baatii 1 fi qarshii 3000'tiin adabeera.[233] Akka dhimma kana irraa hubatamutti manni murtichaa bu'uura SY kwt 86'tiin sababoota adabbii hir'isan meeqa akka fudhate ykn gulantaa meeqa akka hir'iseef ifa miti. Qajeelfama adabbii kwt 25 jalatti akka taa'e sababoota kanneen yeroo fayyadamnu adeemsa idilee yeroo sababootni waliigalaa adabbii cimsan/salphisan jiraatan hordofamuu qaban hin hordofne. Manni murtii kun sababootni bu'uura SY keewwata 86'tiin adabbii ni salphisu jedhee amane 2 yoo ta'an gulantaa ka'uumsaa qabate irraa gulantaa 2 hir'isee gulantaa haaraa argamu jalatti adabbii kufu murteessuu qaba ture. Kana malees, firiiwwan dubbii manni murtii kun bu'uura SY keewwata 86'tiin adabbii salphisuuf akka sababaatti kaa'e keessaa 'bakkeen ajjeechaan daguu itti gahe karaa irra osoo hin taane bakka

[232] AA vs Xoyyib Kamaal, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 44841
[233] AA vs Ashannaafii Seefuu, MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 42960

hojiitti waan ta'eef' kan jedhu sababa amansiisaa miti. Sababni isaas bakki kun ofeeggannoo caalaa bakka gaafatu malee itti gaafatamummaa hir'isuuf akka sababaatti kan ilaallamuu danda'u miti.

Sababni yeroo hedduu bu'uura tumaa kanaatiin adabbii hir'isuuf manneen murtiitiin fudhatamu himatamaan abbaa maatii ta'uu kan jedhu dha.[234] Sababa kana bu'uura keewwata kanaatiin fudhachuun akka haala dhimmichaatti amansiisaa ta'uu danda'a. Ta'us rakkoon kanaan walqabatee mul'atu tokko himatamaan abbaa maatii waan ta'eef manni murtii bu'uura SY kwt 86'tiin gulantaa 3 hir'iseefiira yeroon jedhamu ni jira.[235] Bu'uura SY keewwata 86'tiin sababni adabbii cimsu yookin salphisu yeroo argamu manni murtii sababa tokkoof gulantaa tokko qofa hir'isuu danda'a. Sababni isaas tumaa kana jalatti sababootni fudhataman akka sababa waliigalaa adabbii cimsan yookin salphisaaniitti kan ilaallaman waan ta'eef manni murtii akka itti amanetti adabbii gulantaa tokkoo ol akka hir'isuu kan hayyamu miti.

vi. Haala addaa adabbiin raawwattoota yakkaa dargaggoota waggaa 15 ol ta'anii waggaa 18 gadi ta'anii itti keessummaa'uu danda'u

Sababoota adabbii cimsanii fi salphisanii walqabatee qabxiin ilaallamuu qabu tokko umurii dha. Haala adabbiin raawwattoota yakkaa dargaggoota waggaa 15 ol ta'anii waggaa 18 gadi ta'an itti keessummaa'uu danda'u ilaalchisee SY keewwatni 56 mana murtiif aangoo bal'aa kenneera. Filannoon inni duraa manni murtii haala dubbichaa madaaluun tumaalee idilee adabbii salphisan bu'uura godhatee adabbii salphisuu ni danda'a. Kana jechuun umuriin himatamaa gaa'ila kan hin geenye ta'uu manni murtii akka sababa waliigalaa adabbii salphisu tokkootti fudhachuu danda'a. Akka filannoo lammaffaatti manni murtii fooyya'aa ta'ee yoo itti mul'ate sirna murtii adabbii addaa yakkamtoota gaa`elaaf hingeenyeef ramadame /Keewwata 166-168/ hordofuun adabbii murteessuu danda'a. Manni murtii filannoo isa lammaffaa hordofuu yoo filate qajeelfama adabbii keessaa bahuun sadarkaa fi gulantaa baasuu osoo hin barbaachisiin adabbii bu'aa ni argamsiisa jedhee amane ni murteessa.

Qabatama jiru yeroo ilaallu manneen murtii keenya haalota adabbiin daa'imman umuriin isaanii waggaa 15 hanga 18 ta'e itti ilaalamu kanneen hubachuurratti hanqina bal'aa akka qaban qorannoon kun ni agarsiisa. Galmeewwaan hedduu daa'imman umurii caqasame kana qaban keessatti himataman kan ilaalame yoo ta'ellee, filannoo isa lammataa olitti agarsiifame kanaan dhimmi keessummaa'e hin mul'atu. Darbee darbee daa'imman umuriin isaanii waggaa 15 hanga 18 ta'anii yakka raawwataniif sababa adabbii salphisu waliigalaatti gulantaa tokko salphisneef

[234] AA vs Meymunaa Abraahim, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G 36141; AA vs Mahaammad Adam, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G 37422; AA (Oliyyataa) vs Diboo Cawwichaa, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 27594; AA vs Mulee Faqqadaa, MMA Dugdaa, Lakk G 19229

[235] AA vs Fatiyaa Haji-umar Huseen, MMA Adaamaa, Lakk G 84108

jechuun ni mul'ata.[236] Yeroo kaan immoo daa'imman kanneen akkuma gaheessotaa ilaalcha tokko osoo hin taasisiifiin adabbii murteessuutu jira. Dhimma tokko keessatti daa'ima umuriin ishii waggaa 15'tiif illee umuriin ishii akka sababa adabbii salphisuufiitti akka fudhatamuuf yeroo gaafattu manni murtii osoo hin fudhatiiniif darbeera.[237] Daa'ima umuriin isaa waggaa 16 namoota yakka butii raawwatan waliin waan tureef qixa gaheessota waliin yakka raawwatanii hidhaa waggaa 8'tiin adabameera.[238] Akka waliigalaatti, seerri keenya haala addaa daa'imman waggaa 15 hanga 18 itti keessummaa'uu danda'u teechisuun aangoo bal'aa manneen murtiitiif kan dhiise yoo ta'ellee, manneen murtii adabbiin daa'imman kanneeniif murteessanii fi gaheessotaaf murteessan garaagarummaa qaba kan jedhamu miti.

4.1.7. Haala Qajeelfama Adabbii Keessaa Bahuun Adabbiin Ittiin Murtaa'u

Haalli raawwannaa yakkaa fi amalli yakkichaa sadarkaa qajeelfama adabbii keessatti taa'eef waliin kan wal hin simne yookin haala qajeelfamicha keessa taa'een murtiin adabbii kennamu kaayyoo seera yakkaa galmaan kan gahu ta'ee yeroo hin argamne manni murtii qajeelfama adabbii keessaa bahuun murtii adabbii kennuu danda'a. Sababa qajeelfama adabbii hojiirra oolchuu dhabeef kanas tarreeffamaan teechisuu fi murtichi (gama Mana Murtii Waliigala Naannootiin) Mana Murtii Waliigala Federaalaatiif akka ergamu ajaja ifa ta'e kennuu fi yeroo murtiin kennamerraa guyyaa 60 keessattis dabarfamuu qaba.[239]

Qabatamni jiru garuu yaada tumaa seeraa kanaan kan wal simu miti. Murtiiwwan adabbii qajeelfamichaan ala bahamanii murtaa'an yeroo hedduu MMWF'tiif haalli itti ergaman hin mul'atu.[240] Darbee darbee yeroon itti ergaman yoo jiraates MMWF duubdeebiin irratti kennan hin jiru.[241] Qajeelfamicha keessaa bahuun murtii adabbii kennuun yeroo hedduu kan quunnamu yakkoota yaalii irratti hafan ilaalchiseeti dha. Sababni abbootiin seeraa yakkoota sadarkaa yaaliitti hafaniif qajeelfama adabbii keessaa bahuun adabbii murteessaniif adabbii ajjeechaaf murtaa'u nama yaaleef hojiirra oolchuun haqa-qabeessa miti kan jedhu irraa kan maddu dha.[242]

Dhimma tokko keessatti himatamaan meeshaa waraanaa (shugguxii) gargaaramuun miidhamaa dhuunfaa irratti yakka yaalii ajjeechaa raawwachuun (kwt 27 fi 540 jalatti) balleessaa jedhameera. Manni murtichaa tumaa SY kwt 27/3/ buufata 2ffaa fi tumaa qajeelfama adabbii kwt

[236] AA vs Tafarii Mahaadii fa'a N-4, MMA Qarsaa, Lakk G 15239; AA vs Usmaan Ahmad, MMO Go/Harargee Bahaa, Lakk G3631; AA vs Usmaan Ahmad, MMO Go/Harargee Bahaa, Lakk G36311.
[237] AA vs Maartaa Salamoon fa'a N-4, MMA Baabbilee, Lakk G 09378
[238] Marii garee, sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Ha/Bahaa (Addellee), 07/6/2009.
[239] Qajeelfama adabbii, kwt 27.
[240] Habtee Tarrafaa, Dabalaa Tukkeessaa fi Indaaluu Tolasaa, abbootii seeraa Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame; Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame.
[241] Ayyaanaa Tollinaa, Abbaa seeraa MMWO, 19/05/2009; Tasfaayee, Abbaa seeraa MMWO, 19/05/2009.
[242] Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirez. MMO Go/Ha/Bahaa, Afgaaffii gaafa 06/06/09 gaggeeffame; Habtee Tarrafaa, Dabalaa Tukkeessaa fi Indaaluu Tolasaa, abbootii seeraa Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame

24 caqasuun qajeelfama adabbii osoo hin bu'uureffatiin murtii kenneera. Bu'uura kanaanis kwt 179 (c) caqasuun sadarkaa fi gulantaa osoo hin baasiin hidhaa cimaa waggaa lamaatiin adabeera.[243]

Qajeelfama adabbii keessaa bahuun adabbii salphisuuf sababni manni murtii caqase yakka xumura hin arganne ta'uu dha. Haata'uyyuu malee, yakki tokko sadarkaa yaaliitti waan hafe qofaaf qajeelfama adabbii keessaa bahuun murteessuun dhama-qabeessa hin fakkaatu. Yakki tokko xumura argachuu dhabuun sababoota addaa adabbii salphisan keessaa tokko akka hin taane ibsa olitti ilaallamerraa ni hubatama. Yoo akkas hin taane immoo manni murtii sadarkaa fi gulantaa qajeelfama adabbii irratti teechifameen osoo hin dirqamiin adabbii murteessuu kan danda'u bu'uura qajeelfama adabbii kwt 27'tiin adabbiin qajeelfamicha keessa taa'e kaayyoo seera yakkaa galmaan kan gahu ta'ee yeroo hin argamne dha. Dhimma olii keessatti immoo kunis hin caqasamne. Akkasumas manni murtii sababa qajeelfama adabbii hojiirra oolchuu dhabeef kanas tarreeffamaan teechisuu fi murtichi (gama MMW naannoo) MMWF'tiif akka ergamu ajaja ifa ta'e kennee hin jiru.

Dhimma biraa walfakkaataa ta'e tokko keessatti immoo manni murtii yakka yaalii ajjeechaa qoncoraadhaan raawwatame irratti sadarkaa yaaliitti hafuu yakkichaa akka gulantaa 4 hir'isuutti fudhachuun sadarkaa fi gulantaa yakkichaa baaseera. Sana booda adabbii hidhaa waggaa 9'tiin adabeera.[244] Akka murtii kana irraa hubatamutti immoo yakkichi sadarkaa yaaliitti hafuun isaa akka sababa adabbii salphisu addaatti fudhatamuu isaati. Manni murtichaa yakkichi sadarkaa yaaliitti hafuu isaatiif gulantaa adabbiin ka'uumsaa jalatti qabame irraa gulantaa 4 gadi bu'uudhaan adabbii shallageera. Haata'uyyuu malee, keewwatni 27/3/ akka sababa adabbii salphisu waliigaatti kan fudhatamuu fi gara SY keewwata 179'tti kan qajeelchu dha. Kun immoo bu'uura qajeelfama adabbii kwt 22/1B/'tiin gulantaa tokko kan hi'isu dha malee, mana murtiitiif bu'uura SY keewwata 180'tiin gulantaa hanga itti amane hir'isuuf aangoo kan kennu miti.

Dhimma biraa walfakkaataa ta'e keessattis himatamaan yakka yaalii ajjeechaa eeboon himatamaa lapheerra waraanee raawwateen tumaa SY kwt 27 fi 540 jalatti balleessaa taasifameera. Manni murtii kun immoo bu'uura qajeelfama adabbiitiin sadarkaa fi gulantaa erga baaseefi booda hidhaa cimaa waggaa 12'tiin adabeera. Manni murtii kun sadarkaa yaaliitti hafuu yakkichaa akka sababa waliigalaa adabbii hir'isu tokkootti ilaaluun gulantaa tokko hir'iseefi jira.[245] Manni murtii kun adeemsi hordofe bu'uura seeraa kan qabu dha. SY keewwata 27/3/ jalatti yaada teechifame irraa kan hubatamu sadarkaa yaaliitti hafuu yakka tokkoo manni murtii akka sababa adabbii salphisu waliigalaatti (ordinary mitigation) fudhachuu danda'a. Qajeelfama adabbii lakk. 2/2006 keewwata 23/4/ jalatti immoo sababni adabbii salphisu tokko yeroo argamu adabbiin gulantaa tokkoon akka hir'atu taa'eera. Kana jechuun yakki tokko sadarkaa yaalii irratti

[243] Lakk G 45120, MMO Go/Sh/Bahaa
[244] AA vs Dabalaa Aliyyii, MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 45150
[245] AA vs Dirribaa Asaffaa, MMO Go/Wallaga Bahaa, Lakk G 39764, 05/01/2009

hafuu akka sababa adabbii salphisu waliigalaatti erga ilaallee sababa kanaan adabbiin gulantaa tokko qofa akka hir'atu kan hubatamu dha. Haa ta'uyyuu malee yaaliin sun sababa addaatiin kan osoo hin milkaa'iin hafe yoo ta'e, akka sababa adabbii salphisu addaatti fudhachuun akka danda'amu SY kwt 28, 29, 30, 31 irratti ifatti teechifameera. Fakkeenyaaf Dhaddachi Ijibbaataa MMWF dhimma tokko irratti himatamtuu SY kwt 27 fi 363/1/ jalatti himatamtee badii jedhamteef bu'uura SY kwt 180'tiin adabbii akka itti fakkaatetti hir'iseefi jira. Himatamtuun kun ergamtuu Baankii Daldala Itoopjiyaa Damee tokkoo nama taate tokkoof qarshii 1000 kanfaluun Chaappaa Baankichaa akka akka kennituuf gootee erga irraa fuutee booda eeruu hojjettuu baankichaa kanaatiin waan qabamteef Chaappaa Baankichaatti seeraan ala tajaajilamuuf yaaluudhaan himatamtee badii jedhamteerti. Dhaddachi Ijibbaataas yakki himatamtuun kun raawwatte miidhaa tokkollee kan hin geessisne waan ta'eef adabbiin ishii bu'uura SY kwt 27, 31 fi 363/1/tiin akkasumas qajeelfama adabbii kwt 24 bu'uureffachuun kennamuu akka qabu caqasuun bu'uura SY kwt 180'tiin adabbii akka itti fakkaatetti hir'iseefi waggaa tokkoo fi baatii jahaan adabee jira. [246]

Dhimmoota armaan olii sadanuu keessatti, yakki inni duraa albeen inni lammataa qoncoraadhaan inni sadaffaa eeboon raawwatamuun alatti, firiin dubbii jiruu fi tumaan SY jalatti badii jedhaman walfakkaataa dha. Akkasumas dhimmoota sadeenuu keessatti sababni waliigalaa adabbii cimsu kan hin jirre yoo ta'u, sababni adabbii salphisu immoo tokko qofatu fudhatame. Haata'uyyuu malee, dhimmi duraa qajeelfama adabbiitiin ala, kan lammataa fi sadaffaan immoo akkaataa qajeelfama adabbiitiin adabbiin waan shallagameef adabbii isaanii gidduutti garaa garummaan hidhaa waggaa 10 gahu uumameera. Kunis rakkoo hubannoo kenniinsa murtii adabbii keessaa jiru agarsiisuu bira darbee, murtiileen adabbii kennamaa jiran rakkoo walfakkaachuu dhabuu fi haqa-qabeessummaa bal'aa ta'e akka qaban kan hubachiisu dha.

Rakkoon olitti yakka yaalii ajjeechaatiin walqabatee mul'atu yakkoota yaalii biroo keessattis haala walfakkaataadhaan yeroo calaqqisu ni mul'ata. Fakkeenyaaf, yakka yaalii namoota seeraan ala godaansisuu irrattis akkuma kana hojimaata garagaraatu jira. Dhimma tokko keessatti himatamaan yakka yaalii namoota shan kara seeraan alaatiin godaansisuutiin balleessaa jedhameera. Dhimma kana keessatti abbootiin seeraa yakki yaalii godaansisuu kun xumura waan hin arganneef bu'uura kwt 179'tiin hir'isne jechuun himatamaa adabbii hidhaa waggaa 5'tiin adabaniiru.[247] Dhimma himatamaa biraa keewwata walfakkaataa jalatti dhiyaatee fi nama torba godaansisuuf osoo yaaluu qabame immoo akkuma yakka xumura argateetti adabbiin isaa bu'uura qajeelfama adabbiitiin sadarkaa fi gulantaan erga baheeef booda hidhaa waggaa 13'tiin adabameera.[248] Akkuma olitti yakka yaalii ajjechaatiin walqabatee dhimmoota dhiyaatan irratti kaasne, bakka kanattis yakki sun sadarkaa yaalii irratti waan hafe qofaadhaaf qajeelfama adabbii keessaa bahuun deegarsa seeraa kan hin qabne dha. Manni murtii bu'uura qajeelfama adabbii

[246] Tsahaay Wubiyyee Vs AA federaalaa, DhIMMWF, Lakk G 119500, Jiildii 20ffaa
[247] AA vs Mu'aaz Ahmad, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G 37361
[248] AA vs Diinoo Abduramaan, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G38007.

keewwata 27'tiin haala raawwii yakkichaa yookin amala yakkichaa irraa kan ka'e adabbiin bu'uura qajeelfama adabbiitiin kennamu kaayyoo seera yakkaa fi adabbii galmaan gahuu hindandeessisu jedhee yoo amane qofa qajeelfama adabbii keessaa bahuun adabbii murteessa. Kana gochuufis manni murtii kun murtii isaa kana Mana Murtii Waliigalaa Federaalaaf akka ergamu ajajuuf dirqama irra kaa'ames bahachuun ta'uu qaba.

Gaaffiin biraa bakka kanatti deebi'uu qabu, tumaa SY kwt 179 yoom fayyadamna? gaaffii jedhu dha. Dhimmoota armaan olii keessatti manneen murtii kun qajeelfama adabbii keessaa bahuun himatamtoota kanaaf adabbii kan salphisan SY keewwata 179 caqasuuni dha. Haa ta'uyyuu malee keewwatni kun akka tumaa SY keewwata 82 yookin 86 irra dhaabbannee kan adabbii salphisnu osoo hin taane daangaa adabbiin bu'uura keewwattoota kanaatiin yeroo salphatu keessatti kufuu qabu dha. Fakkeenyaaf, dhimma tokko keessatti himatamaan tokko tumaa SY kwt 556/2/A jalatti balleessaa jedhameera. Adabbiin ka'uumsaa yakkichaaf taa'e gulantaa 5ffaa jalatti kan kufu yoo ta'u; manni murtii sababa adabbii salphisu tokko waan isaa fudhateef gulantaa 4ffaatti gadi bu'eera. Kun immoo adabbii kutaa addaa SY jalatti yakka kanaaf teechifame (ji'a 6 hanga waggaa 3'tti) kan jedhu irraa gadi bu'a. Kanaaf manni murtii kun sababa adabbii salphisu waliigalaa kana bu'uureffatee adabbii yeroo salphisu gulantaa 4ffaa jalatti adabbii hidhaa baatii 6 gadii murteessuuf tumaan SY kwt 179/E/ kan isa dandeessisu ta'uu ibsuun keewwata kana caqasuun hidhaa baatii afurii murteesseera.[249] Itti fayyadamni tumaa SY keewwata 179 bifa kanaan ta'uu osoo qabuu, manneen murtii keewwata kana qofa caqasuun adabbii akka itti fakkaatetti yeroon salphisan bal'inaan kan mul'atu dha.

4.1.8. Haala Tilmaama Qabeenyaa

Tilmaamni qabeenya yakki irratti raawwatamee hanga adabbii murteessuu keessatti gahee akka qabu beekamaa dha. Kana irraa kan ka'e tilmaama qabeenyaa abbaa alangaatiin dhiyaatu irratti shakkiin yoo jiraate himatamaan yookin manni murtii kaka'uumsa isaatiin tilmaamni qabeenyichaa irra deebiin akka raawwatamu taasisuu danda'u. Qajeelfamni adabbii lakk. 2/2006 keewwata 28 jalatti yeroo himatamaan tilmaama qabeenyaa irratti mormii kaasu manni murtii mormicha yoo fudhatee fi sababa sanaan gulantaan yakkichaa kan jijjiiramuu danda'u yoo ta'e, manni murtii tilmaama mataa isaa kaa'uun yookin ogeessi tilmaama akka dhiyeessu taasisuun sadarkaa fi gulantaa yakkichaa ni murteessa. Himatamaan tilmaama dhiyaate irratti mormiin dhiyeesse yeroo hin jiraannellee manni murtii tilmaammni qabeenyaa dhiyaate akka qulqullaa'u ajajuu ni danda'a.

Gara rakkoolee qabatamaa qabxii kanaan walqabatuuttti yeroo dhufnu, tilmaamni miidhaa gahe ilaalchisee dhiyaatu yeroo hedduu olka'aa dha. Kunis hanga murtii adabbii kennamaa jiru irratti

[249] AA vs Dirribaa Raggaasaa, MMA Magaalaa Naqamtee, Lakk G 00112, 29/3/2009

dhiibbaa hin malle uumaa jira.[250] Himatamaan tilmaama qabeenyaa yeroo mormu eenyutu baasii barbaachisu danda'ee tilmaamsisa kan jedhus yeroon rakkisaa ta'u ni quunnama.[251]

Dhimma tokko keessatti himatamaan SY kwt 27/1/ fi 665 jalatti yakka yaalii hannaa yeroo raawwatu qabame jedhamuun balleessaa taasifameera. Yakkichaaf sadarkaa fi gulantaan kan bahe yoo ta'ellee abbaan alangaa tilmaama qabeenya hatamuuf ture yookin tilmaama fayidaa himatamaan argachuuf ture hin ibsine. Sadarkaa fi gulantaa yakka kanaa baasuuf immoo tilmaamni kun barbaachisaa ta'ullee, manni murtii argachuu waan hin dandeenyeef tilmaama isa xiqqaa qabeenyaa *hanga qa. 100* kan jedhu qabachuun sadarkaa 1ffaa gulantaa 6ffaa jalatti kuffiseera.[252] Manni murtii bifa kanaan tilmaama mataa isaa fudhachuu kan qabu qabeenyi yakki irratti raawwatame sun maallaqaan tilmaamuuf kan rakkisu yeroo ta'u dha. Kanaaf, manni murtii kun abbaan alangaa yookin ogeessi qabeenya hatamuu danda'u ture tilmaamsisee akka dhiyeessu ajajuu qaba ture.

Dhimma kan biraa tokko keessatti immoo himatamaan feerroon suuqii cabsuun qabeenya tilmaamni isaa qa. 10746.50 fudhachuun yakka hanna cimaadhaan SY kwt 669(3B) jalatti himatamee balleessaa jedhamee ture. Manni murtiis sadarkaa fi gulantaa yakkicha yeroo baasu tilmaama qabeenya hatamee kaka'uumsa mataa isaatiin qa. 10,000 gochuudhaan adabbii ka'uumsaas sadarkaa 4ffaa gulantaa 19ffaa kuffiseera.[253] Himatamaan kun tilmaama qabeenyaa irratti mormiin dhiyeesse kan hin jirre yoo ta'u, manni murtichaas qulqulleessuuf waanti adeeme hin jiru. Kun osoo hin ta'iin tilmaamicha jijjiiruun isaa sababa kan qabu miti. Hanga kun hin taanetti, tilmaama abbaan alangaa himannaa irratti caqase fudhachuun adabbii ka'uumsaa sadarkaa 5ffaa gulantaa 22ffaa qabachuu qaba ture.

Tilmaama qabeenyaatiin walqabatee rakkoon jiru tokko gatii qabeenyi yakki irratti raawwatame ittiin bitame akka tilmaama qabeenyichaatti dhiyeessuu dha. Dhimma tokko irratti himatamaan yakka hannaa moobaayilii qarshii 400'n bitamee fi shaamizii qarshii 150'n bitame jedhameen balleessaa taasifameera. Manni murtiis tilmaama qabeenyaa jedhamee gatii qabeenyi kun ittiin bitame jedhame fudhachuun yakkicha sadarkaa 3ffaa gulantaa 10ffaa jalatti kufa jedheera.[254] Bu'uura qajeelfama adabbii kwt 16(2)'tiin tilmaamni qabeenya hatamee kan yeroo yakkichi raawwatuu ta'uu qaba malee gatii qabeenyi sun ittiin bitame akka gatii qabeenyichaatti bu'ureffachuun sirrii miti.

[250] Darajjee, Abbaa seeraa MMA Adaamaa waliin afgaaffii taasifame, 10/05/2009; Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirez. MMO Go/Ha/Bahaa, Afgaaffii gaafa 06/06/09 gaggeeffame; Waaqumaa Xuurii, Abbaa seeraa MMO/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/09 taasifame.
[251] Warraaqaa Karisaa, B/B Pirezdaantii MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009; Admaasuu Burraaqaa, Abbaa seeraa, MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009; Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009;
[252] AA vs Mulee Faqqadaa, MMA Dugdaa, Lakk G 19229
[253] AA vs Dajanee Waaqayyoo, MMA Arsii Nageellee, Lakk G 28162 (MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 28162).
[254] AA vs Solomoon Tasfaayee fa'a N-2, MMA Magaalaa Naqamtee, Lakk G 00186

4.2. Hojiirra Oolmaa Adabbiiwwan Hidhaan Alaa

4.2.1. Hojiirra Oolmaa Adabbiiwwan Hidhaan Alaa: Yaadota Waliigalaa

Kutaa kana keessatti adabbiiwwan hidhaan alaa akka adabbii ijootti seera yakkaa keenyaan haammataman (kwt 90-120) haala qabatamaa naannoo keenya keessatti ittiin hojiirra oolaa jiran daataa qabatamaa bifa garagaraatiin walitti qabameen deeggaruun kan ilaallamu ta'a. Adabbiiwwan hidhaan alaa kutaa kana keessatti ilaallus adabbiiwwan ijoo mataa isaanii danda'anii mana murtiitiin akka adabbiitti murtaa'uu danda'ani dha. Gosootni adabbii hidhaan alaa kunneenis: adabbiiwwan qabeenya irratti raawwatan kanneen akka adabbii qarshii, beenyaa kanfaluu, qabeenyi qabamee akka turu gochuu; hojii dirqii fi adabbii hidhaa daangessuu kanneen jedhani dha.

Akka waliigalaatti, adabbiiwwan hidhaan alaa kunneen sadarkaa barbaachisuun hojiirra oolaa hin jirani.[255] Keessattuu immoo adabbiiwwan hidhaan alaa kanneen keessaa adabbiiwwan akka qabeenya dhaaluu; beenyaa kanfaluu fi hojii dirqii hojiirra oolaa jiru jechuuf kan nama rakkisu dha.[256] Adabbiiwwan kunneen akka hojiirra hin oolle waantotni taasisanis hedduu dha. Adabbiiwwan hidhaan alaa kan murtaa'an yoo ta'e, keessattuu hojiin dirqii yookin adabbii daangessuun yeroo murtaa'u abbaan seeraa sun rakkoo naamusaa akka qabuutti hubachuun ni jira. Kana irraa kan ka'e abbootiin seeraa murtiiwwan bifa kanaa kennuu irraa yeroon ofqusatan ni mul'ata.[257] Kunis hanqinni hubannoo ogeessotaa fi hooggansa qaamolee haqaa tokko tokko bira jiru adabbiiwwan hidhaan alaa akka hojiirra hin oolle waantota sababa ta'an keessaa isa tokko akka ta'e kan agarsiisu dha. Sababni inni biraa adabbiiwwan hidhaan alaa qajeelfama adabbiitiin uwwisa gahaa dhabuu isaaniiti. Qajeelfamni adabbii hojiirra jiru adabbiiwwan hidhaan alaa keessaa adabbii hojii dirqii fi adabbii maallaqa qofaaf uwwisa kan kenne dha. Kun adabbiiiwwan hidhaan alaa biroo olitti ilaallaman akka dagataman taasiseera.[258] Rakkoon inni biraa hojiirra oolmaa adabbiiwwan kanneeniitiif gufuu ta'e, adabbiin hidhaan alaa yakkamaa tokkoof filatamaa ta'e isa kam akka ta'e xiinxaluun qaamni yaada dhiyeessu jiraachuu dhabuu dha. Abbootiin alangaa tokko tokko yeroo hedduu kaayyoo haqaatiif yaaduun osoo hin taane yakkamaan marti adabbii hidhaatiin yookin adabbii olka'aadhaan akka adabamu gaafata.[259]

[255] Kabbadaa Gidduma, Pirez. MMA Dugdaa waliin Afgaaffii taasifame, 02/06/2009; Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009; Waaqumaa Xuurii, Abbaa seeraa MMO/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/09 taasifame.

[256] Darajjee, Abbaa seeraa MMA Adaamaa waliin taasifame, 10/05/2009; Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirez. MMO Go/Ha/Bahaa, Afgaaffii gaafa 06/06/09 gaggeeffame; Warraaqaa Karisaa, B/B Pirezdaantii MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009; Admaasuu Burraaqaa, Abbaa seeraa, MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009;

[257] Kaasaa Yaadatee, BB Pirezdaantii MMO Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009; Gulummaa Lamuu, Ho/Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, afgaaffii gaafa16/5/2009 gaggeeffame; Kabbadaa Gidduma, Pirez. MMA Dugdaa fi Kabbaboo Tashoomaa, Abbaa seeraa MMA Dugdaa waliin Afgaaffii taasifame, 02/06/2009;

[258] Gulummaa Lamuu, Hoogg.Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, afgaaffii gaafa16/5/2009 gaggeeffame; Gazzahany Shuumii, Hogg. Wa/Ha/Go/Harargee Bahaa, afgaaffii gaafa 06/06/2009 gaggeeffame;Dabalaa Tukkeessaa abbaa seeraa Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame;

[259] Marii Garee Sirreeffamtoota (N-7) Mana Sirreessaa Godina Shawaa Bahaa waliin taasifame, 09/05/2009; Marii Garee sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Wa/Lixaa (N-10) waliin gaafa 24/5/2009 taasifame; Marii garee sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Ha/Bahaa (Addellee), 07/6/2009.

Rakkoon inni ijoon biraa hojiirra oolmaa adabbiiwwan hidhaan alaatiif gufuu ta'e qaamoleen adabbiiwwan kanneen raawwachiisuf barbaachisan yookin deeggarsa taasisan kan hin jirre ta'uu dha. Rakkoon kun keessattuu adabbiiwwan hojii dirqii fi adabbii hidhaa daangessuun kan walqabatu dha.[260]

Hojiirra oolmaan adabbiiwwan hidhaan alaa laafaa ta'uun rakkoolee garagaraa hordofsiisaa jira. Rakkoolee kanneen keessaa inni tokko yakkamtootni adabbiiwwan hidhaan alaatiin osoo haaromuu danda'anii gara mana sirreessaa erguun rakkoolee hawaas-diinagdee garagaraatiif sababa ta'aa jira. Diiggamiinsa maatii, hojii ofii irraa buqqa'uu fi rakkoolee kkf' tiif saaxilamu.[261] Gama biraatiin, humni dargaggoo diinagdee biyyaa keessatti gumaacha olaanaa taphachuu danda'u manneen sirreessaa galuun ba'aa ta'uun mootummaan bajata hedduu akka baasu kan taasisu dha.[262] Lakkoofsi sirreeffamtoota seeraa yeroo irraa yerootti ariitiin dabalaa adeemaa jira.[263] Gabateen itti aanu baay'ina uummata manneen sirreessaa Oromiyaa kan agarsiisu dha.

Gabate 2

Gabatee Daataa baay'ina uummata manneen sirreessaa Oromiyaa waggaa shanan darbanii agarsiisu

Bara baajataa	Baay'ina sirreeffamtoota murtii argatanii
2005	26,298
2006	32,728
2007	36,432
2008	33,671

Maddi: Ko.Ma.Si.Oromiyaa, Sadaasa 2009

Gabateen kun baay'inni namoota manneen sirreessaa naannoo keenya keessa jiranii olaanaa ta'uu ni agarsiisa. Daataan kun baay'inni sirreefamtootaa lakkoofsa olaanaadhaan kan dabalaa adeemaa jiru ni hubachiisa. Kunis rakkoon kun yaaddessaa ta'uu agarsiisa. Lakkoofsi namoota adabbii hidhaa raawwatanii olka'aa deemuun isaa manneen sirreessaas heddummina

[260] Gammachiis Dhugumaa, Pirez MMA Guutoo Giddaa waliin afgaaffii gaggeeffame, 23/5/2009; Wubituu Beeggii, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009; Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009;

[261] Shawaaraggaa Isheetee, Pirez. MMA G/Jaarsoo, afgaaffii gaafa 17/5/2009 gaggeeffame; Damee Kumsaa, Gaggeessaa Dh/Yakkaa, MMA Giraar Jaarsoo, 17/5/2009;

[262] Kaasaa Yaadatee, BB Pirezdaantii MMO Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009; Girmaa Tolchaa, A/Ad/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/Wa/Ha/Go/Sh/Kaabaa, afgaaffii gaafa 16/5/2009 gaggeeffame.

[263] Komaandar Hayiluu Qixoo, Hoogg. Ma/Si/Go/Wa/Bahaa, 24/5/2009; Insp. Mitikkuu Galataa, A/Ad/Ho/Ijoo Sirreeffamtoota seeraa Ma/Si/Go Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 26/5/2009 gaggeeffame

sirreeffamaatiin akka dhiphatan (overcrowding) taasiseera.[264] Hidhamaan humnaa ol walitti baay'achuun mirga namoomaa sirreeffamtootaa kan sarbuu fi haaromsa isaaniis gaaffii keessa kan galchu dha. Gama biraatiin adabbiin hidhaa baasii-qusataa waan hin taaneef namootaa fi yakkoota filataman irratti qofa raawwatamuu kan qabu dha. Akka qorannoowwan biyyoota biraatti gaggeeffaman agarsiisanitti yakkoota raawwataman keessaa %52 kan ta'an namoota yakka raawwachuuf dammaqoo ta'an (very active offenders) %6 qofa ta'aniin kan raawwatamu dha. Kana jechuun adabbiin hidhaa yakkamtoota bifa kanaa (career criminals)'f qofa bu'a-qabeessa akka ta'e kan hubatamu dha.[265]

Akka naannoo keenyaattis yoo ilaalle manneen murtii adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra oolchuu dhabuun isaanii mootummaa baasii olaanaaf saaxilaa jira. Gabateen itti aanu baasii manneen sirreessaaf bajata mootummaa irraa ramadamu ilaalchisee haala qabatamaa naannoo keenyaa kan agarsiisu dha.

Gabatee 3

Bara	*2004*	*2005*	*2006*	*2007*
Bajata Manneen sirreessaa hojiirra oolchan	184,761,287	194,124,787	239,601,142	317,893,112
% Ittiin dabale		%5	%23.4	%32.7

Maddi: Ko.Ma.Si.Oromiyaa, Sadaasa 2009

Akka gabatee kana irraa ilaaluun danda'amutti baasiin manneen sirreessaa daran kan dabalaa dhufee fi dhibbeentaan baasiin kun ittiin dabalus daran olka'aa akka dhufe hubachuun ni danda'ama. Mootummaan Naannoo Oromiyaa ji'a Fulbaanaa bara 2009 irraa kaasee hanga kurmaana 3ffaatti dargaggoota 400,322 ta'an Intarpiraayizoota 58,296 jalatti ijaaruu fi carraa hojiii dhaabbiii akka argatan gochuudhaaf liqiin idileedhaan dhiyeesse qarshii 671,760,332 dha. Kana irraa kan hubannu maallaqni sirreeffamtoota seeraatiif bahaa jiru kun gar tokkee maallaqa carraa hojii dargaggootaaf uumuuf bahe kan gahu yoo ta'u, maallaqni kunis dargaggoota hoji-dhabdoota 200,000 oliif carraa hojii kan uumuu danda'u akka ta'e dha.[266]

Gabateen itti aanu waggoota shanan darban keessatti baay'ina namoota adabbii salphaan itti murtaa'e kanneen adabbiiwwan biroo argatan waliin walbira qabuun kan agarsiisu dha.

Gabatee 4

[264] Komishinar Tsahaay, Komishinara Komishinii Manneen Sirreessaa Oromiyaa, Afgaaffii, 29/02/2009.
[265] Doris Layton Mackenzie, Sentencing and Corrections in the 21st Century: Setting the Stage for the Future, 2001: 10
[266] Fuula miidiyaa hawaasaa Biiroo Komunikeeshinii BMNO irraa kan argame; gaafa 17/4/2017 https://www.facebook.com/addisu.arega?hc_ref=NEWSFEED&fref=nf

Bara	Adabbii hidhaa salphaa	Adabbii hidhaa cimaa	Hidhaa umurii guutuu	Adabbii du'aa
2004	13,786	10,808	320	30
2005	14,199	11,770	377	33
2006	18,080	12,697	427	45
2007	21,284	12,865	471	41
2008	19,045	13,039	448	39
Ida'ama	**67,352**	**61,179**	**2043**	**188**

Maddi: Ko.Ma.Si.Oromiyaa, Sadaasa 2009

Akka daataa kana irraa hubatamutti waggoota shanan darban keessatti namootni adabbii salphaan itti murtaa'ee hidhaa keessa turan %51.5 dha. Kana jechuun namoota adabbii hidhaa salphaan adabaman keessaa gartokkee isaaniillee, adabbiiwwan filannoo birootiin adabuun osoo danda'amee baay'ina hawaasa sirreeffamaa lakkoofsa olaanaadhaan (1/4ffaadhaan) hir'isuun ni danda'ama jechuu dha. Kunis adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra oolchuun yakkamtoota hawaasa keessatti sirreessuun osoo danda'amee baasii adabbii hidhaa raawwachiisuuf bahaa jiru kana daran hir'isuun akka danda'amu kan agarsiisu dha.

4.2.2. Hojiirra Oolmaa Adabbiiwwan Qabeenya Himatamaa Irratti Fudhataman (Pecuniary Penalities)

Adabbiiwwan qabeenya himatamaarratti fudhataman gosa garagaraa qaban SY keewwata 90-102 jalatti teechifamaniiru. Isaanis: adabbii qarshii (fine penality), qabeenya dhaaluu, qabeenya ofii akka hin sochoofanne gochuu fi beenyaa kanfalchiisuu kanneen jedhani dha. Isaan kana itti aansuun tokko tokkoon haa ilaallu.

i. Adabbii qarshii /fine punishment/

Adabbiin qarshii yoom, akkamitti akka murtaa'uu fi akkamitti akka raawwatamu seerri yakkaa keewwata 90-97 jalatti teechiseera. Rakkoolee hojiirra oolmaa adabbii maallaqaatiin walqabatanii mul'atan akka armaan gadiitti mata duree xixiqqaatti qoodne ilaalla.

a. Qabxiilee Adabbbii maallaqaa murteessuu keessatti ilaalcha keessa galanii fi daangaa adabbii qarshii isa xiqqaa

Hangi adabbii maallaqaa murtaa'u ulfaatina yakkichaa, hanga balaafamummaa isaa, qabeenya, galii, hojii ogummaa isaa, umurii, fayyaa, fi maatii himatamaa ilaalcha keessa kan galche ta'uu akka qabu seerri yakkaa keewwatni 90/2/ ni teechisa. Haata'uyyuu malee qabatama jiru yeroo ilaallu manneen murtii hanga adabbii maallaqaa murteessuu keessatti qabxiilee kanneen ilaalcha keessa galchuu isaanii murtii keessatti yeroon xiinxalan hin mul'atu. Himatamaan mindeeffamaa

dha moo galii maal qaba kan jedhu yeroon ilaalamu hin jiru.[267] Qajeelfamni adabbii miiltoo 2ffaa jalatti adabbii qarshii murtaa'u gulantaa 1ffaa jalatti *hanga qarshii 1,000,* gulantaa 2ffaaf *hanga qarshii 2000*, kkf jechuun teechiseera. Bakka kanatti kan gaaffii ta'u, fakkeenyaaf gulantaa 2ffaa jalatti yeroo adabnu adabbiin ka'uumsaa keenya qarshii 10 moo qarshii 1000 dha kan jedhu dha? Manneen murtii keenya keessatti hojimaatni lameenuu mul'achaa akka jiran dhimmootni itti aanuun dhiyaatan ni agarsiisu.

Dhimma qabatamaa tokkorratti himatamaan yakka dhoksaa raawwachuun SY kwt 682/1/ jalatti balleessaa jedhameera. Manni murtii adabbii qarshii ilaalchisee sadarkaa yeroo baasu qa. 10 fi 10,000 jidduu garaa garummaa jiru bakka saditti (10-3333, 3334-6666, 6667-10000) erga qoodeen booda sadarkaa giddu galeessaa qabateef baaxii gadaanaa 3334, baaxii olaanaa immoo 6666 qabateera. Kana keessatti adabbii ka'uumsaa qa. 3350 qabatee gulantaa 3ffaa jalatti kuffisuun gara yaada adabbii ilaaluutti darbeera.[268] Dhimma kana keessatti immoo ka'uumsi adabbii qarshii qa.10 irraa kan hin kaane ta'uu ni hubatama. Akka ejjennoo mana murtii kanaatti yakka sadarkaan giddu-galeessaa qabameef ilaalchisee baaxiin ka'uumsaa adabbii qarshii baaxii olaanaa sadarkaa gadaanaati.

Hojimaatni bifa kanaa deeggarsa seeraa kan qabu miti. Sababni isaas bu'uura qajeelfama adabbii keewwata 7(2)'tiin ka'uumsi adabbii qarshii kan kutaa waliigalaa seera yakkaa (keewwata 90/1/) jalatti teechifame akka ta'e ni ibsa. Innis nama uumamaatiif qarshii 10, qaama seerummaa qabu biraatiif immoo qarshii 100 ta'a. Kun akkuma jirutti ta'ee seerota garagaraa keessatti ka'uumsi adabbii qarshii kana caalu kan teechifame yoo ta'e, manni murtii hanga adabbii qarshii seerota addaa kanneen keessa teechifame akka ka'uumsa adabbii qarshiitti qabachuu qaba.[269]

b. Adabbii qarshii irratti sababa adabbii salphisu/cimsu bu'uureffachuun adabbii hir'isuu/cimsuu

Manni murtii hanga adabbii qarshii murteessuuf qabxiileen ilaalcha keessaa galchu SY keewwata 90/2/ jalatti kanneen tarreeffamani dha. Isaanis: ulfaatina yakkichaa, hanga balaafamummaa isaa, haala qabeenya isaa, madda galii isaa, itti-gaafataummaa maatii inni qabu, ogummaa hojii isaa fi galii inni irraa argatu, umurii isaa fi haala fayyaa isaati. Qabatama jiru

[267] Girmaa Hundumaa, A/Murtii MMO Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009; Kaasaa Yaadatee, BB Pirezdaantii MMO Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009; Girmaa Tolchaa, A/Ad/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/Wa/Ha/Go/Sh/Kaabaa, afgaaffii gaafa 16/5/2009 gaggeeffame.

[268] AA vs Jamulee Adiloo, MMA Shaallaa, Lakk G 13217

[269] Fakkeenyaaf labsiin dorgommii daldalaa fi eegumsa shamattootaa (lab. lakk. 813/2006) konkolaachistoota meeshaalee bu'uuraa seeraan ala geejjibsiise adabbii maallaqaa qa. 10,000 hanga 50,000'tiin akka adabaman ni teechisa. Yeroo kana ka'uumsi adabbii maallaqaa qa.10,000 ta'a jechuu dha (Qajeelfama Adabbiii Lakk 2/2006, kwt 7/4/)

yeroo ilaallu manneen murtii keenya ulfaatina yakkichaatiin alatti ulaagaalee hafan biroo yeroo ilaalcha keessaa galchan hedduu hin mul'atu.[270]

Rakkoon qabatamaan bakka kanatti ka'uu qabu tokko manneen murtii adabbii qarshii keessattis akkuma adabbii hidhaa keessatti taasifamu, ka'uumsa adabbii qabachuun yaada adabbii cimsu yookin salphisu bu'uureffatanii adabbii yeroon cimsanii fi salphisan jiraachuu isaati.[271]

Dhimma tokko keessatti himatamaan dagannoodhaan balaa geessise keessatti miidhaa qabeenyaa qa.9200'tti tilmaamamu dhaqqabsiisuun SY kwt 572/1/ jalatti balleessaa jedhameera. Keewwatni kun hidhaa salphaa yookin qarshii akka filannootti kan qabu yoo ta'u, adabbii qarshii qa. 100 gadi hin taaneen akka adabsiisu teechiseera. Manni murtichaa adabbii qarshii filachuun adabbii ka'uumsaa qa.100 qabanne jedheera. Sababa adabbii cimsu tokko fudhachuunis adabbii ka'uumsaa qabate gara qa. 1000'tti guddiseera.[272] Manni murtii kun adabbii qarshii filachuun sadarkaa qabate jennee osoo fudhannee qa.100 irraa eegalee hanga qa. 3333'tti murteessuu danda'a. Adabbii ka'uumsaa fi baaxii olaanaa teechifame kana jidduutti murteessuuf immoo sababoota keewwata 90/2/ jalatti teechifaman bu'uureffata. Yaadni adabbii cimsus ta'e salphisu kamiyyuu yoo jiraate adabbiidhuma ka'uumsaa fi baaxii olaanaa teechifame kana keessatti adabbiin kan cimu yookin salphatu ta'a malee akka yeroo adabbiin hidhaa murtaa'uu gulantaan kan dabalu yookin hir'atu miti jechuu dha.

Rakkoon kun yakkoota sadarkaa fi gulantaan baheef keessattis kan mul'atu dha. Dhimma tokko keessatti himatamaan SY kwt 543/2/ fi danbii 143/2004 kwt 104/1/ jalatti balleessaa jedhameera. Manni murtii gulantaa ka'uumsaa adabbii qarshii sadarkaa 2ffaa jalatti gulantaa 4ffaa qabateera. Itti aansuun gulanticha jalatti adabbii ka'uumsaa qa.4000 qabateera. Yaada adabbii salphisu tokko fudhachuun gulantaa adabbii qarshii irraa tokko hir'isee himatamaa adabbii qa. 3000'tiin adabeera.[273] Manni murtii kun himatamaa kana gulantaa 4ffaa jalqaba qabate kana jalatti sababoota kewwata 90/2/ jalatti teechifaman ilaalcha keessaa galchee adabbii qarshii 10 irraa eegalee murteessuuf aangoo waan qabuuf adabbii ka'uumsaa biraa qabachuun gulantaa tokko hir'isuuf waanti isa deemsisu hin turre. Dhimmootni haala walfakkaataan murtiin adabbii isaanii murtaa'u biroos hedduutu jiru.[274]

[270] Yitbaarek Asaayyee, Abbaa seeraa MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 23/5/2009; Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirez. MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/2009 gaggeeffame; Gulummaa Lamuu, Hoogg.Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, 16/5/2009; Ayyaanaa Tollinaa, Abbaa seeraa MMWO, 19/05/2009; Yitbaarek Asaayyee, Abbaa seeraa MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 23/5/2009

[271] Waaqumaa Xuurii, Abbaa seeraa MMO/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/09 taasifame; Muussaa Immaayyuu, AA Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, 16/5/2009; Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009 gaggeeffame.

[272] AA vs Kabbadaa Abbabaa, MMA Magaalaa Naqamtee, Lakk G 00459

[273] AA vs Ashannaafii Tamasgeen, MMO Go/Wa/Bahaa, Lakk G 39923

[274] AA vs Maammush Isaatuu fa'a N-2, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 26326;

Sababni adabbii maallaqaa cimsu SY keewwata 92 jalatti kan teechifame yoo ta'u, innis yakkamaan tokko jaalala maallaqaatiin yakka kan raawwate yoo ta'e dha. Akka tumaa kana irraa hubatamutti yakkamaan tokko jaalala maallaqaatiin yakka raawwate jechuudhaaf hojii yakkaa akka ogummaatti qabachuun hammuma carraa argate bu'aa diinagdee argachuuf yaaduun yakka kan raawwatu yoo ta'e dha. Qajeelfama adabbii lakk 2/2006 keewwata 7/3/ jalatti sababni kun yoo jiraate manni murtii gulantaa ka'uumsaa adabbii maallaqaa qabate dachaa kudhaniin olkaasuu danda'a. Qabatama jiru keessatti garuu haala kanaan adabbiin akka cimu yeroo gaafatamus ta'e yeroo murtaa'u hin mul'atu. Hirmaataan qorannoo kanaa tokko afgaaffi dhimma kana ilaallatu yeroo deebisu ''ani abbaa alangaa ta'ee waggaa 15 ol hojjechaa yerooon turetti yakki tokko sababa jaalala maallaqaatiin raawwatame jedhamee adabbiin yeroo akka cimu gaafatamus ta'e bifa kanaan cimee yeroo murtaa'u na quunnamee hin beeku'' jedheera.[275] Hirmaattotni qorannichaa afgaaffii deebisan biroos yaada walfakkaataa kan qabani dha.[276] Kunis yakkootni jaalala maallaqaatiin raawwataman hin jiran jechuu osoo hin taane, abbaan alangaa haala kanaan adabbiin akka cimu yeroon gaafatu waan hin jirreefi dha.

c. Haala adabbiin qarshii itti raawwachiifamu

Seeerri yakkaa keenya keewwata 93 fi 94 jalatti haala adabbiin qarshii ittiin raawwachiifamuu qabu ifatti tumee jira. Himatamaan adabbii qarshii itti murtaa'u battalumatti dhaddacharratti akka kanfalu taasifamuu qaba. Himatamaan kun bifa kanaan adabbii itti murtaa'e raawwachuu hin danda'u yoo ta'e, manni murtii wabii namaa ykn kan biraa waamsisuun yeroo baatii 1 hanga 6 gahu ni kennaafi. Haalli jireenyaa himatamaa mana murtii kan amansiise yoo ta'e immoo himatamaan kanfaltii kana jala jalaan /installment/ akka raawwatu yeroo waggaa 3 hin caalle kennuufi ni danda'a. Himatamaan yoo wabii dhabe ykn fedhii wabii fidachuu yoo dhabe manni murtii qabeenyi isaa akka gurguramulle ajajuu akka danda'u keewwata 94/3/ jalatti teechifameera.

Qabatama jiru yeroo ilaallu, daataan bargaaffii, afgaaffii fi sakatta'iinsa galmee irraa argame himatamaan adabbii qarshii battalatti yeroo hin kanfalle ajajni manneen murtiitiin kennamu walfakkeenya kan hin qabne ta'uu kan agarsiisu dha.

Hirmaattotni qorannichaa bargaaffii guutan 140 gaaffii ***'adabbiin maallaqaa yeroo murtaa'u, himatamaan battalatti kanfaluu yoo baate adeemsi ittiin raawwachiifamu kami?'*** gaaffii jedhuuf hirmaattotni qorannichaa deebii itti aanu kennaniiru.

Gabatee 5

[275] Fiqaaduu Alamuu, AA Aa/G/Jaarsoo, A/A/Mu/Ha/Ke, 17/5/2009

[276] Kabaa, Abbaa seeraa MMA Adaamaa waliin afgaaffii taasifame, 10/05/2009; Makliit Dirribaa fi Dajanee Gonfaa, Abbootii alangaa Wa/Ha/A/ Adaamaa waliin taasifame, 10/05/2009.

Deebii hirmaattota bargaaffii guutanii	Baay'ina hirmaattotaa
• Himatamaa to'annaa jalaa gadi dhiisuun waajjirri galii adabbii maallaqaa akka raawwachiisu ajajuu	74 (%36.63)
• Himatamaan adabbii maallaqaa itti murtaa'e galii hanga godhutti to'annaa jala tursiisuu	70 (%34.65)
• Himatamaan wabii gahaa kan dhiyeeffatu yoo ta'e to'annaa jalaa akka bahu ajajuu	37 (%18.31)
• Qabeenyi himatamaa gurguramee akka raawwatamu ajajuu	(%8.41)
• Hirmaattota yaada hin kennine	4

Akka hirmaattotni qorannichaa lakkoofsa gara caalaa qaban (74 (%36.63)) akka agarsiisanitti yakkamtootni adabbii maallaqaa kanfaluu dadhaban yeroo hedduu to'annaa jalaa gadi dhiifamuun gama waajjira galiitiin hordofamanii akka raawwatan taasifamu. Hirmaattotni lakkoofsa walitti dhiyaataa qaban (70 (%34.65)) immoo yakkamtootni hedduun adabbii maallaqaa kanfaluu waan dadhabaniif qofa gara mana sirreessaa akka ergaman teechisu. Yeroo muraasa immoo himatamaan wabii gahaa kan dhiyeeffatu yoo ta'e to'annaa jalaa akka bahu ajajuu fi qabeenyi himatamaa gurguramee akka raawwatamu ajajuun kan mul'atu ta'uus agarsiisaniiru.

Daataan afgaaffii irraa argame immoo kan agarsiisu adeemsi yerooo hedduu hordofamu himatamaan adabbii qarshii itti murtaa'e hanga kanfalutti mana sirreessaa yookin to'annaa poolisii jala akka turu kan jedhu ajajuu dha.[277] Dhimmoota qabatamoo hedduu keessatti hojimaatni jiru isa kana dha.[278] Adeemsi kun tumaalee seera yakkaa keenya olitti ilaalle waliin yeroo xiinxalamus bu'uura seeraa kan hin qabnee fi mirga himatamaas daran kan dhiibu dha. Sababni isaas yakkamaan adabbiin qarshii itti murtaa'e hanga kanfalutti mana sirreessaa haa turu yeroo jedhamu keessattuu qonnaan bulaa yoo ta'e, kan qotiyyoo tokko qabullee sana gurguree kan sanas hin qabne lafa maatii isaa qotee jiraachisu waggootii dheeraadhaaf kireessee adabbii itti murtaa'e yeroo kanfalutu mul'ata.[279] Kunis bu'uura SY keewwata 94/3/ fi 98/3/'tiin qabeenyi yakkamaa gurguramee adabbiin maallaqaa akka kanfalamu yeroo taasifamu gosoota qabeenya gurguruun hin hayyamamnee fi hanga maallaqaa ittiin jireenya maatiif dhiifamuun ol kan adeemu dha. Kanaaf haalli adabbiin maallaqaa ittiin raawwachiifamaa jiru kaayyoo seerichaa

[277] Waarisoo Gammachuu, B/B Hog. Wa/Ha/Aa/ Dugdaa waliin taasifame, 02/06/2009; Saamu'eel Zarihun, Abbaa alangaa Wa/Ha/Aa/Guutoo Giddaa, 23/05/2009; Olaanii, abbaa seeraa MMO Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 06/06/2009 gaggeeffame.

[278] AA Vs Tikkuu Mootii, MMA Kuyyuu, Lakk G 38694; AA vs Gadaa Daadhii, MMA Adaamaa, 84153; AA Vs Daaqxuu Tamtimee, MMA Gimbii, Lakk G 18320

[279] Yane-alam Sammawu, Abbaa alangaa Wa/Ha/Go/Sh/Kaabaa, 17/5/2009; Girmaa Tolchaa, A/Ad/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/Wa/Ha/Go/Sh/Kaabaa, afgaaffii gaafa 16/5/2009 gaggeeffame; Girmaa Hundumaa, A/Murtii MMO Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009;

galmaan gahuuf kan hin fayyadne ta'uu bira darbee rakkoo hawaasummaa bal'aadhaaf saaxilaa akka jiru hubachuun ni danda'ama.

Adabbiin hidhaa fi maallaqaa yeroo yakkamaatti murtaa'u, yeroo tokko tokko yakkamaan adabbii hidhaa yoo xumure yookin amakkiroo yookin dhiifama yoo argate, adabbii maallaqaa yoo kanfaluu baatellee ni gadhiifama. Yeroo kaan immoo mirgootni kun kan eegaman yakkamtoota adabbii maallaqaa isaanii raawwataniif qofa dha. Mirga yakkamtootaa bifa kanaan kan daangessu immoo bakka tokko tokkotti manneen sirreessaa yoo ta'an bakka tokko tokkotti immoo manneen murtiiti.[280]

Hojimaatni inni lammataa manneen murtii keessa jiru, himatamaan adabbiin qarshii erga itti murtaa'e booda kanfalticha battalatti raawwachuu yoo dadhabe waajjirri galii hordofee akka raawwachiisu ajajuudhaan himatamaan to'annaa jala yoo jiraate akka gadi dhiifamu ajajuu dha.[281] Dhimmoota hedduu bifa kanaan keessaummaa'an keessatti manneen murtii waajjirri galii adabbii qarshii haa raawwachiisu jedhanii ajajuun galmee cufu. Yeroo tokko tokko immoo bu'aa isaa galmee kanaan akka walqabsiisu jechuun ni ajaju. Haat'uyyuu malee manni murtii ajaja bifa kanaan kenne raawwatamuu isaa haalli ittiin mirkaneessu hin jiru.[282] Manneen murtii himatamaan wabii akka waamu osoo hin taasisiin ajaja bifa kanaa kennuun isaanii, adabbichi raawwatamuu akka hin dandeenye taasisaa kan jiruu fi hojimaata deeggarsa seeraa hin qabne akka ta'e kan hubatamu dha.

Darbee darbee manneen murtii keessaa qabatamni jiru immoo himatamaan adabbii qarshii kan kanfalu yoo ta'e yookin wabii gahaa kan dhiyeeffatu yoo ta'e to'annaa jalaa akka bahu haa barreeffamuuf ajaja jedhu kennuu dha.[283] Ajajni bifaa kanaan kennamus himatamaan wabii dhiyeeffachuu yoo dadhabe yookin fedhii yoo dhabe to'annaa jala akka turu kan dirqisiisu dha. Kanaaf deeggarsa seeraa kan qabu miti. Manni murtii himatamaan wabii akka waamu yookin jala jalaan akka kanfalu kan taasisu fedhii qabaachuu isaa yoo mirkaneeffate dha. Himatamaan fedhii hin qabu yoo ta'e garuu manni murtii filannoo sadaffaa seeraan teechifame fayyadamee qabeenyi himatamaan qabu akka gurguramu ajajuu danda'a. Haala kanaanis adabbii qarshii murtaa'e raawwachiisuun hin danda'amne yoo ta'e, manni murtii bu'uura SY keewwata 95'tiin adabbii maallaqaa sana gara adabbii hojii dirqiitti jijjiiruun adabuu danda'a.

Qabxiin biraa bakka kanatti ka'uu qabu, manneen murtii adabbii maallaqaa akka raawwachiisan qaamolee garagaraa aangoo hin qabne yeroon ajajan ni mul'ata. Manneen murtii tokko tokko

[280] I/A Koom. Baqqaanaa Dhaabasaa, A/Ad./Haaromsa Sirreeffamtootaa, Qaj.Ma.Si.Go.Sh.Kaabaa, 17/5/2009; Barreessaa Baqqalaa, Hogg/Wa/Haqaa/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/05/2009 gaggeeffame;
[281] Girmaa Hundumaa, Abbaa murtii MMO, Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009; Joonii Bantii, Pirez. MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 25/5/2009 gaggeeffame; Waaqumaa Xuurii, Abbaa seeraa MMO/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/09 taasifame.
[282] Damee Kumsaa, Gaggeessaa Dh/Yakkaa, MMA Giraar Jaarsoo, 17/5/2009; Baacaa Lammeessaa fi Takkaaliny Baqqalaa vs A/Alangaa Naannoo, Lakk.Gal MMWO Dh.Lixaa, Lakk G 205926.
[283] AA vs Kabbadaa Aagaa, MMA Adaamaa, Lakk G 95400

adabbii maallaqaa ofiserootni mana murtii akka raawwachiisan ajajuun galmee yeroon cufan ni jira.[284] Manneen murtii tokko tokko immoo adabbii maallaqaa akka raawwachiisu manneen sirreessaa yeroon ajajan ni jira.[285] Manneen sirreessaa tokko tokkos kanarraa ka'uun, adabbiin hidhaa fi maallaqaa walirratti yeroo murtaa'u yakkamaan hidhaa xumuree sababa adabbii maallaqaa hin kanfalleef mirga amakkiroo yookin dhiifamaa akka dhabu yeroon taasisan ni jira.[286] Galmee tokko tokko keessatti immoo adabbiin maallaqaa fi hidhaa yeroo waliin murtaa'u, qaama adabbii maallaqaa raawwachiisu ajajuu dagachuun ni jira.[287]

ii. Qabeenyi Himatamaa Mootummaadhaan Akka Dhaalamu Murteessuu

Adabbiiwwan qabeenya himatamaarratti fudhataman keessaa tokko qabeenyi himatamaa akka dhaalamu ajajuu dha. Qabeenyi himatamaa sababa yakkaatiin kan dhaalamu bifa lamaani dha. Inni duraa, tumaan himatamaan jalatti itti himatame qabeenyi sababa yakkichaatiin qabame akka dhaalamu ifatti kan ajaju yeroo ta'u dha. Inni biraa, qabeenyi himatamaan kara kallattiis ta'e alkallattiitiin yakka balleessaa jalatti jedhameen walqabatee hore akka dhaalamu manni murtii ajajuu qaba.[288] Namni tokko yakka akka raawwatu kakaasuuf yookin yakka waan raawwateef akka gatiitti fayidaan /maallaqni/ kennameef yookin yakka yeroo raawwatu akka itti gargaaramu qabeenyi fudhate akka dhaalamu ajajamuu qaba. [289]

Qabatama gama kanaan jiruu fi tumaaleen seeraa kunneen hammam hojiirra akka oolaa jiran hubachuuf daataan bifa garagaraatiin walitti qabameera. Gaaffii ***'yakka himatamaan balleessaa itti taasifameen walqabatee qabeenyi kallattiinis ta'e alkallattiin horatame yookin seeraan ifatti yoo ibsame qabeenyi himatamaa akka dhaalamu ni murtaa'aa?'*** jechuun bifa bargaaffiitiin dhiyaateef hirmaattotni hirmaatan 140 deebiin kennan gabatee itti aanuun kan agarsiifame dha.

Gabatee 6

Deebii hirmaattotni kennan	Baay'ina hirmaattota yaada kennanii (lakkoofsaan)	Dhibbeentaadhaan (%)
Eeyyee	54	%38.57
Lakki	77	%55
Hirmaattota yaada hin kennine	9	

[284] AA Vs Muhaammad Bashiraa, MMA Shaallaa, Lakk G 12972; AA vs Marihun Naggaa, MMA Shaallaa, Lakk G 12990; AA vs Maammoo Olkaamoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13218
[285] Lakk G 45120, MMO Go/Sh/Bahaa
[286] Barreessaa Baqqalaa, Hogg/Wa/Haqaa/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/05/2009 gaggeeffame;Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame;
[287] AA vs Darajjee Nurfataa fa'a N-16, MMO Go/Wa/Bahaa, Lakk G 39723; AA vs Shoolee Fiqaaduu, MMA Laaloo Assaabii, Lakk G 06866
[288] Seera Yakkaa bara 1996 bahe, kwt 98.
[289] SY kwt 100/1/.

Akka daataan kun agarsiisutti yakkoota garagaraa raawwatamaniin walqabatee qabeenyi bu'uura seeraatiin dhaalamuu qabu yeroon akka dhaalamu murtaa'u kan jiru ta'ullee, yeroon osoo hin dhaalamiin hafu kan caalu akka ta'e dha.

Akka daataan afgaaffii irraa argame agarsiisutti immoo qabeenyi bu'aa yakkaatiin horatame mootummaan akka dhaalamu yeroo godhamu keessaa tokko meeshaalee waraanaa seeraan alaa hidhatanii argamuu fi daldaluun kan walqabatu dha. Dhimmoota bifa kanaan dhiyaataniin walqabatee himatamaan balleessaa kan taasifamu taanaan meeshaan waraanaa akka ciraatti qabamee dhiyaatu yeroo mara mootummaadhaan akka dhaalamu yeroo ajajamu ni mul'ata.[290] Yeroon murtiin qabeenya dhaaluu kennamu inni biraa yakkoota daldala seeraan alaa kanneen akka daldala bunaa, kontirobaandii, daldala cilee, kkf'iin walqabateeti.[291] Darbee darbees dhimmoota goyyomsaa hawaasa irratti raawwatamanirratti qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e akka dhaalamu yeroo ajajamu ni quunnama. Dhimma tokko keessatti himatamtuun nama biraa waliin ta'uun nama dhukkubsate fakkaachuun sagalee-guddistuu fayyadamuun karaatti bahuun kadhaa raawwachuun gowwomsaa raawwatteef himatamteerti. Dhimma kana irratti manni murtii himatamtoota balleessaa taasisuun maallaqni guyyaa qabaman harkatti qabame qa.1000 ol ta'u mootummaadhaan akka dhaalamu ajajeera.[292] Gama biraatiin, manneen murtii tokko tokko himatamaa balleessaa erga taasisan booda qabeenya bu'aa yakkaa ta'e immoo himatamaaf akka deebi'u yeroon murteessan ni jira. Keessattuu rakkoon kun kan uumamu yeroo adabbiin hidhaa himatamaadhaaf daanga'u dha. Fakkeenyaaf dhimma tokko keessatti himatamaan cilee seeraan alaa fe'ee osoo deemuu qabame balleessaa taasifamee adabbiin hidhaa itti murtaa'e daanga'eefi jira. Manni murtii kun cileen akka ciraatti qabame himatamaaf akka gadi dhiifamu ajajeera.[293] Dhimma kana irratti manni murtii adabbii hidhaa himatamaa kanaaf dangessuun isaa qabeenya bu'aa yakkaa ta'e kana mootummaan akka dhaalu murteessuu kan isaa dhoorku miti.

Galmeewwan farramalaammaltummaa tokko tokko keessatti garuu namootni qabeenya mootummaa fi uummataa fayidaa dhuunfaatiif oolfatan jedhamuun balleessaa taasifaman qabeenyicha akka deebisan yookin qabeenya dhuunfaa isaanii irratti ajajni kennamu hedduu hin mul'atu.[294] Kanaaf immoo akka sababaatti qabxiin taa'uu danda'u, yeroo qorannaan yakkaa gaggeeffamuu fi himannaan yeroo dhiyaatu qabeenyi bu'aa yakkaa ta'e akka dhaalamu ajajuuf

[290]Waarisoo Gammachuu, B/B Hog. Wa/Ha/Aa/ Dugdaa waliin taasifame, 02/06/2009; Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009; Afgaaffii Muussaa Immaayyuu, AA Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, 16/5/2009 ; AA vs Jamaal Wadaay, MMA Meettaa, Lakk G 20201; Lakk G 45120, MMO Go/Sh/Bahaa.
[291] Gargaaraa Komishinaraa Tarreessaa Kaasaa, Hogg./Wa/Po/Go/Wa/Bahaa, 23/5/2009; Girmaa Taarraqeny (Inspeektara), Hoogg./Wa/Po/Aa/Gimbii, 25/5/2009; Girmaa Birhaanuu (Inspeektara), Abbaa Adeemsa Qorannaa Yakkaa fi Mu/Ha/Ke/Wa/Po/Aa/Gimbii, 25/5/2009;
[292] Amaan, Abbaa seeraa MMA Adaamaa waliin taasifame, 10/05/2009.
[293] Saj. Ol. Gabayyoo Birhaanuu, Qa/Po/Go/Sh/Kaabaa, 17/5/2009; Saj. Dirbabaa Tolasaa, Qa/Po/Go/Sh/Kaabaa, 17/5/2009
[294] A/Alangaa KNFM. Oromiyaa vs Tashoomaa Gullilaat fa'a N-3, Lakk.G MMWO Dh.Lixaa 176195.

haala dandeessisuun xiyyeeffannoon kennamee irratti hin hojjatamu.[295] Abbaan alangaa idilee yakkoota malaammaltummaa bakka bu'iinsaan yeroo himatu qabeenya bu'aa yakkichaa ta'e ilaalchisee qorannaa hin gaggeessu, qaama falmiis taasisaa hin jiru.[296] Dhimmoota biroo malaammaltummaan alaa irrattis haaluma walfakkaataan qorannoon yakkaa gaggeeffamus ta'e falmiin gaggeeffamu qabeenya bu'aa yakkaa ta'eef xiyyeeffannaan hin kennamu.[297]

Qabeenya himatamaa dhaaluu waliin walqabatee rakkoon inni biraa mul'atu qabeenyi himatamaa dhaalamuu hin qabne akka dhaalamu ajajuu dha.[298] Dhimma tokko keessatti himatamaan aangoo isaa seeraan ala fayyadamuun tumaa labsii lakk. 881/2007 kwt 32/2/ jalatti balleessaa taasifameera. Himatamaan kun miidhamaa dhuunfaa kanaan 'dehininnatootni' akka si hin qabnen sirraa dhoorka jechuun warqii waqeeta tokko kan tilmaamni isaa qa.22,000 ta'e fudhateera. Miidhmaan dhuunfaa kunis dursee poolisootaaf eeruu waan kennee tureef himatamaan kun harkaaf harkatti qabameera. Manni murtichaa himatamaa kana adabbii hidhaatiin adabuun ciraan qabame /warqichi/ bu'aa yakkaan kan argame waan ta'eef mootummaadhaan akka dhaalu murteesseera.[299] Dhimma biraa tokko keessatti immoo himatamaan yakka malaammaltummaa raawwatee balleessaa erga jedhame booda ajajni manni murtii ciraa irratti kenne akkas kan jedhu dha: 'qarshiin malaammaltummaan yakkamaaf kennamee ciraadhaan qabamee Waajjira Poolisiitti argamu, abbummaan isaa qulqullaa'ee abbaa qarshichaaf haa deebi'u' kan jedhu dha.[300]

Dhimma isa jalqabaa keessatti himatamaan harkaa harkatti akka qabamu kan dandeessise miidhamaan dhuunfaa dursee eeruu kennuu akka ta'e firiiwwan dubbii dhimmichaa irraa kan hubatamu dha. Kun ta'ee osoo jiruu qabeenyi miidhamaa dhuunfaa kun dhaalamuun isaa sirrii miti. Bu'uura tumaa SY keewwata 98(2)'tiin qabeenyi olitti caqasame kun bu'aa yakkaatiin kan argame dha jechuun hin danda'amu. Sababni isaas miidhamaan dhuunfaa kun warqii jedhame himatamaatti kan kenne harkaa fi harkatti akka ittiin qabamuuf malee akka fudhatu yaadee akka hin taane kan hubatamuu dha. Dhimma lammataa ilaalchisees manni murtii kun qarshiin malaammaltummaan himatamaan fudhatee harkatti qabame miidhamaa dhuunfaaf akka deebi'u ajajuun dura miidhamaan dhuunfaa yaada sammuu akkamiitiin qarshicha akka kennee fi himatamaan akka qabamu gaheen inni qabu xiinxalamuu qaba.

---

[295] Barreessaa Baqqalaa, Hogg/Wa/Haqaa/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/05/2009 gaggeeffame; Waaqumaa Xuurii, Abbaa seeraa MMO/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/09 taasifame.

[296] Hundarraa Fiqaaduu, Abbaa alangaa Wa/Ha/Go/Wa/Bahaa, waliin taasifame, 24/5/09; Muussaa Immaayyuu, AA Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, 16/5/2009; Olaanii, abbaa seeraa MMO Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 06/06/2009 gaggeeffame

[297] Afgaaffii Gulummaa Lamuu, Hoogg.Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, 16/5/2009; Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame; Barreessaa Baqqalaa, Hogg/Wa/Haqaa/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/05/2009 gaggeeffame;

[298] Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame; Hundarraa Fiqaaduu, Abbaa alangaa Wa/Ha/Go/Wa/Bahaa, waliin taasifame, 24/5/09;

[299] AA vs Tamasgeen Gudduu, MMO go/Wa/Lixaa, Lakk G 30709.

[300] Komishiinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa vs Salaamon Tasfaayee fa'a N-3, Lakk. G MMWO Dh.Lixaa 176973

iii. Miidhamaa Dhuunfaatiif Himatamaa Beenyaa Kanfalchiisuu

Adabbiiwwan qabeenya himatamaarratti fudhataman keessaa inni sadaffaan himatamaa beenyaa kanfalchiisuu dha. Seera Yakkaa keewwata 101 jalatti miidhamaan dhuunfaa gocha yakkaatiin miidhaan olaanaan irra gahe himatamaan beenyaa akka isaa kanfalu ykn bakka dura turetti akka isa deebisu himannaa siivilii galmee yakkaa waliin walirratti dhiyeeffachuu akka danda'u ni teechisa. Manni murtiis himatamaan beenyaa kana akka kanfalu murteessuu danda'a. Himatamaan beenyaa kana kanfaluu hin danda'u yoo ta'e, manni murtii qabeenya himatamaa qabamee jiru yookin maallaqa wabummaa inni qabsiise irraa, adabbii maallaqaa isarratti murtaa'e keessaa, qabeenya isarraa dhaalamu yookin hojii humnaa himatamaan hojjete irraa galii argamu keessaa beenyaan miidhamaa dhuunfaatiif akka raawwatamu manni murtii ajajuu danda'a.[301] SDFY keewwata 154-159 irraa akka hubatamu miidhamaan yakkaa hanga beenyaa isaaf malu caqasuun mana murtii dhimma yakkaa ilaaluuf kan dhiyeessuu qabu yoo ta'u, kanfaltii abbaa seerummaa hin gaafatamu. Ragaa bitaa mirgaan dhiyaatu irrattis dabalataan dhiyeeffachuu ni danda'a. Manni murtichaa gaaffii beenyaa miidhamaan yakkaa dhiyeessu fudhachuu dhiisuu kan danda'u sababootni tumaa SY kwt 155 jalatti tarreeffaman yoo guuttamani dha. Isaan keessaa himannaan beenyaa dhiyaatu dhimmi yakkaa sun yeroo gabaabaa keessatti akka hin xumuramne kan taasisu yoo godhe, hangi maallaqa beenyaa gaafatamee aangoo mana murtichaa ol kan ta'u yoo ta'e, kkf dha. Himatamaan yakkaan bilisa yoo bahe manni murtii himannaa beenyaa dhiyaate hin murteessu.

Qabatama gama kanaan jiru adda baasuudhaaf daataan bifa garagaraa kan walitti qabame yoo ta'u, bargaaffii qophaa'e keessatti gaaffii ***'himatamaan miidhamaa dhunfaatiif beenyaa akka kanfalu galmee yakkaa keessatti yeroon murtaa'u isin quunnamee beekaa?'*** jechuun hirmaattota qorannichaa 140 gahaniif gaaffiin dhiyaateera. Deebiin kennames kan gabatee itti aanu keessatti teechifame fakkaata.

Gabatee 7

Deebii hirmaattotni kennan	Baay'ina hirmaattota yaada kennanii (lakkoofsaan)	Dhibbeentaadhaan (%)
Eeyyee	12	(%8.57)
Lakki	125	(%89.28)
Hirmaattota yaada hin kennine	3	

Akka daataa kana irraa hubatamuu danda'utti miidhamaa dhuunfaatiif beenyaan akka kanfalamu yookin bakka dura turetti deebisuuf murtiin kennamu hin jiru gara jechuutti kan nama geessu dha. Hirmaattota qorannichaa daataa kana guutan keessaa murtiin bifa kanaa yeroo kennamu nu quunname kan jeedhan nama 10 keessaa tokko illee kan hin guutne dha. Kunis tumaan seera

[301] SY keewwata 102/1/.

yakkaa keewwatni 98 furmaata kana miidhamaa dhuunfaatiif kan teechise yoo ta'ellee, tumaan kun hojiirra oolaa akka hin jirre hubachuun ni danda'ama.

Daataan afgaaffiis rakkoon kun jiraachuu kan agarsiisuu fi miidhamaan dhuunfaas bifa kanaan himata yookin gaaffii yeroon dhiyeessu akka hin jirre agarsiisa.[302] Akka tasaa murtiin akka kanaa (galmee yakkaarratti miidhamaaf beenyaa murteessuun) yeroo quunnamullee hooggansa mana murtiillee dabalatee dhimmichi akka keessummaatti haala itti ilaallamutu jira. Dhimma qabatamaa tokko irratti abbaan seeraa himatamaa hidhaan adabuun miidhamaa dhuunfaatiif immoo beenyaa qarshii 10,000 himatamaan akka kanfalu galmee yakkaa sana keessatti waliin murteessee ture. Gochaan abbaa seeraa sun akka gochaa alnaamusaatti irratti iyyatamaa kan ture yoo ta'u murtiin sunillee osoo hin raawwatamiin hafeera.[303] Dhimma biraa keessattis himatamaan seera yakkaa keewwata 620(1) bira darbuun yakka dirqisiisanii gudeeduu raawwachuun balleessaa jedhameera. Manni murtichaas yakkamaan kun adabbii qarshii 3000'tiin akka adabamu murteessuun kana keessaa qarshiin 2000 miidhaamtuu dhuunfaatiif akka beenyaatti akka kaffalamuu fi qarshiin 1000 immoo mootummaadhaaf galii akka ta'u jechuun murteesseera.[304] Dhimmoota kana keessatti murtiin beenyaa miidhamtoota dhuunfaa murtaa'e adeemsa seeraa osoo hin eegiin, fakkeenyaaf, himannaan miidhaamtootni dhuunfaa dhiyeeffatan osoo hin jiraanne kan kenname dha. Ta'us, mirgi kun seera irra taa'ee osoo jiruu fi murtiiwwan bifa kanaa immoo kennamanii yeroo hin beeknetti, murtiiwwan kunneen (murtiileen kunneen seeraan walsimuu dhabuun isaanii akkuma jirutti ta'ee) akka jalqabbii gaariitti ilaaluun gaarii dha. Gaaffiin beenyaa kunis sababa yakkichaatiin miidhaa cimaan yoo gahe himatamaadhaan kan gaafatamu akka ta'e SY keewwata 101 jalatti taa'eera. Manni murtiis galmee yakkaa keessatti iyyata himatamaan dhiyaatu SDFY bu'uureffchuun erga qulqulleeffatee booda murtii kennuu akka danda'u tumaa kana irraa ni hubatama.

iv. Hojiirra Oolmaa Adabbii Hojii Dirqiitiin Walqabatee Rakkoolee Mul'atan

Yakkamaa badii salphaa raawwatee argame manni murtii bilisummaa isaa dangessuu dhiisuudhaan hojii dirqii guyyaa tokkoo hanga baatii jahaa gahuun akka adabamu murteessuu danda'a. Garuu, haaldureewwan 2 guutamuu qabu. Isaanis: yakki raawwatame salphaa fi hidhaa baatii 6 hin caalleen kan adabsiiisu ta'uu fi yakkamaan hojjechuu kan danda'uu fi hawaasaafis balaafamaa kan hin taane yoo ta'e dha. Manni murtii murtii bifa kanaa yeroo murteessu: gosa hordoffii taasifamu, hanga maallaqa galii inni argamsiisu irraa citu /1/3ffaa galii isaa kan hin caalle, bakka adabbiin itti raawwatamuu fi yeroo inni turu ni murteessa.[305] Adabbiin hidhaa salphaa bu'uura SY kwt 103 /1/' tiin gara hojii dirqiitti yeroo jijjiiramu sababoota adabbii salphisaniin erga salphatee booda hidhaan guyyaa 1, hojii dirqii guyyaa 1 (sa'aatii 8) tiin akka

[302] Hundarraa Fiqaaduu, Abbaa alangaa Wa/Ha/Go/Wa/Bahaa, waliin taasifame, 24/5/09; Afgaaffii Gulummaa Lamuu, Hoogg.Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, 16/5/2009; Saamu'eel Zarihun, Abbaa alangaa Wa/Ha/Aa/Guutoo Giddaa, 23/05/2009
[303] Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirez. MMO Go/Ha/Bahaa, Afgaaffii gaafa 06/06/09 gaggeeffame
[304] AA vs Machawaa Huuqaa, MMA Yaabeelloo, Lakk G 05722.
[305] Seera Yakkaa RDFI, kwt 103.

walmadaaluutti fudhatamee akka jijjiiramu qajeelfamni adabbii keewwata 6(3)(e) jalatti teechiseera. Kana jechuun abbaan murtii tokko adabbii hidhaa salphaa himatamaaf malu erga shallagee booda, fakkeenyaaf hidhaa salphaa baatii sadii yoo qabatee fi hojii dirqiitti jijjiiruu yoo barbaade, guyyaatti sa'a saddet baatii sadiif akka tajaajila hojii dirqii kennu yookin sa'aatii guyyaatti hojii dirqii raawwatu hir'isuun yeroo turtii kanaan akka walmadaalutti ajajuu danda'a jechuu dha.

Manni murtii adabbii hidhaa salphaa baatii 6 hin caalle gara hojii dirqiitti jijjiiruu ni danda'a. Kanas kan raawwatu: tumaalee kutaa addaa seerichaa irratti adabbiin hanga baatii 6 gahu kan teechifame yeroo ta'ee fi adabbii hidhaa salphaa raawwachiisuuf yookin deemsa mana sirreessichaa irratti dhiibbaa kan qabaatu ta'uu yoo tilmaamame yookin amala sirreeffamichaa fooyyessuuf mijataa ta'ee yoo argamuu baate dha. Adabbii kana murteessuuf tumaalee kutaa addaa seera yakkaa keessatti adabbiin kun akka filannootti teechifamuun dirqama miti.[306]

Qabatamaan tumaaleen seeraa kunneen hangam hojiitti hiikamaa jiru kan jedhu hubachuuf daataan bifa garagaraatiin (bargaaffii, afgaaffii fi sakatta'iinsi galmeetiin) walitti qabameera. ***'Adabbiin hojii dirqii bu'uura SY kwt 103, 106 fi 107'tiin yeroo murtaa'u isin quunnamee beekaa?'*** jechuun gaaffii bargaaffii hirmaattota 140'f dhiyaate irratti yaadni kenname gabatee itti aanuun kan agarsiifame dha.

Gabatee 8

Deebii hirmaattotni kennan	Baay'ina hirmaattota yaada kennanii (lakkoofsaan)	Dhibbeentaadhaan (%)
Eeyyee	32	%22.8
Lakki	107	%76.4
Hirmaattota yaada hin kennine	1	%0.8

Akka daataa bargaaffiii kanarraa hubatamutti hirrmaattotni qorannichaa (abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa) harka afur keessaa sadi (%76.4) murtii bifa kanaa yeroo tokkollee ofiifis hin kennine yeroo kennamus nu hin quunnamne jedhaniiru. Kunis adabbiin hojii dirqii darbee darbee yoo ta'een alatti qabatamaan hojiirra oolaa akka hin jirre kan agarsiisu dha.

Daataan afgaaffiis akka agarsiisutti adabbiin hojii dirqii kan ajajamu yeroo muraasa haalli addaa yeroo uumamu qofa. Fakkeenyaaf, namni mana sirreessaa jiru yakka salphaa biraa yeroo raawwatu mana sirreessaa san keessatti hojii dirqii akka raawwatu yeroon ajajamu ni jira. Dhimma tokko keessatti immoo himatamaan adabbii hidhaa osoo raawwachaa jiruu yeroo hojiif bobbaafaman miliqee waan badeef SY kwt 461/1/ jalatti balleessaa jedhameera. Manni murtii kun bu'uura qajeelfama adabbiitiin sadarkaa fi gulantaa yakkichaa baasuun gulantaa ka'uumsaa

[306] Seera Yakkaa RDFI, kwt 106 fi 107

hidhaa 2ffaa qabateera. Sababni adabbii salphisu tokko waan fudhatameef gulantaa 1ffaa jalatti gadi buuseera. Itti aansuun manni murtichaa himatamaan adabbii gulantaa kana jalatti teechifame hojii dirqii guyyaa 30'tiin akka adabamu jechuun murteesseera. Himatamaan kun yakka kana kan raawwate mana sirreessaa keessatti adabbii biraa osoo raawwachaa jiruu waan ta'eef, manni sirreessaa kun adabbii hojii dirqii kana dabalataan akka irratti raawwachiisu ajajeera.[307] Manni murtii kun himatamaan sababa biraatiif dursee mana sirreessaa keessa jiraachuu isaa adabbii hojii dirqii ajajuuf akka carraa gaariitti fayyadameera.

Sababni adabbiin hojii dirqii akka murtaa'u taasisu inni biraa himatamaan adabbii maallaqaa kanfaluu kan hin dandeenye hiyyummaa hamaa kan qabu yeroo ta'u dha.[308] Fakkeenyaaf, dhimma tokko keessatti immoo himatamaan yeroo waardiyyaa buufata konkolaataa ta'ee hojjetaa jirutti qorqoorroo buufatichaa firii 2 hatee balleessaa jedhameera. Manni murtii kun himatamaan hidhaa baatii tokkoo yookin adabbii hojii dirqii guyyaa 10'tiin adabeera. Hojiin dirqii ajajames yakkamaan kun mooraa buufata konkolaataa sana akka qulqulleessu kan jedhu dha. Manni murtichaa murtii kana kan filateef immoo himatamaan yakka hannaa kana kan raawwate rakkoo diinagdee cimaa irraa ka'ee waan ta'eefi dha.[309] Rakkoon bakka kanatti jiru manni murtichaa ajaja hojii dirqii kana kennuun galmee cufuun alatti raawwatamuu murtii kanaa haalli itti mirkaneeffachuuf yaale hin jiru. Qabxiin biraa dhimma kanaan walqabatee ilaallamuu qabu mannii murtii kun adabbii hidhaa baatii 1 yookin adabbii hojii dirqii guyyaa 10 murteessuun isaa sirrii miti. Akka qajeelfama adabbii lakk.2/2006 keewwata 6(3)(e) jalatti teechifame adabbii hidhaa guyyaa tokkoo adabbii hojii dirqiitti yeroo jijjiiramu hojii dirqii guyyaa 1 yookin sa'aatii 8 waliin akka walmadaalutti jijjiiramuu qaba.

Dhimma biraa tokko keessattis himatamaan adabbii hidhaa fi adabbii qarshiitiin akka adabamu itti murtaa'e, adabbii hidhaa xumuree adabbii maallaqaa kanfaluu dadhabeera. Manni murtii adabbii qarshii himatamaa kanarratti murtaa'e ture gara adabbii hojii dirqiitti jijjiiruun bulchiinsi magaalaa akka raawwachiisu ajajuun galmee cufeera.[310] Dhimma walfakkaataa mana murtii aanaa Ganjiitti murtaa'e tokko keessattis himatamaan tumaa SY kwt 488 jalatti kan balleessaa jedhame yoo ta'u, manni murtii kun rakkoo diinagdee fi hawaasummaa himatamaa bu'uureffachuun adabbii hojii dirqii mooraa mana murtichaa qulqulleessuutiin akka adabamu murteesseera. Hojii dirqii kanas poolisiin aanichaa akka raawwachiisu ajajameera.[311] Dhimma kana keessatti manni murtii himatamaa kan barsiisu gosa adabbii hojii dirqiiti jedhee itti yaadee

[307] AA vs Shokee Jiruu, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27177; Gulummaa Lamuu, Hoogg.Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, afgagaffii gaafa 16/5/2009 gaggeeffame; Damee Kumsaa, Gaggeessaa Dh/Yakkaa, MMA Giraar Jaarsoo, 17/5/2009;

[308] Addunyaa Alamuu, Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi Mu/HA/Ke/Wa/Ha/Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 6/6/2009 gaggeeffame; Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirez. MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/2009 gaggeeffame;

[309] Kabaa, Abbaa seeraa MMA Adaamaa waliin afgaaffii taasifame, 10/05/2009.

[310] Kabbadaa Gidduma, Pirez. MMA Dugdaa, waliin afgaaffii taasifame, 02/06/2009.; Kabbaboo Tashoomaa, Abbaa seeraa MMA Dugdaa waliin afgaaffii taasifame, 02/06/2009.

[311] Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame.

kan murteesse osoo hin taane filannoo biraa dhabuun kan murteesse dha. Kunis bu'uura SY keewwata 96'tiin bu'uura seeraa kan qabu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Akka dhimmoota olii keessatti ilaalle haalli addaa dirqisiisaa ta'e osoo hin uumamiinis manneen murtii adabbii hojii dirqii kaka'uumsa mataa isaaniitiin murteessan ni jiru. Dhimma tokko keessatti himatamaan balleessaa kan jedhame harka darbiinsaan tumaa SY kwt 560/1/ jalatti yoo ta'u, innis adabbii hidhaatiin sadarkaa 1ffaa gulantaa 2ffaa jalatti, adabbii maallaqaatiin immoo sadarkaa 1ffaa gulantaa 1ffaa jalatti kan kufu dha. Himatamaan yakkicha kan amane ta'uu fi kuusaa yakkaa dhabuu isaa caqasuun manni murtichaa gulantaa tokko gadi bu'uun gulantaa 1ffaa jalatti hojii humnaa guyyaa 15 akka raawwatu murteessuun Waajjirri Poolisii aanichaa iddoo hojiin jirutti ilaalee akka raawwachiisu ajajuun galmee cufeera.[312] Dhimma kana keessatti kaka'uumsa manni murticha gosa adabbii kana hojiirra oolchuuf fudhate kan jajjabeeffamu dha. Qabxiin ilaalamuu qabu tokko garuu qaamni adabbicha raawwachiisu ulaagaa maaliin filatamuu akka qabuu fi qaamni ajajame kun raawwachiisuu fi dhabuu isaa akka gabaasu haalli ittiin godhamu maal ta'uu qaba kan jedhu dha. Adabbiin murtaa'e kun raawwatamuu fi raawwatamuu kan hin dandeenye ta'uu isaa qaamni ajajame kun deebisee haalli mana murtiif akka gabaasu ittiin taasifamu uumamuu qaba.

Dhimma tokko keessatti yakkamaan tumaa SY kwt 613/3/ jalatti balleessaa jedhame adabbiin hidhaa baatii 3 erga qabamee booda gulantaa 2ffaa jalatti kufeera. Yaadni adabbii cimsu dhabamee kan adabbii salphisu tokko yoo argamu, manni murtichaa gulantaa tokkoon gadi bu'uuf qajeelfamni adabbii kan hin hayyamne waan ta'eef gulantuma 2ffaa jalatti hidhaa baatii 3 adabneerra jedheera.[313] Sababni manni murtii kana godheefis gulantaan 1ffaan hojii dirqii waan ta'ee fi kana immoo murteessuun kan danda'amu waan itti hin fakkaaneefi. Kunis abbootiiin seeraa yakka gulantaa 1ffaa miiltoo 1ffaa qajeelfamichaa jalatti kufu, adabbii hojii dirqii murteessuu irraa baqachuuf gulantaa tokko ida'uun gulantaa 2ffaa jalatti yeroon adaban jiraachuu kan agarsiisu dha.[314] Manni murtii kun himatamaa kana gulantaa tokkoffaa jalatti osoo adabuu qabu sababa qaamni adabbii hojii dirqii raawwachiisu hin jiru jedhuun gulantaa 2ffaa jalatti adabuun isaa qajeeltoo seera-qabeessummaa fi madaalawaa ta'uu murtii adabbii seera yakkaa keenyaan beekamtii argatan kan cabsu dha.

Akka waliigalaatti adabbiin hojii dirqii haala seerri teechiseen hojiirra oolaa akka hin jirreefi sababni inni guddaanis abbootiin murtii qaamni adabbii kana raawwachiisuuf dirqama qabu hin jiru jedhanii amanuu akka ta'e kan hubatamu dha. Akka dhimmoota armaan olii kanneen irraa hubatamutti manneen murtii hanga danda'amaa ta'etti adabbii hojii dirqii murteessuu irraa akka ofqusatanii fi yoo kan murteessan ta'e immoo adabbicha raawwachiisuuf yeroo hedduu waajjira

[312] AA vs Ahimaddiin Adam, MMA Meettaa, Lakk G 26791
[313] AA Vs Muhaammad Bashiraa, MMA Shaallaa, Lakk G 12972
[314] Dajanee Gonfaa, Abbaa alangaa Wa/Ha/A/ Adaamaa waliin afgaaffii taasifame, 10/05/2009; Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009 gaggeeffame; Makliit Dirribaa fi Dajanee Gonfaa, Abbootii alangaa Wa/Ha/A/ Adaamaa waliin taasifame, 10/05/2009.

poolisii ajajaa akka jirani dha. Manneen murtii adabbii hojii dirqii akka raawwachiisan qaamolee garagaraa keessattuu dhaabbilee hojii humnaa qaban kanneen akka Itiyoo-telkoom, waajjira humna ibsaa, waajjira bishaanii fi kkf ajajuun raawwachiisuuf yeroon yaalan hin mul'atu.[315] Darbee darbee manni murtii adabbii hojii dirqii akka raawwachiisan yeroo qaamolee akka Bulchiinsa Magaalaa ajaju hanqina hubannoo jiru irraa kan ka'e 'dhimmi kun nuuf haaraadha raawwachiisuu hin dandeenye' jechuun yeroon deebisanis quunnameera.'[316] Kanaaf, manneen murtii keenya waajjira poolisii caala waajjiraalee mootummaa hojii dirqii raawwatamu sana ofii isaanitii raawwachiisuu danda'anii fi hanqina humna namaa qaban ajajuun irra caala filatamaa ta'uu danda'a. Kana malees, ajaja bifa kanaa kennuun hanga baramutti qaamolee kanneeniif kaayyoo adabbiin hojii dirqii ajajamee fi haala ittiin raawwachiifamu danda'u ilaalchisee qaamaan quunnamuun hubachiisuun barbaachisaa dha.

v. Adabbii Daangessuu

Murtii adabbii kennuun murtichi akka hin raawwatamne daangessuuf manni murtii himatamaatti akeekkachiisa cimaa kennuun adabbiin itti murtaa'e osoo hin raawwatamiin yeroo qormaataa murtaa'eef akka turu ajaja.[317] Adabbii hidhaa daangessuun dura manni murtii seenaa duraanii, amala dhuunfaa, haala jireenyaa fi hojii yakkamaa gaaffii dhiyeessee qoratamee akka dhiyaatuuf qaama itti amane ajajuu danda'a.[318]

Qabatama jiru keessatti rakkoolee gurguddoo jiran akka itti aanutti tokko tokkoon mata duree xixiqqaatti qoodnee ilaaluuf yaalla.

a. Adabbii daangessuun bu'aa gaarii akka argamsiisu tilmaamamni dhama-qabeessa ta'e jiraachuu (SY kwt 196)

Rakkoolee murtiiwwan adabbii daangessuun walqabatee mul'atan keessaa tokko manneen murtii adabbii daangessuuf qabxiin madaalaa jiran amalli yakkamaa sanaa adabbiin yoo daanga'eef bu'aa gaarii argamsiisuu danda'a isa jedhu osoo hin taane 'gara-laafummaa' fi namooma (humanity) bu'uureffachaa akka jiran kan agarsiisu. [319] Dhimmootni qabatamoo manneen murtii keenyatti murtaa'an akka agarsiisanitti adabbii daangessuuf sababoota teechifaman keessaa kanneen armaan gadii ni caqasamu.

---

[315] Darajjee, Abbaa seeraa MMA Adaamaa waliin afgaaffii taasifame, 10/05/2009; Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame Komaandar Hayiluu Qixoo, Hoogg. Ma/Si/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 24/5/2009 gagggeeffame

[316] Warraaqaa Karisaa, B/B Pirezdaantii MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009; Admaasuu Burraaqaa, Abbaa seeraa, MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009

[317] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 192

[318] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 195

[319] Joonii Bantii, Pirez. MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 25/5/2009 gaggeeffame; Waarisoo Gammachuu, B/B Hog. Wa/Ha/Aa/ Dugdaa waliin taasifame, 02/06/2009.

- himatamaan baatii tokko booda gaa'ila isaa waan raawwatuuf[320]
- himatamaan hojjetaa mootummaa waan ta'eef[321]
- himatamaan barataa waan ta'eef[322]
- himatamaan digriin eebbifamee nama hojii barbaacharra jiru waan ta'eef; nama ol-adeemaa ta'e waan ta'eef (umuriin himatamaa kanaa waggaa 21 dha)[323]
- abbaan manaa himatamtuu loltummaan adda waraanaa waan jiruuf himatamtuun daa'ima isaa 4 guddisaa waan jirtuuf[324]
- himatamaan dhaddacharratti naamusa gaarii waan agarsiiseef[325]
- daa'ima dhukkubsattu waan qabduuf galtee akka wal'aannatu[326]
- himatamaan daa'ima haati bira hin jirre guddisaa kan jiru waan ta'eef[327]
- himatamaan dhukkuba hamaa (HIV) waan qabuuf[328] fa'a kanneen jedhani dha.

Dhimmoota armaan olitti ilaallaman keessatti akka hubatamu manneen murtii kun murtii kana kan kennan adabbiin kan daanga'u yoo ta'e, himatamaan akeekkachiisa kennamuuf irraa baratee haaromuu danda'a yaada jedhu qabatanii miti. Haata'uyyuu malee, tumaa SY keewwata 196/1/ jalatti ifatti akkuma teechifame manneen murtii kunneen adabbii daangessuun dura amantaa kana qabaachuu qabu.

b. Haalota adabbiin yakkaa akka hin daangofne dhoorkisiisan (SY kwt 194)

Manni murtii haalotni armaan gadii yoo guuttaman adabbii daangessuu hin danda'u: (1) yakkamaan sanaan dura adabbii cimaadhaan yookin adabbiin salphaa waggaa 3 caalu kan itti murtaa'ee beeku yoo ta'ee fi balleessaan ittiin lammata himatames adabbiiwwan kana keessaa tokko kan itti murteessisu yoo ta'e, yookin (2) rikordii yoo hin qabne ta'e yakka amma itti himatameen adabbiin cimaa waggaa 5 caalu kan itti murtaa'u yoo ta'e dha. Adabbiin daangaa'uun dura yakkamaan yakka biraa raawwateen hangii fi gosti adabbii isaa ulaagaalee olitti ibsaman kan guutu yoo ta'es manni murtii adabbii daangessuu hin danda'u.[329]

Qabatama jiru yeroo ilaallu akka olitti teechifame haalotni adabbii daangessuu dhorkan kunniin yeroo jiran, manni murtii haalli adabbii itti daangessee beeku qorannoo kana keessatti hin

[320] Afgaaffii Takkaaliny Mirkanaa waliin taasifame, Abukaatoo fi gorsaa seeraa, 10/05/2009.
[321] B/B Hoog.Wa/Haqaa Aa/Laaloo Assaabii, afgaaffii gaafa 26/5/2009 gaggeeffame.
[322] AA vs Caalaa Abdallaa, MMA Qarsaa, Lakk G 15655; AA vs Tafarii Mahaadii fa'a N-4, MMA Qarsaa, Lakk G 15239; AA vs Kadir Abdallaa, MMA Qarsaa, Lakk G 15657
[323] Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirez. MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/2009 gaggeeffame.
[324] AA vs Biruktaayit Baadag, MMA Shaashamannee, Lakk G 60651
[325] AA vs Muktaar Aliyyii, MMO Aa/Qarsaa, Lakk G 15249
[326] AA vs Mulukaa Ibraahim, MMA Meettaa, Lakk G 23671
[327] AA vs Abarraa Ambaraas, MMA, Laaloo Assaabii, Lakk G 06211.
[328] Girmaa Taarraqeny (Inspeektara), Hoogg./Wa/Po/Aa/Gimbii, 25/5/2009; Girmaa Birhaanuu (Inspeektara), Abbaa Adeemsa Qorannaa Yakkaa fi Mu/Ha/Ke/Wa/Po/Aa/Gimbii, 25/5/2009;
[329] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 194

quunnamne. Yakkota waggaa 5 ol adabuun adabbii daangessuun kan hin mul'atne ta'ullee darbee darbee yakkamtoota waggaa 5 ol adabamuu danda'an irratti adabbii seeraan ala hir'isuudhaan adabbii daangessuun ni mul'ata.[330] Dhimma tokko keessatti himatamtootni qindeessaa pirojektii mana qopheessaa fi hojjetaa herreegaa ta'uun karaa keessa keessaa magaalaa yeroo hojjechiisan qarshii 400,000 ol fayidaa dhuunfaa isaaniitiif oolfachuun tumaa SY kwt 411(1)(A) jalatti balleessaa jedhamaniiru. Manni murtii himatamtoota nama lama hidhaa salphaa waggaa tokkoon adabee, adabbichas daangesseera.[331] Tumaan kun akkaataa haala isaatti hidhaa salphaa waggaa tokkoo gadi hintaaneen yookiin hidhaa cimaa waggaa kudhan hincaalleefi adabbii maallaqaa qarshii kuma shantama hincaalleen akka adabsiisu seerichi ni kaa'a. Miidhaan yakka kanaan qaqqabe maallaqaan Qar.400,000.00 ol kan gahuu waan ta'eef yakkichaaf hidhaa salphaa qabachuun akkasumas sadarkaa gad-aanaatti ramadamuun dhama-qabeessa miti. Manni murtii kun yakka kanaaf sadarkaa giddu-galeessa osoo filatee, himatamaa kana waggaa 4-7 adabuu danda'a ture. Kanaanis yakkichi kan adabbiin isaa daanga'uu hin dandeenye ta'uu danda'a ture. Kunis manni murtichaa dursee adabbii kana daangessuuf yaadee adabbicha xiqqeessee akka murteesse tilmaamuun kan danda'amu dha.

Kana malees, hirmaattotni qorannichaa hedduun rakkoo gama kanaan jiru yeroo kaasan 'yakkootni yeroo hedduu adabbiin isaanii yeroo qormaataatiin daangeffamu yakkoota lubbuu lammiilee fi galii mootummaa irratti dhiibbaa olaanaa geessisan kanneen akka yakkoota balaa konkolaataa, daladala seeraan alaa kan akka daldala bunaa, oomishoota bu'aa bosonaa, nagahee VAT kennuu dhabuu fi kkf dha'.[332]

Manneen murtii nama arrabsoo fi doorsisaan himatame maallaqa dhiisuun adabbii hidhaa filachuun adaban,[333] gudeeddii[334], maallaqa sobaa,[335] namoota yakka malaammaltummaa, ragaa sobaa sanadaa (378) fi yakka qaama hir'isuu cimaa (SY kwt 555),[336] jalatti balleessaa jedhaman ulaagaa barbaachisaan osoo hin guutne adabbii yeroo daangessaniiftu mul'ata. Dhimma tokko keessattis himatamaa aangoo isaa seeraan ala gargaaramuun nama biraa gargaaruuf jedhee ragaa sobaa sanadaa kenne jedhamee SY kwt 375/A/ jalatti balleessaa taasifame, manni murtii adabbii hidhaa waggaa 1 fi ji'a 6'tiin akka adabamu erga murteessee booda adabbii kana

[330] Ashraafuu Haaruun, Abbaa alangaa Aa/Meettaa, 08/06/2009;
[331] AA vs Tashoomaa Gullilaat fa'a N-3, Lakk G MMWO Dh/Lixaa, 176195; Lakk G MMO Go/Jimmaa 26425
[332] Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame; Girmaa Taarraqeny (Inspeektara), Hoogg./Wa/Po/Aa/Gimbii, 25/5/2009; Girmaa Birhaanuu (Inspeektara), Abbaa Adeemsa Qorannaa Yakkaa fi Mu/Ha/Ke/Wa/Po/Aa/Gimbii, 25/5/2009;
[333] Gazzahany Shuumii, Hogg. Wa/Ha/Go/Harargee Bahaa, afgaaffii gaafa 06/06/2009 gaggeeffame; Gaaddisaa Xilahun, Abarraa Gichillee, fi Jamaal Ahimad, Abukaattota Ittisaa, MMO Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 6/6/2009 gaggeeffame
[334] Girmaa Tolchaa, A/Ad/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/Wa/Ha/Go/Sh/Kaabaa, afgaaffii gaafa 16/5/2009 gaggeeffame.
[335] Saj. Ol. Gabayyoo Birhaanuu, Qa/Po/Go/Sh/Kaabaa, 17/5/2009; Saj. Dirbabaa Tolasaa, Qa/Po/Go/Sh/Kaabaa, 17/5/2009
[336] Ashraafuu Haaruun, Abbaa alangaa Aa/Meettaa, 08/06/2009; AA vs Abarraa Ambaraas, MMA, Laaloo Assaabii, Lakk G 06211

daangesseera.[337] Dhimma biraa tokko keessatti immoo himatamaan miidhamtuu dhuunfaa rukutee ilkaan sadi akka fayidaan ala ta'u godhe SY kwt 555/B/ jalatti balleessaa taasifameera. Manni murtiis gulantaa 18ffaa jalatti hidhaa waggaa 3 fi ji'a 8'tiin akka adabamu erga murteessee booda bu'uura SY kwt 192'tiin adabbicha daangeessineefi jedheera.[338] Dhimma kan biraa tokko keessattis himatamaa SY kwt 555(c) jalatti balleessaa taasifameef adabbiin daanga'eefi jira.[339] Dhimmoota yakka kanarra salphaa ta'anii fi sababa caalaa amansiisaa ta'e qaban keessatti adabbii daangessuu diduun ni jira.[340]

Aangoon seerichi gama kanaan abbootii murtiif kenname bal'aa ta'uu irraa kan ka'e, adabbii daangessuun abbootii seeraa kira-sassaabdummaadhaaf kan saaxilee fi tumaan kun kan raawwatamaa jirus himatamtoota qabeenya qabaniif qofa akka ta'aa jiru dha.[341] Dhimma qabatamaan quunname keessatti namootni lama yakka bu'aa bosonaa ta'e cilee seeraan ala geejjibsiisuutiin balleessaa taasifamanii, himatamaan cilee konkolaataan tokko harkatti qabame adabbiin daangeffameefi, kan harreetti fe'ee osoo deemuu qabame immoo hidhameera.[342]

Qabxiin akka waliigalaatti hubatamuu qabu, manneen murtii murtii adabbii daangessuu yeroo kennan tarkaanfiin fudhatame sababa amansiisaadhaan kan deeggarame ta'uu fi kaayyoo fi qajeeltoowwan adabbii haala galmaan geessisuu danda'uun ta'uu mirkaneeffachuu qabu. Kana malees, yakkoota hawaasaaf danqaa guddaa ta'aa jiran kan akka ragaa sobaa fi yakka malaammaltummaa ilaalchisee murtiilee kennaman irratti ofeeggannoo cimaa taasisuun barbaachisaa dha.

c. Haaldureewwan adabbii daangessuuf barbaachisan (beenyaa kanfaluu, wabii qabsiisuu /SY kwt 197/)

Seera Yakkaa keewwata 197 jalatti adabbii daangessuudhaaf haaldureewwan garagaraa teechifamaniiru. Isaanis yakkamaan amala gaariidhaan gaggeeffamuuf, dirqama ajajame raawwachuuf, badii dhaqqabsiiseef beenyaa kanfaluu fi baasii mana murtii uwwisuuf wabii namaa, maallaqaa, yookin qabeenyaa dhiyeessuu akka qabu kan teechisu dha. Qabatama jirutti yeroo deebinu, adabbiin yeroo daangeffamu himatamaan amala gaariidhaan gaggeeffamuuf qophaa'a ta'uu isaa, miidhamaa dhuunfaatiif beenyaa kanfaluu yookin araarfachuu isaa, yookin

[337] AA vs Abarraa Ambaraas, MMA, Laaloo Assaabii, Lakk G 06211. Ashraafuu Haaruun, Abbaa alangaa Aa/Meettaa, 08/06/2009;
[338] AA vs Farahaan Abraahim, MMA Meettaa, Lakk G 20870
[339] AA vs Muktaar Aliyyii, MMO Aa/Qarsaa, Lakk G 15249
[340] Fakkeenyaaf, dhimma tokko keessatti manni murtii himatamtuu tumaa SY kwt 556/2/A jalatti balleessaa erga taasisee booda gulantaa 4ffaa jalatti hidhaa baatii 4'tiin adabeera. Himatamtuun ulfa ta'uu kan hubatame yoo ta'ellee, manni murtii adabbichi erga ishiin deessee baatii 6 booda akka raawwatamu ajajuun himatamtuu kana daa'ima araasii fi daa'ima ishii kan biraa waggaa 3 waliin mana sirreessaatti ergeera. (AA vs Bayyaa Ibraahim, MMA Meettaa, Lakk G 09789).
[341] Marii garee, sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Ha/Bahaa (Addellee), 07/6/2009; Marii Garee sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Wa/Lixaa (N-10) waliin gaafa 24/5/2009 taasifame
[342]Addunyaa Alamuu, Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi Mu/HA/Ke/Wa/Ha/Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 6/6/2009 gaggeeffame

baasii mana murtii uwwisuu isaa mirkaneeffachuuf yaaluun hin baramne.[343] Murtiiwwan adabbii daangessuu tokko tokko keessatti immoo himatamaan miidhamaa dhuunfaa osoo hin araarfannee fi beenyaa hin kanfalle, dhaddacharratti amala gaarii waan agarsiiseef sababa jedhu caqasuun adabbiin yeroon daanga'u ni jira.[344]

Kun akkuma jirutti ta'ee, manneen murtii tokko tokko garuu himatamaan miidhamaa dhuunfaa araarfachuu isaa yoo ragaa qabatamaa dhiyeeffate qofa adabbii haalli itti daangessan ni jira.[345] Galmee tokko keessatti immoo himatamaan wabii qa.1000 akka waamuu fi baasii mana murtii uwwisuuf immoo qalama paakkeettii tokko bituun dhaddacha irratti dhiyeessee waajjira haqaa fi mana murtiif akka addaan hiramu godheera. Miidhamaa dhuunfaatiifis beenyaa kanfaluu isaa mirkaneeffateera.[346]

Akka waliigalaatti yeroo ilaallu, manneen murtii keenya himatamaan amala gaariidhaan akka gaggeeffamu, beenyaa akka kanfaluu fi baasii mana murtii uwwisuuf wabii namaa, maallaqaa, yookin qabeenyaa akka dhiyeessu seerri dirqama kan irratti gate ta'ullee, dirqama kana cinaatti dhiisuun himatamaadhaan adabbiin siif daanga'eera jechuun gaggeessu. Kun immoo himatamaanis ta'e hawaasni gochaa isaarraa akka baratu kan hin taasifnee fi miidhamaan dhuunfaas haqa isaa akka dhabeetti akka yaaduu fi haaloo isaa ofiif baafachuuf akka yaalu kan taasisu waan ta'eef, dhimma xiyyeeffannoo olaanaa argachuu barbaadu dha.

d. Yeroo adabbiin itti daangeffamee turu

Seera Yakkaa kwt 196 jalatti yeroon qormaataa kan turu waggaa 2-5 akka ta'ee fi manni murtii hanga dheerina yeroo qormaataa kana murteessuufis cimina yakkichaa, amantaa himatamaa irratti gatamuu danda'u fa'a ilaalcha keessa galchuu akka qabu teechifameera.

Qabatama jiru yeroo ilaallu, manneen murtii dhimmoota hedduu keessatti yeroo qormaataa adabbii daangessuuf seerri teechise irraa gadi bu'uun waggaa tokkoof adabbii daangessine yeroon jedhamu ni mul'ata.[347] Dhimma tokko keessatti immoo himatamtuu tumaa SY kwt 556/2A/ jalatti badii taasifamteef manni murtii adabbii hidhaa salphaa baatii 4 itti murteessuun adabbichi daangaa baatii jahaatiin irraa danga'eera jedheera.[348] Dhimma biraa tokko keessatti

[343] Joonii Bantii, Pirez. MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 25/5/2009 gaggeeffame; Gammachiis Geetahun, BB Hoogg.Wa/Ha/Aa/Gimbii, afgaaffii gaafa 25/4/2009 gaggeeffame; Warraaqaa Karisaa, B/B Pirezdaantii MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009; Admaasuu Burraaqaa, Abbaa seeraa, MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009;
[344] AA vs Caalaa Abdallaa, MMA Qarsaa, Lakk G 15655; AA vs Tafarii Mahaadii fa'a N-4, MMA Qarsaa, Lakk G 15239; AA vs Kadir Abdallaa, MMA Qarsaa, Lakk G 15657
[345] AA vs Baalchaa Baassaa, MMA Shaallaa, Lakk G, 12989; AA vs Ashraaq Nasroo, MMA Adaamaa, Lakk G 95387
[346] AA vs Baalchaa Baassaa, MMA Shaallaa, Lakk G, 12989; AA vs Marihun Naggaa, MMA Shaallaa, Lakk G 12990
[347] AA vs Caalaa Abdallaa, MMA Qarsaa, Lakk G 15655; AA vs Muktaar Aliyyii, MMO Aa/Qarsaa, Lakk G 15249
[348] AA vs Mulukaa Ibraahim, MMA Meettaa, Lakk G 23671; Ashraafuu Haaruun, Abbaa alangaa Aa/Meettaa, 08/06/2009;

immoo himatamaan SY kwt 375/A/ jalatti balleessaa taasifamee, hidhaa waggaa 1 fi ji'a 6'tiin akka adabamu erga murteessee booda adabbichi yeroo hangamiif akka daanga'ee turu garuu hin caqasne.[349]

Akka dhimmoota kanneen irraa hubatamutti manneen murtii daangaa isa xiqqaa yeroo qormaataa seeraan teechifame (waggaa 2) gadi darbuun adabbii yeroon daangessan akka jiru dha. Gama biraatiin, seerri yakkaa keenya (kwt 196/2/) yeroon qormaataa kun cimina yakkichaa fi amantaa himatamaa irratti gatamuu danda'u fa'a ilaalcha keessa galchuun hanga waggaa shaniitti olka'uu akka danda'u yoo teechisellee, manneen murtii keenya yeroo adabbiin itti daanga'ee turu kana waggaa 2 caalchisuun yeroo teechisan hin mul'atu.

e. Himatamaan adabbiin daanga'eef amala gaarii horachuu isaa haala itti hordofamu

Yakkamaan yeroo qormaataaf yeroo gadi dhiifametti yakka tokko ta'e jedhee yoo raawwate yookin bu'aa haaromsaa yoo agarsiisuu dadhabe adabbiin daanga'e kan irratti raawwatamu ta'a.[350] Amala isaa ilaalchisees murtii keessatti haala yakkamaan jireenya isaa ittiin gaggeessuu qabu ni murtaa'a. Fakkeenyaaf, bakka hojjechuu, jiraachuu fi deemuu hin qabne yookin gochaawwan biroo dhugaatii, wal'aansaa fi kkf'niin walqabatan irratti manni murtii haaldureewwan teechisuu danda'a. Haaldureewwan kunneen eegamuu fi dhabuus qaama to'atu (Itti-gaafatamtoota Eegumsa Haaromsa Amalaa) manni murtii ni ajaja. Qaamni kunis yakkamaan badii isaa irraa of haaromsu deeggarsa gochuu, dhoksaan yookin fuulleedhaan hordofuu danda'a. Kanas yoo xiqqaate baatii sadi sadiin Komishinii Eegumsa Haaromsa Amalaa jedhamuun fulduratti seeraan hundeeffamuuf akka gabaasu ni kaa'a.[351]

Qabatama jiru yoo ilaalle yakkamaa tokkoof adabbiin yeroo daanga'u akkaataa seericharra jiruun sirni yakkamaan sun amala gaarii horachuu isaa mirkaneessuuf ittiin hordofamu hin jiru.[352] Qabatama jiruun adabbiin daanga'e deebi'ee raawwatamuu kan danda'u miidhamaan dhunfaa yakka duraanii dhiyaatee odeeffannoo yoo kenne qofaa dha.[353] Dhimmoota tokko tokko keessatti manni murtii adabbii daangessuun booda himatamaan yakka walfakkaataa yoo raawwate adabbiin irraa daangeffame deebi'ee akka isarratti raawwatamu yakkamaa sanaaf dhaddacharratti akeekkachiiisa waliin ni ibsu. Yeroo hedduu garuu himatamaan adabbiin daanga'eef bifa kanaan hin hubachiifamu.[354]

---

[349] AA vs Abarraa Ambaraas, MMA, Laaloo Assaabii, Lakk G 06211. Ashraafuu Haaruun, Abbaa alangaa Aa/Meettaa, 08/06/2009;
[350] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 194
[351] Seera Yakkaa Itoophiyaa, bara 1996 bahe, kwt 197,198 fi 199.
[352] Muussaa Immaayyuu, AA Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, 16/5/2009; Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009 gaggeeffame.
[353] Makliit Dirribaa fi Dajanee Gonfaa, Abbootii alangaa Wa/Ha/A/ Adaamaa waliin taasifame, 10/05/2009; Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame; Addunyaa Alamuu, Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi Mu/HA/Ke/Wa/Ha/Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 6/6/2009 gaggeeffame
[354] AA vs Caalaa Abdallaa, MMA Qarsaa, Lakk G 15655

f. Adabbiiwwan gosa garagaraa yeroo murtaa'an, gariin daangessuun gariin akka raawwataman gochuu (divisibility of suspension)

Adabbii daangessuun walqabatee rakkoon mul'atu tokko manneen murtii adabbbaa maallaqaa yeroon daangessan kan mul'atu ta'uu dha. Rakkoon kun kan quunnamu yakkichi adabbii hidhaa fi maallaqaatiin kan adabsiisu yeroo ta'u dha. Fakkeenyaaf, dhimma tokko keessatti manni murtii himatamaa SY kwt 559/2/ jalatti balleessaa taasisuun adabbii hidhaa baatii jahaa fi adabbii qarshii 1000 murteesseera. Itti aansuun, adabbiiwwan lameenuu waggaa lamaan daangesseera.[355] Dhimma walfakkaataa biraa tokko keessatti immoo himatamaan tumaa SY kwt 559/2/ cabsuun adabbiin hidhaa baatii 6 fi adabbii maallaqaa itti murtaa'eera. Manni murtii kun adabbii hidhaa daangaa waggaa 2'tiin erga irraa daangesse booda, himatamaan adabbii maallaqaa itti murtaa'e garuu akka raawwatu ajajeera.[356]

Dhimmoota kanarraa akka hubachuun danda'amutti adabbiin hidhaa fi maallaqaa yeroo walfaana murtaa'u, manneen murtii tokko tokko adabbi lameenuu walfaana yeroo daangessaniif kaan isaanii immoo adabbii hidhaa qofa daangessanii himatamaan adabbii maallaqaa akka raawwatu taasisu. Mannii murtii adabbiiwwan gosa garagaraa walfaana yeroo murteessu, murtiin daanga'uu adabbi gosoota adabbii tokko tokkoof raawwatiinsa akka hin qabaanne murteessuu akka danda'u (divisibility of suspension) Seera Yakkaa keewwata 193 jalatti teechifameera. Kana jechuun adabbiin hidhaa fi maallaqaa walfaana yeroo murtaa'an, manni murtii adabbii hidhaa daangessuuf sababa gahaa yoo qabaate adabbii maallaqaa immoo daangessuu dhiisuu yookin sababa qabaachuu dhiisuu danda'a. Kanaaf, manneen murtii akka dhimma lammataa armaan olii keessatti ilaalle adabbii hidhaa daangessee adabbiin maallaqaa immoo akka raawwatamu ajajuu ni danda'a jechuu dha.

[355] AA vs Baalchaa Baassaa, MMA Shaallaa, Lakk G, 12989
[356] AA vs Marihun Naggaa, MMA Shaallaa, Lakk G 12990

BOQONNAA SHAN
YAADOTA GUDUUNFAA FI FURMAATAA

5.1. Yaadota Guduunfaa

Kenniinsi murtii adabbii sirna haqa yakkaa keessatti sadarkaa murteessaa dha. Sababni isaas murtiin adabbii lubbuu, bilisummaa fi diinagdee namoota dhuunfaa akkasumas dantaa hawaasa bal'aa, mootummaa fi miidhamaa dhuunfaa waliin hidhata guddaa kan qabu dha. Murtiin adabbii kennamu yakkamaa fi hawaasicha kan barsiisu ta'uu qaba. Sababa kanaaf seerri yakkaa keenya manni murtii adabbiiwwan bilisummaa yakkamaa daangessan qofa osoo hin taane adabbiiwwan hidhaan alaa garagaraa teechiseera. Manneen murtiis yakka raawwatamee fi haala himatamaa ilaalcha keessa galchuun adabbiiwwan kanneen keessaa kan irra caala bu'a-qabeessa ta'uu danda'u filachuun murteessuuf itti-gaafatamummaa qabu. Gama biraatiin, murtiin adabbii kaayyoowwanii fi qajeeltoowwan seera yakkaa galmaan gahuu kan danda'u adeemsa seeraan teechifame hordofee kan kenname, sirrummaa kan qabu yoo ta'ee fi walfakkina kan qabu yoo ta'e dha. Sirrummaa fi walfakkaataa ta'uu murtii adabbii mirkaneessuun akka danda'amuufis qajeelfamni adabbii lakk. 2/2006 bahee yeroo ammaa hojii irratti argama. Qorannoon kunis haala kenniinsa murtii adabbii fi hojiirra oolmaa qajeelfama adabbiitiin walqabatanii rakkoolee jiran boqonnaa afraffaa olii keessatti tarreeffamaan kan agarsiise yoo ta'u, itti aansuun yaadni guduunfaa argannoowwan qorannichaa kun gabaabbinaan dhiyaateera.

Akka waliigalaatti hojiirra oolmaan qajeelfamichaa yeroo ilaallamu manneen murtii keenya murtii adabbii kennan bu'uura qajeelfama adabbiitiin sadarkaa fi gulantaa yakkootaa baasuun kan hojjetaa jiran ta'ullee, darbee darbee keessattuu yakkoota sasalphoo, yakkoota danbii darbuu fi galmeewwan oliyyannoo keessatti qajeelfamicha bu'uureffachuu dhabuun akka jiru qorannoon kun ni hubachiisa. Rakkoon qajeelfamicha hojiirra oolchuuf rincicuu akkuma jirutti ta'ee, rakkooleen qajeelfamichi mataa isaatiin qabus ni jiru. Isaan kunis: tumaalee seera yakkaa waliin wal hin simne haammachuu isaa, tumaalee hiikoo garagaraaf saaxilamoo qabaachuu fi dhimmotta uwwisa gahaa kenuufi qabu dhiisuu fa'a dha.

Dhagaha yaada adabbii fi sirna manni murtii ittiin falmii yaada adabbii irratti ka'u qulqulleessuun walqabatees hanqinaaleen akka jiran qorannichi ni agarsiisa. Isaan keessaa inni tokko, manneen murtii tokko tokko yaada adabbii cimsu yookin salphisu kan dhagahan adabbii ka'uumsaa erga qabatan booda ta'uu isaati. Rakkoon inni biraa abbootiin alangaa sababa adabbii salphisu dhiyeessuudhaaf itti-gaafatamummaa akka qaban dagachuu fi sababoota adabbii cimsan yeroo kaasanis sababoota dhama-qabeessa ta'an dhiyeessuu irratti hanqina bal'aa qabaachuu dha. Manneen murtiis sababni adabbii cimsu yookin salphisu yeroo dhiyaatu yeroo gahaa kennuun qulqulleessuuf itti adeemuu dhabuun akkasumas sababa amansiisaa fi fudhatama argachuu hin qabne yeroon fudhatan ni mul'ata.

Qabxiin inni biraa adabbiiwwan garagaraa keessaa filachuun walqabatee rakkoo jiruun kan walqabatu dha. Keessattuu, manneen murtii adabbii hidhaa cimaa fi salphaa keessaa filachuun walqabatee ulaagaa deeggarsa seeraa hin qabne bu'uureffachuu fi sababa adabbiiwwan kanneen keessaa isa tokko filataniif ibsuu dhabuu yookin sababa fudhatama hin qabne yeroon caqasan ni mul'ata. Adabbii qarshii fi hidhaa keessaa tokko filachuun walqabatees sababa gahaa osoo hin bu'uureffatiin adabbii hidhaa yookin maallaqaa filachuun rakkoo bal'inaan mul'ataa jiru dha. Rakkoon inni biraa seerri keenya adabbii 'hidhaa yookin maallaqa' jechuun filannoon yeroo teechisu manneen murtii tokko tokko adabbiiwwan lameen keessaa tokko osoo hin filatiin filannoo isaa himatamaaf dhiisanii murteessuu dha.

Dhimmi biraa qorannoo kanaan xiyyeeffannoon ilaalame rakkoo adabbii ka'uumsaa murteessuun walqabatee jiru dha. Adabbii ka'uumsaa yakkoota qeenxee murteessuu keessatti rakkoon qabatamaan dhimmoota hedduu keessatti mul'atu manneen murtii keenya hanga adabbii ka'uumsaa (adabbii) baaxii isa xiqqaa irraa olsiqanii yeroo qabatan bu'uura SY keewwata 88/2/ fi 90/2/'tiin sababa gahaa bu'uureffachaa hin jirani. Adabbii ka'uumsaa yakkoota daddabalamaa murteessuun walqabatees qabatamaan rakkoon hojiirratti mul'ataa jiru bal'aa dha. Rakkoon gama kanaan jiru inni guddaan adabbii ka'uumsaa tokkoon tokkoon yakkoota daddabalamaa walitti ida'uudhaan adabbiin ka'uumsaa kan qabatamu yoom akka ta'ee fi gulantaa ka'uumsaa yakka isa cimaa qabachuun yakkoota daddabalamoo hafaniif gulantaa lama lama dabaluun adabbiin ka'uumsaa kan qabamu yoom akka ta'e adda baafachuu dhabuu dha. Rakkoon inni biraa adabbii ka'uumsaa yakkoota daddabalamaa baasuu waliin walqabatee mul'atu adabbii ka'uumsaa osoo hin taane gulantaa ka'uumsaa yakkoota daddabalamaa walitti ida'uun yeroon ittiin hojjetamu jiraachuu isaati. Gama biraatiin, manneen murtii tokko tokko bu'uura qajeelfama adabbii kwt 22/1/a/'tiin sababa adabbii cimsu addaa ilaalcha keessa galchuun gara sababa adabbii cimsu waliigalaatti dhufuu osoo qabanii dura dursanii sababa adabbii cimsu waliigalaa fayyadamuun dhumarratti sababa adabbii cimsu addaa yeroon ilaalcha keessaa galchan ni jira.

Qabxiin inni biraa qorannoo kanaan xiyyeeffannaa argate sadarkaa fi gulantaa ka'uumsaa baasuu dha. Rakkoon gama kanaan jiru yakkoota sadarkaa fi gulantaan hin baaneef irratti kan heddummatu dha. Yakkoota sadarkaan hin baaneefiin walqabatee rakkoon jiru tokko yakka raawwatame sababa osoo hin caqasiin yookin sababa fudhatama hin qabne caqasuun sadarkaa gadaanaa, giddu-galeessa yookin olaanaa jechuun sadarkeessuun kan walqabatu dha. Akkasumas yakkoota gulantaa fi sadarkaan hin baaneef ilaalchisee akkaataa qajeelfamni adabbii teechiseen sadarkaa fi gulantaa sirrii baasuu irratti rakkoon ni jira. Kana malees, akkaataa qajeelfama adabbii lakk 2/2006 kwt 19 jalatti teechifameen sadarkaa fi gulantaa yakka tokkoo osoo hin baasiin callisanii gulantaa kana qabanne yeroon jedhamu ni mul'ata.

Sababoota Adabbii Cimsanii fi Salphisan sirnaan hubachuu fi hojiitti hiikuun walqabatees rakkoo bal'aatu jira. Fakkeenyaaf, manneen murtii yaadrimee sababoota adabbii cimsanii fi salphisanii SY keewwata 84 fi 82 jalatti teechifamanii sirnaan hubachuu yeroon dhaban ni

mul’ata. Kanarraa kan ka’e sababni adabbii cimsuuf yookin salphisuuf gahuumsa qabu osoo hin fudhatamiin, sababni fudhatama hin qabne immoo akka sababa adabbii cimsu yookin salphisuutti yeroo hojiirra oolu bal’inaan kan mul’atu dha. Rakkoon hubannoo kun immoo abbootii seeraas ta’e abbootii alangaa bira kan jiru dha. Sababoota adabbii salphisan keessaa yaadrimeewwan yeroo hedduu hanqinni bifa kanaa kan irratti mul’atu: ofittummaa, saragummaa, halkan raawwatamuu yakkichaa, kanneen biroo waliin ta’uun (gareen) yakka raawwachuu, nama eegumsa addaa barbaadu irratti yakki raawwatamuu kanneen jedhani dha. Sababoota addaa adabbii cimsaniin walqabatee rakkoolee mul’atan keessaa inni tokko maalummaa yakka daddabalamaa hubachuu dhabuu dha. Kana irraa kan ka’es, daddabalamaa ta’uun yakkichaa akka sababa adabbii cimsu addaatti fudhatamee adabbiin cimuu yeroo qabu osoo hin cimiin haalli itti hafu ni mul’ata. Kana malees, manneen murtii tokko tokko himatamaa yakkoota daddabalamaa jalatti balleessaa erga taasisan booda sirna adabbiin ittiin cimuu qabu hubachuuf ni rakkatu. Yakkoota daddabalamaa bu’uura SY keewwata 60(a) yookin 60(c)’tiin raawwataman bu’uura SY kewwata 184’iin adabbii osoo cimsuu qabanii, mannen murtii bu’uura SY keewwata 187’tiin yeroon adabbii shallagan ni mul’ata. Yakkoota daddabalamaa bu’uura SY keewwata 60(B)’tiin raawwataman irrattis rakkoo walfakkaataan ni mul’ata. Yakki irra deddeebiin garuu akka sababa addaa adabbii cimsuutti abbaa alangaatiin yeroo dhiyaatu hedduu hin mul’atu. Manneen murtii tokko tokko garuu ulaagaan yakka irra deddeebii osoo hin guutne, kaka’uumsa mataa isaaniitiin akka yakkamaan irra deddeebi’aa ta’eetti ilaaluun sababni adabbii cimsu argameetti yeroon ilaalan ni mul’ata.

Sababoota waliigalaa adabbii salphisaniin walqabatees yaadrimeewwan hiikkoof saaxilamoo ta’anii fi bifa garaagaraatiin hiikkaman ni jiru. Isaan keessaa: yakkamtichi sodaan qabatamummaa qabu irra gahee yakkicha kan raawwate yoo ta’uu, dhabiinsa olaanaan yakkicha kan raawwate yoo ta’uu kanneen jedhan caqasuu ni dandeenya. Sababootni addaa adabbii salphisan yeroo hedduu qabatamaan yeroo dhyaatan hin mul’atu. Darbee darbee, yaadni dhiyaatu itti gaafatamummaa murtaa’aa dhibee sammuutiin walqabatu dha.Rakkoon qabatamaan bakka kanatti mul’atu yakki tokko sadarkaa yaalii irratti hafuu isaa akka sababa adabbii salphisu addaatti manneen murtiitiin yeroon fudhatamu ni mul’ata. Kun immoo bu’uura seeraa kan qabu miti. Bu’uura SY keewwata 86’tiin sababa adabbii cimsuu fi salphisu fudhachuun walqabatees sababa amansiisaa hin taane fudhachuun bal’inaan ni mul’ata. Kana malees, keewwatni kun sababa adabbii salphisu yookin cimsu waliigalaa qofa fudhachuuf kan dandeessisu ta’ee osoo jiruu, bu’uura keewwata kanaatiin sababa tokko bu’uureffachuun gulantaa tokkoo oliin adabbii hir’isuun ni jira. Manneen murtii keenya haalota adabbiin daa’imman umuriin isaanii waggaa 15 hanga 18 ta’e itti ilaalamu hubachuu irrattis hanqina bal’aa akka qaban qorannoon kun ni agarsiisa. Daa’imman umurii kana jidduutti argamu qabaniif darbee darbee sababa umurii isaaniitiin gulantaa tokko hir’isuufiin kan mul’atu ta’us, akka SY keewwatni 56 jedhutti murtiin adabbii isaanii akka daa’imman waggaa 9 hanga 15 qabaniitti yeroon ilaallamu hin quunnamu.

Haala qajeelfama adabbii keessaa bahuun adabbiin ittiin murtaa'uun walqabatee rakkoon guddaan jiru, qajeelfama adabbii keessaa bahamee murtiin adabbii yeroo kennamutti bu'uura qajeelfamichaatiin sababa gahaa teechisuun akkasumas MMWF'tiif haalli itti ergaman hedduu hin mul'atu. Qajeelfamicha keessaa bahuun murtii adabbii kennuun yeroo hedduu kan quunnamu yakkoota yaalii irratti hafan ilaalchiseeti dha. Manneen murtii tokko tokko yakkoota yaalii irratti hafan bu'uura kanaan qajeelfama adabbii keessaa bahanii adabbii xiqqaa kan itti murteessan yoo ta'u, kaan immoo bu'uura qajeelfamichaatiin adabbii cimaa kan murteessan waan ta'eef, madaalawummaa fi walfakkina murtii adabbii irratti qaawwa bal'aan uumameera. Yakkoota yaalii irratti hafan kanaaf manneen murtii qajeelfamichaan ala bahuun adabbii yeroo salphisan SY keewwata 179 gargaaramne jechuun akka itti fakkaatetti adabbii yeroo salphisan ni mul'ata. Haata'uyyuu malee, SY keewwatni 179 sababootni adabbii salphisan waliigalaa yeroo fudhataman adabbii kutaa addaa SY keessatti adabbii ka'uumsaa yakkichaaf teechifame irraa bu'uuf manneen murtii kan gargaaramani dha malee akka itti fakkaatetti adabbii salphisuuf kan itti gargaaraman akka hin taane hubatamee hin jiru.

Tilmaama qabeenya yakki irratti raawwatameetiin walqabatees hanqinaaleen ni jiru. Isaan keessaa: tilmaama olka'aa dhiyeessuu, tilmaama qabeenya yakki irratti raawwatamee kan yeroo bitamuu fudhachuu, tilmaama qabeenyaa abbaan alangaa dhiyeesse irratti mormiin osoo hin ka'iin manni murtii tilmaamicha gadi siqsee qabachuu fa'a dha.

Adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra oolchuun walqabatees rakkooleen bal'aan ni mul'atu. Adabbiiwwan hidhaan alaa fedhii fi haala yakkamaa ilaalcha keessa kan galchan, baay'ina sirreeffamtotaa hir'isuudhaaf, baasii mootummaa hir'isuu fi yakkamaa irra deddeebii hir'isuu keessatti adabbii hidhaa caala filatamoo waan ta'aniif jajjabeeffamuu kan qaban ta'ullee, qabatama jiruun yeroo hedduu hojiitti hiikamaa akka hin jirre qorannoon kun ni agarsiisa. Adabbiiwwan hidhaan alaa keessaa adabbii qarshiitiin alatti adabbiiwwan biroo heddu hojiirra oolaa hin jirani. Adabbiiwwan akka qabeenya dhaaluu fi miidhamaa dhuunfaatiif beenyaa kanfalchiisuus yeroo muraasa qofa kan murtaa'ani dha. Adabbii hidhaa daangessuun darbee darbe kan mul'atu yoo ta'u, adabbiin hojii dirqii immoo hanga adabbii daangessuullee murtaa'aa hin jiru. Adabbiiwwan kunneen akka hojiirra hin oolle waantotni taasisanis: hanqina hubannoo hawaasaa fi ogeessotaa fi hooggansa qaamolee haqaa bira jiru, adabbiiwwan hidhaan alaa qajeelfama adabbiitiin uwwisa gahaa dhabuu, adabbiin hidhaan alaa yakkamaa tokkoof filatamaa ta'e isa kam akka ta'e xiinxaluun qaamni yaada dhiyeessuu fi qaamni hojiirra oolmaa adabbii kanaa abbummaan raawwachiisu jiraachuu dhabuu, fa'a kanneen jedhani dha. Adabbiiwwan hidhaan alaa sadarkaa barbaadamuun hojiirra ooluu dhabuun isaa baay'inni sirreeffamtootaa naannoo keenyaa daran dabalaa akka dhufu taasiseera. Keessattuu immoo baay'inni sirreeffamaa harki caalaan (%50 ol) namoota adabbii hidhaa salphaan hidhaman waan ta'eef sirreeffamtoota kanneeniif adabbiiwwan hidhaan alaa hojiirra oolchuun osoo danda'amee, baay'ina sirreeffamaa walakkaan hir'isuun ni danda'ama. Kunis mootummaa baasii olaanaadhaaf saaxilaa jiraachuu ragaaleen qorannoo kanaa agarsiisaniiru. Kana bira darbees, sababoota yakka salphaa

raawwataniin namootni hedduun keessattuu dargaggootni humna oomishaa ta'an manneen sirreessaatti waan ergamaniif, diinagdee biyyaa fi jireenya hawaasummaa irratti dhiibbaa mataa isaa kan geessisaa jiru dha.

Hojiirra oolmaa adabbii qarshiitiin walqabatees rakkooleen hojiirratti quunnaman kan jiran yoo ta'u, isaan keessaa: daangaa adabbii qarshii isa xiqqaa dogongoruu, adabbii qarshii irratti sababa adabbii salphisu/cimsu bu'uureffachuun adabbii hir'isuu/cimsuu, himatamaan adabbii qarshii battalatti yeroo hin kanfalle adeemsa seerri teechise irraa maquun raawwachiisuuf yaaluu (fakkeenyaaf, hanga kanfalutti mana sirreessaa yookin to'annaa poolisii jala akka turu kan jedhu ajajuu yookin wabii osoo hin waamsisiin gadi dhiisuu, qaama aangoo raawwachiisuu hin qabne ajajuu) kan jedhan fa'i.

Qabeenya bu'aa yakkaatiin horatame mootummaan akka dhaalu murteessuun walqabatee rakkoo bal'aatu jira. Sadarkaa qorannaa yakkaa irraa eegalee himannaa dhiyaatuu fi falmii dhaddacharratti taasifamu keessattis himatamaa adabsiisuuf malee qabeenya bu'aa yakkaa ta'e irratti murtii barbaachisaan akka darbu taasisuuf xiyyeffannaan kennamu hin jiru. Kana irraa kan ka'e, namootni hedduun yakkoota garagaraa akka malaammaltummaatiin balleessaa kan jedhaman yoo ta'ellee, qabeenya yookin fayidaa sababa sanaan argatan jedhame irratti ragaan dhiyaatuu fi murtiin darbu hedduu hin mul'atu. Murtin qabeenya bu'aa yakkaa dhaaluu kan mul'atu yakkoota daldala seeraan alaa fa'i irratti qofa. Qabeenyi himatamaa dhaalamuu hin qabne yeroo akka dhaalamu ajajamus ni mul'ata. Miidhamaa dhuunfaatiif beenyaan akka kanfalamu yookin bakka dura turetti deebisuuf murtiin kennamu hin jiru jechuun ni danda'ama. Miidhamaan dhuunfaas bifa kanaan himata yookin gaaffii yeroon dhiyeessu hin quunnamu.

Adabbiin hojii dirqii manneen murtii keenya keessatti kan ajajamu yeroo muraasa haalli addaa yeroo uumamu qofa. Fakkeenyaaf, namni mana sirreessaa jiru yakka salphaa biraa yeroo raawwatu, himatamaan adabbii maallaqaa kanfaluu kan hin dandeenye hiyyummaa hamaa kan qabu yeroo ta'u, himatamaan adabbii hidhaa fi adabbii qarshiitiin akka adabamu itti murtaa'ee adabbii hidhaa xumuree adabbii maallaqaa kanfaluu yeroo dadhabu fa'i dha. Sababni inni guddaan abbootiin murtii adabbii hojii dirqii hin murteessineefis, qaamni adabbii kana raawwachiisuuf dirqama qabu hin jiru jedhanii amanuu akka ta'e kan hubatamu dha. Dhimmoota muraasa adabbiin kun murtaa'e keessatti, adabbicha raawwachiisuuf yeroo hedduu kan ajajamu waajjira poolisii fi bulchiinsa magaalaati.

Adabbii hidhaa daangessuun qabatamaan yeroo hedduu hojiirra oolaa kan jiru dhimmoota daguu ajjeechaaf miidhaa qaamaa balaa tiraafikaatiin dhaqqabaniin akkasumas yakkoota daldala seeraatiin walqabatan irratti dha. Rakkooleen hojiirra oolmaa adabbii daangessuu keessatti mul'atan hedduu dha. Isaan keessaa: adabbii daangessuun bu'aa gaarii akka argamsiisu tilmaamamni dhama-qabeessa ta'e osoo hin jiraatiin sababoota fudhatama hin qabne bu'uureffachuun daangessuu; manneen murtii murtii adabbii daangessuu yeroo kennan

tarkaanfichi kaayyoo fi qajeeltoowwan adabbii haala galmaan geessisuu danda'uun ta'uu mirkaneeffachuu dhabuun yakkoota hawaasaaf danqaa guddaa ta'aa jiran kan akka ragaa sobaa fi yakka malaammaltummaatiif adabibi daangessuu; haaldureewwan adabbii daangessuuf barbaachisan kanneen akka beenyaa kanfaluu fi wabii qabsiisuu raawwatamuu osoo hin mirkaneeffatiin adabbiin yeroo daanga'u jiraachuu, yeroo qormaataa adabbii daangessuuf seerri teechise isa xiqqaa (waggaa 2) irraa gadi bu'uun adabbii daangessuu, himatamaan adabbiin daanga'eef amala gaarii horachuu isaa haala itti hordofamu ajajamuu dhabuu kanneen jedhan isaan gurgudddoo dha.

5.2. Yaadota Furmaataa

Rakkoolee armaan olitti kenniinsa murtii adabbii fi hojiirra oolmaa qajeelfama adabbiitin walqabatanii jiraniif yaadotni furmaataa itti aanuun teechifaman qorannoo kanaan akeekamaniiru.

a. Tumaalee seeraa fooyya'uu qaban

Qajeelfamni adabbii hojiirra jiru qabxiilee armaan gadii irratti irra deebiin ilaallamuu qaba.

- MMWF sirrummaa fi walfakkina dhabuu murtii adabbii yeroo yeroon qorachaa qajeelfama adabbiis akkaataa rakkoo jiran furuu danda'uun fooyyessaa adeemuu qaba. Kanaaf rakkoo yakkoota sadarkaan hin baaneefiin walqabatanii jiran furuuf yakkoota yeroo hedduu hojiirratti quunnaman biroo sadarkaa fi gulantaan hanga ammaatti osoo hin bahiniif jiraniif Manni murtii Waliigala Federaalaa sadarkaa fi gulantaa baasuu qaba.
- Tumaaleen qajeelfamichaa seera yakkaa waliin walhin simne tokko tokko ilaallamanii fooyya'uu qabu. Fakkeenyaaf:
    - Sadarkaa fi gulantaan miidhaa qaamaa cimaadhaaf (SY kwt 555) qajeelfamichaan teechifame sadarkaa 1ffaadhaaf gulantaa 16ffaa dha. Gulantaan ka'uumsaa tumaa kanaaf qabame hidhaa waggaa tokkoo haammachuu akka danda'utti gadi siquu qaba.
    - Qajeelfama adabbii keewwata 13 jalatti namni qaama yookiin kutaa qaamaa yookiin qaama miiraa barbaachisoo ta'an nama biroo keessaa tokkoo ol kan hir'ise yookin akka hin tajaajille kan taasise yoo ta'e sadarkaa 2ffaa gulantaa 19ffaa jalatti adabama. Qajeelfamichi heddummina qaama miidhaan dhaabbataan irra gahee fi barbaachisummaa miiraa fi kutaa qaamaatiif gatii kennuun garaagarummaa uumuun haala danda'uu fi qajeeltoo madaalawaa ta'uu adabbiitiin haala walsimuun qajeelfamichi fooyya'uu qaba.
    - Miidhaa qaamaa bu'uura SY keewwata 559/1/'tiin raawwatamuufis sadarkaa 1ffaa jalatti adabbii qarshiitiif gulantaa 4ffaan kan qabame yoo ta'u, adabbiin inni hordofsiisus hanga qa. 5000'tti dha. Tumaan seera yakkaa kun adabbii qarshii 1000 hin caalle waan kaa'uuf, gulantaa ka'uumsaa hanga adabbii tumicha jala taa'e haammatutti (gulantaa 1ffaa jalatti) gadi siqee fooyya'uu qaba.

- Hanga qajeelfamichi bifa kanaan fooyya'utti tumaaleen rakkoo qaban kunneen madaalawaa ta'uu murtii adabbii kan miidhan ta'ee yeroo itti dhaga'ame, abbootiin seeraa bu'uura qajeelfamicha keewwata 27'tiin qajeelfamicha keessaa bahuun murtii kennuu akka mala tokkootti fayyadamuu danda'u.

- Qajeelfamni adabbii yeroo ammaa hojiirra jiru qabxiilee armaan gadiis ilaalcha keessa galchee fooyya'uu qaba. Qabxiileen kunis:
  - Adabbiiwwan hidhaan alaa qajeelfama adabbii amma jiru keessatti haammataman hojii dirqii fi adabbii maallaqaa qofa waan ta'aniif qajeelfamichi adabbiiwwan biroo hafan haammachuu fi adabbiiwwan hidhaan alaa garagaraa kunneen yeroo kam haala kamiin akka filatamanii fi hojiirra oolfaman uwwisni kennamuufi qaba.
  - Qaamolee adabbiiwwan dabarsuuf aangoo qaban, faayidaa adabbiin murtaa'u qabu, yeroo adabbiin itti kennamu, ragaalee adabbii murteessuuf gargaaranii fi qajeelfamoota yeroo adabbiin kennamu kabajamuu qaban ilaalchise kalattii kaa'uu qaba.
  - Qajeelfamichi adabbiiwwan garagaraa walitti dabaluun murteessuuf (combining alternative sanctions) akka danda'amutti wixinaa'uu qaba. Adabbiiwwan hidhaan alaa garagaraa kanneen akka adabbii hidhaa daangessuu, adabbii maallaqaa, beenyaa, tajaajila hawaasaa fi kkf yeroo hedduu adabbii biroo waliin akka dabalataatti haalli itti murtaa'uu danda'u uumamuu qaba. Sababni isaas adabbiiwwan kunneen sasalphaa waan ta'aniif yakka jiddu-galeessa ta'e tokkoof qofaa isaanii murteessuun rakkisaa waan ta'uufi dha. Kanaaf akkaataa cimina yakkichaa waliin wal madaaluu danda'utti adabbiiwwan hidhaan alaa garagaraa waliin murteessuuf (mixing) haala dandeessisuun baay'ee barbaachisaa dha.
- Qajeelfamni adabbii afaan hojii naannoleetiinis hiikkamuu fi ogeessota qaamolee haqaatiifis dhaqqabamaa ta'uu qaba.

Seerri yakkaa keenyas:

- Adabbiiwwan hidhaan alaa seera keenya keessatti hin haammatamne biroo haammachuun fooyya'uu qaba. Adabbiiwwan hidhaan alaa itti-quufinsa miidhamaa olaanaa argamsiisanii fi yakkamaa irra deddeebii xiqqeessuu keessatti daran bu'a qabeessa ta'an keessattuu furmaatni miidhamaa, yakkamaa fi miseensota hawaasaan kennamu (Restorative Justice) uwwisa seeraa gahaa argatee akka hojiirra oolu itti adeemamuu qabu.

b. Rakkoo gama hubannootiin jiru maqsuuf

- Akka argannoon qorannichaa agarsiisetti rakkooleen hedduun kenniinsa murtii adabbii fi hojiirra oolmaa qajeelfama adabbii keessatti mul'atan hanqina hubannootiin kan walqabatani dha. Kanaaf, qabiyyee qajeelfamichaa fi tumaalee SY murtii adabbiitiin walqabatan irratti leenjiin walitti fufiinsa qabuu fi ogeessota mara walgahuu danda'u qaamolee dhimmichi ilaallatuun qophaa'uun abbootii seeraa fi abbootii alangaatiif kennamuu qaba. Qabiyyeen leenjii kunis dhimmoota qabatamaa xiinxaluu iratti kan fuulleffatee fi qabxiilee argannoo

qorannichaa keessatti akka rakkootti agarsiifaman mara of keessatti haammachuu qaba. Keessaayyuu, dhimmoota mata dureewwan armaan gadii jalatti olitti ka'an irratti fuulleffachuu kan qabu dha. Isaan kunis: dhagaha yaada adabbii fi sirna manni murtii ittiin falmii yaada adabbii irratti ka'u qulqulleessu; adabbiiwwan garagaraa keessaa filachuu (hidhaa cimaa fi salphaa keessaa akkasumas adabbii qarshii fi hidhaa keessaa filachuun walqabatee); adabbii ka'uumsaa murteessuu (yakkoota qeenxee fi daddabalamaa); sadarkaa fi gulantaa ka'uumsaa baasuu; sababoota adabbii cimsanii fi salphisan; haala qajeelfama adabbii keessaa bahuun adabbiin ittiin murtaa'u; haala tilmaama qabeenyaa; hojiirra oolmaa adabbiiwwan hidhaan alaa kanneen jedhan fa'a dha.

c. Yaadota furmaataa adabbiiwwan hidhaan alaa akka waliigalaatti ilaallatan

- Seerri yakkaa keenya keewwata 199/2/ jalatti yakkamaan adabbiin daanga'uuf haaldureewwan murtii keessatti teechifaman eeguu fi dhabuu qaama to'atuu fi Komishinii Eegumsa Haaromsa Amalaa jedhamu akka hundaa'u ni kaa'a. Qaamni kun hanga ammaatti hundaa'ee waan hin jirreef yeroo kennuun osoo hin barbaachisne hundeeffamuu qaba. Adabbiin hidhaa yeroo daanga'u qofa osoo hin taane, adabbiiwwan hidhaan alaa kamiyyuu yeroo murtaa'an abbummaan akka raawwachiisuufi osoo hin murtaa'in deeggarsa akka taasisu Komishinii kanaaf itti-gaafatamummaan kennamuufi danda'a.
- Qaamni adabbiiwwan hidhaan alaa raawwachiisu haala bu'a-qabeessaa ta'een adabbiiwwan kanneen hojiitti hiikuu akka danda'u hojiiwwan gurguddoo armaan gadii hojjechuu qaba. Isaanis:
    - Murtiin adabbii kennamuun dura odeeffannoo haala himatamaa qindeessuun murtii kennamu keessatti galtee akka ta'u mana murtiitiif kennuu
    - Manni murtii yeroo isa gaafate gosa adabbii yakkamaa tokkoof gorfamu qoratee dhiyeessuu.
    - Murtiin erga kenname booda odeeffannoo haala yakkamaa bifa qindaa'aa ta'een daataa beeziidhaan qabachuu fi hoogganuu
    - Yeroo yeroon hojiirra oolmaa isaanii ilaalchisee qorannoowwan irratti gaggeessaa rakkoolee mudatan maqsaa adeemuu
    - Hawaasni bal'aan barbaachisummaa adabbiiwwan kanneenii ilaalchisee hubannoo gahaa akka horatuu fi hojiitti hiikinsa isaa keessattis hawaasa haala hirmaachiseen itti adeemuun akka danda'amu miidiyaalee fi maloota biroo fakkeenyaaf daayrektorii (directory) qopheessuudhaan, sarkulaariiwwan (newsletter) maxxansuun beeksiisuun barbaachisaa dha. Fakkeenyaaf, adabbiin hojii dirqii raawwatame maallaqaan yeroo shallagamu hammam akka ta'e karaalee miidiyaa hawaasaaf ibsamaa adeemuu qaba. Kunis hawaasni fayidaa adabbii kanaa akka hubatuu fi deeggarsa akka taasisu gahee olaanaa qaba.
- Qaamni hundaa'u kun hojiirra oolmaa adabbiiwwan hidhaan alaa mirkaneessuuf humna namaa, teeknoloojii, loojistikii fi bajata gahaa qabaachuu qaba. Ogeessota mootummaan ramadamaniin alatti, ogeessota kanneen kan gargaaranii fi tola-ooltotni amala isaaniitiin

fakkeenyummaa qaban hawaasa keessaa filatamuun (volunteer officers) hojicha akka deeggaran taasifamuu qaba. Ogeessotni kanaaf hojii isaanii jalqabuun dura 'leenjii leenjistummaa' fudhachuu qabu.

- Adabbiiwwan hidhaan alaa keessattuu kanneen akka murtii hojii dirqii hojiirra oolchuuf qaamolee abbootii hirtaa ta'an kanneen akka dhaabbilee miti-mootummaa, qaamolee seera baastuu, Manneen murtii, fi qaamolee raawwachiiftuu kanneen akka poolisii fi manneen sirreessaa gidduutti qindoominni (intersectoral cooperation) cimaa ta'e jiraachuu qaba. Qindoominni kunis karoorsa fi kenna tajaajilichaa akkasumas hooggansa isaa irratti uumamuu kan qabu dha. Kanas milkeessuudhaaf tokkoon tokkoon qaamoleen abbaa hirtaa ta'an itti-gaafatamummaan isaan qaban ifatti adda baafamuu qaba.

d. Yaadota furmaataa adabbii qabeenya irratti raawwatamaniin (adabbii qarshii, qabeenya dhaaluu) walqabatan

- Adabbiin maallaqaa barsiisaa kan ta'u haala diinagdee yakkamaa ilaalcha keessa kan galche yoo ta'e qofa. Kanaaf, adabbiin maallaqaa humna yakkamaa waliin akka walgitu gosa shallaggii adabbii 'day fines' jedhamu hojiirra oolchuun barbaachisaa dha. Adabbii maallaqaa bifa kanaa herreeguuf jalqaba cimina yakkichaa irratti hundaa'uun yakkamaan galii isaa kan guyyaa meeqaa adabamuu akka qabu murteessina. Itti aansuun galiin guyyaa isaa avereejiin meeqa akka ta'e adda baasna. Sana booda adabbii murteessuuf avereejii galii guyyaa isaa baay'ina guyyaatiin baay'isnee itti murteessina jechuu dha. Qajeelfamni adabbiis haala kanaan fooyya'uu qaba.
- Adabbii hidhaa hanga kanaa yookin qarshii hanga kanaa jedhamuun filannoo sirreeffamaaf dhiisuun murteessuun bu'uura seeraa waan hin qabneef hanqina gama kanaan jiru guutummaan maqsuuf Manni Murtii Waliigala Oromiyaa hordoffii fi deeggarsa taasisuu qaba. Kana malees, adabbiin hidhaa fi maallaqaa walirratti yeroo murtaa'u yakkamaan hidhaa xumuree sababa adabbii maallaqaa hin kanfalleef fakkeenyaaf, amakkiroodhaan akka hin baane taasisuun bu'uura seeraa kan qabu waan hin taaneef, dhimma xiyyeeffannoon kennameefi furamuu qabu dha. Adabbiin maallaqaa ajajamu Waajjira Galiitiin duguugamee kan raawwatamaa jiru ta'uu qaamni abbummaan hordofuu fi itti-gaafatamummaa isaa fudhatu jiraachuu qaba. Manneen sirreessaas sirreffamtootni adabbii hidhaa irraa yeroo bahan adabbii maallaqaa kan hin kanfalle yoo ta'e waajjira galiitiif akka beeksisu sirni dandeessisuu fi qindooominni hojii uumamuu qaba.
- Qabeenya bu'aa yakkaatiin horatame mootummaan akka dhaalu taasisuuf sadarkaa qorannaa yakkaa irraa eegalee himannaa dhiyaatuu fi falmii dhaddacharratti taasifamu keessatti xiyyeffannaan kennamuu qaba. Hooggansi Biiroo Haqaa akkasumas Komishinii Poolisii Oromiyaa deeggarsaa fi hordoffii taasisuu qaba. Manneen murtii qabeenyi dhaalamu bu'aa yakkaa ta'uu yookin gochaa seeraan alaa raawwatameen kan horataman ta'uu ragaa qabatamaadhaan mirkaneessuu iratti of-eeggannoo barbaachisaa taasisuu qabu.
- Qabeenyi miidhamaa dhuunfaa sababa yakkaatiin barbadaa'e yeroo jiraatu, himatamaan beenyaa akka kanfalu yookin bakka miidhamaan dura turetti akka deebisu yookin baasii

miidhamaan sababa yakka isarratti raawwatameen baase akka kanfalu akkasumas mirga dhabe akka deebisee argatu taasisuuf (restoration of rights) sirna gaaffiin beenyaa kun ittiin dhiyaatuu fi keessummaa'u ilaalchisee manneen murtii haala mijaa'aa uumuu qabu. Miidhamtootni dhuunfaa gaaffii bifa kanaa akka dhiyyeffatan haalli hubannoo itti argatan uumamuu qaba. Keessattuu yeroo adabbiin hidhaa daanga'u himatamaan gaaffii kana yoo dhiyeeffachuu baatellee mirgi miidhamaa kun kabajamuu mirkaneeffachuu qabu.

- Himatamaan adabbii qarshii battalatti yeroo hin kanfalle adeemsa seerri teechise irraa maquun raawwachiisuuf yaaluun, fakkeenyaaf, hanga kanfalutti mana sirreessaa yookin to'annaa poolisii jala akka turu kan jedhu ajajuu yookin wabii osoo hin waamsisiin gadi dhiisuu, qaama aangoo raawwachiisuu hin qabne ajajuun akka hafu hooggansi mana murtii hordoffii fi deeggarsa taasisuu qaba.

e. Yaadota furmaataa adabbii hojii dirqii ilaalchisanii kennaman

- Adabbii hojii dirqii hojiirra oolchuun akka danda'amu seerri tarreeffama haala itti hojiitti hiikuun danda'amu agarsiisuu fi adeemsa isaa teechisu bahuu qaba. Hojii kanas kan to'atu Diippartimentiin tokko Komishinii olitti ibsame keessatti gurmaa'uu qaba. Innis ogeessota deeggarsa teeknikaa kennan (technical staff) yookin ofiseroota tajaajilicha hordofanii raawwachiisan qabaachuu qaba. Ofiserootni kunis adabbiin hojii dirqii kun haala sirriin akka adeemu gargaaru. Kanas kan raawwatan yakkamaa daawwachuu, yoo barbaachisaa ta'e immoo maatii isaa fi miidhamaa dhuunfaa mariisisuudhaan haala tajaajilli hawaasaa kun hojiirra itti ooluu danda'u mana murtiif gabaasa dhiyeessuu fa'aan ta'a.
- Hanga qaamni abbummaan murtii bifa kanaa raawwachiisu hundaa'utti, manneen murtii adabbii bifa kanaa yeroo murteessan waajjiraalee mootummaa hojii dirqii raawwatamu sana ofii isaanitii simatanii raawwachiisuu danda'anii fi humna namaa barbaadan kanneen akka waajjiraalee Itiyoo-telekoom, humna ibsaa, waajjira bishaanii, waajjiraalee abbaa taayitaa ijaarsa karaa baadiyyaa, hospitaalota, bulchiinsa magaalaa fi kkf ajajuun irra caala filatamaa ta'uu danda'a. Kana malees, ajaja bifa kanaa kennuun hanga baramutti qaamolee kanneeniif kaayyoo adabbiin hojii dirqii ajajamee fi haala ittiin raawwachiifamu danda'u ilaalchisee qaama itti dhiyeenyaan raawwachiisu dhaddacha irratti waamuun yookin qaamaan quunnamuun haala gahaa ta'een hubachiisuun barbaachisaa dha.
- Hojiin dirqii yakkamaa tokkoof murtaa'u bu'a-qabeessa akka ta'uuf hanga danda'amaa ta'etti dhimma balleessaa isaan walqabatu yookin hojii ogummaa isaa waliin walfakkeenya qabu akka ta'u tattaaffiin godhamuu qaba. Fakkeenyaaf:
    - Yakkamaan qonnaan bulaa yoo ta'e adabbii hojii dirqii daaga qotuu irratti ajajuu
    - Yakamaan dagannoon balaa konkolaataa geessise yoo ta'e, hospitaala keessatti namoota miidhaan qaamaa balaa garagaraatiin irra gahe akka gargaaru yookin kunuunsu ramaduun yakkamaan sun sana booda yakka walfakkaataa akka hin raawwanne gochuuf ni gargaara.

f. Yaadota furmaataa adabbii hidhaa daangesuun walqabatanii kennaman

- Yakkamaan adabbiin hidhaa daanga'eef amala gaarii horachuu isaa akka hordofu Diippartimentiin tokko Komishinii olitti akka hundaa'u akeekame jalatti gurmaa'uu qaba. Qaamni kunis qaamolee seera yakkaa keenya irra teechifaman kan akka itti gaafatamtoota eegumsa fooyya`insa amalaa of jala ni qabaata. Ogeessotni kunis yakkamaan akka haaromu ogummaa isaaniitiin bifa garagaraatiin kan deeggaran yoo ta'u, deeggarsi kunis fedhii fi haala yakkamaa ilaalcha keessaa kan galche ta'a. Gorsa kennuu (counseling), amalli isaa fooyya'uu hordofuu, akkasumas leenjii ogummaa, meeshaalee (industrial tools) fi kaappitaala ittiin hojii jalqabu mijeessuu fi baruumsa idilee akka hordofu kkf irratti deeggarsa gochuun amala yakkamaa fooyyesuuf hojjetamuu qaba.
- Qaamni kun yakkamtoota adabbiin daanga'eef hordofuu qofaa osoo hin taane, yakkamaa tokkoof adabbiin daanga'uufi kan qabu yookin kan hin qabne ta'uu manni murtii yeroo gaafatu yaada gorsaa kennuufis itti-gaafatamummaa qabaachuu qabu.
- Qaamni kun kanaan alattis itti-gaafatamummaa biraa raawwachuu danda'a. Fakeenyaaf yakkamtootni dhiifamaa fi amakkiroon gadi dhiifaman hawaasa keessatti amala gaarii horachuu fi horachuu dhabuu isaanii mana murtiif akka gabaasan gahee hojii isaanii kan biraa ta'uu danda'a.
- Hanga caasaaleen kunneen hundeeffamanitti, manneen murtii yakkamaan amala gaarii horachuu isaa akka hordofan qaamolee garagaraa kanneen akka dura taa'aa gandaa, manaajara gandaa, maanguddoolii gandaa himatamaa fi miidhamaa araarsan, kkf keessaa filachuun ajajuu ni danda'u.
- Abbootiin murtiis himatamtoota adabbiin isaanii daanga'uu qabuuf akka daangessuu irraa of-hin qusanne, kanneen daanga'uu hin qabne immoo akka hin daangessine hooggansi mana murtii xiyyeffannaan irratti hojjechuu qaba. Kana malees, qabxiilee armaan gadiitiif xiyyeeffaannoon kennamee rakkoo qabatamaan jiru maqsuun deeggarsii fi hordoffiin barbaachisaan taasifamuu qaba.
    - adabbii daangessuun bu'aa gaarii akka argamsiisu tilmaamamni dhama-qabeessa ta'e jiraachuu mirkaneeffachuu akka qaban
    - murtii adabbii daangessuun dura tarkaanfichi kaayyoo fi qajeeltoowwan adabbii galmaan geessisuu kan danda'u ta'uu mirkaneeffachuu
    - haaldureewwan adabbii daangessuuf barbaachisan kanneen akka beenyaa kanfaluu fi wabii qabsiisuu raawwatamuu mirkaneeffachuu

MIILTOOLEE

Miiltoo 1

Maddooota

Kitaabotaa fi Qorannoowwan

1. Charles Birungi, Community Service in Uganda as an Alternative to Imprisonment, A Case Study of Masaka and Mukono Districts, 2005:21. http://etd.uwc.ac.za/usrfiles/modules/etd/docs/etd_ init_3844_1177065474.pdf
2. Lukas Muntingh, Alternative sentencing in Africa, 182. Available at: www.hsrcpress.ac.za/downloadpdf.php? , Accessed on 11/09/2016
3. Obondi Christine Achieng' Okoth (2010) Effective Resettlement of Offenders by Strengthening Community Reintegration Factors : Kenya's experience http://www.unafei.or.jp/english/pdf/PDF_rms/no82/ No82index.pdf
4. Oloo J (2011): The Practice of Probation. Paper presented at the Commonwealth East African Workshop Alternative Sentencing and Strategies to Reduce Prison Overcrowding
5. Royal KA (2009): Community Service as an Alternative to Imprisonment in African Journal of Crime and Criminal Justice Vol 1
6. Strategic Public Relations and Research (2007): Impediments to Offender Reintegration and Resettlement
7. UNAFRI (2008): The Practice of Parole and Probation in Criminal Justice Administration
8. UNODC (2005): Crime and Development in Africa
9. USAID (2009): Africa Regional Rule of Law Status Report
10. Wakhu S (2007) Can Probation and after-care services reduce crime in our society in the face of drug abuse and addiction? http://www.knapokenya. com/aftercare1.html

Waliigalteewwan Addunyaa fi Aardiilee

1. United Nations Standard Minimum Rules for Non-custodial Measures (The Tokyo Rules), 1990
2. United Nations Standard Minimum Rules for the Administration of Juvenile Justice (The Beijing Rules), 1985
3. Declaration of Basic Principles of Justice for Victims of Crime and Abuse of Power, 1985
4. Basic Principles on the Use of Restorative Justice Programmes in Criminal Matters
5. The United Nations practical guides (on alternatives to incarcerationand juvenile Justice).
6. The UN Handbook on Victims that deal in passing with the issue of alternatives to imprisonment.
7. United Nations Standard Minimum Rules for Non-custodial Measures (The Tokyo Rules), 1990
8. United Nations Standard Minimum Rules for the Administration of Juvenile Justice (The Beijing Rules), 1985

9. The Kampala declaration on prison conditions in Africa, 1996.
10. Ouagadougou Declaration on Accelerating Penal and Prison Reform, 2002.
11. Kadoma Declaration, available at http://www.penalreform.org/english/cs_kadomaec.htm
12. The International Covenant on Civil and Political Rights 1966
13. The UN Economic and Social Council, as Resolution 1997/36
14. EU resolution (1965) on suspended sentences, probation and other alternatives to imprisonment
15. EU resolution (1976) on certain alternative penal measures to imprisonment
16. Recommendation (1992) on the European rules on community sanctions and measures
17. EU Special recommendation (R (2003)dealing with conditional release
18. EU recommendation (Rec. R (2000)), A follow-up to the community sanctions
19. EU Recommendation (Rec. R (99)) concerning prison overcrowding and prison population inflation)

MIILTOO 2
Uunkaalee gaaffiiwwwanii

Unka 1-4
Uunka Afgaaffii

Pirezdaantota Manneen Murtii, I/Gaafatamtoota Waajjira Haqaa, Hooggantoota Manneen Sirreessaa, abbootii seeraatiif , Abbootii alangaa, Qorattoota Poolisii, Abukaattota dhuunfaa fi mootummaatiif kan qophaa'e.

1. Adabbiiwwan hidhaan alaa akka murtaa'an gama keessaniin, dhuunfaan ykn akka mana hojiitti, tattaaffiin taasiftan ni jiraa?
2. Adabbiiwwan hidhaan alaa haala qabatamaa keenya keessatti hammam barbaachisaadha jettuu? Bu'aan isaanii maali? Yakkamtoota akkamiitiif?
3. Hubannoo ogeessotni qaamolee haqaa fi hawaasni adabbiiwwan hidhaan alaa ilaalchisee qaban maal fakkaata?
4. Adabbiiwwan hidhaan alaa hojiira oolchuuf qaawwi gama seeraa, caaseffamaa, humna namaa, teeknoloojii, qabeenyaa fi kkf jiru maal fa'a? Rakkoon biraa hojiirra oolmaa AFH'tti gufuu ta'an maal fa'i?
5. Bu'uura kwt 82,83 fi 180'tiin haalotni adabbii salphisan yeroo jiraatan yookin bu'uura kwt 192'tiin adabbiin osoo hin raawwatamiin akka turu yeroo ajajamu tarkaanfiiwwan akka gorsuu, akeekkachiisuu, dhiifama gaafachiisuu murteessuun/ajajuun/ ni mul'ataa? /122(2)/
6. Yakkamaan jaalala maallaqaatiin kaka'ee yakka raawwachuun yeroo mirkanaa'e adabbii tumaa ittiin himatame jalatti taa'e irratti dabalataan maallaqaan adabuun ni jiraa? /kwt 92(2)/
7. Yakkamaan adabbii hidhaa salphaa battalatti raawwachuu yoo dadhabe maaltu ta'a? wabii waamsisuun yeroon hanga baatii 6 gahu ni kennamaafi? Jala-jalaan /by installment/ akka kanfalu hoo? kwt 93(2,3); Yoo fedhii dhabe qabeenyi isaa akka gurguramu ajajuun jiraa? / 94/3/ Adabbii maallaqaa raawwachiisuun yoo dadhabame gara hojii dirqiitti jijjiiruun hoo? /kwt 95, 96/
8. Qabeenyi yakkaan horatame yookin tumaan itti himatame kan ajaju yeroo ta'u qabeenyi yakkamaa akka dhaalamu yeroon murtaa'u ni jiraa? Yakkamaan yakka akka raawwatuuf fayidaan /maallaqni/ kennameef akka dhaalamu ajajamaa? /kwt 98, 99, 100/
9. Adabbiin maallaqaa fi hidhaa yeroo murtaa'u, namni hidhaa xumure maallaqa sana kaffaluu yoo dadhabe maal ta'a?
10. Yakkamaan miidhaa miidhamaa dhuunfaa irraan gaheef beenyaa akka kanfalu ykn bakka dura turetti akka deebisu galmee yakkaa keessatti murtaa'ee ni raawwachiifamaa? /kwt 102/

11. Yakka salphaa adabbii hidhaa salphaa baatii 6 hin caalle adabsiisuuf adabbii hojii dirqiitiin bakka buusuun ni jiraa? Yoo jiraate haala kamiin raawwatama? /kwt 103, 104, 107/
12. Bu’uura 179/f tiin sababootni adabbii salphisan yeroo jiraatan hidhaa salphaa gara maallaqaatti yookin hojii dirqiitti jijjiiruun ni jiraa?

Unka 5

Gaaffiilee marii garee sirreeffamtoota seeraa waliin taasifamuuf qophaa'e

1. Adabbiiwwan hidhaan alaa akka murtaa'u gaaffiin mana murtiif dhiyeessitan ni jiraa?
2. Adabbiiwwan hidhaan alaa fayidaa akkamii qabu jettu?
3. Namootni (yakkamtootni) yookin gosootni yakkaa adabbiiwwan hidhaan alaa irratti raawwatamiinsa qabaachuu qaban eenyu fa'a/maal maal ta'uu qaba?
4. Namootni yakka sasalphaa raawwatanii adabbiin maallaqaa itti murtaa'e, maallaqa yoo dhaban maaltu godhama? Hojii dirqiitti jijjiiruun mootummaaf yookin dhaabbata uummataatiif akka tajaajilu ajajuun ni jiraa? Lakki yoo ta'e, maaliif? (kwt 90,91 fi 95)
5. Seeraan ifatti yoo ibsame qabeenyi yakkamaa guutummaan yookin gariin akka dhaalamu murtaa'aa jiraa? Yakka himatamaan balleessaa itti taasifameen walqabatee qabeenyi kallattiinis ta'e alkallattiin horatame akka dhaalamu ni murtaa'aa? (kwt 98)
6. Yakki raawwatame salphaa fi hidhaa baatii 6 hin caalleen kan adabsiiisu yoo ta'ee fi yakkamaan hojjechuu kan danda'uu fi hawaasaafis balaafamaa kan hin taane yoo ta'e, manni murtii adabbii salphaa baatii 6 hin caalle gara hojii dirqiitti yeroon jijjiiruu ni jiraa? /kwt 106 fi 107/
7. Adabbiin hidhaa salphaan gara hojii dirqiitti yeroo jijjiiramu yakkamaa kanarratti gosti hordoffii taasifamu, hangi maallaqa galii inni argamsiisu irraa citu, bakka adabbiin itti raawwatamuu fi yeroo inni turu ni murtaa'aa?
8. Adabbiin hojii dirqii kun bilisummaa yakkamaa hanga ta'e daangessuu waliin yeroon murtaa'u ni jiraa? (Yakkamaan bakka hojii yookin hojjechiisaa murtaa'e tokko jalatti yookin bakka jireenyaa isaatti yookin bakka aangawoota mootummaatiin bulu tokko keessaa osoo hin bahiin hojii dirqii isaa akka raawwatu ajajuun ni jiraa?) (kwt 104)
9. Nama yakka raawwate afaaniin yookin murtii barreeffamaa keessatti akeekkachiisuu, ajiifachuu, gorsuu fi balleessaa isaa amanee miidhamaa dhiifama akka gaafatu gochuun ni jiraa? Adabbiiwwan bifa kanaa haala qabatamaa akkamii keessatti murtaa'u? /kwt 121 fi 122/
10. Mirgoota siivilii, maatii, ogummaa fi daldalaa irraa ittifamuun yeroo akka adabbiiitti murtaa'u ni jiraa? /kwt 124/2/
11. Manneen sirreessaa sirreeffamaan bahee hojii hojjechuun galii isaa waliin akka qooddatu haalli itti taasisan jiraachuu quba ni qabduu?

MIILTOO 3
Tarree Galmeewwan Sakatta'amanii

1. AA vs Baacaa Lammeessaa fi Takkaaliny Baqqalaa, Lakk.Gal MMWO Dh.Lixaa, Lakk G 205926.
2. Komishiinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Federaalaa vs Salaamon Tasfaayee fa'a N-3, Lakk. G MMWO Dh.Lixaa 176973
3. AA Vs Toomaas Toyyooraa fa'a N-4, MMA Shaallaa, Lakk G 13114.
4. AA vs Baalchaa Baassaa, MMA Shaallaa, Lakk G, 12989
5. AA vs Zallaqaa Ittisooo, MMA Shaallaa, Lakk G 12966
6. AA vs Juulaa Kadiroo, MMA Shaallaa, Lakk G 12969
7. AA Vs Muhaammad Bashiraa, MMA Shaallaa, Lakk G 12972
8. AAIsaaq Shee Hasan, MMA Shaallaa, LAkk G 12953
9. AA vs Marihun Naggaa, MMA Shaallaa, Lakk G 12990
10. AA vs Antenee Taaddalaa, MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 42221
11. AA Vs Dassitaa Naminoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13005
12. AA vs Ashannaafii Seefuu, MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 42960
13. Lakk G 45120, MMO Go/Sh/Bahaa
14. AA vs Dabalaa Aliyyii, MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 45150
15. AA vs Addisuu Faantaahun, MMO Go/Sh/Bahaa, Lakk G 45940
16. AA vs Usmaan Ahmad, MMO Go/Harargee Bahaa, Lakk G36311.
17. AA vs Muktaar Aliyyii, MMO Aa/Qarsaa, Lakk G 15249
18. AA vs Caalaa Abdallaa, MMA Qarsaa, Lakk G 15655;
19. AA vs Kadir Abdallaa, MMA Qarsaa, Lakk G 15657
20. AA vs Tafarii Mahaadii fa'a N-4, MMA Qarsaa, Lakk G 15239
21. AA vs Ahimaddiin Adam, MMA Meettaa, Lakk G 26791
22. AA vs Bayyaa Ibraahim, MMA Meettaa, Lakk G 09789
23. AA vs Maartaa Salamoon fa'a N-4, MMA Baabbilee, Lakk G 9378
24. AA vs Adeemaa Galatoo fa'a N-16, MMA Shaallaa, Lakk G 13039;
25. AA vs Damee Addunyaa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 61175
26. AA vs Guddataa Baay'isaa, MA Kuyyuu, Lakk G 35925
27. AA vs Cammaraa Dirribaa, MMA Kuyyuu, Lakk G 35914
28. AA vs Dajanee Badhaanee, MMA Kuyyuu, Lakk G 38802
29. AADaadhichoo Addunyaa, MMA Kuyyuu, Lakk G 35912
30. AA vs Eebbisaa Waannaa, MMO Go/Wa/Lixaa, Lakk G 33324
31. AA vs Leencoo Raagoo, MMA Dugdaa, Lakk G 18958
32. AA vs Giday G/Igzaabiher, MMA Dugdaa, LAkk G 19164
33. AA (Oliyyataa) vs Diboo Cawwichaa, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 27594
34. AA Vs Tikkuu Mootii, MMA Kuyyuu, Lakk G 38694
35. AA Vs Gammachuu Girmaa, MMA Diggaa, Lakk G 10563

36. AA vs , MMA Diggaa, Lakk G 09402
37. AA Vs Daggafaa Dhufeeraa, MMA Gimbii, Lakk G18392
38. AA Vs Daaqxuu Tamtimee, MMA Gimbii, Lakk G 18320
39. AA Vs Milkeessoo Waadoo, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 28187
40. AA vs Maammoo Olkaamoo, MMA Shaallaa, Lakk G 13218
41. AA vs Jamulee Adiloo, MMA Shaallaa, Lakk G 13217
42. AA vs Mahaammad Adam, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G 37422
43. AA vs Mulee Faqqadaa, MMA Dugdaa, Lakk G 19229
44. AA vs Meymunaa Abraahim, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G 36141
45. AA vs Dajanee Waaqayyoo, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 28162
46. AA vs Yeteraa Naraamoo, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 28396
47. AA vs Misgaanuu Habtee, MMO Go/Wa/Lixaa, Lakk G 33090
48. AA vs Darajjee Nurfataa fa'a N-16, MMO Go/Wa/Bahaa, Lakk G 39723
49. AA vs Dirribaa Asaffaa, MMO Go/Wa/Bahaa, Lakk G 39764
50. AA vs Addisuu Beekumaa fa'a N-3, MMO Go/Wa/Bahaa, Lakk G 39691
51. AA vs Andu'aalam Fiixumaa fa'a N-3, MMO Go/Wa/Bahaa, Lakk G 39687
52. AA vs Ashannaafii Tamasgeen, MMO Go/Wa/Bahaa, Lakk G 39923
53. AA vs Tamasgeen Gudduu, MMO go/Wa/Lixaa, Lakk G 30709.
54. AA vs Getaachoo Bantii, MMO Go/Wa/Lixaa, Lakk G 33229
55. AA vs Shoolee Fiqaaduu, MMA Laaloo Assaabii, Lakk G 06866
56. AA vs Qabbannaa Nagarii, MMA Laaloo Assaabii, Lakk G 06798
57. AA vs Miliyoon Ittafaa fa'a N-6, MMA Laaloo Assaabii, Lakk G 6806
58. AA vs Gammachuu Taaddasaa, MMO Go/Wa/Bahaa, Lakk G 39696
59. AA vs Abdi Pheexiroos fa'a N-4, MMA Magaalaa Naqamtee, Lakk G 00168
60. AA vs Kabbadaa Abbabaa, MMA Magaalaa Naqamtee, Lakk G 00459
61. AA vs Maqdas Galchuu fa'a N-2, Lakk G 26241
62. AA vs Maammush Isaatuu fa'a N-2, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 26326
63. AA vs Alamuu Dassee, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 38753
64. AA vs Xilahun Baalchaa fa'a N-2, MMO Go/Wa/Lixaa, Lakk G 33235
65. AA vs Abarraa Ambaras, MMA Laaloo Assaabii, Lakk G 06211
66. AA vs Ambaawu Zallaqaa, MMA Meettaa, Lakk G 25049
67. AA vs Addisuu Haabtaamuu, MMA Mag/Naqamtee, Lakk G 00479
68. 68AA vs Mulukaa Ibraahim, MMA Meettaa, Lakk G 23671
69. AA vs Solomoon Tasfaayee fa'a N-2, MMA Magaalaa Naqamtee, Lakk G 00186
70. AA vs Farahaan Abraahim, MMA Meettaa, Lakk G 20870
71. AA vs Dirribaa Raggaasaa, MMA Ma/Naqamtee, Lakk G 00112
72. AA vs Tewoodiroos Yimaam, MMO Go/Arsii Lixaa, Lakk G 26988
73. AA vs Asteer Kaffalaa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 44901
74. AA vs Tacaanaa Nuguseee, MMO Go/Shawaa Kaabaa, Lakk G 43308.
75. AA vs Ashabbiree Damuu fa'a N-2, MMO Go/Sh/Kaabaa,Lakk G 44744

76. AA vs Geetuu Tashoomaa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 44958
77. AA vs Girmaa Hundee, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 44954
78. AA vs Abdii Hasan fa'a N-5, MMA Qarsaa, Lakk G 15293
79. AA vs Mu'aaz Ahmad, MMO Go/Ha/Bahaa, Lakk G 37361
80. AA vs Abazzuu Dabalee, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27190
81. AA vs Abdataa Tarfaasaa, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27142
82. AA vs Tasfaayee Asaffaa, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27196
83. AA vs Shokee Jiruu, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27177
84. AA vs Asteer Kaffalaa, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 44901
85. AA vs Boonaa Kadir, MMA Shaashamannee, Lakk G 60755
86. AA vs Masfin Ammahaa, MMA Kuyyuu, Lakk G 38804
87. AA vs Shawaayyee Abbaabbuu fa'a N-2, MMA Giraar Jaarsoo, Lakk G 27194.
88. AA vs Jifaaraa Baacaa fa'a N-2, MMA Amboo, Lakk G 51408
89. AA vs Xoyyib Kamaal, MMO Go/Sh/Kaabaa, Lakk G 44841
90. AA vs Biruktaayit Baadag, MMA Shaashamannee, Lakk G 60651
91. AA vs Shubboo Dastaa, MMA Shaashamannee, Lakk G 60656
92. AA vs Jaarsoo Alaakoo, MMA Shaashamannee, Lakk G 61290
93. AA vs Gosee Tafilee, MMA Shaashamannee, Lakk G 57713
94. AA vs Tashaalaa Gammadaa, MMA Shaashamannee, Lakk G 61244
95. AA vs Abbabaa Isheetuu, MMA Shaashamannee, Lakk G 59097
96. AA vs Yamaanee Hayilee, MMA Giraar Jaarsoo, Lakk G 27182
97. AA vs Kaasahun Tarrafaa, MMO Go/Arsii, Lakk G 28276.
98. AA vs Tashoomaa Gullilaat fa'a N-3, Lakk G MMWO Dh/Lixaa, 176195; Lakk G MMO Go/Jimmaa 26425
99. AA vs Birhaanuu Tafarraa, MMA G/Jaarsoo, Lakk G 27195
100. AA vs Aschaaloo Tsaggaayee, MMO Go/Booranaa, Lakk G 11635

MIILTOO 4

Tarree Namoota Afgaaffii Deebisanii

1. Abarraa Gichillee, Abukaattota Ittisaa, MMO Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 6/6/2009 gaggeeffame
2. Abdi Mahaammad Yusuuf /Ga/Saj./, Hiikaa fi simataa Si/Seeraa, Ma.Si.Go.Ha.Bahaa /Addellee/, 07/6/2009
3. Abdoo Adam, A/ad/Mu/Ha/Ke, Wa/Ha/Aa/Shaahamannee, 23/5/2009
4. Addunyaa Alamuu, Ab/Ad/Qo/Yakkaa fi Mu/HA/Ke/Wa/Ha/Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 6/6/2009 gaggeeffame
5. Admaasuu Burraaqaa, Abbaa seeraa, MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009;
6. Alamaayyoo Asfaawu, Abbaa murtii MMA Ma/Naqamtee, 23/5/2009
7. Alamaayyoo Gaaddisaa, Pirez. MMO Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/2009 gaggeeffame;
8. Alamuu Guyyasaa /Insp./, Ab/Ad/Qo/Ya/Po/Ma/Naqamtee, 23/5/2009
9. Amaan, Abbaa seeraa MMA Adaamaa waliin taasifame, 10/05/2009.
10. Amiin Adam, I/G/Wa/Haqaa/Go/Arsii Lixaa, 22/5/2009
11. Asaamminawu Raggaasaa, akka abukaattoo ittisaatti tajaajilaa kan jiran, MMO, Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame
12. Ashraafuu Haaruun, A/Alangaa Aa/Meettaa, 08/6/2009
13. Asraat Taaddasaa, A/A Wa/Haqaa Aa/Diggaa, 24/5/2009
14. Ayyaanaa Tollinaa, Abbaa seeraa MMWO, 19/05/2009
15. B/B Hoog.Wa/Haqaa Aa/Laaloo Assaabii, afgaaffii gaafa 26/5/2009 gaggeeffame.
16. Babalaay Waaqumaa, Abbaa murtii MMA Shaallaa, 23/5/2009
17. Balaayhun Yirgaa, Wa/Abbaa alangaa Muummee, I/G Darektoreetii Wixinee Seeraa, 16/5/2009
18. Baqqaanaa Caalchisaa, Ho/Wa/Ha/Aa/Diggaa, 24/5/2009
19. Bariisoo Abbaakoo, Abbaa alangaa Aa/Shaallaa, 23/5/2009
20. Barreessaa Baqqalaa, Hogg/Wa/Haqaa/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/05/2009 gaggeeffame;
21. Bashir Joomboo, Abaa murtii Dh/Yakkaa, MM Shaashamannee, 23/5/2009
22. Birhaanuu /Kom./, A/Ad/Ho/Ij/Si/Seeraa, 07/6/2009
23. Bojaa Mokonnin, BB Pirez. MMA Kuyyuu
24. Buudee Dheekkamaa, Abbaa murtii, MMO Go/Arsii Lixaa, 22/5/2009
25. Daanyee Abbaabbuu, I/G/Wa/Ha/Aa/Kuyyuu
26. Dabalaa Tukkeessaa abbaa seeraa Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame;
27. Daggafaa Wayyeessaa, akka abukaattoo ittisaatti tajaajilaa kan jiran, MMO, Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame
28. Dajanee Gonfaa, Abbaa alangaa Wa/Ha/A/ Adaamaa waliin taasifame, 10/05/2009.
29. Damee Kumsaa, Ga/Dh/Yakkaa, MMA G/Jaarsoo, 17/5/2009
30. Darajjee Baay'isaa /I/A Kom../, Ho/Qa/Po/Go/Wa/Lixaa, 26/5/2009

31. Darajjee Guddataa, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009 gaggeeffame.
32. Darajjee, Abbaa seeraa MMA Adaamaa waliin afgaaffii taasifame, 10/05/2009.
33. Efreem Mogos, A/Ad/Qo/Ya//Mu/Ke/Wa/Ha/Aa/Qarsaa, 07/6/2009
34. Feeysal Siraj, Po/Qo/Aa/Meettaa, 08/6/2009
35. Fiqaaduu Alamuu, AA Aa/G/Jaarsoo, A/A/Mu/Ha/Ke, 17/5/2009
36. Gaaddisaa Xilahun, Abukaattota Ittisaa, MMO Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 6/6/2009 gaggeeffame
37. Gammachiis Dhugumaa, Pirez MMA Guutoo Giddaa waliin afgaaffii gaggeeffame, 23/5/2009;
38. Gammachiis Geetahun, BB Hoogg.Wa/Ha/Aa/Gimbii, afgaaffii gaafa 25/4/2009 gaggeeffame;
39. Gargaaraa Komishinaraa Tarreessaa Kaasaa, Hogg./Wa/Po/Go/Wa/Bahaa, 23/5/2009;
40. Gazzahany Shuumii, Hogg. Wa/Ha/Go/Harargee Bahaa, afgaaffii gaafa 06/06/2009 gaggeeffame;
41. Girmaa Birhaanuu (Inspeektara), Abbaa Adeemsa Qorannaa Yakkaa fi Mu/Ha/Ke/Wa/Po/Aa/Gimbii, 25/5/2009;
42. Girmaa Birhaanuu /insp/, A/Ad/Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/Wa/Po/Aa/Gimbii, 25/5/2009
43. Girmaa Hundumaa, Abbaa murtii MMO, Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009
44. Girmaa Taarraqeny (Inspeektara), Hoogg./Wa/Po/Aa/Gimbii, 25/5/2009;
45. Girmaa Tolchaa, A/Ad/Mu/Ha/Ke/Wa/Ha/ Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009
46. Gulummaa Lamuu, Hoogg.Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, afgaaffii gaafa16/5/2009 gaggeeffame
47. Habtee Tarrafaa, abbaa seeraa Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame;
48. Hammuu Kennoo, Abukaattoo Ittisaa, Go/Arsii Lixaa, 23/5/2009
49. Hayilamaaram Abbabaa, Abukaatoo dhuunfaa, Go/Sh/Kaabaa, 17/5/2009
50. Hirphoo Irreensoo, Pirez. MMA Shaashamannee, 22/5/2009
51. Hundarraa Fiqaaduu, Abbaa alangaa Wa/Ha/Go/Wa/Bahaa, waliin taasifame, 24/5/09;
52. Huseen Bariisoo, Pirez. MMA Shaallaa, 23/5/2009
53. I/A Koom. Baqqaanaa Dhaabasaa, A/Ad./Haaromsa Sirreeffamtootaa, Qaj.Ma.Si.Go.Sh.Kaabaa, 17/5/2009
54. I/A/Kom. Bariisoo Ushii, BB A/Ad/Ho/Ij/Mu/Ha/Ke/Go/Arsii Lixaa
55. I/A/Saj. Ahimad Ibraahim, Wa/Po/Aa/Shaallaa, 23/5/2009
56. Indaaluu Tolasaa, abbaa seeraa Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame
57. Indaaluu Tolasaa, abbootii seeraa Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame;
58. Insp. Mitikkuu Galataa, A/Ad/Ho/Ijoo Sirreeffamtoota seeraa Ma/Si/Go Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 26/5/2009 gaggeeffame
59. Insp. Waldee Dhaabaa, A/Ad/Mu/Ha/Ke/ Wa/Po/Aa/Kuyyuu
60. Jamaal Ahimad, Abukaattota Ittisaa, MMO Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 6/6/2009 gaggeeffame
61. Joonii Bantii, Pirez. MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 25/5/2009 gaggeeffame;
62. Kaasaa Yaadatee, BB Pirez. MMO, Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009

63. Kabaa, Abbaa seeraa MMA Adaamaa waliin afgaaffii taasifame, 10/05/2009.
64. Kabbaboo Tashoomaa, Abbaa seeraa MMA Dugdaa waliin Afgaaffii taasifame, 02/06/2009;
65. Kabbaboo Tashoomaa, Abbaa seeraa MMA Dugdaa waliin Afgaaffii taasifame, 02/06/2009.
66. Kabbadaa Gidduma, Pirez. MMA Dugdaa, Abbaa seeraa MMA Dugdaa waliin taasifame, 02/06/2009;
67. Kom.Xilahun Eebboo, Ab/Ad/Mu/Ha/Kenn. Shaashamannee, 23/5/2009
68. Komaandar Hayiluu Qixoo, Hoogg. Ma/Si/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 24/5/2009 gagggeeffame
69. Komishinar Tsahaay, Komishinara Komishinii Manneen Sirreessaa Oromiyaa, Afgaaffii, 29/02/2009.
70. Mahaammad Nashaa Firfirsaa, Ga/Dh/Yakkaa, MM Shaashamannee, 23/5/2009
71. Mahaammad Nuuree, Pirez. MMO Go/Shawaa Bahaa, 10/6/2009
72. Makliit Dirribaa, Abbootii alangaa Wa/Ha/A/ Adaamaa waliin taasifame, 10/05/2009.
73. Mareemaa Namee, Abukaattoo dhuunfaa, Go/A/Lixaa, 23/5/2009
74. Marshaa Taraggaa, Abukaattoo Ittisaa MMO Go/Shawaa Bahaa, 10/6/2009
75. Mulu'aalam Aragaawii, akka abukaattoo ittisaatti tajaajilaa kan jiran, MMO, Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame
76. Mulugeetaa Fiqaaduu, Pirez. MMO Go/Ha/Bahaa, Afgaaffii gaafa 06/06/09 gaggeeffame
77. Muussaa Immaayyuu, AA Wa/Ha/Go/Sh/Bahaa, 16/5/2009;
78. Nagaroo, A/Alangaa, Go/Wa/Bahaa, 25/5/2009
79. Namoomsaa Heedataa, I/G Wa/Haqaa Aa/Guutoo Giddee, 23/5/2009
80. Nigaatuu Alamuu /Insp./, Qo/Wa/Po/Aa/Qarsaa, 6/6/2009
81. Olaanii, abbaa seeraa MMO Go/Ha/Bahaa, afgaaffii gaafa 06/06/2009 gaggeeffame;
82. Saamu'eel Zarihun, Abbaa alangaa Wa/Ha/Aa/Guutoo Giddaa, 23/05/2009
83. Saj. Dirbabaa Tolosaa, Qaj.Po.Do/Sh/Kaabaa, 17/5/2009
84. Saj.Geetuu Girmaa, Wa/Po/Aa/G/Jaarsoo, 17/5/2009
85. Saj.Getaachoo Abunuu, A//Ad.Si/Seeraa Ma/Si/Go/Arsii Lixaa, 23/5/2009
86. Saj.Ol.Gabayyoo Biraanuu,Qaj.Po.Do/Sh/Kaabaa, 17/5/2009
87. Shaambal Qajeelaa, akka abukaattoo ittisaatti tajaajilaa kan jiran, MMO, Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame
88. Shawaaraggaa Isheetee, Pireez. MMA G/Jaarsoo, 17/5/2009
89. Siraaj Hashiim /I/A/Saj./, I/A/Hog/Wa/Po/Aa/Laaloo Assaabii, 26/5/2009
90. Taakkalee Guutamaa (I/A Saaj.), Qorataa Wa/Po/Aa/Diggaa, 24/5/2009
91. Takkaaliny Mirkanaa waliin taasifame, Abukaatoo fi gorsaa seeraa, 10/05/2009.
92. Tasfaayee Ayyaanaa, A/Ad/Mu/Ha/Ke/Wa/Ha/Aa/Diggaa, 24/5/2009
93. Tasfaayee, Abbaa Murtii Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, 19/5/2009
94. Waaggaarii, B/B Hoogganaa fi Abbaa Adeemsa Qo/Ya/Mu/Ha/Ke/ Wa/Ha/Go/Wa/Lixaa, afgaaffii gaafa 25/5/2009 taasifame.

95. Waaqumaa Xuurii, Abbaa seeraa MMO/Go/Wa/Bahaa, afgaaffii gaafa 23/5/09 taasifame.
96. Waarisoo Gammachuu, B/B Hog. Wa/Ha/Aa/ Dugdaa waliin taasifame, 02/06/2009.
97. Warraaqaa Karisaa, B/B Pirezdaantii MMA Laaloo Assaabii, 26/5/2009;
98. Wubituu Beeggii, Abbaa seeraa MMA Gimbii, afgaaffii gaafa 26/5/2009;
99. Yane'alam Sammawu, Abbaa alangaa Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009
100. Yitbaarek Asaayyee, Abbaa seeraa MMA Guutoo Giddaa, afgaaffii gaafa 23/5/2009
101. Zawudee Afawu, Abu/Ittisaa, MMO, Go/Sh/Kaabaa, 16/5/2009
102. Zubeer Naasir, Ga/Garee Yakkaa MMA Meettaa, 08/06/2009

MIILTOO 5
Tarree Mariiwwan Garee Gaggeeffamanii

1. Marii Garee Sirreeffamtoota (N-7) Mana Sirreessaa Godina Shawaa Bahaa waliin taasifame, 09/05/2009
2. Marii Garee sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Wa/Lixaa (N-10) waliin gaafa 24/5/2009 taasifame.
3. Marii garee sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Ha/Bahaa (Addellee), N-6, 07/6/2009.
4. Marii Garee sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Wa/Bahaa (N-10) waliin gaafa 24/5/2009 taasifame.
5. Marii garee sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Shawaa Kaabaa, 17/5/2009
6. Marii garee sirreeffamtoota Ma/Si/Go/Arsii Lixaa (N-17), 23/5/2009